

**INSTITIYUUTHII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QORANNOO
SEERAA OROMIYAA**



**Hariiroo Hojii fi Sirna Hiikkaa Waldhabbiif Falmii Hojii
Keessatti Rakkoolee Mul'atan**

Gareen Qorannicha Gaggeesse:

Milkii Makuriyaa
Ayyaanaa Tollinaa
Getaachoo Fayisaa

Gulaaltotni:

Darajjee Ayyaanaa
Haabtaamuu Bultii
Alamaayyoo Dhaabaa

**ILOQHQSO
Hagayyaa 2007**

Gabaajeewwan

- Labsii HH---Labsii hojjetaa fi hojjechiisaa
- SDFHH—Seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa
- MMWF---Mana Murtii Waliigala Federaalaa
- MMO ----Mana Murtii Olaanaa
- MMA ----Mana Murtii Aanaa
- Waajjira/Ejensii DhHH---Waajjira/Ejensii Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa
- Karoora GT---Karoora Guddinaa fi Tiraansfoormeeshinii
- Kwt –keewwata
- A.L.A Akka Lakkofsa Awuroopaa
- A.L.I Akka Lakkoofsa Itoophiyaa
- UDHR –Universal declaration on Human Rights
- ICCPR—International Convention on Political and Civil Rights
- ICESCR --- Interntinal Convention on Economic, Social and Cultural rights
- ILO --- International Labour Organization

Baafata

GUMEE QORANNOO	1
1.1. Seensa	1
1.2. Gaaffiilee Qorannoo.....	3
1.3. Kaayyoo Qorannoo	4
1.4. Daangaa Qorannoo.....	4
1.5. Fayidaa Qorannichaa.....	5
1.6. Mala Qorannoo	5
BOQONNAA LAMA	7
WALIIGALTEEWAN ADDUNYAA FI SEEROTAA BIYYA KEENYAA DHIMMA HOJJETAA FI HOJJECHIISAA IRRATTI RAAWWATIINSA QABANII FI QAAMOLEE RAAWWACHIISAN.....	7
2.1. Maalummaa Hariiroo Hojii.....	7
2.2. Konvenshinoota Dhaabbata Dhimma Hojjetaa fi Hojjechiisaa Addunyaa (ILO) Biyyi Keenya Raggaasifte.....	9
2.3. Seerota dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa biyya keenyaa	10
2.2.1 Seerota Dhimma Hojjetaa fi hojjachiisaa sirnoota darban keessatti	10
2.2.2. Seerota Biyya Keenyaa Yeroo Ammaa Hariiroo Hojjetaa fi Hojjechiisaa Waliin Rogummaa Qaban	11
2.2.2.1. Heera Mootummaa RDFI.....	11
2.2.2.2. Imaammataa fi tarsiimoo biyyoolessaa Dhimma Hojii Itoophiyaa (bara 2009 bahe).....	12
2.2.2.3. Seera Hojjetaa fi Hojjechiisaa (Labsii 377/1996)	12
2.2.2.3. Labsiilee Biroo Hariiroo Hojjetaa fi Hojjechiisaa Waliin Rogummaa Qaban.....	13
2.2.2.4. Qajeelfamoota Ministeera Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaatiin Bahan	14
2.3.Qaamolee Mirga Hojjetaa Kabachiisuu KeessattiItti-gaafatamummaa Qaban.....	14
2.3.1. Ejensii Dhimma Hajjetaa fi Hawwaasummaa.....	14
2.3.2. Waldaa Hojjetaa.....	15
2.3.3. Gahee Manneen Murtii Idilee	17
2.3.4. Boordii murteessaa dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa.....	19
2.3.5. Ejensiwwan dhuunfaa hojjetaa fi hojii walquunnamsiisan	20
BOQONNAA SADI	23
XIINXALA HAALA QABAATAMAA KABAJAMA MIRGA HOJJETTOOTAA AKKA NAANNOO OROMIYAATTI	23
3.1. Daangaa raawwii labsii HH fi jiraachuu hariiroo hojii addaan baasuu.....	23
3.2. Walqixxummaa Hojjetaa Mirkaneessuu	32
3.2.1. Al-loogummaa	32
3.2.2. Carraa barnootaa fi leenjii, boonasii, guddina sadarkaa fi faayidaalee biroo.....	35

3.2.3. Garaagarummaa faayidaa hojjetoota dhaabbii, hojjetoota yeroo murtaa'eef qaxaramanii fi hojjetoota yeroo yaaliif qacaraman jidduutti uumamu	41
3.3. Waliigaltee hojii.....	43
3.3.1. Waliigaltee Hojii keessatti humna dhiibbaa uumuu hojjetaa.....	43
3.3.2. Bifoota waliigalteen ittiin taasifamu: waliigaltee barreeffamaa, waliigaltee afaanii fi ibsa barreeffamaa hojjetaaf kennamu	47
3.3.3. Turtii yeroo waliigaltee.....	51
3.3.4. Qacarrii yeroo yaalii.....	56
3.4. Dirqamoota Hojjechiisaa Muraasa: Kabaja namummaa hojjetaa eeguu, hojii fi meeshaa hojii dhiyeessuu, mindaa kanfalu fi sartifikeetii muuxannoo hojii kennuu.....	57
3.5. Sirnabadiin naamusaa itti qulqullaa'uu fi adabbiin itti kennamu.....	61
3.6. Hojjetaa Yeroof Hojiiirraa Daangessuu.....	64
3.7. Waliigaltee Hojii Addaan Kutuu.....	67
3.7.1. Sababoota waliigaltee hojii addaan kutan.....	67
3.7.2. Sirna akeekkachiisni ittiin kennamuu qabuu fi bu'aa isaa	80
3.7.3. Gaaffii mirgaa hojjetaan waliigalteen isaa addaan cite gaafatuu fi qaama dirqama mirkaneessuu qabu.....	81
3.7.4. Bu'aawwan waliigaltee hojii addaan kutuu	84
3.8. Miidhaa Hojiiirra.....	90
3.8.1. Itti-gaafatamummaa Hojjechiisaa Mirkaneessuu (sababamiidhaa adda baasuu).....	94
3.8.2. Beenya Miidhaa.....	95
3.8.3. Dirqamoota hojjechiisaa miidhaan booda jiran biroo	98
BOQONNAA AFUR	102
BU'A-QABEESSUMMAA QAAMOLEE HOJIIRRA OOLMAA SEERA HOJJETAA FI HOJJECHIISAA KEESSATTI GAHEE QABANII	102
4.1. Gahee Ejensii fi Waajjiraalee dhimma hajjetaa fi hawwaasummaa	102
4.2. Gahee Qaamolee Falmii Hojii Idilee Hiikanii	110
4.2.1. Gahee Manneen Murtii	110
4.2.2. Boordii murteessaa dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa.....	111
4.3. Gahee Ejensiiwwan Hojii fi Hojjetaa Walquunnamsiisan Bahaa Jiran	113
4.4. Waldaa Hojjetaa.....	115
BOQONNAA SHAN.....	120
YAADOTA GUDUUNFAA FI FURMAATAA.....	120
5.1. Yaadota Guduunfaa	120
5.2. Yaadota Furmaataa	124

BOQONNAA TOKKO GUMEE QORANNOO

1.1. Seensa

Hawaasa dafqaan bulaaf haala hojii mijataa uumuun hiyyummaa hir'isuu fi guddina diinagdee mirkaneessuuf dhimma xiyyeeffannoon olaanaan kennamuufi dha. Dhaabbatni Mootummoota Walta'anii yaa'ii Muddee 19 Bara 2008 A.L.A taasiseen rakkoo guddaa Addunyaa kan ta'e hiyyummaa dhabamsiisuuf mootummaaleen nama hundaaf hojii fi haala hojii mijataa uumuu akka qaban yaada dhaabatummaa (resolution) baaseen hubachiisera.¹ Dhimmoota akka '*Galma guddina Barkumeetti*' (MDGs) gama hawwaasummaan milkeessuuf karoorri qabamee irratti hojjetamaa jiru keessaa tokko humna hojiitiif carraa hojii uumuu, omishtummaa guddisuu fi haala hojii mijataa mirkaneessuu dha.² Dhaabbatni hojjettoota idil-addunyaas (ILO) qaama adda dureen mirgihojjettoota akka kabajamu hojjetu waan ta'eef akkaataa karoorri kun itti hojii irra ooluu fi madaalliin isaa itti safaramu irratti agarsiistota (Decent work indicators) baasuun biyyootni miseensa ta'an hojii irra akka oolchaan taasiseera.³

Biyyi keenyaa ALA bara 1923 miseensa Dhaabbata Hojjettoota Idil-addunyaa yeroo taatee jalqabee mirgoota hojjettoota kabajuu fi kabachiisuuf tattaaffii adda addaa godhaa turteetti. Konveenshinoota fi istaandardii hojii dhaabbatichaan bahan mallatteessuun qaama seera biyyattii akka ta'an taasisteerti. Yeroo ammaa Konveenshinoota Dhaabbata Hojjettoota Idil-Addunyaatiin bahan kanneen konveenshinoota bu'uuraa jedhamuun beekaman saddeettan dabalatee konveenshinoota 22 mallatteessitee jirti⁴. Konveenshinoonni kunneen qaama seera biyya keenyaa waan ta'aniif qaamoleen mootummaa mirga hojjettoota bu'uura kanaan hojii irra oolchuu akka qaban Heerri mootummaa ni ibsa.⁵ Imaamatni hojii qophaa'ee seeronni mirga hojjettoota eegsisan akka bahan godhameera. Yeroo ammaas galmoota guddina barkumee mirkaneessuuf karoora guddinaa fi tiraanisfoormeeshinii bahan keessatti dhimmi humna hojjatuuf carraa hojii uumuu fi qulqullinaa fi wabii hojii mirkaneessuu hojii xiyyeeffannoo argate ta'eera. Kana malees mootummaan Dhaabbata Hojjettoota Idil-Addunyaa fi qaamolee mirga hojjettoota irratti hojjetan waliin ta'uun hojjettootaaf haala hojii mijataa uumuuf dhimmoota xiyyeeffannoo barbaadanii fi haala raawwii isaa irratti hojjachuuf waliigalaniiru.⁶

¹UN General Assembly resolution 63/230 of 19 December 2008, <http://daccess-dds-ny.un.org/doc/UNDOC/GEN/N08/484/59/PDF> gaafa 15/08/2007 A.L. Itti kan ilaalame.

²<http://undesadspd.org/Poverty/UNDecadefortheEradicationofPoverty/SecondUNDecadefortheEradicationofPoverty.aspx> gaafa 15/08/2007 ALK tti ilaalame.

³http://www.ilo.org/empelm/what/WCMS_114244/lang--en/index.htm gaafa 16/08/2007 ALItti ilaalame.

⁴http://www.ilo.org/dyn/normlex/en/f?p=1000:11200:0::NO:11200:P11200_COUNTRY_ID:102950

Ethiopia ratified 22 conventions of ILO. These are: conventions 029, 087, 098, 100, 105, 111, 138, 182 from the fundamental ones and 144, 002, 011, 014, 080, 088, 096, 106, 116, 155, 156, 158, 159, 181.

⁵ Labsii 1/1987 Heera Mootummaa Federaala Dimokiraatawa Itoophiyaa kw.9/4 fi 13/2

⁶Decent Work Ethiopia Country Programme (DWCP), (2009-2012), A Joint Government, Workers' and Employers Organizations' Programme supported by the ILO within the context of PASDEP

Haa ta'u malee, yeroo ammaa qulqullinaa fi wabii hojii hojjetaa akkasumas haala hojii mijataa hojjetootaaf uumuu irratti rakkoon bal'aan akka jiru ni hubatama. Kunis, rakkoolee gama diinagdee, hawaasummaa fi siyaasaatiif madda akka ta'u beekamaa dha. Kanaafiis dhaabbilee (industirii) biyya keessa jiran keessatti wantoota haala hojii mijataa hin taane uuman, seerotaa fi qabatamaa jiru qoratani adda baasuun barbaachisaa dha.

Mootummaan karoora guddinaa baaseen diinagdeen biyyattii yeroo ammaa qonnaan durfamu dhawaataan jijjiramee industriin diinagdee akka dursu hojjetaa jira. Kun yoo ta'e immoo humni namaa (hojii) amma baay'inaan qonna irratti bobba'ee jiru gara seektaroota industirii fi tajaajila kennanitti baay'inaan makamuun isaa waan hin oolledha. Kana cinaatti abbootiin qabeenyaa ykn seektarri dhuunfaa gahee olaanaa diinagdee keessatti akka taphatan irraa eeggamu bahuuf humna hojii (labor) waliin hariiroo hojii uumuun dirqama dha. Hariiroo hojii ykn walitti dhufeenya hojjetaa fi hojjechiisaa diinagdee biyyattii keessatti lakkoofsa humna hojii olaanaa akka qabatu eegamu kana qulqullinaa fi haqa-qabeessummaa isaa haala eegateen hoogganuu ykn bulchuuf rakkoolee amma jiran adda baasuun sirreessaa kan itti aanuuf qophaa'uun barbaachisaa dha.

Qabxiin biraa of eeggannoo fi qophii barbaadu jijjiramootni haala gabaa hojii (labor market) sababoota akka teekinolojii fi walitti dhufeenya hawaasa addunyaa ykn giloobalaayzeeshinii bu'ureeffatanii dhufan dhiibbaan isaan jireenya hawaasa hojjetee bulu irratti qabanii fi qabaachuu malan hubachuun furmaata kaa'aa deemu dha. Yeroo ammaa akka biyya keenyaattis ta'e akka Addunyaatti dhaabbileen hojjachiistotaa oomoshtummaa isaanii dabaluu fi baasii xiqqeessuuf haala hojii idilee ykn barame irraa bifa adda ta'een hojjetoota qaxaranii hojjachiisu. Hojii dabarsanii qaama biraaf kennuun (outsourcing) akka biyya keenyatti babal'achaa dhufeeera. Adeemsi hojii kun dhiibbaan inni haala hojii fi mirga hojjetootaa irratti qabu adda baasuun barbaachisaa dha. Gama biraan dipilomaasii diinagdee biyyattiin cimsaa dhufte irraa kan ka'e sochiin daldalaa fi investmentii biyyoonni fi dhaabbileen daldalaa Idil-addinyaa (multinational companies) biyya fi naannoo keenya keessatti godhaa jiran baay'ee dabaleera. Akka fakkeeniyatti sochii investmentii biyyootni akka Turkii, Chaayinaa fi dhaabbileen kaappitaala guddaa qaban kan akka Sheer Itoophiyaa fi Heenikaan godhaa jiran ilaaluun ni danda'ama. Ofeegannoon yoo hin godhamne dhiibbaan dhaabbileen daldalaa kanneen hariiroo hojii biyyattii irratti qaban gaaga'ama hawwaasummaa biyyoota Kibba Baha Eeshiyaa keessatti mul'ate geessisuu danda'a. Biyyootni kunnen sochii investmentii dhaabbilee kanaan godhamu harkisuuf jecha haala hojii gadi bu'aa fi to'annoo laafaa jalatti akka hojjetan gochuu irraa kan ka'e sarbamu mirga hojjetaaf sababa ta'eera. Akka fakkeeniyatti hammeenyummaan haala hojii fi sarbamuun mirga hojjetoota warshaalee huccuu biyya Bangilaadish fakkeenya badaa ta'uun hawwasa addunyaa biratti ni ibsama.⁷ Kanaaf mirgi hojjetootaa haala hojii mijataa argachuu akka kabajamu fi hariiroon hojii biyyattii faayyaaleessa(healthy) akka ta'u haalli fi sadarkaan

⁷ Bangledish, Seeking Better Employment Conditions For Better Socio Economic Outcomes, ILO publication, 2013, Genève

mirgi hojjetaa dhaabbilee kanneen keessa hojjetan irra jiru qorannoon adda baasuun rakkinoota sirreessaa deemuun barbaachisaa dha.

Akka naannoo keenyatti mirgoota hojjetootaan walqabatee, waliigalteen hojii yeroo uumamu, yeroo fooyya'u, yeroo addaan citu akkasumas mirgi hojjetaa waliigaltee keessa teechifame yeroof yoo daanga'u eegumsii fi mirgootni hojjetaan qabu akkaataa seera biyya keenyaa fi waligalteewwan addunyaa qaama seera keenyaa ta'aniitiin hojiirra oolchuu irratti rakkoon ni mul'ata. Kana malees, dhibeewwanii fi miidhaawwan hojiin walqabatani hojjetaa irra yeroo gahan fayidaawwanii fi kanfaltiilee barbaachisoo hojjetaa yookin maatii isaaf akkaataa seerotni teechisaniin raawwachuun walqabatee hanqinaaleen ni jiru.

Dirqama biyyi keenya waliigalteewwan Addunyaa mirga hojjetootaa irratti taasiste fi karoora mirgoota kanneen dhugoomsuuf qabaman ilaalchisee haala hojiirra oolmaan mirgoota kanneenii irra jiru yeroo yeroon sakatta'uu fi tarkaanfii barbaachisaa fudhachaa deemuun murteessaa dha. Bu'uuruma kanaan, qorannoon kunis hariiroo hojii /employment relations/, miidhaa hojii fi walduhhabii hojii keessummeessuu fi hiikuu keessatti akka naannoo keenyaatti rakkoolee qabatamaa mul'atan kan sakatta'e dha.

Qorannichi boqonnaa Shanitti kan qoodame yoo ta'u, boqonnaan Tokkoffaan Gumees qoranichaa kan ibsuu dha. Boqonnaa Lammaffaa keessatti hogbarruuwwaan waliigaltee Idil-addunyaa, seerota, imaammata biyya keenyaa akkasumas gaheen qaamolee bulchiinsa hariiroo hojii keessatti qabani kan ilaalamee dha. Boqonnaa Sadi fi Afur jalatti qabxiilee xiyyeeffannoo qoranichaa ilaalchisee xinxalli qabatamaa haala naannoo keenyaa taasifameera. Boqonnaan inni dhuma dhimmoota guduunfaa fi yaada furmaata kan hammatee dha.

1.2. Gaaffiilee Qorannoo

Qorannoon kun gaaffilee qorannoo armaan gadii kan deebisu ta'a.

- 1) Hariiroo hojii fi miidhaawwan hojiirratti hojjetaa irra gahaniin walqabatee eegumsii fi mirgi hojjetootni qaban maali? Rakkooleen seerotni keenya gama kanaan qaban maali?
- 2) Hariiroo hojii fi miidhaawwan hojiirratti hojjetaa irra gahaniin walqabatee sadarkaan raawwii mirgi hojjetootaa itti kabajamaa jiru eegumsa seerotni rogummaa qaban teechisan waliin hangam walsima?
- 3) Qaamoleen gara garaa mirga hojjetaa kabachiisuu keessatti gahee qaban hanqinaalee maal qabu?
- 4) Hariiroo hojii fi miidhaawwan hojiirratti hojjetaa irra gahaniin walqabatee sirni hiikkaa falmii jiru bu'a qabeessaa?

1.3. Kaayyoo Qorannoo

Qorannoon kun kaayyoolee gooree fi gooroo ni qaba. Kaayyoon gooroo qorannichaa hariiroo hojii fi miidhaawwan hojiin walqabatani hojjetaa irra gahan akkasumas haala falmiin dhimmoota kanneenii ittiin hiikamuun walqabatee rakkoolee gama seera biyya keenyaatiin akkasumas hojiirra oolmaa irratti mudatan adda baasuun akkaataa rakkoolee kanneen ittiin maqsuun danda'amu akeekuu dha.

Kaayyoo gooroo kana galmaan gahuufis qorannichi kaayyoolee gooree armaan gadii qabateera.

- ❖ Hariiroo hojii (employment relations) fi miidhaawwan hojiin walqabatani hojjetaa irra gahaniin (occupational injury) walqabatee rakkoo hojjetoota irra gahu dhabamsiisuuf eegumsi ykn uwwisni seeraa gahaan jiraachuu adda baasuu.
- ❖ Hariiroo hojii (employment relations) fi miidhaawwan hojii hojjetaa irra gahaniin (occupational injury) walqabatee Sadarkaa mirgi hojjetootaa qabatamaan naannoo keenya keessatti itti kabajamaa jiru agarsiisuu.
- ❖ Qaamolee gara garaa mirgoota hojjetaa raawwachiisuuf seeraan itti-gaafatamummaan kennameef bira hanqinaalee jiran adda baasuu
- ❖ Sirni falmii hojjetaa fi hojjechiisaa hiikuuf jiru qulqullinaa fi si'aayina barbaadamu qabaachuu isaa madaaluu

1.4. Daangaa Qorannoo

Qorannoon kun '*hariiroo hojii*'(employment relations) fi '*miidhaawwan hojiin walqabatani hojjetaa irra gahaniin*'(occupational injury) walqabatee rakkoolee mul'atan sakatta'uu irratti kan daanga'e dha. Akkasumas dhimmoota kanneen ilaalchisee qorannichi rakkoolee hiikinsa waldhabbi keessatti mul'atan adda ni baasa. Hariiroo hojiitiin dhimmootni walqabatani ilaallamanis dhimmoota labsii 377/1996 kutaa 2 jalatti ibsaman; waliigaltee hundeessuu fi addaan kutuu, yeroof daanga'uu mirgaa fi dirqama hojjetaa (temporary suspension), kanfaltii hojiirra gaggeessaa (severance pay) fi beenyaa kan ilaallatani dha. Kana malees, labsicha kutaa 7 boqonnaa 2 fi 3 jalatti miidhaawwan hojii keessatti hojjetaa irra gahaniin walqabatee itti-gaafatamummaa hojjechiisaa fi fayidaa hojjetaan yeroo miidhaan dhaqqabe qabaatu qorannichi ni ilaala.

Ibsa biraatiin, qorannoon kun haala kabajama mirga hojjetaa sa'atii hojii, boqonnaa fi ayyaana uummataa, hayyamaan hafuu, eegumsa addaa dubartootaa fi daa'immaniif taasifamu, fayya-qabeessummaa naannawaa hojii, hariiroo gamtaa (collective relations) irratti kan xiyyeeffatu miti. Kana malees, hojjetootni xiyyeeffannoo qorannoo kanaa ta'an gosoota hojjetoota akkaataa labsii 377/97 kwt 3' tiin uwwiifamanii qofa ta'a. Gama biraatiin, qorannichi mirgootni hojjetaa sadarkaa itti kabajamaa jiran kan ilaalu malee, dirqamoota hojjetootaa yookin mirga hojjechiistootaa irratti kan xiyyeeffatu miti. Kana malees, qorannichi waliigalteewwan hojii adda kan akka waliigaltee leenjii ogummaa (contract of apprenticeship) irratti hin xiyyeeffatu.

Gama biraatiin, qorannoon kun haala qabatamaa naannoo Oromiyaa qofa kan ilaale dha.

1.5. Fayidaa Qorannichaa

Qorannichi dhaabbilee hojii seera hojjetaa fi hojjachiisaa jalatti bulan keessatti hariiroo hojii bulchuu, midhaa hojiirraa fi wal dhabbii hiikuu irratti rakkoowwani fi hanqinoota jiran adda baasuun kallatti furmaataa waan kaa'eef qaamoleen mootummaa dhimmicha irratti hojjetaniif ni gargaara. Qaamolee haqaa naannichaa falmiiwwan dhimmoota kanaan walqabatani dhiyaatan keessummeessanii fi mirga hojjetootaa eegsisuu keessatti gahee isaanii sirnaan akka bahan qorannichi gumaacha ni taasisa. Bu'aan qorannichaa Dhaabbileen miti-mootummaa biyya keessaas ta'e akka addunyaatti mirga hojjetaa irratti dalaganiif akka galteetti ni gargaara. Qorannichi, qorannoo biraa mirgoota hojjetaa irratti taasifamaniif akka ka'uumsaatti yookinn akka madda ragaatti ni tajaajila. Akkasumas, waldaalee hojjechiistotaa fi hojjetootaatiif odeeffannoo galtee ta'u ni argamsiisa. Kanamalees, qorannichi Institiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaas ta'e, dhaabbilee biroo dhimma kana irratti leenjii ykn hubannoo kennuu barbaadan ni gargaara.

1.6. Mala Qorannoo

Qorannichi gaaffilee qabatee ka'e deebisuuf maloota adda addaa walfaana fayyadamuun kan gaggeeffame dha. Malootni qorannoo akkamtaa (qualitative) fi hammamtaa (quantitative) hojiirra oolaniiru. Malli qorannoo akkamtaa gaaffilee qorannoo kana ilaalchisee hirmaattotni qorannichaa hojjetoota, hojjechiistota, abbootii seeraa dhaddacha falmii hojii, fi kkf ta'an muuxannoo fi miirri isaan qaban maal akka fakkaatu gadi fageenyaan sakatta'uuf gargaarera. Kanaaf, maloota afgaaffii fi galmee daawwachuutiin odeeffannoon walitti qabameera. Kana malees, dhaabbilee filataman keessatti sanadootni waliigaltee hojii gamtaa ibsan (collective agreements), tumaaleen hojii (work rules) fi waliigalteewwan barreeffamaa (written agreements) ilaalamaniiru. Dabalataan manneen murtii fi qaamolee falmii hojjetaa fi hojjachiisaa ilaaluuf aangoon kennameef biraa dhimmoota qorannoo kana waliin kan walqabatan xiinxalamaniiru.

Malli hammamtaas hojjetootni mirgi isaanii seeraa fi istaandardiiwwan addunyaa keessatti teechifame sadarkaa kamitti kabajamaa akka jiru bargaaffii dhiyaatuuf irratti akka sadarkeessan taasisuun amantaa isaan qaban agarsiisuuf kan dandeessise dha. Kana malees, gaaffilee qorannoo hogbarruun deebi'aniif hogbarruuleen dhimmicha waliin roggummaa qaban xiinxalamaniiru.

Qaamolee mootummaa bulchiinsaa fi to'annoo dhimma hojii fi hojjetootaa irratti hojjetanii fi waldaalee hojjetootaa fi hojjechiisaa irraayis odeeffannoon funaanameera. Qaamoleen daataan irraa funaaname kunneenis Ejensii dhimma hojjetaa fi hawaasummaa (naannoo irraa hanga aanaatti jiran), Manneen murtii naannoo keenyaa (naannoo irraa hanga aanaatti jiran), Boordii Murteessaa Dhimma Hojjetaa fi Hojjachiisaa naannoo keenyaa damee lixaa fi bahaa (Labour Relations Boordii), Konfedereeshinii Gamtaa Hojjetootaa Itoophiyaa (The Confederation of Ethiopian Trade Unions (CETU), fa'a. Naannicha keessaa dhimma qorannichaa irratti taasifamu irratti qaamolee roggummaa qaban godinoota 7 keessatti argaman filatamanii daataan irraa

funaanameera. Dhaabbileen ykn industriiwwan akka eddattootti fudhatamanii ilaalaman kanneen armaan gadiitti ta'u. ibsamani dha.

- 1) Omisha abaaboo Hoolotaa Roozis
- 2) Warshaa Oomisha bishaan Amboo
- 3) Warshaa Oomisha Saamunaa Walisoo
- 4) Warshaa oomisha huccuuTurkii (Elsei Addis)
- 5) Warshaa Biqila Asallaa
- 6) Warshaa omisha huccuu Ayikaaddis,
- 7) Warshaa Oomisha Biiraa Baddallee
- 8) Korporeeshinii Humna Ibsaa Itoophiyaa damee Jimmaa
- 9) Warshaa Gogaa Moojoo
- 10) Addis-Mojoo Kompleksii zayita nyaataa
- 11) Moenco
- 12) Warshaa Oomisha Qorqoorroo Adaamaa
- 13) Warshaa omisha Aluminiyeem saalfeetii Malkaasaa
- 14) Omisha abaaboo Sheer Itoophiyaa (Baatuu)
- 15) Warshaa sukkaaraa Matahaaraa
- 16) Hoteela Riizoortii Sodaree
- 17) Hospitaala Jeneraalaa Adaamaa
- 18) Xiqur abbaay ergaa fi fichisiisaa damee adaamaa
- 19) Teelee Damee Lixa Oromiyaa
- 20) Humna Ibsaa Itoophiyaa Damee Naqamtee

Akka waliigalaatti,hojjetoota 89 irraa odeeffannoon bargaaffiin funaanameera. Qaamolee gara garaa waliin afgaaffiin 137 taasifameera. Akkasumas galmeewwan mana murtiitin murtaa'anii fi waliigalteewwan gamtaa akkasumas sanadootni gara garaa 90 ol sakatta'amaniiru. Hogbarruuwwan, seerotni, waliigalteewwan addunyaa, murtiileen dhaddacha ijibbaataa MMWF hedduun sakatta'amaniiru.

BOQONNAA LAMA
WALIIGALTEEWWAN ADDUNYAA FI SEEROTAA BIYYA KEENYAA DHIMMA
HOJJETAA FI HOJJECHIISAA IRRATTI RAAWWATIINSA QABANII FI
QAAMOLEE RAAWWACHIISAN

2.1. Maalummaa Hariiroo Hojii

Jechi hariiroo hojii (employment relation) jedhu jechoota afaan ingiliffaa biroo ‘*industrial relation*’ fi ‘*labour realtion*’ jedhan faana hiikaa walfakkataa akka qabanitti hubatama.⁸ Hariiroon hojii yaadimee salphaatti hiikaan kennamuuf osoo hin taanee, ogeessota muumnee beekumsa adda addaa keessa jiraniin bifa adda addaan kan hubatamuu, dhimma falmii fi yaadota adda addaa of keessaa qabuu dha.⁹ Fakkeenyaaf, hogbarruuwwan inistiyuutii bulchiinsa human namaa Ameerikaatiin (HRM) barreeffaman hedduun hariiroo hojii walitti dhufeennya hojjatootni fi hoogganaan adeemsa hojii keessatti qaban akka ta’etti hiiku. Hogabbarruuwwan biyya Ingilizii immoo haariiroon hojii waalitti dhufeenyaa bal’aa mootummaan, waldaaleen hojjatootaa fi hojjachiistotaa gidduutti uumamu akka ta’etti ibsu. Hariiroon hojii sirna hojjataa fi hojjachiisaan bakka bu’oota isaanii fi mootummaa waliin ta’uun walitti dhufeenya hojjataa fi hojjachiisaa gidduu jiru, itti to’atan ta’uunis ni hubatama.¹⁰ Haala hiikkaa lamaan isaan boodaa kanaan yoo ilaalame, hariiroon hojii walitti dhufeenya hojjataa fi hojjachiisaa ykn hogganaan sadarkaa warshaattii qaban qofa osoo hin taanee, walitti qabaa seeraota fi dhaabbilee gabaa hojii to’atanii fi sochii gurmaa’insi waldaa hojjatootaa fi hojjachiisaa akka waliigalatti taasisan kan mul’isuu dha. Hariiroon hojii haala kanaan bal’atee ilaalamu sirna falmii hojii fi maloota idilee fi al-idilee falmiin itti hiikamu illee kan dabalatu ta’a.

Hariiroon hojii jiraachuu fi dhiisuu akkasumas hojjatoota seerota hariiricha bitan jalattii eegumsa argatan adda baasuuf ulaagawwan (tests) addaa addaa akkuuma haala isaatti ni ilaalamu. Ulaagaa kanneenis to’annaa (*control test*), haga hojjataan dhaabbata hojjachiisaatti makame ilaalu (*integration test*), itti gaafatamummaa diinagdee (*the economic reality test*), dirqamni fi faayidaan gamaa gamana jiraachuu (*mutuality test*) dha.¹¹ Ulaagaan to’annoo ulaagaawwan jiran keessaa kan dursaa yoo ta’u hariiroon hojii jira jechuuf hojii hojjatamu fi akkataa itti hojjatamu irratti hojjachiisaan aangoo ajajuu kan qabu yoo ta’ee dha. Ulaagaan inni lammataa immoo haga hojjataan caasaa dhaabbata hojjachiisaa keessatti makamee tajaajila kennuu ilaaluun kan murtaa’uu dha. Akka ulaagaa kanatti namni tokkoo hojjataa jedhamuuf tajaajila ykn omisha dhaabbatichaa keessatti hirmaannaa ijoo qabaachuu qaba. Adeemsa kenna tajaajilaa ykn omishaa keessatti qaama meeshaa fi baasii hojii dhiyeessu akkasumas itti-gaafatamummaa diinagdee

⁸ *Labour Relations and Human Resources Management*, Trebilcock, Anne, Editor, *Encyclopedia of Occupational Health and Safety*, Jeanne Mager Stellman, Editor-in-Chief. International Labor Organization, Geneva, 2011. Also available at <http://www.ilo.org/iloenc/part-iii/> gaafa 8/10/2007 ilaalame

⁹ Employment relationship, international labor conference report, Geneva 2006

¹⁰ *Akkuma lakk. 8ffaa olii.*

¹¹ Brenda Daly and Micheal Doherty, *Principle of Irish Employment Law*, Text Book, Clarus Press, 2010, p.47

(business risk) fudhate ilaaluun jiraachuu hariiroo hojii mirkaneessuun ni danda'ama. Itti gaafatamummaa kanneen kan fudhate qaama hojjachiisu taanaan namni hojjatu sadarkaa hojjatummaa argata jechuu dha. Qaamni hojjatu itti gaafatamicha kan fudhate taanaan hojjataa of danda'ee hojii hojjatu ta'a. Adeemsa hojii keessatti namni hojjatuu fi hojjachiisu mirgaa fi dirqamni walii bahan (hojjachiisaan hojii dhiyeessuu, kanfaltii kennuu; hojjataan kanfaltii fudhachaa hojii hojjachuu) yoo jiraate hariirichi hariiroo hojii ta'a. Hariiroon hojii jiraachuu mirkaneessuuf ulaagaa kanneen olitti ibsaman akkataa barbaachisummaa isaatti walkeessa makuun fayyadamuun (*multiple test*) yeroo ammaa filatamaa dhufeera. Ulaagaawwan kunneen biyyoota sirna seeraa *Koomaanlow* hordofan biratti murtii Manneen murtii kennan irraa madduun jiraachuu hariiroo hojii adda baasuuf kan gargaarani dha. Biyyoota sirna *Siiviil loow* hordofan biratti hariiroon hojii kan bitamu seera ifatti tumameen ta'us seera bahu kana keessatti ulaagaleen kunneen bifa tokkoon ykn kan biraatiin ni hammatamu.

Labsiin 377/96 hariiroo hojiittif hikaa hin kennine. Labsichi jecha hojjataa jedhuuf hiikaa yommuu laatu, [.. nama hojjachiisaa waliin ... walitti dhufeenya hojii qabu...] jechuun teechise.¹² Keeyyata 4 jalatti immoo hariiroon hojii yeroo waliigalteen hojii raawwataamuu kaasee akka jalqabu agarsiisa. Gama biraatiin bocama labsichaa yoo ilaalle, kutaa kutaatti kan hirame ta'ee yoo ta'u, kutaan duraa mata-duree hariiroo hojii jedhamuun kan moggaafamee dha. Kutaa kana jalatti wa'ee waliigaltee hojii raawwachuu, fooyyessuu, mirgoota fi dirqamoota hojjataa fi hojjachiisaa, turtii yeroo waliigaltee hojii, waliigaltee hojii yeroof tursiisuu, waliigaltee hojii addaan kutuu fi bu'uu waliigaltee addaan kutuun hordofsiisaan kan bituu dha. Dhimmoonni walitti dhufeenya hojjataa fi hojjachiisaa keessatti ka'an kanneen biro kutaalee hafan keessatti kan ilaalamanii dha. Egaa bocama fi moggaasa labsichaa irraa ka'uun hariiroon hojii walitti dhufeenya hojjataa fi hojjachiisaa waliigaltee hojii hundeessuu hanga addaan kutuuutti jiru jechuun ni danda'ama. Haala kanaan haariiroon hojii dhimmoota kan qofa kan hammatu taanaan hiikaa dhiphaa olitti hogbarruu Inistitiyuutii biyya Ameerikaatiin kenname jedhame caalaa illee hiikoo dhiphate ibsame ta'uun isaa ifa. Haata'u malee dhimmoonni labsichaa keessatti kutaalee adda addaa keessatti ilaalamanis dhimmoota hariiroo hojiitiin ala bahan miti. Waa'een mindaa, boqonnaalee adda addaa, miidhaan hojii irratti mudatu fi kanneen biros hariiroo hojiin ala kan jiran miti.

Labsii 377/96 keessatti uumamuu hariiroo hojiitiif ulaagalee olitti ibsaman keessaa lama akka hammataman ni hubatama. Kwt.4 (1) jalattii, [*waliigalteen hojii raawwatame kan jedhamu...namni tokko mindaa argachuuf...aango hojjachiisaa jalattii fi faayidaa hojjachiisaatiif.. hojii hojjachuuf*] yommuu waliigalu ta'uun ibsameera. Keeyyata kana gaalee *aangoohojjachiisaajalatti* jedhu irraa kan hubatamu ulaagaalee hariiroo hojii adda baasuuf oolan keessaa to'annoo (*control test*) hammatamuu isaati dha. Gaalewwan *mindaaargachuuf, faayidaahojjachiisaatiif.. jedhan* immoo jiraachuu faayidaa fi dirqama gamaa gamanaa (*mutuality test*) kan agarsiisuu dha.

¹² Labsii Hojjetaa fi Hojjechiisaa, lab lak. 377/1996, bara 1996 bahe, kwt. 2(3).

2.2. Konvenshinoota Dhaabbata Dhimma Hojjetaa fi Hojjechiisaa Addunyaa (ILO) Biyyi Keenya Raggaasifte

Dhaabbatni Dhimma Hojjetaa Fi Hojjechiisaa Addunyaa (ILO) bara 1919 akka qaama ‘Liigii mootummootaa’ (League of Nations) tti hundaa’e. Kaayyoon isaa guddaanis mootummaalee, hojjetootaa fi hojjechiistota waliin akka addunyaatti walitti hidhamsiinsa uumuun haalota hojii /working conditions/ fooyya’oo uumuu dha. Kana taasisuufis yeroo hundaa’u irraa jalqabee sadarkaawwan dhimma hojii /labor standards/ akka addunyaatti karaa konveenshinootaa fi ‘yaadota furmaataa (recommendations) baasaa tureera. Dhaabbatichi konveenshinootaa fi yaadota furmaataa haaraa yeroo baasu miseensotni dhaabbatichaa sana fudhachuuf gaafachuu /to enact/ akka qaban heera /constitution/ dhaabbatichaa kwt 19 jalatti dirqamni irra kaa’ameera¹³.” Bu’uuruma kanaan, hanga ammaatti dhaabbatichi waliigalatti konveenshinoota 189 gahan baaseera. Isaan keessaa konveenshinootni 8 konveenshinoota bu’uraa jedhamanii kan beekkaman yoo ta’u, konveenshinootni kunneen biyyoota raggaasisanis ta’e hin raggaasifne kan dirqisiisani dha.¹⁴ Konveenshinootni fi qajeelfamoota (Recommendation’ootni) miseensota dhaabbatichaatiin yeroo adda addaatti bahan kunneenis istaandardiiwwan hojii addunyaa (International labour standards) uumaniiru. Konveenshinootni kunneen biyyoota mallatteessaniif qofa (konveenshinoota bu’uraan ala) dirqisiisoo yoo ta’an, qajeelfamootni (Recommendation’ootni) bahan humna dirqisiisuu kan qaban miti.¹⁵

Biyyi keenyas konvenshinoota bu’uura saddeettan dabalatee konveenshinoota 22 raggaasifteetti. Heera mootummaa RDFI kwt 9/4/ jalatti waliigalteewwan addunyaa biyyi keenya raggaasifte qaama seera keenyaa ta’u jechuun teechiseera. Kanaaf, konvenshinootni Dhaabbata Dhimma Hojjetaa fi Hojjechiisaa Addunyaa (ILO) biyya keenyaan ragga’an qaama seera keenyaati jechuu dha. Konvenshinoota bu’uura kanneenitti aanani dha.

Konveenshinoota bu’uura keessaa tokko konveenshiniin umurii xiqqaa (Minimum Age Convention, No. 138) murteessuuf bara 1973 kan bahe yoo ta’u hojiirra kan oole bara 1976 dha. Konveenshiniin umurii inni xiqqaan daa’imni tokko hojii itti jalqabuu qabu waggaa 15 gadi ta’uu akka hin qabnee fi biyyoota sadarkaan diinagdee isaanii duubatti hafe keessatti immoo umuriin hojii waggaa 14 tti xiqqeessuun akka danda’amu ni kaa’a. Konveenshiniin bu’uura inni biraa konveenshiniin hojii daa’immanii hammaataa (Worst Forms of Child Labour Convention, No. 182) tumuuf bara 1999 bahe yoo ta’u bara 2000 tti hojiirra ooleera. Konveenshiniin kwt 3 jalatti hojiiwwan daa’immanii hammaataa ta’an dirqisiisaniin hojjechiisuu, gabroomsuu, daa’imman daldala saalquunnamtii fi qorichoota sammuu nama hadoochan keessatti akka hirmatan gochuu fi kkf kan dabalatu ta’uu teechiseera.

¹³Getachew Minas Yared Berhe, The Impact of Ethiopian Labor Laws on Business Efficiency and Competitiveness, 2011: 13.

¹⁴http://en.wikipedia.org/wiki/List_of_International_Labour_Organization_Conventions

¹⁵<http://ilo.org/global/standards/introduction-to-international-labour-standards/conventions-and-recommendations/lang-en/index.htm>

Konveenshiniin bu'uuraa kan biraa konveenshini kanfaltii /mindaa/ walqixaa tumu (Equal Remuneration Convention, 1951 (No. 100)jedhamu yoo ta'u innis kwt 2 jalatti mootummaaleen miseensa ta'an hojjetoota dhiiraa fi dubartootaa hojii gatii qixa qabu hojjetaniif qajeeltoo kanfaltii walqixaa hojiirra akka oolchan kan taasisu dha. Konveenshinootni bu'uuraa hafanis: konveenshini loogii hojii (Discrimination /Employment and Occupation/ Convention, No. 111), Konvenshini bilisummaa waldaa hundeessuu fi mirga gurmaa'uu (Freedom of Association and Protection of the Right to Organise Convention No. 87), Konvenshini mirga gurmaa'uu fi gamaan mirga ofii kabajchiiifachuu (Right to Organise and Collective Bargaining Convention, No. 98), Konvenshini dirqisiisanii hojjechiisuu (Forced Labour Convention, No. 29), Konvenshini hojii dirqii dhabamsiisu (Abolition of Forced Labour Convention, No. 105)kanneen jedhamani dha.

Ta'us, biyyi keenya konveenshinoota kabajama mirga hojjetaa keessatti gahee murteessaa qaban kanneen akka konveenshini to'annaa haala hojii (Co No 81), konveenshini walqixa ilaalumuu (Co No. 118), konveenshini mindaa isa xiqqaa murteessuu (Co No. 131), konveenshini nageenyaa fi fayyummaa hojii (Co No 152), konveenshini hojii manattii (Co No. 177) fa'a osoo hin mallatteessiin jirti.¹⁶

Kanamalees, konveenshinoota ILO biyyi keenya raggaasifte kallattiin fudhachuun hojiirra oolchuun bal'inaan hin mul'atu. Keessattuu Manneen murtii falmiilee hojii yoo keessummeessan Labsiilee biyya keessa roggummaa qaban sakatta'uun alatti Konvenshinoota ILO hin fayyadaman. Labsiin biyya keenyatti yeroo ammaa hojiirra jiru, labsiin lakk.377/96 yaadrimeewwan Konvenshini ILO biyyi keenya raggaasifte keessatti ibsaman hammachuuf jedhamee labsichi fooyya'ee dhiyaate dha. Garuu labsichi yaadota Konvenshini ILO biyyi keenya raggaasifte hunda hammateera jechuun hin dandaa'amu. Fkn, Waliigaltee hojii gama hojjechiisaan yoo addaan citu seera qabeessummaa isaa eenyu mirkaneessuu akka qabuu fi adeemsota hordofamuu qaban Konvenshini ILO 158 jalatti ibsamee jira. Isaan kun garuu labsii lakk.377/96 ifatti hin hammatamne.

2.3. Seerota dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa biyya keenyaa

2.2.1 Seerota Dhimma Hojjetaa fi hojjachiisaa sirnoota darban keessatti

Biyya keenya keessatti mirga hojjetaa kabajchiisuuf yeroo gara garaatti seerotni gara garaa bahaa turaniiru. Heerri Itoophiyaa bara 1947 A.L.I fooyya'ee bahes (kwt 47) namni kamiyyuu hojii ofii filate qabaachuu akka danda'uu fi waldaa hojjetaa hundeessuuf yookin itti makamuuf mirga akka qabu ka'eera.¹⁷. Seera hariiroo hawaasaa bara 1952 A.L.I bahe keessatti waliigalteen hojii, haalli

¹⁶http://www.ilo.org/dyn/normlex/en/f?p=1000:11210:0::NO:11210:P11210_COUNTRY_ID:102950

¹⁷Labsii hariiroo hojii bituuf bara 1963 bahe, Labsii lakk. 210/1963.

kanfaltii hojjetaa, miidhaan hojii, boqonnaan hojjetaa, addaan citiinssi waliigaltee hojjettaa, kanfaltiin beenyaa fi dhimmootni kkf akka biyya keenyaatti yeroo jalqabaaf haammatamaniiru. Kana malees, seerichi haala waldaaleen ittiin hundeeffaman haammateera.¹⁸ Bara 1954 ALI' ttis dambiin hariiroo hojjetaa fi hojjechiisaa (Labor Relation Decree) baheera.¹⁹ Dambichi haala gamtaaleen hojjetaa fi waldaaleen hojjechiisaa ittiin galmaa'an irratti adeemsa haaraa kan diriirsee fi qaama walduddhabii hiiku boordii dhimma hojjetaa fi hojjachiisaa (Labor Relations Board) hundeesseera. Labsichi dhaabbilee tajaajila bu'uuraa uummataaf kennan keessatti hojii dhaabuu (strike or lockout) dhoorkeeraa. Bara 1955 ALI' tti mootummaan dambicha irratti fooyya'insa muraasa dabaluu gara labsiitti jijjiirera.²⁰

Kana malees, bara 1964, ministeerri guddina hawaasummaa biyyoolessaa yeroo sana ture dambii dhimmoota bu'ura haala hojii (Minimum Labor Conditions Regulation) baaseera. Innis tumaalee hayyama waggaa, ayyana uummataa, sa'aatii hojii, hojii dabalataa fi dhimmoota kkf taniin walqabatan kan haammate ture. Mootummaan Dargiis aangoo yeroo qabatu seerota dura turan haquudhaan labsii lakk.64/1975 baaseera. Dhaabbileen daldalaa dhuunfaa dura turanis mootummaa jala kan galan waan ta'eef, labsii kana keessaa jechootni gamtaalee hojjetaa fi waldaalee hojjechiisaa jedhan akka bahan ta'eera. Ministeera guddina hawaasummaa biyyoolessaa dhimmoota hojjetaa fi hojjechiisaa hoogganaa tures tajaajila dhaabsiiseera. Bara 1985'tti mootummaan ce'uumsaa Itoophiyaan labsii lakk.42/1985 baasuun labsii 64/1975 haqeera. Heerri mootummaa RDFI erga ragga'ee booda labsiin 377/1996 seerota dura turan haquun bahee yeroo ammaa hojjiirra jira.

2.2.2. Seerota Biyya Keenyaa Yeroo Ammaa Hariiroo Hojjetaa fi Hojjechiisaa Waliin Rogummaa Qaban

2.2.2.1. Heera Mootummaa RDFI

Heerri mootummaa RDFI mirga hojjetootaa kabajchiisuudhaaf tumaalee gargaaran of keessatti haammatee jira. Keewwata 42 jalatti mirgoota hojjetaa kanneen bu'uuraa tarreessee jira. Heerichi hojjetaan mirga waldaan gurmaa'uu, waliin ta'uun sagalee isaa dhaageessifachuu fi hojii dhaabuu /strike/, sa'aatiin hojii daanga'uu, boqonnaa fi hayyama kanfaltii waliinii, ayyana uummataa irratti kanfaltii argachuu, naannoo hojii fayyaa fi qaama namaa irratti miidhaa hin geessisne keessatti hojjechuuf mirga akka qaban kaa'eera. Kwt 41(1) fi (2) jalatti immoo lammii biyyattii kan ta'e namni kamiyyuu mirga hojii barbaadee filachuun irratti bobba'uu akka qabu teechiseera. Kana malees, heerichi kwt 18/3 irraa akka hubatamu gochaa dirqiin hojjechiisuu ifatti dhoorkeera. Dabalataanis heericha kwt 25 jalatti namni kamiyyuu loogiin bifa kami malee eegumsa seeraa qixa ta'e akka taasifamuuf ni kaa'a. Keewwata 31 jalattis heerri keenya namni kamiyyuu sababa kamiifiyyuu jedhee waldaan gurmaa'uu akka danda'u teechiseera.

¹⁸Seera hariiroo hawwasaa Itoophiyaa, Labsii lakk.165/1952, kwt 2512-2593

¹⁹Dambii hariiroo hojii bituuf bara 1954 bahe, Dambii lakk.49/1954.

²⁰Labsii lakk. 210/1955

Kana malees tumaan heeraa kun dubartootni hojii dhiira waliin qixa yeroo hojjetan kanfaltii qixa argachuu akka qaban teechiseera. Heerichi kwt 36 (1) (d) jalatti daa'imman hojii qaama, fayyaa yookin baruumsa isaaniirratti dhiibbaa geessisu irraa eeggamuu akka qaban teechiseera. Keeyyata 35(5) fi (8) Heerichaa jalatti immoo dubartootni hayyama da'uumsaa kanfaltii guutuu waliin argachuu akka qabani fi mirga hojii, kanfaltii fi guddachuudhiira walin qixa ta'e akka qaban tumeera.

2.2.2.2. Imaammataa fi tarsiiimoo biyyoolessaa Dhimma Hojii Itoophiyaa (bara 2009 bahe)

Imaammatachi akka teechisutti (fuula 14) dhimma hojii irratti kaayyoon imaammataa fi tarsiiimoo biyyoolessaa qabaachuun barbaachiseefis kallattii gurguddoo sadiin kan ilaalaman yoo ta'u, isaanis: nageenyummaa hawaasaa mirkaneessuu (enhancing social welfare), guddina ariifachiisuu fi tasgabii siyaasaa dhugoomsuu dha. Imaammatachi hiyyummaa magaalaa keessaa dhabamsiisuuf industirii hojjetoota baay'inaan (labour intensive) qabatan, kanneen akka industirii ijaarsaa, warshaalee uffataa fi gogaa, warshaalee keemikaalaa, oomishaalee nyaataa fi dhugaatii, oomishaalee albuudaa fi kkf bal'inaan uumuuf akkasumas oomishtummaa fi galiin hojjetootaa fooyya'aa akka deemu jiddu-galeessa taasissee kan qophaa'e dha (fuula 19).

Kanaan alattis imaammatachi naannawaa hojii daldalaa mijataa uumuudhaaf xiyyeeffannoo bal'aa kan kenne dha. Guddina gama industirii fi carraa hojiitiin uumamu amansiisaa taasisuufis bu'uuraalee misoomaa babal'isuu fi gochaawwan malaammaltummaa naannawaa kanatti uumamu irratti hojii cimaan hojjetamuu akka qabus imaammatachi xiyyeeffannoo kenneera (fuula 18). Hojiirra oolmaa imaammatachaa kan qajeelchuu fi raawwachiisu kaawunsiliin dhimma hojii biyyoolessaa (national employment council) hundaa'eera. Kaawunsiliin kun dhimma hojiitiin walqabatan irratti mootummaa gorsuufis itti-gaafatamummaa qaba (fuula 50).

2.2.2.3. Seera Hojjetaa fi Hojjechiisaa (Labsii 377/1996)

Seerri hojjetaa fi hojjechiisaa seera walitti dhuifeenya qaama bulchiinsa hojjetaa fi hojjetootaa to'chuuf, bulchuuf, murteessuuf eegumsa taasisuuf bahu dha. Dameen seeraa kun walitti dhufeenya hojjetaa fi hojjechiisaa jidduutti uumamu irratti waantota dhiibbaa uuman itti fufiinsaa fi yeroo yeroodhaan sakatta'uu fi sirreeffamoota taasisaa deemuun irraa eeggama.²¹ Seerri kun hojjetaa fi hojjechiisaan waliigaltee hojii isaanii keessatti dhimmoota bu'ura haala hojii (minimum conditions of work) seera murteessu dha. Gareewwan lamaan walta'iinsa kan uummatan (collective bargaining) haalota seera hojjetaa fi hojjechiisaatiin murtaa'an keessatti ta'a jechuudha. Kanaaf mootummaan dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa keessatti hojjetaaf eegumsi barbaachisaan akka taasifamu bifa gara garaatiin kan hojjetu ta'a. Karaan inni tokko loogii dhabamsiisuuni (prohibition of discrimination) dha. Kana gochuudhaan hojii dirqii (forced labor), loogii sanyii yookin saala bu'uureffate, saamicha humna daa'immanii dhabamsiisuun ni

²¹Getachew Minas, akkuma lakk 13ffaa olii: 5.

danda'ama. Karaan inni lammataa gamtaalee hojii (labor unions) mirga hojjetaa kabajchiisan humneessuuni dha. Karaan 3ffaan hariiroo hojii gareewwan lamaan jidduu jiru bulchuuni (regulation) dha. Mootummaan mirgi hojjetaa akka kabajamu jiddu lixiinsi taasisu raawwii dhaabbata hojjechiisaa ta'ee miidhuu waan danda'uuf jiddu lixiinsi taasifamu daanga'aa ta'uu qaba yaadni jedhu ni ka'a²².

Biyyi keenyas hariiroo hojjetaa fi hojjechiisaa bulchuuf yeroo garagaraa seerota dhimmicha bulchuuf bahan kan tumaa turte yoo ta'u, yeroo ammaa dhimma kana kan bulchu Seera Hojjetaa fi Hojjechiisaa Labsii lakk. 377/1996 dha. Labsichis hojjetaa fi hojjechiisaan hariiroo isaanii mirgootaa fi dirqamoota bu'uuraa irratti hundaa'e qabaachuun nageenyi industirii akka mirkanaa'u, waldhabdeen jidduu isaaniitti uumamus kara saffisaa ta'een furmaata akka argatu, haala hojii fi naageenya hojii/ bakka hojii akkaataa sanadoota yookin konvenshinoota addunyaa biyyi keenya mirkaneessiteen dhugoomsuun akka danda'amu yaadamee kan bahe dha. Labsichi kutaawwan 12'tti qoodamee kan teechfame yoo ta'u, qabiyyee labsichaa dhimma qorannoo keenyaa waliin rogummaa qabu (kutaa 2ffaa fi 9ffaa) kutaa itti aanu keessatti kan ilallu ta'a. Labsiin kun dhimmoota murtaa'an irratti yeroo lama fooyya'eera. Labsiin 466/97, kwt 144(1) fi (2) labsichaa haquun akkaataa boordiin dhaabbataa fi yeroo mootummaalee naannoo fi Bulchiinsa magaalaa Finfinnee keessatti itti dhaabbatu fi aangoo boordiiwwan ibsuun fooyya'eera. fooya'iinsi lammataan immoo labsii 494/98 yoo ta'u tumalee labsii 377/96 kwt 3/2/c , 130(waliigaltee gamtaa), 185(adabbii tumaa labsichaa cabsuun hordofsiisu) fi kwt 39 jalatti dhimmoota kanfaltii hojii irraa gaggeessa hojjataaf kanfalchiisan dabalataan kan teechisee dha.

2.2.2.3. Labsiilee Biroo Hariiroo Hojjetaa fi Hojjechiisaa Waliin Rogummaa Qaban

Labsiilee dhimma hojii bitan keessaa tokko labsii mirga hojjechuu qaama miidhamtootaatumuuf bahe, labsii lakk. 568/2008 dha. Labsiin kun kan bahe mirga namni kamiyyuu carraa hojii walqixxummaadhaan argachuuf qabu mirkaneessuuf akka ta'e seensa labsichaa irraa ni hubatama. Labsichi keewwata 4/1/ jalatti qaama miidhamaan gahuumsa barbaachisaa qabuu fi dorgomtoota isaa caala qabxii qormaataa argate loogii tokko malee mirga bakka duwwaa hojii haaraa argachuu yookin itti guddachuu akkasumas leenjii qophaa'u keessatti hirmaachuu qaba jechuun teechisee jira. Labsiin inni biraa fayidaa fi dantaalee hojjetootaa kabajchiisuu waliin rogummaa qabu labsii soorama hojjetoota dhaabbilee dhuunfaa murteessuuf bahe labsii lakk. 715/2011 dha. Labsichis sirna wabii hawaasummaa hojjetootaa mirkaneessuuf kan kaayyeffate waan ta'eef kabajama mirga hojjetaa istaandardiiwwan addunyaatiin teechifaman dhugoomsuu keessatti gahee mataa isaa kan qabu dha.

²²Getachew Minas, akkuma olii: 6.

Labsiin biroo hariiroo hojii keessatti caqasamuu malu, Labsii Ejansoota Tajaajila Hojjataa fi Hojii walqunnamsiisuu kennan bituuf bahe(labsii 632/2002) dha. Seensa isaa irraa akkuma hubatamu Labsiin kun ejansoota tajaajila hojjataa fi hojii walqunnamsiisuu kennan itti gaafatamummaa isaani irraa eegamu akka bahanii fi mirgi hojjatoota tajaajila kanaan fayyadamanii keessattuu kanneen hojiif biyya alaa deemaan kabachiisuuf labsii walfakkataa 104/1998 fi keewwattoota labsii HH tajaajila hojii walqunnamsiisuu ilaallatan foyyessuun (haquun) kan bahe dha. Labsichi haalduree fi akkataa Ejansoota kanneeniif hayyamni itti kennamu, haqamu, dirqamoota ejansoota kanneenii fi adabbii tumaalee labsichaa cabsuun hordofsiisu kan kan hammatee dha.

2.2.2.4. Qajeelfamoota Ministeera Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaatiin Bahan

Labsii hojjetaa fi hojjechiisaa, labsii lakk. 377/1996, keewwata 170(1) jalatti ministeerri dhimma hojjetaa fi hawaasummaa dhimmoota of-eeggannoo hojii fayyummaa naannawaa hojii, gulantaalee haala hojii /standards of working conditions/ fi kkf irratti qajeelfamoota baasuuf aangoo akka qabu tumameera. Bu'uuruma kanaan Ministeerichi qajeelfamoota adda addaa baaseera. Qajeelfamoota kanneen keessaa tokko hojjetoota dubartoota hojiiwwan ulfaatoo yookin fayyaaf balaafamoo ta'an yookin haala da'iinsaa irratti dhiibbaa geessisan murteessuuf MDHHH tiin bara 2005 bahe (Directive on works prohibited for pregnant women) dha. Qajeelfamni hojjetoota dubartootaatiif eegumsa taasisuuf bahe kun kaayyoon isaa dubartootni hojii irratti yeroo bobba'an balaawwan garagaraa fi dhukkuboota sababa hojiiitiin uumamaman irraa eeguuf akkasumas hojiiwwan yookin haalawwan ulfaatoo miidhaa qaamaa geessisaniif akka hin saaxilamne dandeessisuufi dha. Kana malees, Ministeerri Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa RDFI qajeelfamoota biroo kan akka qajeelfama sirna raawwii hojjetaan ittiin hir'ifamu (Directive on procedures of reduction of labor force) baasee hojiiira oolcheera.

2.3. Qaamolee Mirga Hojjetaa Kabachiisuu Keessatti Itti-gaafatamummaa Qaban

2.3.1. Ejensii Dhimma Hajjetaa fi Hawaasummaa

Ejensiin dhimma hojjetaa fi hawaasummaa tarsiimoowwan, imammattanii fi seerota hojjetaa fi hojjechiisaa ilaallatan sadarkaa naannootti hojiiira oolchuu fi hojiiira akka oolan taasisuuf bu'ura labsii 163/2003tiin qaama hundaa'e dha. Ejensichi qaamolee seerota kanneen cabsan irrati tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata, akka fudhatamus ni taasisa. Kanaan alattis waldhabbiwwan hojjetaa fi hojjechiisaa jidduutti uumaman hiikuun nageenya industirii dhugoomsuuf ni hojjeta. Seerota dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa irratti qaamolee ilaallatuuf leenjii hubannoo cimsu ni kenna.²³ Hojjetaa fi hojjechiisaan waldaan akka gurmaa'anii fi waliigaltee gamtaa akka taasisan

²³Labsii Qaamota raawwachiiftuu mootummaa naannoo oromiyaa irra deebiin gurmeessuu fi aangoo isaanii murteessuuf bahe, lab lak.163/2003, kwt 43 (1),(2) fi (4)

ni jajjabeessa, deeggarsa barbaachisaas ni taasisa, waldaalee hojjetaa fi hojjechiisaa galmeessuun waraqaa ragaa qaama seerummaa ni kenna, waldichaaf deeggarsa ogummaas ni taasisa, waliigaltee gamtaas ni galmeessa, deeggarsa ogummaa ni kenna, hojiirra ooluu isaa ni to'ata. Waliigaltee hojii hojjetaa fi hojjechiisaa jidduutti raawwatamu ni galmeessa. Boordii murteessaa dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa bakka barbaachisaa ta'etti ni hundeessa, ni bulcha ni to'ata.²⁴ Ragaalee industirii sassaabuun xiinxalee duubdeebii irratti ni kenna, qaama dhimmi ilaaluuf ni gabaasa. Sadarkaan haalaa hojii hojiirra ooluu ni hordofa, tarkaanfii sirreeffamaas ni fudhata.²⁵ Dhaabbilee hojjechiisaa keessatti argamuun to'annaa haala hojii ni gaggeessa, tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata, akka fudhatamu ni taasisa.²⁶ Gaheen ejensii fi waajjiraaleen dhimma hojjetaa fi hawaasummaa inni guddaan haala hojii to'achuu dha. To'attootni kun gara dhaabbata hojjechiisaa barbaadanii sa'aatii kamittiyyuu dursanii beeksisuun osoo hin barbaachisiin seenuun qorannoo gaggeessuuf, gaaffii gaafachuuf fi daawwachuuf aangoo qabu. Kana malees, to'attootni haala hojii barreeffamootaa fi sanadoota gara garaa dhaabbata hojjechiisaa keessa jiran ilaaluuf yookin garagalcha isaa fudhachuuf, nageenyaa fi fayyummaa hojjetaa mirkaneeffachuuf suuraa hojjetaa kaasuuf, kutaalee fi gamoo akkasumas meeshaalee hojii safaruuf yookin fakkii isaanii kaasuufi kkf raawwachuuf aangoo qabu. Dhaabbatni hojjechiisaa tarkaanfii sirreeffamaa kana osoo hin fudhatiin yoo hafe to'ataan haala hojii sun guyyaa murtaa'e keennuudhaan fooyya'iinsi akka taasisamu ajaja dabalataa kennuufi danda'a. Fayyaa fi nageenya hojjetaa yeroo gabaabaa keessatti balaan gahuu akka danda'u yoo hubate garuu to'ataan haala hojii tarkaanfii barbaachisu fudhachu danda'a.²⁷ Tarkaanfiiwwan to'ataa haala hojiitiin fudhatamuu danda'an keessaa tokko hojjechiisaan tumaalee labsichaa cabsee yeroo argame gara qaamolee falmii hojii murteessuuf aangoo qabaniif dhiyeessuun murteessisuu dha. Hojjechiisaan ajaja to'ataa haala hojiitiin kennameef raawwachu dide qarshii 1200 hin caalleen akka adabamuu danda'u labsichi ni kaa'a.²⁸

Naannawaan hojii yookin meeshaaleen dhaabbatni hojjechiisaa ittiin oomishu fayyaa fi nageenya hojjettootaa irratti dhiibbaa fida jedhee yeroo amanu to'ataan haala hojii hojjechiisaan tarkaanfii sirreeffamaa akka taasisu ajajuu danda'a. Dirqamoota labsii HH'tiin to'ataa haala hojii irra kaa'aman keessaas: icciti dhaabbilee hojjechiisaa yeroo to'annaa gaggeessan baran qaama sadaffaaf dabarsuu fi falmii hojii fi marii gamtaa keessatti haala kamiinuu jiddu lixuu yookin hirmaachuu irraa ofqusachuu qabu kanneen jedhan warra ijoo dha.²⁹

2.3.2. Waldaa Hojjetaa

Konfedereeshiniin waldaa hojjettootaa Itoophiyaa (CETU) bara 1963 kan hundaa'e yoo ta'u, innis dhaabbata hojjettootaa isa guddaa fi sochii waldaalee hojjettootaa biyyattii kan gaggeessaa jiru dha. Konfedereeshinichi federeeshinoota waldaalee hojjetaa biyyolessaa 9 fi waldaalee hojjetaa bu'uuraa 700 ol kan miseensota 370,000 ol of jalatti qaban haammateera.

²⁴Labsii 163/2003, akkuma olii, kwt 43 (3),(5),(6),(7),(8)

²⁵Labsii 163/2003, akkuma olii, kwt 43 (11) fi (12)

²⁶Labsii 163/2003, akkuma olii, kwt 43 (10)

²⁷Labsii HH, akkuma lakk 12ffaa olii, kwt 178 fi 179.

²⁸Labsii HH, akkuma olii, kwt 185 fi 186.

²⁹Labsii HH, akkuma olii, kwt 181(2)(6).

Konfedereeshinichi mirgaa fi dantaa hojjetaa kabachiisuu fi tokkummaa fi dandeettii hojjettootaa cimsuu akka kaayyoo isaatti qabatee hojjeta.³⁰

Mirga hojjettootni qaban keessaa tokko waldaa hojjetaa hundeessuu fi dammaqinaan keessatti hirmaachuu dha. Waldaan hojjetaa waldaa hojjettootni dhaabbata tokko keessa hojjetan lakkoofsi isaanii kudhanii fi isaa ol ta'e hundeessani dha. Hojjechiistotnis walitti dhufuun waldaa hojjechiistotaa hundeessuu danda'u. Waldaaleen hojjettootaa tokkoo ol ta'an walitti dhufuun federeeshiinii uumuu danda'u. Fedreeshinootnis walitti dhufuun konfedereeshinii uumuu danda'u. Federeeshinootnii fi konfedereeshinootni waldaalee hojjettootaa addunyaa keessatti miseensa ta'uu ni danda'u.³¹

Gaheewwan waldaaleen hojjetaa fi hojjechiisaa taphachuu danda'anis: mariiwwan gamtaa (collective negotiations) fi walddhabbiwwan hojii keessatti miseensota isaanii bakka bu'uun mirgaa fi fayidaa saanii kabachiisuu, seerotnii fi qajeelfamootni gara garaa akka bahan yaada buqisiisuu, wixinee isaa keessatti hirmaachuu fi miseensotni isaaniis hubatanii hojiirras akka oolchan taasisuu kanneen jedhan hangafoota. Bu'uura Labsii HH keenyaatiin dhaabbata tokko keessa waldaaleen hojjetaa tokkoo ol uumamuu danda'u. Ta'us, waldaan hojjetaa hojjechiisaa waliin marii gamtaa taasisu waldaa hojjetaa sagalee hojjettoota dhaabbatichaa keessaa 50%+1 argate dha. Waldaan hojjetaa sagalee hojjettootaa caalmaa qabu Ministeera Dh/H/H'tiin galmaa'uu akka qabus labsichi ni kaa'a.³²

Akkatumaa labsii kana irraa hubatamutti baay'inni waldaa hojjetaa dhaabbata hojjechiisaa tokko keessatti hundaa'u hin daangeffamne. Fakkeenyaaf waldaan hojjetaa 3 yoo jiraatee fi sadanuu sagalee hojjetaa %50+1 argachuu yoo hin dandeenye waldaan hojjetaa hojjechiisaa waliin marii gamtaa taasisu waldaa hojjetaa isa kam ta'a? kan jedhu seerichi hin teechisne. Kana malees, seerichi dhaabbata hojjechiisaa tokko (undertaking or enterprise) jecha jedhuuf hiika kenneen dhaabbata kaayyoo seera qabeessa ta'e raawwachuuf hoogansa tokkoon (united management) gaggeeffamu ta'uu fi dameen dhaabbata tokkoo hojii dhaabbata muummeen kennameef raawwachuuf adda bahee moogaasamuun hojimaataa fi caaseffama mataa isaa kan qabu yoo ta'e akka dhaabbata tokkootti akka lakkaa'amu teechifameera.³³ Fakkeenyaaf, tumaa kana irraa akka hubatamutti Korporeeshinii sukkaaraa Itoophiyaa jalatti warshaaleen sukkaaraa jiran akka dhaabbata hojjechiisaa tokkootti lakkaa'amuun waldaa hojjetaa Ministeera Dh/H/H biratti galmaa'uun hojjechiisaa waliin marii gamtaa taasisuu danda'u akka qabaatu kan dandeessisu dha.

Waldaan hojjetaa kamiyyuu himachuu fi himatamuuf, waliigaltee keessa seenuu, qabeenya horachuu fi gochaawwan biroo seera qabeessa ta'anii fi kaayyoo isaa galmaan gahuuf isa

³⁰ Etalemahu Kefyalew, Confederation of Ethiopian Trade Unions, Paper presented on OSH and HIV/AIDS at work place, Ghana-Accra,2012:1.

³¹Labsii HH, akkuma lakk 12ffaa olii, kwt 113 fi 114.

³²Labsii HH, akkuma olii, kwt 115

³³Labsii HH, akkuma olii, kwt 2/2/.

dandeessisan raawwachuuf dambiii ittiin bulmaataa baafachuudhaan Ministeera Dh/H/H'tti galmaa'uun qaama seerummaa argachuu qaba.³⁴

Gaheewwan waldaan hojjettootaa akka taphatu irraa eeggaman keessaa inni murteessaan tokko marii gamtaa raawwachuu (to bargaa'in a collective agreement) dha. Marii gamtaa irratti waldaa hojjetaa kan bakka bu'an gaggeessitoota waldaa gamtaa dambii ittiin bulmaata waldichaa keessatti aangeffaman yoo ta'an, dhaabbatni hojjechiisaa immoo hojjechiisaa dhimmi sun ilaallatu yookin bakka bu'iinsi kennameefiin bakka bu'amu. Mariin gamtaa kunis waldaa hojjetaa tokkoo fi hojjechiisaa tokko yookin tokkoo ol yookin waldaa hojjechiistotaa waliin adeemsifamuu danda'a. Mariin gamtaa kunis halawwan hojii irratti yookin waa'ee waliigaltee gamtaa yookin haaromsa yookin fooyya'iinsa isaarratti kan xiyyeeffatu ta'a.³⁵ Xiyyeeffannaan marii gamtaas dhimmoota hariiroo hojii, haalawwan hojii, hariiroo hojjechiistotni yookin waldaaleen hojjechiistotaa hojjettoota yookin waldaalee isaanii waliin qaban murteessuu irratti dha. Kunis, dhimmoota labsii HH'tiin hin uwwifamne, fayyaa fi nageenyummaa hojii, tajaajilawwan hawaasummaa, hirmaannaa hojjetotni guddina, mindaa, jijjiirraa, hojjetaa hir'isuu, raawwii naamusa keessatti qaban uwwisuu danda'a. Dabalataanis, mariin gamtaa adeemsa qajeelfamni hojii itti bahu, haala komiiwwan garagaraa itti keessummaa'an, sa'aatii hojii fi yeroo boqonnaa mijeessuu, qaamolee waliigaltee gamtaatiin uwwifamanii fi turtii yeroo isaa haammachuu danda'a.³⁶

Marii gamtaa gaggeeffamuun waliigalteen gamtaa mallattaa'e Ejansii Dh/H/H tiif ergamee galmeeffamuun haala addaatiin yoo ta'e malee waggootii sadiif hojjiirra ni oola. Ta'us, tumaan waliigaltee gamtaa haala yookin fayidaa labsii HH keessatti hojjetaaf taa'erra filatamaa hin taane kan teeche yoo ta'e kan hojjiirra oolu tumaa seeraa sana ta'a.³⁷

2.3.3. Gahee Manneen Murtii Idilee

Manneen murtii dhimmoota akkamii ilaaluu akka qaban labsicha kwt138-140tti jalatti tarreeffamee jira. Haaluma kanaan dhimmoonni Manneen Murtii Naannoo sadarkaa duraan ilaalaman kwt.138 jalatti ibsamee jira. Labsii kana jalatti aangoon Mannen murtii Aanaa Naannoof kennameera. Hojjechiistonni sadarkaa Mootummaa Federaalaatti galmaa'an labsii lakk.25/88 kwt5 jalatti dhimma federaalaati jedhamee jira. Dhimma federaalaa immoo bakka bu'uummaan hojjechuu kan danda'u hanga qarshiisarratti hundaa'uun Mana Murtii Olaana ykn Waliigalaa Naannooti. Haa ta'u malee, labsii lakk.25/88 kwt5 jalatti dhimmoonni dhaabbileen federaalaa garee falmii keessatti ta'an dhimma federaalaa yoo jedhamellee seera booda bahe, labsii HH'tiin dhimmicha akka ilaalan manneen murtii naannootiif aangoon kennameera. Seerri booda irra bahe kan duraa irra olaantummaa ni qabaata. Akkasumas labsiin lakk.25/88 waa'ee aangoo hariiroo hawaasaa fi yakkaa yoo tumu labsiin HH garuu waa'ee dhimma hojjetaa fi

³⁴Labsii HH, akkuma olii, kwt 118.

³⁵Labsii HH, akkuma olii, kwt 124, 125 fi 126.

³⁶Labsii HH, akkuma olii, kwt 129.

³⁷Labsii HH, akkuma olii, kwt 131, 133 fi 134.

hojjechiisaa qofa tumeera. Kanaafuu labsiin HH seera addaa waan ta'eef olaantummaa ni qaba. Kanaafuu dhimmoota akkanaa irratti manneen murtii aanaa aangoo ni qabu. Falmii hojiin walqabatee ol'iyyannoon kan jiru yeroo tokko qofa akka ta'e kwt 139(2) irraa ni hubatama. Kanaafuu, murtiin Mana Murtii daka yoo cime yookiin haqame wal falmitootni mirga oliyyannoo biraa hin qaban jechuu dha. Kunis falmii fi komiin lammiilee Manneen murtii sadarkaa sadarkaan jiraniin akka hin cuufamnee fi mirga haqa-argachuu lammiilee kan dhiphisu akka ta'e ifa dha. Kana malees, labsiin HH kwt 138 fi 139 jalatti Manneen murtii dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa guyyaa 60 keessatti murtii kennuu akka qaban tumeera.

Manneen murtii dhimmoota falmii hojii dhuunfaa ta'an akka ilaaluuf aangeffaman labsii HH kwt 138 irraa ni hubatama. Kanaafuu falmii hojii dhuunfaa fi waliinii adda baasuun aangoo mana murtii kan boordii irraa adda baasanii hubachuuf murteessaa dha. Falmii hojii waliinii fi dhuunfaaf hiikkoon labsii hojjetaa fi hojjechiisaa keessatti kenname hin jiru. Haa ta'u malee, tarreeffama tumaalee kwt 138 fi 142 jala jiran irraa ka'uun falmiin hojii waliinii fi dhuunfaa maal akka ta'e adda baasuun ni danda'ama. Baay'ina namoota falmii sana irratti hirmaatan utuu tilmaama keessa hin galchiin bu'aan falmichaa dantaa fi mirga waliinii hojjetoota hundaa irratti dhiibbaa kan fidu yoo ta'e falmii hojii waliinii ta'a. Gama biraan immoo bu'aan falmii hojichaa hojjetoota warra falmicha keessatti hirmaatan irra darbee dantaa fi mirga waliinii hojjetootaa irratti dhiibbaa fidu hin qabu yoo ta'e falmii hojii dhuunfaa ta'a.

Hiikkoo kana kwt 138 fi 142 waliin sakkatta'uun barbaachisaadha. Tarreeffamni kwt 138 jala jiran hedduun isaanii amala falmii hojii dhuunfaa kan qaban yoo ta'u kanneen kwt 142 jalatti tarreeffaman baay'een isaanii amala falmii hojii waliinii qabu. Dhimma kana ilaalchisee Dhaddachi Ijibbaataa MMWF galmee lakk.18180³⁸ ta'e irratti murtii kennee jira. Ka'uumsi dhimmichaaas gamtaan hojjetootaa tarkaanfii hojjetoota hojii irraa hir'isuuf hojjechiisaan fudhatame mormuun boordiirratti himata dhiheesse dha. Boordiin murtii kenneen gochaan hojjetaa hir'isuu gaggeeffame adeemsa seeraan kaa'ame hin hordofamne jechuun hojjetoota gara hojiitti akka deebi'aniif murteessera. Manni Murtii Ol'aanaa Federaalaa oliyyannoon dhimma kana ilaalee murtii kenneen boordiin dhimma kana ilaaluuf aangoo hin qabu jechuun murticha haqeera. Dhaddachi Ijibbaataa immoo dhimmicha dhiheessisee "...falmii hojii waliinii jechuun falmii dantaa fi mirga waliinii hojjetootaa irratti dhiibbaa fidu yoo ta'u falmiin hojii dhuunfaa immoo falmii dantaa fi mirga waliinii hojjetootaa irratti dhiibbaa hin fidnee dha" jechuun teechiseera. Dhimma kana keessatti, hojjetaa hojii irraa hir'isuun dhimma hojjetoota hunda tilmaama keessa galchuun akkaataa seeraan raawwatamu waan ta'eef falmii hojii waliinii ta'a. Kana irraa ka'uun dhaddachi ijibbaataas boordiin dhimma kana ilaaluuf aangoo qaba jedheera.

Kanaafuu manni murtii falmii hojii ilaaluuf aangoo kan qabu yoo bu'aan falmichaa dantaa waliinii hojjetootaa irratti kallattiin bu'aa hin fidu ta'e dha. Falmiiwwan kwt 142 jala jiranis

³⁸ Dhimma Mana Murtii waliigala Federaalaan galmee lakk.18180 ta'e irratti Gamtaa hojjetootaa warshaa uffata qorraa K.K fi warshaa uffata qorra k.k jidduu turee murtii argatee dha.

kanneen dantaa fi bu'aa waliinii hojjetootaarratti miidhaa hin fidne falmii dhuunfaa waan ta'aniif aangoo mana murtii ta'u. Kanaaf, Manneen murtii dhimmoota kwt 138 jalatti tarreeffaman qofa oso hin taane kanneen kwt 142 jalatti tarreeffamanii fi amala falmii hojii dhuunfaa qaban adda baasuuf aangoo ni qabu.

2.3.4. Boordii murteessaa dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa

Falmii fi walitti bu'iinsa hojjetaa fi hojjechiisaa gidduutti uumamu, qaamolee ilaaluun furmaata akka kennan labsii HH'n hundeeffaman keessaa Boordii murteessaa dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa isa tokko dha. Labsichi Boordiiin gosa lama, dhaabbataa (permanent) fi yeroo (adhock) dhaabbachuun falmii hojii waliinii ta'an ilaaluun akka murteessu ibseera.³⁹ Sadarkaa Naannootti Ejensiin DhHH Boordii dhaabbataa tokko ykn lama ni hundeesa. Bifuma walfakkaatuun akkataa barbaachisummaa isaatti Ejensichi Boordii yeroo (adhock board) dhaabbilee tajaajila baay'ee barbaachisaa uummataaf kennan kessatti walddhabii mindaa fi faayidaawwan hojjetootaa ilaalchisee uumaman akka ilaaluuf hundeesuu danda'a.⁴⁰

Boordiiwwan kunis qaama akka naannootti seerota hojjetaa fi hojjechiisaa raawwachiisuuf itti-gaafatamummaa qabu jalatti akka hundaa'an labsichi ni teechisa. Gurmaa'insi miseensota boordichaa walitti qabaa tokko, dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa irratti namoota muuxannoo fi ogummaa qaban lama, waldaalee hojjetaa fi waldaalee hojjechiisaa irraa namoota bakka buufaman lama lama qaba. Kana malees, boordichi waldaalee hojjetaa fi waldaalee hojjechiisaa irraa namoota tokko tokko kan miseensota bakka bu'an ni qabaata. Walitti-qabaan boordichaa fi miseensotni dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa irratti muuxannoo fi ogummaa qaban lamaan kan bakka buufaman qaama akka naannootti seerota hojjechiisaa raawwachiisu (Ejensii DhHH) 'tiin yoo ta'u, miseensotni waldaa hojjetaa fi hojjechiisaa irratti bakka buufaman immoo waldaa sagalee hojjetaa hedduu bakka bu'u irraayi.⁴¹

Boordichi walgahii isaa gaggeessuuf miseensotni isaa afur argamuu kan qaban yoo ta'u, dabalataanis hojjetaa fi hojjechiisaa kan bakka bu'u yoo xiqqaate miseensi tokko argamuu qaba.⁴² Turtiin yeroo miseensota boordichaa waggaa sadi yoo ta'u, ejensichi miseensota hojicha irratti dhibaa'an yookin gochaa seeraan alaa raawwatan kaasee miseensa biraan bakka buusuu danda'a.⁴³ Boordii dhaabbataan falmiiwwan hojii waliinii (collective labour dispute) ta'an ilaaluuf aangoo kan qabu yoo ta'u isaan keessaas: falmiiwwan waliigaltee waliinii taasisuu, haaromsuu yookin haquu waliin walqabatan, tumaa labsii HH yookin waliigaltee waliinii hiikuu irratti falmii ka'u, qacarrii, guddina hojjetaa, jijjiirraa, falmii mirgaa ykn faayidaa hojjetattoota baay'ee irratti dhiibbaa qabu, humna hojii hir'isuu, gochaa seeraan ala hojii dhaabuu ykn cufuu

³⁹Labsii HH, akkuma lakk.12ffaa olii, kwt 144 fi 147

⁴⁰Labsii HH, akkuma olii, kwt 144

⁴¹Labsii HH, akkuma olii, kwt 145 (1) fi (2).

⁴²Labsii HH, akkuma olii, kwt 146 (3)

⁴³Labsii HH, akkuma olii, kwt 145 (5) fi (6)

hojjatoota ykn hojjachiistotaan raawwatamu fi kkf ilaaluun murtii laachuu danda'a. Akkasumas boordiin yeroofalmii mindaa yookin fayidaa hojjetaa waliin walqabatu dhaabbilee tajaajila murteessoo jedhaman uummataaf kennan keessatti yeroo mudatu ilaaluu danda'a.⁴⁴

Adeemsa falmii dhaga'uu fi murtii kennuu keessatti Boordiin seerota adeemsa fi ragaa mataa isaanii tumachuu kan dada'an ta'uun akkuma eegametti ta'ee adeemsi falmii bu'ura kwt 148-152 tin kan raawwatu ta'a. Boordiin falmiilee dhiyaatan haga danda'ameen waliigaltee fi araaraan akka xumuramu yaalii gochuu qaba. Dhimmichi araaraan kan hin xumuramne taanaa falmii idileetiin ilaaluun murtii kenna. Adeemsa falmii keessatti boordiin mirgi dhaga'amu, bakka bu'aan falmachuu falmitootaa eeguu qaba. Falmiinis haga danda'ameen dhaddacha banaan ta'uutu irraa eegama. Haa ta'u malee boordiin falmiilee dhiyaataniif furmaata yommuu laatu seerota ijoo(substantive) seerota adeemsa fi ragaa hordofuun osoo hin barbaachisin dhimma dhiyaateef qofa ilaaluun murtii kennuu akka danda'u aangeffameera. Adeemsa falmii keessatti dhimma falmitootaa qofa irratti osoo hin murtaa'iin falmichaan walqabatee dantaa hawwasaa kabachiisuu fi haqa argamsiisuuf mootummaan falmii keessa akka galu gochuu danda'a. Murtii fi ajajni boordichaa sagalee caalmaan kan darbu ta'ee akkuma murtii ykn ajaja Mana murtii hariiroo hawwasaatiin kennametti ilaalama.

Boordiwwaan kunneen dhimmoota falmiif dhiyaataan qulqulleessuuf ragaa ykn odeeffannoo barbaachisaa ta'e qaama barbaadan irraa waamuun ykn iddoo hojii deemuun qorachuu danda'u. Adeemsa haqa laachuu keessattii qaamoleen mootummaa gargaarsa barbaachisaa ta'e boordichaaf gochuu qabu. Fakkeenyaaf ajaja ykn murtii boordichaan darbe akka raawwatuuf ykn raawwachiisuuf poolisii ajajuu danda'u. Boordiin qaama aangoo Abbaa seerummaa qabu waan ta'eef gochoota ajaja ykn murtii boordichaa diduu fi yakkoota boordi irratti raawwataman ofuma isaa adabuu danda'a. murtiin boordiin kennamu ilaalchisee qaamni komatu ji'a Tokko keessatti ijoo seeraa qofa irratt Mana murtii olaanaa federaalaatiif mirgi ol'iyyannoo dhiyeeffachuu qaba. kanaan ala murtichi hatatamaan kan raawwatamu ta'a. murtiin boordichaan kenname haala hojii waliin kan walqabatu taanaan akka waliigaltee hojjataa fi hojjachiisaa waliin taasifametti ilaalame kan sirreeffamuu fi hojiirras kan oolu ta'a.

2.3.5. Ejensiwwan dhuunfaa hojjetaa fi hojii walquunnamsiisan

Ejensiwwan dhuunfaa hojjetaa fi hojii walquunnamsiisan akkataa hariiroo hojii keessatti gahee isaanii taphatan irratti Dhaabbanni Hojjetoota Idil-addunyaa bara 1997 Konveenshinni lakk 181 raggaasiseera. Kaayyoon konveenshinichaas hariiroo fi gabaan hojii haala yeroo, fedhii fi mijaa'ina hojjetaa fi hojjechiisaa giddu-galeessa godhateen akka bulu, adeemsa hojii ejensiwwan kanneen keessatti mirgootni hojjetootni qaban sirnaan akka kabajaman taasisuu

⁴⁴Labsii HH, akkuma olii, 142 (3) fi 136(2)

irratti kan xiyyeeffate dha.⁴⁵ Akka konveenshinichaaatti ejensiin dhuunfaa bifa lamaan tajaajila kennuu dandaa'a. Hojjetaa waliin hariiroo hojii osoo hin hundeessiin hojjetaa fi hojjechiisaa wal qunnamsiisuun bifa tokko dha. Haala biraan immoo hojjetaa qaxaruun qaama biraaf tajaajila akka kennu dhiyeessuu daanda'u. Dhaabbatni taajaajila kana argatus (user interprise) hojjetichaaf hojii kennuun hojjetichas ni to'ata.⁴⁶

Hariiroon hojii haala kanaan uumamu waliigaltee gosa lamaa; waliigaltee hojii ejensii fi hojjetaa gidduutti taasifamuu fi waliigaltee ejensii fi dhaabbatni tajaajila fudhatu (user interprise) taasisaniin bitama. Konveenshinichi qajeeltoo bu'uura erga kaa'een booda akkaataa ejensiin dhuunfaa tajaajila kanneen kennan irratti biyyoonni miseensa ta'an bakka bu'oota hoojjatootaa fi hojjechiistota mari'achiisuun murteessuu akka danda'an ni ibsa. Hojjetoota ejensiidhaan qaxaramanii qaama biraaf hojjetan ilaalchisee mirgoota hojjetaa kannen akka mirga gurmaa'uu, mindaa xiqqaa seeraan murtaa'e argachuu, haala fi yeroo hojii, wabii hawwasummaa, leenjii, eegumsa fayyummaa fi nagummaa ogummaa, beenyaa miidhaa hojjiirraa fi mirga beenyaa adda addaa hojjetaan qabaachuu malu irratti itti gafatamummaan ejensii fi qaama tajaajila argatu maal ta'uu akka qabu biyyoonni seeran murteessuu akka qaban konveenshinichaan kaa'ameera.⁴⁷ Biyyi keenyaas konveenshinicha mallatteessuun labsiilee adda addaa konveenshinicha hojjiirra oolchuuf dandeessisan tumteerti.

Haaluma kanaan ejensiiwwan tajaajila hojjetaa fi hojii walqunnamsiisuu kennan bu'ura labsii 632/2001'tiin hundaa'anii hojjetaa jiru. Labsiin kun labsii walfakkataa 104/1998 fi keewwattoota labsii HH tajaajila hojii walqunnamsiisuu ilaallatan foyyessuun (haquun) kan bahe dha.⁴⁸ Ejensiiwwan kunneen tajaajila isaanii kana biyya keessaa fi alatti kennuu danda'u. Ejensiiwwan tajaajila biyya keessaa kennaniif hayyama kan kennuu fi to'annoo kan gaggeessu Ejensii Dhimma Hojjetaa fi Hawwasummaa Naannoo yoo ta'u, ejensiiwwan biyya alaatti tajaajila walqunnamsiisuu kennaniif immoo Ministeera Dhimma Hojjetaa fi Hawwasummaa mootummaa federaalaatu hayyama kenna.

Labsiin 632/2001 kan of danda'ee dhaabbatu osoo hin taane labsii HH irratti kan hundaa'e ta'uu walitti hidhamiinsa tumaalee seerichaa irraa hubachuun ni danda'ama.⁴⁹ Labsicha keewwata 2(1) irraa hubachuun akkuma danda'amu ejensiiwwan dhuunfaa hojjetaa waliin waliigaltee hojii raawwachuudhaan dhaabbilee hojjechiistotaa biroof dhiyeessuu ykn waliigaltee osoo hin raawwatiin hojjetaa fi hojii walqunnamsiisuu akka danda'an ni ibsa. Tajaajilli isaan kennan bu'uura labsii 632/2001 kwt 2(1) (b)'tiin hojjetaa qacaruu dhaabbata biraaf dhiyeessuu yoo ta'e bu'ura labsii HH waliigaltee hojii hojjetaa waliin raawwachuutu irraa eegama. Waliigalteen isaan hojjetaa waliin taasisan kun immoo hojjechiisaa isaan taasisa.⁵⁰ Kana jechuun ejensootni hojjetaa waliin waliigaltee raawwachuun qaama biraaf dhiyeessan, hojjechiisaa ta'uun bu'uura labsii HH

⁴⁵Konveenshinii ILO lakk. 181, Seensa.

⁴⁶Konveenshinii ILO lakk. 181 kew 1.

⁴⁷Konveenshinii ILO lakk. 181 key 12.

⁴⁸Labsii tajaajila hojjetaa fi hojii walqunnamsiisuu bulchuuf bahe, lab.akk. 632/2001 kwt 43.

⁴⁹ Labsii 632/2001, akkuma olii, kwt 2(4), 3(3), 4 faa akka fakkeenyaatti ilaaluun ni danda'ama.

⁵⁰ Labsii HH, akkuma lakk 12ffaa, kwt 2(1), 4 fi labsii lakk. 632/200, akkuma oliii, kwt 2(3).

fi labsii 632/2001' tiin dirqamaa fi mirga hojjechiisaan tokko qabaatu ni horatu jechuu dha. Kanaaf hariiroon hojii ejensichaa fi hojjetaa gidduutti ni uumama.

Gama biraatiin ejensiin hojjetaa kan qaxare hojii dhaabbata tajaajila argatuu (user enterprise) akka hojjetuuf waan ta'eef hariiroon hojii dhaabbata tajaajila argatuu fi hojjetaa gidduuttis ni uumama jechuun ni danda'ama. Yaada kana caalaatti kan cimsu immoo labsii 632/2001 kwt 22 jalatti hojjetaan hojii qaama sadaffaa hojjachuuf Ejensiidhaan qaxarame mirgi isaa yoo tuqame (bu'ura waliigalteetiin kan hin raawwatamneef yoo ta'e) ejensii fi qaamni sadaffaan ykn dhaabbanni tajaajila argatu qeenxee fi waliin itti gafatamummaa akka fudhatan tumameera. Kanaaf hariiroon hojii qacarrii akkasiitiin uumamu hariiroo hojii rog-sadee (triangular employment relation) jechuun ni danda'ama. Labsiin 632/2001 mirgoota hojjetaa konveenshinii lakk. 181/97 kwt 11 fi 12 jalatti ibsamaniif eegumsa gochuu irratti xiyyeeffannoo guddaa kan godhe hojjetoota biyya alaa deemuun hojjetaniifi dha. Labsii HH irraa haala adda ta'een mindaan xiqqaan hojjetoota biyya alaatti ejensootaan ergamanii qajeelfamaan murtaa'uu akka danda'u teechiseera. Gama biraan adeemsa hojii keessatti miidhaan ykn sarbamuun mirgaa hojjataa irra yoo gahe beenyaa gahaa argachuu akka danda'an ejansoonni kunneen hojii jalqabuun dura wabii qabsiisuu akka qaban labsichi ni teechisa. Eegumsi kun hojjetoota ejensiidhaan biyya keessatti qaxaramanii kan hammatuu miti.

BOQONNAA SADI

XIINXALA HAALA QABAATAMAA KABAJAMA MIRGA HOJJETTOOTAA AKKA NAANNOO OROMIYAATTI

Mirgi hojjettootaa sadarkaa kamitti kabajamaa akka jiru agarsiisuuf qabxiileen ilaallamuu danda'an hedduu yoo ta'an, akka naannoo keenyaatti mirgi hojjetaa hammam akkaataa seerotni biyya keenyaa fi waliigalteewwan addunyaa biyyi keenya mallatteessiteen hojiitti hiikkamaa akka jiru agarsiisuudhaaf qabxiilee dandeessisan gurguddoo kaasuun boqonnaa kana keessatti xiinxaluuf ni yaalama.

3.1. Daangaa raawwii labsii HH fi jiraachuu hariiroo hojii addaan baasuu

Labsiin HH hariiroo hojii fi hojjettoota seericha jalatti buluu hin dandeenye kaa'eera. Hojjettootni kunneenis kanneen kallattiin ykn ifatti hambifaman (express exclusion) fi kanneen haala irratti hundaa'uun hanbifamani (conditional exclusion) dha.⁵¹ Gaggeessitootni dhaabbilee hojjechiisaa dhaabbaticha waliin hariiroon hojii qabaatan bu'uura labsii kanaatiin hin bitamu. Gaggeessaa fi dhaabbata hojjachiisaa jidduutti hariiroon hojii uumamuu fi bu'aan hariirichi hordofsiisus bu'uura tumaalee seera hariiroo hawaasaa kwt 2512 hanga 2609 jiraniitiin bitama. Dhaddachi Ijibaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaatis murtiiwwaan kanneen kanuma cimseera.⁵² Hariiroo dhaabbatni hojjechiisaa hoji-gaggeessiistoota isaa waliin qabaatu dambii ittiin bulmaataa dhaabbatichi baafatuun bitamuu danda'a.

Gama biraatiin, hariiroo hojii dhaabbilee tola ooltotaa fi dhaabbilee amantaa keessaatti uumamu ilaalchisee akkataa tumaaleen labsii HH hojii irra itti hin oolle ilaalchisee Manni Maree Ministeerotaa dambii baasuu akka danda'u labsichi ni agarsiisa.⁵³ Dhaddachi Ijibaataa MMWF murtii galmee lakkoofsa 18419 ta'e irratti kanneen dhaabbilee amantaa keessatti hojjettootni hojii afuuraa hojjetan hariiroon dhaabbata amantaa sana waliin qaban bu'uura labsii HH akka hin bulle murtii kanneen hubachiisera.

Dambiin Manni Maree Ministeerotaa baasuu danda'a jedhames kan hojjettoota dhaabbilee amantaa kana keessaatti qaxaramanii hojii afuuraan ala hojjetan kan ilaallatu malee, kan hojjettoota afuuraa akka hin taane hubachiiseera.⁵⁴ Kanaaf labsichi hojjettoota afuuraa dhaabbilee amantaa guutummaatti kan hin ilaallane yoo ta'u hojjettootni hojii afuuraan ala

⁵¹ Labsii HH, akkuma lakk 12ffaa, kwt 3 fi 4.

⁵² Murtii Dhaddachi Ijibaataa Mana Murtii Waliigala federaalaa; Nib intarnaashinaal vs Taganuu Mashasha, jiidii 2ffaa, G.lakk 18307, Dhaabbata Misooma Qonnaa Arsii vs Salamoona Abbabbaa jiidii 3ffaa G.lakk 15815, Ambaayee W/maariyaam vs dhaabbata daldala midhaan Itoophiaa, jiidii 13ffaa Lakk G 60489 irratti laate.

⁵³ Labsii HH, akkuma lakk 12ffaa, kwt 3(b)

⁵⁴ Mana amantaa Laamooraawoora q/maariyaam vs daaqoon Mirahata Birahan (n-6) murtii Murtii Dhaddachi Ijibaataa Mana Murtii Waliigala federaalaa jiidii 8ffaa, G.lakk 18419 irratti murteesse.

hojjetan garuu hanga dambiin jedhame bahutti dhimmi isaanii bu'uura labsichaan kan ilaalamu ta'a jechuu dha.

Haala qabatamaa tumaaleen labsichaa kunneen hojiirra itti oolaa jiran ilaalchisee daataa bifa gara garaatiin walitti qabame akka itti aanutti kan teechifame dha. Afgaaffii taasifame keessatti dhimmoota falmii hojii dhaabbilee amantaa irraa gara mana murtii dhufan ilaalchisee yaada adda addaatu ka'a. Yaadni inni tokko hojjetoota dhimma afuuraa irra hojjetaniin ala jiran kan akka waardiyyaa, hojjetoota herreegaa, narsii fi kkf irraa falmiin dhufu Mana Murtiin ilaalamuu qaba jechuun kan simatanii ilaalan ni jiru.⁵⁵ Yaadni inni biraa ogeessota muraasaan calaqqisiifamu immoo dhimma falmii hojii dhaabbilee amantaa irraa dhufan kamiyyuu ilaaluun sirrii hin ta'u kan jedhu dha.⁵⁶ Sababni gareen kun dhyeessanis hojjetaan dhaabbata amantaa keessa hojjetu kamiyyuu hojii dhimmi afuuraa irraa bilisa ta'ee hojjeta jechuun waan hin danda'amnee fi daangaan isaas kan adda ba'uu hin dandeenye waan ta'eef falmii hojjetoota dhaabbilee amantaa mana murtiitiin ilaaluun qajeeltoo heera mootummaatiin taa'e kan mootummaan dhimma amantii keessa hin seenu jedhu faallessa jedhu. Fakkeenyaaf dhimma qabatamaa mana murtiitti dhiyaate tokko irratti waardiyyaan mana amantaa tokkoo dubartii bakka hojiitti (mooraa mana amantaa) fidee waan wajjin buleef gochaa duudhaa mana amantichaa cabsu raawwateera sababa jedhuun ari'ameera. Innis waliigalteen hojii kiyya seeraan ala addaan citeera jechuun mana murtiitti yoo himatu, manni murtii kunis dhimma dambii amantaatiin bulu malee seera hojjetaa fi hojjechiisaatiin kan bulu miti jechuun galmee cufeera.⁵⁷ Gama biraatiin immoo labsiin hojjetaa fi hojjechiisaa hojjetoota hojii afuuraa hojjetan ni haammata, seerichi bifa waliigalaan dhaabbata amantii irratti raawwii qabaachuu mul'isa jechuun kan ibsanis jiru⁵⁸.

Akka waliigalaatti yeroo ilaallu garuu falmiileen hojii dhaabbilee amantaa irraa dhufan hojjetichi kallattiin dhimmi afuuraa irratti ramadamee kan hojjetu yoo ta'een alatti manneen murtii simatanii keessummeessaa jiru. Ta'us, labsii HH keessatti dhimmi kana bituuf dambiin akka ba'u teechifamullee dambichi hanga ammaatti bahuu dhabuun isaa hojimaatni guutummaan guutuutti walfakkaataa ta'e akka hin uumamne dhibbaa mataa isaa uumeera.

Dhimmi biraa daangaa hojiirra oolmaa labsichaatiin walqabatee ka'u dhimma hojjetoota dhaabbilee Idil-addunyaa ti. Dhaabbata/toota idil addunyaa jechuun gormuu ykn gamtaa Mootummalee, ykn dhaabbilee walta'iinsa biyyootaatin daangaa biyyoota kanneenii keessa akka socho'anii dalaganiif dhaabbatani dha.⁵⁹ Dhaabbileen kanneen iddoo gurguddoo Lamatti; Dhaabbilee Miti Mootummaa Idil-Addunyaa(international non-govermental organizations,

⁵⁵Baalchaa Cuqqaalaa, Pirezdaantii MMA Lume, Afgaaffii gaafa 14/5/2007, Ayyantuu Gormuu, Abbaa Seeraa MMA Lume, Afgaaffii gaafa 14/5/2007, Pirezdaantii MMA Adaamaa, Afgaaffii gaafa 10/4/2007, Shibbiruu Caalchisaa, A/S MMA Adaamaa, waliin guyyaa af-ggaaffii gaafa 12/04/2007 gaageeffame.

⁵⁶Kumalaa Abarraa, Abbaa Seeraa MMA Amboo, afgaaffii gaafa 24/4/2007 gaggeeffame, Obbo Kaffaaloo Gaaddisaa, Abbaa Seeraa Mana Murtii Aanaa ada'aa waliin guyyaa 21/04/2007 taasifame.

⁵⁷Lammii Dirribaa, Abbaa Seeraa MMO Go/Sh/Lixaa, Afgaaffii gaafa 24/4/2007 gaggeeffame.

⁵⁸Heenok Maammuyyee, Pirezdaantii Mana Murtii Aanaa Ada'aa waliin Af-gaaffii guyyaa 20/06/2007 taasifame, Af-gaaffii Habii Huseen, Abbaa seeraa Mana Murtii Aanaa waliin guyyaa 15/04/2007 taasifame.

⁵⁹Peter Fischer, International Organizations, Pan-European University, Vienna/Bratislava, 2012, p.9

INGOs) fi Dhaabbilee Mootummaa Idil-Addunyaa(intergovernmental organization, IGOs) jedhamuun qoodamu.⁶⁰ Dhaabbileen gosti duraa kanneen qaama mootummaa hin taane, akkasumas waliigaltee biyyoota gidduutti godhamuun ala uumamanii biyyoota adda addaa keessa irra caalmaan hojii bu'aan alaa irratti bobba'anii dha. Akka fakkeenyaatti Koreen Fannoo Diimaa Idil-Addunyaa (international committee of red cross) kaasuun nidanda'ama. Dhaabbileen kanneen lammataa walitti dhufeenya biyyootni barmadummaa qaban ykn waliigaltee (treaty) biyyoota ykn mootummaleen taasisan bu'ureeffachuun kan hundaa'anii daangaa biyyoota kanneenii keessa socho'uun hojjatanii dha. Gosoota dhaabbilee kanneeniitiif fakkeenya guddaa kan ta'u Dhaabbata Mootummoota walta'anii fi Ejansoota dhaabbataicha jalattii hundaa'an ykn dhaabbataicha waliin waliigaltee taasisuun dhaabbataicha waliin hojjatanii dha.

Dhaabbileen mootummoota Idil-Addunyaa kaayyoo dhaabbataniif galmaan gahuu akka danda'an biyyoota miseensa ta'an keessa socha'anii yommuu hojjatan itti gaafatamummaa hariiroo hawwaasa uumamu irraa bilisa akka ta'an waliigaltee(treaty or convention) taasifamuun murtaa'a. Fakkeenyaaf, Dhaabbanni Mootummoota Walta'anii Guraandhala 13 bara1946 ALAtti dhaabbataicha daangaa biyyoota miseensa ta'anii keessatti bilisaan akka hojjatu konveenshinii mirga addaa fi dawoo seeraa (convention on previlage and immunities of UN) dhaabbataichaf laate labseera. Konveenshinichi :

“[t]he Organization shall enjoy in the territory of each of its Members such privileges and immunities as are necessary for the fulfilment of its purposes” jechuudhaan ibseera.⁶¹

Mirgi addaa fi dawoon seeraa kunis *'functional immunity'* jedhama. Tumaalee Konveenshinicha keessaa kwt 2, seekshiniin 2 dhaabbataichii fi qabeenyi dhaabbataichaa eessattuu fi eenyu harkattuu argamu haala addaattiin dhaabbataichi yoo hayyame malee adeemsi seeraa biyyoota isaan irratti hin hojjatu ykn dawoo seeraa qabu jechuun kaa'era. Adeemsi seeraa heyyama dhaabbataichaatiin raawwatees taanaan raawwii murtii qabeenyaa dhaabbataichaa irratti taasifamu kan hin dabalannee ta'uu isaa tumaan kun ni olkaa'a. kun immoo dhaabbataichi dawoo seeraa guutuu (absolute immunity) akka qabaatu godheera. Haaluma walfakkaatuun dhaabbataichi ejansoota (specialized agencies) hojii dhaabbataicha gargaaruuf dhaabbataichan hundeeffaman ykn dhaabbataicha waliin waliigaluun hojjataniifis dawoo seeraa fi mirga walfakkataa konveenshinii kennuu labseera.⁶² Konveenshinoonni lamaanuu biyyoota miseensa dhaabbataichaa ta'anii fi konveenshinicha mallatteessan ykn waliigaltee dhaabbileen kunneen biyyoota waliin taasifamu irratti hundaa'uun hojii irra oolu. Gama biraatiin mirgi addaa fi dawoon seeraa dhaabbilee konveenshinicha mallatteessuu fi dhiisuu ykn waliigaltee addaa qabaachuu irratti osoo hin hundaa'iin seera duudhaa idil-addunyaa (costmary international law) ta'uun biyyoota hundaan kabajamuu qaba yaadni jedhus jira.⁶³ Biyyoota konveenshinoota kanneen hin mallatteessine

⁶⁰International organizations, <http://en.wikipedia.org/wiki/> gaafa 05/09/2007 kan ilaalame.

⁶¹Convention on the Privileges and Immunities of the United Nations New York, Article 105, paragraph 1,13 February 1946

⁶²Convention on the Privileges and Immunities of the Specialized Agencies, New York, 21 November 1947, [konveenshinichi dhaabbileen akka; FAO, ICAO, IFAD, ILO, IMO, IMF, ITU, UNESCO, UNIDO, UPU, WBG, WHO, WIPO, WMO, UNWTO fi kanneen walfakkatoo birootiif biyyoota konveenshinicha mallatteessan biratti dawoo akka argatan godheera.]

⁶³Elihu Lauterpacht C. J. Greenwood, *International Law Reports*, p. 79

keessatti dhaabbileen kunneen dawoo seeraa argachuuf(falmiin isaan hojjataa isaanii waliin qaban seeraa fi manneen murtiitin akka hin ilaalamne) waliigaltee addaa (ad hoc, headquarter agreement) mallatteessuu qabu. Iddoo waliigalteen kun hin jirretti biyyoonni dhaabbileen kunneniiif dawoo seeraa jedhame kennuu hin fedhan.⁶⁴

Itti gaafatamummaa fi falmiin dhaabbatichi keessattuu, hojjatoota isaa waliin qabaatu, sirna of danda'ee keessoo dhaabbatichatti hundaa'een kan ilaalamu ta'a. Dhaabbatini Mootummoota walta'anii bara 2008 ALAttii sirna falmii naamusaa fi komii hojjatoota isaa bitu baasuun qaama falmii kana dhaga'us hundeessera.⁶⁵ Qaamni falmii kana ilaaluuf aangeffame (UN dispute tribunal) ALA bara 2009 ji'a Adoolessaa irraa eegalee falmii hojii hojjatootaa fi dhaabbaticha ykn ejansoota dhaabbaticha gidduutti uumamu ilaaluun kan furmaata laataa jira. Hojjatootni dhaabbatichaa falmii qaban adeemsa sirnichi ajaju hordofuun komii isaanii qaamaan ykn *interneetiin* teessoo *Tiribunaalichaa* iddoo sadi; Niyoork, Geneevaa fi Naayiroobitti argamutti dhiyeffatanii furmaata argachuu danda'u.⁶⁶

Akkataa falmiin hojii dhaabbilee idil-addunyaa itti keessummeeffamu irratti sirna seeraa biyya keenyaa yoo ilaallu; Labsii 377/96 kwt.3(3) jalattii manni maree ministeerota dambii yoo baase ykn waliigalteen mootummaan biyyattii dhaabbilee kanneen waliin taasisan yoo jiraate malee hariiroon hojii dhaabbileen Idil-addunyaa fi hojjatoota isaanii gidduutti uumamu bu'ura labsii kanaatiin akka bitamu ibsa. Dhimma kana irratti haga ammaa dambii mana mare ministeerotaan bahe hin jiru. Biyyi keenya konveenshinii dhaabbata mootummoota walta'aniif dawoo fi mirga addaa kennuu mallatteessiteerti.⁶⁷ Konveenshinii ejansoota dhaabbaticha waliin hojjataniif (specialized agencies) mirga addaa fi dawoo seeraa laatu garuu hin mallatteessine. Haa ta'u malee yeroo adda addaatti dhaabbilee kanneen waliin waliigalteen adda addaa qofa,qofaan raawwataa turteetti.⁶⁸ Falmiin hojii dhaabbileen kunneen hojjatoota isaanii waliin qaban bu'uruma waliigaltee kanaan kan ilaalamu waan ta'eef qaamoliin falmii kana ilaalan jiraachuu fi qabiyyee waliigaltee sana addaan baasuun hojii irra kan oolchaan ta'a. Dhaabbilee mit-mootummaa idil-adduunyaa ilaalchiseetis haalli jiru kan walfakkatu dha. Dhaabbileen kunneen hariiroo hojii hojjatoota isaanii waliin uumamu ilaalchisee mootummaa waliin waliigalteen mallatteessaan yoo jiraate bu'uruma waliigaltichaan kan rawwatu ta'a. waliigalteen kan hin taasifamne ykn dhimmoota waliigaltichi hin haguugne irratti falmiin hojii uumamuuf labsiin 377/96 hojii irra ni oola. Murtiin MMWF dhaddacha ijibaataatiin kennames kanuma kan hubachiisu dha. Dhaddachi hariiroo hojii hojjatoota dhaabbata dhuunfaa idil-addunyaa ilaalchisee Manni mare ministeerota labsichi akka hin raawwatamne dambii yoo baase ykn

⁶⁴DrazenPetrovic, Practicallegal problems of international organizations, available at <http://www.iilj.org/gal/documents/galch.petrovic.pdf>

⁶⁵UN resolution 63/253 on 24 December 2008.

⁶⁶UN internal justice system, http://www.un.org/en/oaj/unjs/formalres.shtml_gaafa_06/09/2007 ALI ilaalame.

⁶⁷ <https://treaties.un.org/status> kan gaafa 8/10/2007 ilaalame

⁶⁸Fakkenyaaf Itoophiyaan bara 1958 ALI'tti 'ECA' dawoo kana akka kennitu dhabbata mootummoota walta'anii waliin waliigaltee mallatteessiteerti.

waliigalteen mootummaan dhaabbaticha waliin dhimma kan irratti raawwate yoo jiraate malee, falmiin hojii dhaabbilee kanneenii hojjatoota isaanii waliin qaban bu'ura labsii 377/96tin akka ilaalamu murteessera.⁶⁹ Dhaabbilee mit-mootummaa biyya keessaatiif garuu labsichi guutummaatti hojiirra kan oolu ta'uu isaatu hubatama.

Qabxii kanaan walqabatee dhimma Mana Murtii Aanaa Yaabeellotti ilaalamaa ture tokkoon himataan hojjataa dhaabbata UNDP ta'e tokkoo dhaabbatichi seeraan ala hojii irraa isa gaggeessuu ibsuun beenyaa fi kanfaltiiwwan adda addaa akka murtaa'uuf mana murtichaa gaafata. Mannii murtichaas falmii himataa dhaga'uun, beenyaa fi kanfaltiiwwan himataan gaafate erga murteeseen booda, galmeen raawwii erga banameen booda falmiin hojii dhaabbatichaa fi himatamaa bu'ura labsii 377/96 kan hin keessummeeffamnee fi manni murtichaas aangoo kan hin qabne ta'uu ibsuun galmee cufeera. Himataanis MMWO dhaddacha ijibaataatti komii kan dhiyyeeffate yoo ta'u dhaddachichis sababuma Mana murtii jalaattin ibsame caalattii ibsuun komii himataa kufaa godheera.⁷⁰ Murtiin manneen murtii kunneen dhumarratti laataan sirrii ta'us Manni murtii Aanichaa falmii kana simatee erga murtii laateen booda raawwii irratti cufuun hojjaticha hagam akka dhamaase hubachuun ni danda'ama. Waliigalteewwan Idil-addunyaa biyyaattiin mallatteessite dhaqabamaa ta'uu dhabuun ykn hanqinni hubannoo manneen murtii bira jiru rakkoo kanaaf sababa ta'uu mala.

Hojjetoota hojii dhaabbilee tola ooltummaa hojjetan ilaalchisee dhaabbatichi haala qacarrii fi bulchiinsa hojjetootaa irratti mootummaa waliin waliigaltee yoo raawwate hariiroon hojii bu'uura waliigaltee sanaatiin kan ilaalamu ta'a. Waliigalteen kana bitu hin taasifamne taanaan labsichi kan hojiirraa oolu ta'a. Bakka hedduutti garuu, manneen murtii dhimmoota dhaabbilee miti-mootummaa (NGO) fi dhaabbilee tola ooltotaa (charities) bu'uura labsii HH'tiin simachuun ilaalaa jiru.⁷¹

Dhimmi inni biraa daangaa labsichaatiin walqabatee rakkoo ta'u gaggeessitoota dhaabbilee hojjechiisaatiinkan walqabatu dha. Hoji-gaggeessitootaan walqabatee yeroo hedduu falmii kan uumus hojjetaan tokko hoji-gaggeessaa dha moo miti? isa jedhu dha. Labsiin lakk 494/2006 labsii HH fooyyessuuf bahe gaggeessaa hojii eenyu akka ta'e kwt 2/1/ jalatti hiikuuf yaaleera. Labsichi eenyummaa gaggeessaa hojii yeroo ibsunama bu'uura aangoo bakka bu'ummaa seeraan yookin akka amala hojjichaatti hojjechiisaan imaammattoota gaggeessa hojii baasuu fi raawwachiisuu keessatti gahee akka taphatu taasise yookin hojjetaa qacaruuf, jijjiiruuf, hojiirraa daangessuuf, gaggeessuuf, ramaduuf yookin tarkaanfii naamusaa fudhachuuf aangeffame akka ta'e ibseera. Tumaan kun itti-gaafatamaan ogeessota seeraa fedhii hojjechiisaa eegsisuuf

⁶⁹ Pirojectii Sasakawaa giloobaal vs Shawaadimbar Dachaasaa, jiidii 13ffaa G.lakk 67996 Murtii Dhaddachi Ijibaataa Mana Murtii Waliigala federaalaa murteesse.

⁷⁰ Alamaayyoo Olaanaa vs dhaabbata UNDP murtii MMWO dhaddachi ijibaataa, lakk.g 163639 irratti gaafa 07-04-06 laate.

⁷¹ Obbo Tasfaayee Murteessaa fi namoota lama A/seeraa Mana Murtii Aanaa Baddallee waliin gaafa 14/04/2007; Darajjee, Abbaa Seeraa MMO Go/Sh/Lixaa, Afgaaffii gaafa 24/4/2007 gaggeeffame, Obbo Tasfaayee Murteessaa fi namoota lama A/seeraa Mana Murtii Aanaa Baddallee waliin gaafa 14/04/2007

tarkaanfii hojjechiisaan fudhachuu qabu irratti yaada dhiyessullee akka hoji-gaggeessaatti akka fudhatamu teechiseera.

Qabatama jiru yeroo ilaallu, hojjechiisaan mormii sadarkaa duraa yeroo kaasu manneen murtii hojjetaan sun gahee gaggeessummaa kan qabu ta'uu fi dhiisuu isaa ragaaleen barreeffamaa akka dhiyaatan ajajuun murtii kennu. Dhimma qabatamaa tokko irratti himataan hojjichiisaan kiyya carraa barnootaa naaf hayyamee Yuunivarsiitii Finfinneetti hordofaa osoon jiruu mindaa narraa waan dhaabeef manni murtii akka naa kanfalchiisu jechuun himateera. Hojjechiisaanis hojjetaan kun daayrektara Meedikaala hospitaala dhaabbatichaa waan ta'eef innis bu'uura danbii ittiin bulmaata gaggeessitoota warshichaatiin akka gaggeessaatti kan lakkaa'amu waan ta'eef manni murtii kun dhimmicha ilaaluuf aangoo hin qabu jechuun mormii sadarkaa duraa kaaseera. Manni murtiis sadarkaan himataan kun irratti hojjechaa ture danbii ittiin bulmaata gaggeessitoota warshichaatiin akka gaggeessaatti waan ilaallamuuf mormii sadarkaa duraa ka'e fudhachuun galmee cufeera.⁷² Manni murtichaa akkaataa labsii HH'tiin himataan kun qabatamaan aangoo hojjetaa qacaruu, jijjiiruu, ramaduu, kkf qabaachuu ragaan mirkaneeffachuuf yaaliin taasise hin jiru.

Hojjetaan hojjechiisaa irratti himannaa dhiyeesse hoji-gaggeessaa ta'uu mirkanoofnaan manneen murtii dhimmichi labsii HH'tiin kan bulu miti jechuun galmee cufu.⁷³ Qabxiin bakka kanatti ilaallamuu qabu, hojjetaan mirga isaa kabachiifachuuf himannaa dhiyeesse tokko hoji-gaggeessaa ta'ee yoo argame, sababa kana qofaaf manneen murtii galmee cufuun isaanii bu'uura seeraa kan qabu hin fakkaatu. Manneen murtii dhimmi hojii-gaggeessitootaa yeroo dhiyaatuuf dhimma sana gara dhaddacha siiviliitti fudhachuun ilaaluuf kan aangoo qaban yoo ta'e dhaddacha falmii hojjiirraa gara dhaddacha siivilii birootti jijjiiruun ilaalu qabu. Sababni isaa himataan seera sirrii yookin mata duree dhimma isaa haala sirriin ibsuuf dirqama hin qabu.⁷⁴ Seera Deemsa Falmii Siivilii keenya keewwata 91 jalattis gaaffiileen walddhabbi himataa fi himatamaa jidduu jiru ifaakka ta'u yookin murtii haqaa kennuuf kan gargaaru yoo ta'e manni murtii murtiin dura yeroo kamiyyuu himataan himannaa isaa akka jijjiiru yookin fooyeffatu hayyamuu akka danda'u teechiseera. Dhimma hoji-gaggeessaa tokkoos akka falmii hojiitti mana murtiin kan ilaallamu miti jechuun cufuurra furmaata seerota hariiroo hawaasaatiin hoji-gaggeessaan sun argachuu danda'u yoo jiraate himataan himannaa isaa fooyeffatee dhaddacha siiviliitti dabarfamee akka ilaallamu ta'uun isaa murtii haqaa kennuuf barbaachisaa akka ta'uun isaa ifa dha.

Dhimma hoji-gaggeessitootaatiin walqabatee falmisiisaa ta'u tokko seerichi dhimmi isaanii bu'uura labsii HH tiin hin bulu jechuun kan kaa'e yoo ta'ellee, waliigalteen addaa yoo jiraate hoo kamtu fudhatama kan jedhu dha. Dhimma qabatamaa tokko keessatti, hoji-gaggeessaan dhaabbata tokkoo yeroo qacaramu waliigaltee hojii isaa keessatti hariiroon hojii isaanii bu'uura

⁷² Masaayi Galataa Vs Warshaa Shukkaaraa Matahaaraa, MMA Fantaallee, Lakk G 16423.

⁷³ Shibbiruu Caalchisaa, A/S MMA Adaamaa, waliin guyyaa af-ggaaffii gaafa 12/04/2007 gaaggeeffame.

⁷⁴ Tuulii Baay'isaa, Abbaa Seeraa MMWO, afaaffii gaafa 13/6/2007 gaaggeeffame.

labsii HH tiin kan bitamu ta'uu irratti walta'aniiru. Dhimma dhaddacha ijibbaataa naannoo keenyaatiin ilaalame kana irratti falmisiisaa kan ture seera isaanirratti raawwatiinsa qabaatu waliigalteedhaan murteessuun ni danda'ama moo miti kan jedhu dha.⁷⁵

Hojjetootni dhaabbata hojjechiisaa keessatti gaggeessummaa irratti ramadamanii hojjetan sababa gahaa malee haalli itti ari'amaa, gita isaaniirraa gadi itti buufaman yookin haalli itti jijjiiraman bal'inaan ni jira. Dhimmi isaanii labsii hojjetaa fi hojjechiisaatiin yookin waliigaltee gamtaatiin waan hin bulleef mirgi isaanis waan sarbamaa jiruuf sirni isaanis eegumsa itti argatan jiraachuu qaba kan jedhanis jiru.⁷⁶ Dhaabbileen hojjechiisaa tokko tokko hariiroo isaanii fi gaggeessitoota hojii jidduu jiru bituuf kan isaan dandeessisu qajeelfama hojii (work rules) baafatanii qabu. Dhaabbileen hojjechiisaa marti qajeelfama akkasii osoo qabaatanii komiiwwan yeroo hedduu gama kanaan ka'u ni hir'ata.⁷⁷ Hojjechiisaan hojjetaa ari'uu barbaadu xalayaa ati gaggeessaa dha jedhu kenneefi sana booda ari'uu danda'a waan ta'eef hiikaan labsichi gaggeessaadhaaf kenne ifaa miti jechuudhaan yaadni ni kennama.⁷⁸

Akka waliigalaatti, dhimmoota gaggeessitoota hojiitiin gara mana murtii dhufaniin walqabatees manneen murtii keenya hojjetichi hoji-gaggeessaa ta'uu yoo hubatan tarkaanfii fudhatanii fi hoji-gaggeessaa ta'uu hojjetichaa akkaataa seeraatiin qulqulleessuu irratti rakkooleen akka jiran ni hubatama.

Falmii hojjetaa fi hojjechiisaa gidduutti uumamu tokko tokko keessatti hariiroon hojii jiraachuu fi jiraachuu dhabuu hubachuuf yeroon rakkisaa itti ta'uu ni jiru. Fakkeenyaaf, manni amala sirreessaa godina Wa/Bahaa sirreefamtootaa jiran keessaa filachuun abbaa qabeenyaa tokko biratti hojii guyyaan qaxarsiisee akka mala galii keessaa maddisiisuutti osoo gargaaramaa jiruu, hojjetoota kana keessaa 2 balaa hojiirraatiin du'aniiru. Hojjetootni kunis kanfaltii humna isaaniitiif kanfalmu keessaa hanga muraasni ni kennamaaf ture. Hariiroon hojii jiramoo hin jiru kan jedhu falmisiisaa waan ta'eef, beenyaan bu'uura seera waliigalteen alaatiin akka kanfalamu ta'eera.⁷⁹

Fakkeenya biraa keessatti, hojjetaan warshaa tokko keessatti korsiisee buusaadhaan bara 1975 irraa eegalee hojjechaa ture tokko warshicha waliin walitti bu'anii hojjetaan yeroo himatu warshichi hariiroo hojii hin qabnu jedhee falmeera. Manni murtiis falmii dhiyaateef yeroo murteessu hojjetaan dhaabbaticha keessa yeroo hojjetaa ture galme'e to'annaa ('attendance') irratti kan mallatteessaa hin turree fi faayila dhuunfaa kan hin qabne ta'uu irraa ka'uun hariiroon

⁷⁵ Tuulii Baay'isaa, Akkuma olii.

⁷⁶ Abarraa Miidhaksaa, Hoji-gaggeessaa Humna Ibsaa Damee Naqamtee, afgaaffii gaafa 27/4/2007, Yohaannis Indaalewu, Ogeessa Qorannoo fi leenjii, Wa/Dh/H/H/Ma/Naqamtee, afgaaffii gaafa 28/4/2007, Afaworq W/gabreel, bulchiinsa human namaa Warshaa Biiraa baddallee waliin Afgaaffii gaafa 16/04/2007 taasifame

⁷⁷ Aluulaa, Ogeessa Seeraa Warshaa Sukkaaraa Matahaaraa, Afgaaffii gaafa 19/5/2007 gaggeeffame.

⁷⁸ Alamaayyoo Gaaddisaa, Pirezdaantii MMO Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 28/4/2007, Gulummaa, Abbaa Seeraa Mana Murtii Olaanaa Go/Wa/Bahaa, Afgaaffii gaafa 28/4/2007 gaggeeffame.

⁷⁹ Tuulii baay'isaa, akkuma lakk. 74ffaa olii.

hojii hin jiru jechuun murteesseera.⁸⁰ Fakkeenya biraa yeroo ilaallu, hojjetootni maaykiroo fi xixiqqaadhaan gurmaa'anii waliin hojjetan mindaan naaf hin kanfalamne jechuudhaan falmii qabatani yommuu gara mana murtii dhufan ni mul'ata. Haala hojii isaanii irraa kan hubatamu abbaan qabeenyaas qaxaramaanis isaanuma waan fakkaatuuf hariiroon hojii jiraachuu fi dhiisuu adda baasuuf rakkisaa dha jechuun ogeessotni ibsan ni jiru.⁸¹ Hariiroo qonnaan bulootni namoota ittiin hojjechiifatanii walqabatees burjaaja'insa haalli uumu ni jira. Qonnaan bulootni saawwan isaanii elmisiisuuf yookin horii furdisuun gurguruuf nama qaxaranii erga hojjechiisan booda walhabbiin jidduu isaaniitti uumamee yeroon gara mana murtii dhufan dhimmootni qabatamoon ni jiru. Ogeessotni yaada kennan tokko tokko dhimmoota akka kanaa keessatti hariiroon hojii jira jechuun nama rakkisa jedhu.⁸²

Hojjetootni bulchiinsa magaalatiin bareedinaa fi eegumsa magaalatiif qaxaraman hojjetoota mootummaas ykn labsii HH hojjetoota ilaalaman miti. Hojjetoota kanaaf bulchiinsi magaalaa guyyaa 15, 15n mindaa kanfalaaf. Haalli hojii isaanii fayyaa fi nageenya isaanii irratti dhiibbaa guddaa qaba. Hojjetoota kanneenii fi hojjechiisaa jidduutti walhabbiwanillee yeroo adda addaa quunnamaa jiru.⁸³

Hojjechiisaan tokko dubartii akka hojjetuu dhaabbata isaatti waliigalteedhaan erga qacare booda yeroon booda abbaan qabeenyaa dhaabbatichaa hojjetuu sana waliin hariiroo dhirraa fi niitii fakkaatuun waliin kan turan yoo ta'u, yeroo sanattis dubartiin sun hojii qacaramteef sana hojjetaa hin turre. Waldhabbiin jidduu isaaniitti waan uumameef dubartiin sun hojjetaa dhaabbatichaa ta'uu ishii eeruun mirgii fi fayidaaleen gara garaa qabdu akkaataa waliigaltee hojii ishiitiin akka kabajamuuf dhaabbata hojjechiisaa himatteetti. Manni murtiis waliigalteen hojii isaanii addaan cituu ifatti waanti agarsiisu jiraachuu baatus himattuun akkaataa waliigaltee hojii isaaniitiin hojii qacaramteef yeroo dheeraaf hojjechaa akka hin turre waan hubatamuuf dhaabbata hojjechiisaa fi himattuu jidduu hariiroon hojjetaa fi hojjechiisaa jidduu hin jiru jechuun murteesseera.⁸⁴

Qaamolee mootummaa keessaa falmiiwwan hojii Intarpiraayzii Bishaan Oromiyaa, Waajjira BLTO, Abbaa Taayitaa Daandiiwwan Oromiyaa fi kkf irraa gara manneen murtii yeroon dhufan ni mul'ata. Hojjetoota siivil sarvaantiin alatti hojjetootni biroo sababa pirojektiiwwan gara garaa waajjiraaleen kunneen gaggeessaniif qacaramaniin falmiiwwan hojii dhiyaatan manneen murtiitiin simatamanii ilaalamaa jiru.⁸⁵ Hojjetootni siivil sarvantiis komii guddinaa fi falmii mindaa mana murtiitti yeroon dhiyeeffatan ni jira. Manneen murtii falmii hojii hojjetoota mootummaatiin dhiyaatu yeroo baay'ee fudhatanii hin ilaalan. Aangoo ilaaluu hin qabnu jechuun abbootiin seeraa galmeewwan kanneen kan cufan akkuma jiran⁸⁶ kanneen dhaddacha jijjiiruun

⁸⁰Baalchaa Cuqqaalaa, Pirezdaantii MMA Lume, Afgaaffii gaafa 14/5/2007, Ayyantuu Gurmuu, Abbaa Seeraa MMA Lume, afgaaffii gaafa 14/5/2007 gaggeeffame.

⁸¹Masfin Nugusee fi namoota Sadi, A/seeraa Mana Murtii O'aanaa Godina Jimmaa waliin gaafa 24/04/2007

⁸²Ayyaal Gurmuu, A/seeraa Mana Murtii Godina Addaa Naannawa Finfinnee waliin Afgaaffii gaafa 14/05/2007

⁸³Baatirii Bafiqaaduu , A/adeemsa Qunnamtii fi Nageenya Industirii Ejansii Dhimma Hojjataa fi hawwaasummaa Magaalaa Wilisoo Waliin Gaafa 18/05/2007

⁸⁴Yeshiixilaa H/Mikaa'el, Abbaa Seeraa MMA Adaamaa, Afgaaffii 14/04/2007 gaggeeffame

⁸⁵Raggaasaa Bayyanaa, Abbaa Seeraa, MMA Walmaraa, afgaaffii gaafa 23/4/2007 gaggeeffame.

⁸⁶Tashoomaa Tulluu fi namoota lama, marii A/seeraa Mana Murtii Aanaa Jimmaa waliin gaafa 21/04/2007 taasifame,

keessumessanis jiru.⁸⁷ Hariiroon hojii hojjetoota bulchiinsa qaamolee mootummaa fi hojjetoota mootummaa biroo seera addaatiin bulan seera hojjetaa fi hojjechiisaatiin kan hin bulle akka ta'e labsii HH kwt 3/2/(a) jalatti teechifameera. Kanaaf, qabatama gama kanaan jiru yeroo ilaallus hojjetaa seera mootummaatiin eegumsi taasifameef labsii HH'tiin uwwisa akka hin argatne taasisuun seera jiruun kan walsimu dha. Fakkeenyaaf dhimmi hojjetaa seera siivil sarvantii (CPA)'tiin buluu dhaddacha falmii hojiitiin ilaalamuu dhabuun isaa sirrii ta'a jechuu dha. Ta'us, manneen murtii keenya dhimmicha yeroo murteessan dhaabbata yookin waajjira hojjeticha qaxare qofa osoo hin bu'uureffatiin seerri addaa mirga hojjetaasanaa bitu ni jira moo hin jiru kan jedhu ilaaluun barbaachisaa dha.

Dhimmi biraa daangaa labsichaatiin walqabatee ilaalamuu qabu hojjetoota mana keessaatiin kan walqabatu dha. Bu'uura labsii lakk.377/96 kwt 3/2//d/' tiin hojjetootni hojii mana keessaa hojjetan daangaa labsichaan ala dha. Hojjetootni manaa biyya keenya keessatti rakkoo baay'eef saaxilamaa akka jiran ogeessotni toora kanatti qorannoo taasisan ni ibsu.⁸⁸ Rakkooleen kunis: waliigaltee ifa ta'e hojjechiisaa waliin dhabuu, yeroo dheeraaf hojjechuuf dirqamuu, yeroo dheeraaf hojjechuu, bilisummaan dhuunfaa sarbamuu, tuttuqaa saalaaf saaxilamuu, nyaataa fi bakka jireenyaa gahaa dhabuu fi kaffaltii gad aanaa dha. Hojjetoota kana uwwisa labsichaa ala taasisuun sababa amansiisaa akka qabu ogeessotni ibsan ni jiru. Ogeessotni kun yaada isaanii yoo ibsan: "hojjetootni manaa hojii bu'aa irratti hin xiyyeeffanne hojjetu. Kana malees, hojjetootni manaa qabatamaa hawaasa keessa jiruun akka hojjetaa utuu hin taane miseensa maatiitti ilaalamuun waliin jiraatu. Kanaafuu hojjetoota kana uwwisa labsichaa jala galchuun aadaa hawaasa keenyaa keessattis fudhatama hin qabu" jedhu.⁸⁹

Labsii lakk.377/96 kwt.3(3)(c) jalatti hojjetoota kanaaf Mana Maree Ministeerotaan Danbiin akka bahu ibsameera. Ta'us, yeroo ammaa danbiin kun hin baane. Kunis rakkoo xiyyeeffannaa gama kanaan jiru kan mul'isu dha. Hanga dambiin kun hin baanetti hariiroon hojii kun seera siiviliin kan bulu ta'uun ni hubatama. Kanaafuu, hojjetootni hojii mana keessaa hojjetan seera siivilii roggummaa qabu bu'uura godhachuun falmii dhiyeessuu fi furmaata seeraa argachuu ni danda'u. Sadarkaa Idil addunyaatti ALA bara 2011 konveenshiniin hojjatoota manaatiif haala hojii mijataa uumuu irratti xiyyeeffate (the convention concerning decent work for domestic workers) ILO dhaan labsameera. Konveenshiniin kun hojjatootni manaa mirgoota hojjatoota biroo eeggaman kanneen akka waliigaltee hojii ifatti taasifame (barreeffamaan) qabaachuu, mindaa xiqqaa eegumsa seera qabu argachuu, boqonnaa argachuu, haala hojii mijataa fi iddoo hojii balaa irraa bilisa ta'e keessatti hojjachuu akka qaban tumeera. Biyyoonni miseensa ta'ani sirna seeraa isaanii keessatti akkataa hojjatootni kun eegumsa itti argatan irratti hojjachuu akka qaban kan akeekedha. Biyyi keenya konveenshiniin kana haga ammaa hin mallatteessine

⁸⁷Alamaayyoo Hirphasaa fa'a N-2, akkuma lakk 70ffaa olii.

⁸⁸Kidist Mulugeta, Vulnerability, Legal protection and work condition of domestic workers in Addis Ababa, The Hague, The Netherlands, 2012 page 31.

⁸⁹ Selected Materials and Cases On Employment Law, Possessory Action, Judicial Conduct and Damages, Compiled by Federal Supreme Court Judicail Training Program October 2002, page.38

3.2. Walqixxummaa Hojjetaa Mirkaneessuu

3.2.1. Al-loogummaa

Hojii keessatti walqixa ilaalamu fi carraa walqixa argachuun yaadrimee walqixxummaa ilma namaatiif dhimma ijoo fi xiyyeeffannoo addunyaa argatee dha. Akka addunyaatti loogii ilma namaa gidduutti taasifamu balleessuuf yeroo adda addaa waliigalteen biyyootaa fi saadarkaa dhaabbata mootummoota walta'aniitti taasifamaa tureera.⁹⁰

Waliigalteewwan kunneen waa'ee loogii iddoo hojii dhimmoota kaasan qabaatanis xiyyeeffannoon isaanii loogii akka waliigalaatti dhabamsiisuu dha. Loogii hojii waliin kallattiin walqabatu dhabamsiisuu fi walqixxummaa mirkaneessuu irratti konveenshinoonni sadarkaa ILOtti bahanii fi adda dureen ibsaman konveenshinii hojii fi ogummaa keessatti loogii hambisuuf bahe (Discrimination (Employment and Occupation) Convention, 1958 (No. 111) fi konveenshinii waa'ee kanfaltii qixaa labsu (Equal Remuneration Convention, 1951 (No. 100) dha. Konveenshinoonni kunneen lamaan yaadota furmaataa isaanii faana sanadoota ILO isaan bu'uuraa jedhaman keessaatti ramadamu.

Namni lammii biyya ykn Naannoo keenyaa ta'e kamiyyuu mirga hojii gosa barbaade filatee hojjachuu akka qabu Heerri Mootummaa Federaalas ta'e kan Naannoo Oromiyaa eegumsa godhaniiru.⁹¹ Tumaaleen Heerota kanneenii mirgi lammiileen hojii barbaadan filachuun irratti bobba'uu, loogiin gosa kamiyyuun ala lammii hundaaf qixa kabajamuu akka qabu ni hubachiisu.⁹² Dhaabbatni Hojjetoota Idil-addunyaa Konveenshinii loogii hojii fi ogummaa ilaalchisee baase irratti loogii (discrimination):

*(a) any distinction, exclusion or preference made on the basis of race, colour, sex, religion, political opinion, national extraction or social origin, which has the effect of nullifying or impairing equality of opportunity or treatment in employment or occupation; (b) such other distinction, exclusion or preference which has the effect of nullifying or impairing equality of opportunity or treatment in employment or occupation...*⁹³ jechuudhaan hiikera.

Garaagarummaan, adda baatiin ykn filannoon sanyummaa, saala, amantii, siyaasa fi wantoota biro walfakkatan irratti hundaa'uun godhamuu fi mirga walqixxummaa carraa hojii ykn hojii keessatti hojjataan qabu miidhu hundi loogii akka ta'e hubachiisa. Loogiin kan kallattii ykn kallattiin ala kan taasifamu ta'uu danda'a. Loogiin kallattii kan seera ykn gocha ifatti mul'atu irraa madduu fi namoota gidduutti garaagarummaa uumuu danda'u dha. Loogiin al-kallattii seerota ykn gochoota garaagarummaa uumu irraa bilisa fakkaatan (neutral) garuu qabatamaatti garaagarummaa mul'atu namoota gidduuttii kan uumani dha. Fakkeenyaaf yommuu qaxarii hojii ulaagaa hojichaaf hin barbaachisnee fi gareen tokko qofti guutu kan akka ulfaatina yookin dheerina murtaa'e gaafachuun loogii alkallattii uuma.

⁹⁰ The 1965 International Convention on the Elimination of All Forms of Racial Discrimination, the International Covenants of 1966 on Economic, Social and Cultural Rights, and on Civil and Political Rights, and the 1979 Convention on the Elimination of All Forms of Discrimination against Women) kannen adda dureen akka fakkenyaatti caqasamanii dha.

⁹¹ Heera Mootummaa RDFI, akkuma lakk.5ffaa olii, kwt 41(1,2)

⁹² Heera Mootummaa RDFI, akkuma olii, kwt 41(1,2) fi kwt 25.

⁹³ ILO Discrimination (Employment and Occupation) Convention, 1958 (No. 111)

Addunyaa hojii keessatti akkataan biraa loogiin itti mul'achuu danda'u garaagarummaa kanfaltii hojjattoota dhiiraa fi dubartii gidduutti uumamuu dha. Dhimma kana ilaalchisee konveenshiniin ILO lakk. 100 biyyoonni miseensa dhaabbatichaa ta'n kanfaltii hojjataa murteessuu keessatti qajeeltoo *hojii gatii walqixa qabuuf mindaa walqixaa* (equal remuneration for work of equal value) hojjattoota dhiiraa fi dubaraatiif hojjiirra oolchuu akka qaban ibsa.⁹⁴ Gaaleen '*hojii gatii walqixa qabuuf* ' jedhu gaaleewwan *hojii walfakkaatu, hojii tokkoo fi hojii sadarkaa tokkorra jiru* jedhan caalaa bal'aa fi hojjiirra oolchuuf rakkisaa waan ta'eef biyyoonni hojiiwwan jiraniif shallaggii qorannoon deeggarama taasisuun gatii sirrii hojichaa baasuu (job valuation) akka qaban koonvenshinichi kwt 3 jalatti ni teechisa.

Konveenshinicha irraa hubachuun akkuma danda'amu dhimmoonni loogii uumaniifi walqixxummaa hojjattoota miidhan yeroo qaxarii ykn hojii irratti uumamuu malu. Konveenshiniin biyyi keenya mallattesitee fi qaama seera biyya keenyaa ta'e kun biyyoonni konveenshinicha mallatteessan lammiileen hojii barabaadan filachuu irratti walqixxummaa fi carraa wal fakkaataa akka argataniif haala barbaachisaa ta'een loogii dhabamsiisuu akka qaban kaa'a.⁹⁵

Biyyoota hedduu keessatti walqixxummaa fi Al-loogummaa iddoo hojii mirkaneessuuf qaamni mootummaa adda ta'ee hojii kana hojjatu (Specialized equality and anti-discrimination bodies) akka hundaa'u taasifamaa jira. qaamoleen kunneen aangoo seerota walqixxummaa iddoo hojii irratti bahan hojjiirra oolchuu, gorsaa fi hubannoo walqixxummaa hojii jajjabeessuu kennuu fi falmii loogii hojii qorachuu fi hiikuu qabu.⁹⁶

Mirgi hojii barabaadan filachuun hojjachuu, hojii dhuunfaa irratti bobba'uu, dhaabbilee mootummaa ykn dhuunfaa keessatti qaxaramuun hojjachuu ta'uu danda'a. Haalota mirgootni hojjettoota akka sarbaman carraa banan keessaa tokko yommuu qacarriin gaggeeffamu loogii hojjettoota filachuu irratti uumamani dha. Labsiin hojjetaa fi hojjechiisaa 377/96 (kana booda labsii HH) kwt 14(1)(f) jalattii hojjachiisaan lammummaa, saala, amantii, ilaalcha polotikaa, fi haalota biraa irratti hundaa'uun hojjataa gidduutti loogii umuu akka hin dandeenye ni kaa'a. kwt 14(1)(b) immoo hojjachiisaan kanfaltii ilaalchisee dubartoota irratti loogii gochuun dhorkaa akka ta'e ibsa. Tumaaleen kunneen lamaan yaada konveenshinoota lamaan kanneenii hammachuuf yaalii kan godhan ta'uun isaa ni hubatama. Haa ta'u malee gochoonni kunneen hojjattoota hojjachiisaa waliin hariiroo hojii qaban malee kanneen biroo ykn adeemsa qaxarii duraa fi mirga nama hojii barbaaduu kan hammatu miti. Gama biraatiin tumaa seeraa kana kabajuu dhiisuun bu'aan inni hordofsiisu fi akkataa hojjataan gochoota kanaan miidhame furmaata itti argatu labsichaan ifatti hin teechifamne. Dhaabbileen hojjechiistotaa (qaamni qacaru) adeemsa qacarrii

⁹⁴ ILO [Equal Remuneration Convention, 1951 \(No. 100\)](#), Art. 2 of

⁹⁵ [Discrimination \(Employment and Occupation\) Convention, 1958 \(No. 111\)](#), Art. 2.

⁹⁶ Comments of ILO for the general discussion on the proposed general recommendation on access to justice, Geneva, February, 2013 available at <http://www.ohchr.org/Documents/HRBodies/CEDAW/AccessToJustice/ILO.pdf> (gaafa 13/09/2007 ilaalame)

hojjettootaa hordofuu qaban ilaalchisee labsiin 377/96 wanti teeche hin jiru. Ministeerri hojjataa fi hawwaasummaa bu'ura labsii 42/85 kwt 170(1)(j)tin Caams 15 Bara 1987 akkataa iddoon hojii banaa ittiin beeksifamu fi hojii barbaadonna ittin galmaa'an irratti qajeelfama baasee ture. Qajeelfamichi namoonni hojii barbaadan waajjira dhiimma hojjataa fi hawwasummaatti akka galmaa'an hubachiisa. Dhaabbileen hojjachiistitaa iddoo hojii banaa qabaniif fi hojjataa barbaadan ulaagaa barbaachisu faana ibsuun waajjiraaf erguu qabu. Waajjiris bu'ura qajeelfamichaatiin beeksisa hojii ofii isaa baasee hojjatoota dhiyaatan durgomsiiisuun qaama hojjachiisuuf akka ergu ibsa. Labsiin 42/85 labsii 377/96tin haqameera. Akkataa qajeeltoo waliigalaa seeraatti labsichi yoo haqame qajeelfamni labsicha bu'ureeffatee bahes walumaan kan haqamu ta'a. Gama biraatiin, labsii 377/96 kwt. 188(1) jalatti qajeelfamoonni labsii 42/85 jalatti bahan haga labsii haara kana waliin wal hin falleessinetti hojirra oolmaan isaanii akka itti fufu ni kaa'a. Adeemsi qacarrii bu'ura labsii 42/85 fi qajeelfamichaatiin yaadame qacarrii gidduu galeessaa tokkotti rawwatamu (centralized) yoo ta'u yeroo amma immoo dhaabbileen kuneen hojjatoota ofii isaanii ofumaa kan qaxarachaa jiran waan ta'eef sirna qacarrii sadarkaa dhaabbileetti kan gadi bu'e (decentralized) fakkata. Kanaaf qajeelfamichi labsii haaraa 377/96 faana kan deemuu fi dhiisu ta'uun isaa fi haqamuu fi hojiirra jiraachhuun ifatti hin beekamne. Sababa kanaafis dhaabbileen kanneen hojjetaa hojiif yommuu qaxaran akkataa bakka hojii banaa itti beeksisan, ulaagaa hojjetaa ittiin filatan fi qaamolee haqa-qabeessummaa qacarrii mirkaneessan hirmaachisuu irratti adeemsa adda addaa hordofu.

Hojjetootni 89 dhaabbilee hojjechiisaa gara garaa keessatti qacaaramanii hojjetan barreeffamaan gaaffii *'qacarrii irratti yoo dorgomtan hojjechiisaan dorgomtoota wal qixxummaan ilaalee ni dorgomsiiisaa?'* jedhu gaafatamanii 48 (% 53) ta'an eeyyen jechuun yoo deebisan, hojjetootni 26 (%29.2) qacarrii irratti loogiin taasifamu jira jedhanii akka amanan ibsaniiru. Hojjetootni 15 (%16.8) odeeffannoo hin qabnu jechuun deebisaniiru. Kana irraa kan hubatamu sirni qacarrii dhaabbilee hojjechiisaa loogii irraa bilisa ta'uu ilaalchisee amantaan horate laafaa ta'uu isaati. Kunis dorgomaa ija qixa ta'een ilaaluu dhabuu yookin iftoomina dhabuu sirna qacarrii dhaabbilee hojjechiisaa irraa madduu danda'a.

Rakkoon namoota hojiif dorgoman ija tokkoon ilaaluu dhabuudhaan walqabatan kun maal irraa akka maddanii fi maaliin akka ibsaman daataan afaaffii irraa argame ni agarsiisa. Dhaabbileen tokko tokko hojii hojjetaa qacaruun qaama sadaffaaf dabarsanii ni kennu (outsourced). Dhaabbileen kunneenis ulaagaa dhaabbata hojjechiisaatiin isaaniif kenname bu'ura godhachuun, beeksisa toora intarneetiitin baasaniin ykn tooftaa barbaadan fayyadamuun hojjetaa ulaagaa guute qaxaranii dhaabbatichaaf ergu.⁹⁷ Dhaabbileen kanneen biroo immoo humna hojii isaan barbaachisu waajjira dhimma hojjetaa fi hawwaasummaa (kana booda waajjira DhHH) aanaatti erguun waajjirichis hojjetoota adda baasee dhaabbatichaaf haalli itti ergu ni jira.⁹⁸ Haalli hojjetootni kaka'uumsa mataa isaanitiin dhaabbilee hojjechiistotaa kana bira dhaquun hojii itti

⁹⁷Afawoq W/gabreel, bulchiinsa human namaa Warshaa Biiraa baddallee waliin Afaaffii gaafa 16/04/2007 taasifame

⁹⁸Marsuu Abdiisaa, To'ataa haala hojii Waajjira dhimma hojjetaa fi hawwasummaa Bu/Ma/Hoolataa, afaaffii gaafa 21/4/2007 gageeffame.

gaafatanii qaxaramanis akkasuma bal'inaan ni mul'ata.⁹⁹ Adeemsa qacarrii keessatti dhaabbileen tokko tokko waldaa hojjetoota kan hirmachiisan¹⁰⁰ yommuu ta'u hedduun isaanii bulchiinsuma humna namaa isaanitiin qofa qacarrii raawwatu.¹⁰¹

Adeemsa qacarrii keessatti namoota hojii barbaadan (dorgomtoota) ija walfakkataan ilaaluu dhiisuun lammiilee gidduu loogii fi garaagarummaa gochuun akka jiru qaamoleen daataan qoranichaa irraa funaaname ni hubachiisu. Dhaabbileen yommuu qacarrii raawwatan carraa walfakkataa kennuu dhabuun dorgomtoota gidduutti loogii ni uumu.¹⁰² Dhaabbileen sanyummaa irratti hundaa'uudhaan hojjetaa qaxaranis akka jiran ogeessonni seeraa dhimma gara isaanii dhufu irraa akka hubatan ni ibsu.¹⁰³ Dhaabbileen tokko tokko sababa meeshaan (maashiniin) itti hojiin hojjetamu dheerina qabuuf hojjetaa yommuu qaxarru hojjaa (dheerina) akka ulaagaa tokkootti ni ilaalla jedhu.¹⁰⁴ Kun immoo akkuma olitti ilaalame hojjetoota filachuu irratti loogii alkallatti uumuu dha. Yaadni hojjechiistonni tokko tokko hojjetoota keessumattuu, dubartoota bifa (miidhagina) isaanii irratti hundaa'uun hojii qacaru jedhu akka jiruu fi dhugummaa isaa haalli itti qulqulleessanis rakkisaa ta'uu ogeessonni ni caqasu.¹⁰⁵ Kun immoo loogii hojiin walqabatee uumamu hambisuu irratti adeemsi seeraa ifa ta'ee fi qaamni hojii kana abbummaa fi haala qabatamaa ta'een keessummeessuu akka biyyaattis ta'ee naannoo keenyatti jiraachuu dhabuu waliin walqabata.

Walumaagalatti, adeemsa qacarrii hojjetaa dhaabbilee dhuunfaa keessatti gaggeeffamu seerri fi sirni qajeelchuu fi adeemsi walfakkataan dhabamuu irraa kan ka'e yeroo qacarriin hojjetootaa gaggeeffamu mirgi hojjetaan hojii barbarbade irratti bobba'uu heera mootummaatiin eegumsa argate sirnaan akka hin kabajamne qaawwa banuu isaa hubachuun ni danda'ama.

3.2.2. Carraa barnootaa fi leenjii, boonasii, guddina sadarkaa fi faayidaalee biroo

Labsiin HH kwt 14(1)(f) jalatti hojjechiisaan kamiyyuu sabummaadhaan, saalaan, amantaadhaan, ilaalcha siyaasaa fi sababa kamiiniyyuu hojjetaa jidduutti loogii uumuu akka hin dandeenye ni teechisa. Kana yeroo jennu hojjetoota jidduutti garaagarummaan uumamu haqa-qabeessaa fi sababaawaa akkasumas kara iftoomina qabuun ta'uu akka qabu kan agarsiisu dha. Ibsa biraatiin hojjechiisaan hojjetaadhaaf yeroo carraa barnootaa fi leenjii kennu, guddina sadarkaa haalli itti murteessu, fayidaawwan akka boonasii fi kkf yeroo hojjetaadhaaf raawwatu bu'a-qabeessummaa

⁹⁹Shawaangizaaw Taddasaa, Bulchiinsa Humna Namaa Warshaa Saamunaa Masfin Taaddasaa waliin gaafa 27/04/2007, Adde Tirezaa Mikaa'ele hojjattuu Warshaa Huccuu Elsei Addis waliin gaafa 23/05/2007

¹⁰⁰Malaakuu Takkaa, Barreessaa Waldaa Hojjatootaa Warshaa Biqila Asallaa waliin gaafa 05/05/2007

¹⁰¹Maabrat Irranaa fi namoota lama, Dura taa;ota Waldaa hojjatoota warshaa Biiraa Baddallee waliin gaafa 13/04/2007, Obbo Mokonnin Daksiisaa walitti qabaa Waldaa Hojjatoota Warshaa Saamunaa Masfin Taaddasaa waliin gaafa 01/05/2007, Eebbisaa Lamuu, Dura taa'aa Waldaa Hojjetaa Itiyootolekoomii Damee Lixaa, afgaaffii gaafa 27/4/2007 gaggeeffame.

¹⁰²Gullilaat Nagaash, I/G/W/Ho/Dhi/Hawaasummaa Aa/Fantaallee, Afgaaffii gaafa 19/05/2007, Sanada Qaboo Yaa'ii Wa/Dhi/Ho/ Hawaasummaa Aa/Fantaallee hojjechiistotaa fi hojjetoota waliin yeroo mari'atu qabame, gaafa 14/02/2007 barreeffame.

¹⁰³Gizaaw Baqqalaa fi Namoo Toogaa, A/seeraa Mana Murtii Aanaa xiyyoo waliin gaafa 07/05/2007

¹⁰⁴Teediroos Taaddasaa Gorsaa Seeraa fi Adde Tirezaa Mikaa'ele hojjattuu Warshaa Huccuu Elsei Addis waliin gaafa 23/05/2007

¹⁰⁵Inaaw Daaljuu, To'ataa Haala Hojii Ejansii Dhimma Hojjataa fi hawwasummaa Magaalaa Adaamaa waliin gaafa 08/05/2007

(bu'aa madaallii raawwii), muuxannoo, sadarkaa barnootaa fi dhimmoota biroo rogummaa qaban bu'uureffachuun ta'uu akka qabu kan agarsiisu dha.

Sababoota hojjechiisaan waliigaltee hojii beeksisa kennuun addaan kutuu danda'u keessaa tokko hanqina gahuumsa hojii ofii raawwachuu hojjetaati. Labsiin HH kwt 28/1/a/ jalatti hojjetaa gahuumsa hojii irratti ramadame raawwachuu isaa hir'atee yoo argame yookin dandeettii isaa akka fooyyeffatu leenjiin isaaf qophaa'us fudhachuu diduudhaan gahuumsa hojii isaa itti fufuudhaaf isa dandeessisu yoo dhabe yookin baruumsa kennamuufis gahuumsa isa barbaachisu horachuu yoo dadhabe hojjechiisaan beeksisa kennuun waliigaltee isaa addaan kutuu akka danda'u ni teechisa. Haa ta'u malee, qabxiin murteessaan bakka kanatti ilaalamuu qabu gahuumsa hojjetaa hir'achuu yookin hojjetaan dandeettii hojii gahaa dhabuu mala kamiin, yoom, eenyutu mirkaneessa kan jedhu dha. Sirni gahuumsa raawwii hojjetaa ittiin madaalamu iftoomina qabuu fi saayinsawaa ta'e yoo hin jiraanne hojjechiisaan sababa kana caqasuu qofaadhaan waliigaltee hojii addaan kutuu danda'a. Kana malees, fayidaawwan garagaraa hojjetaan akkaataa gahuumsa yookin raawwii fooyya'aa qabuun argachuu qabu kanneen akka guddina sadarkaa, kanfaltii boonasii, qoodinsa bu'aa fi kkf irratti madaalliin raawwii hojii bifa saayinsawaa ta'een gaggeeffame hin jiru yoo ta'u hojjechiisaan hojjettota gidduutti loogii akka hin uumne waanti eegumsa taasisu hin jiru.

Itti aansuun dhaabbilee hojjechiisaa naannoo keenya keessa jiran keessatti walqixxummaa hojjettoota mirkaneessuu waliin walqabatee kessattuu kenniinsa carraa barnootaa fi leenjii, guddina sadarkaa fi fayidaawwan gara garaa akka boonasii hojjetaaf kanfalaman keessatti haala qabatamaa jiru ilaalla.

Dhimmi walqixxummaa hojjettoota irratti mirkaneessuun barbaachisu inni murteessaan tokko **carraa barnootaa fi leenjii** kan ilaallatu dha. Dhaabbilee hojjechiisaatokko tokko keessatti carraan leenjii hojjettootaaf kennamu hin jiru.¹⁰⁶ Dhaabbileen hojjechiisaa hedduun hojjettoota isaaniif leenjii kan qopheessan yoo ta'u¹⁰⁷, waliigalteewwan gamtaa isaanii keessattis beekumsii fi ogummaan hojjettoota akka fooyya'u dhaabbatni hojjechiisaa karoora baasuudhaan dhaabbilee barnootaa dhuunfaa yookin mootumma biyya keessas ta'e alatti argaman irraa carraan barnootaa mijachuu akka qabu kanneen teechisan ni jiru.¹⁰⁸ Leenjiin hojjetaa kennamu bifa gara garaa qaba. Inni tokko, leenjii mirga hojjetaa, nageenyummaa hojii fi kunuunsa naannoo irratti kennamu dha. Leenjiin mirga hojjetaatiin walqabatu labsii hojjetaa fi hojjechiisaa ilaalchisee hubannoo uumuu irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, kan qophaa'us qaamolee gara garaa akka federeeshinii hojjetaa fi waajjira DhHH fa'iini dha.¹⁰⁹

¹⁰⁶ Ayyaanaa Abbabaa , Ogeessa Seeraa Dhaabbata Rovestone Plc waliin afgaaffii guyyaa 05/05/2007 taasifame.

¹⁰⁷ Malaakuu Takkaa, Barreessaa Waldaa Hojjatootaa Warshaa Biqila Asallaa waliin gaafa 05/05/2007

¹⁰⁸ Waliigaltee Gamtaa Warshaa Sukkaara Matahaaraa, kwt 12.

¹⁰⁹ Taammiraat Tasfaayee, Dura taa'aa Waldaa Hojjettoota, dhaabbata oomisha abaaboo Hoolataa Roozis, afgaaffii gaafa 21/4/2007, Shiferaw Balda gaggeeffame

Leenjiin bifa biraa ogummaadhaan kan walqabatuu fi dhaabbilee hojjechiisaa tokko tokko keessatti hojjetaa raawwiin isaa gadi bu'aa ta'eef bu'aa madaallii isaaniirratti hundaa'uun leenjii kennamu yoo ta'u,¹¹⁰ dhaabbilee tokko tokko keessatti garuu leenjiin bifa kanaa kan kennamu karoorfamee osoo hin taane fakkeenyaaf teeknoolojii haaraan yeroo jalqaba hojiirra oolfamu kan qophaa'u dha.¹¹¹ Dhaabbileen hojjetaa isaanii hanga biyya alaatti erguun leenjisan kan jiran yoo ta'u, dhaabbilee hojjechiisaa kaan keessatti immoo leenjiin hojjetootaaf kan kennamu ogeessotuma dhaabbatichaa muuxannoo fi hubannoo fooyya'aa qabaniin ta'a.¹¹²

Carraan barnootaa hojjetootaaf kennamus akkuma carraa leenjii dhaabbata tokkorraa kan biraatti garaa garummaa bal'aa kan qabu dha. Dabalataanis, dhaabbilee hedduu keessatti carraan hojjetaan barachuuf qabu kan leenjii caala baay'ee dhiphaa dha.¹¹³ Kana malees, dhaabbileen hojjechiisaa tokko tokko carraa barnootaas ta'e leenjii kan kennan hojjetoota ogummaan isaanii amala hojii dhaabbatichaa waliin quunnamtii kallattii qabaniifi dha. Kana jechuun carraan leenjii yookin barnoota argachuu hojjetaa tokkoo kan hundaa'u, hojjetaa bu'aan madaallii isaa fooyya'aa waan ta'eef yookin gadi bu'aa waan ta'eef miti. Fakkeenyaaf, warshaa sukkaaraa tokko keessatti carraan barnootaa fi leenjii kan mijatu ogeessota qonnaa yookin ogeessota maashina irra hojjetaniifi malee hojjetootni deeggarsaa kanneen akka ogeessa seeraa, ogeessa yaalaa fi kkf fa'iif carraan barnootaa kennamu hin jiru.¹¹⁴

Dhimmi walqixxummaan hojjetoota jidduutti irratti dhugoomuu qabu inni kan biraa boonasii fi fayidaawwan biroo hojjetootni dabalataan argatanii dha. Labsiin HH fayidaawwan kanneen ilaalchisee waanti ifatti teechise hin jiru. Kanaaf, hojjetaadhaabbataa fi hojjetaa yeroo murtaa'eef yookin hojii murtaa'e raawwachuuf kanfaltiiwwan kunneen ni raawwatamu moo hin raawwatamani kan jedhu hubannoo fi hojimaatni walfakkaataan hin jiru. Hojjetaa yeroo yaaliitiin qacaramee jiru ilaalchisee labsiin HH kwt 11/4/ jalatti seeraan, waliigaltee gamtaatiin yookin danbii ittiin bulmaataa keessatti yoo haammata malee hojjetaan yaaliiirra jiru mirgaa fi dirqama hojjetaan qacarrii yaalii xumure qabu ni qabaata jechuun teechiseera. Dhaabbileen waliigaltee gamtaa qaban tokko tokkos sirna kanfaltiin boonasii hojjetaaf ittiin raawwatamu waliigaltee gamtaa isaanii keessatti haammachiisanii qabu.¹¹⁵ Dhaabbileen hedduun waliigaltee gamtaa qaban kanfaltiiwwan boonasii fi fayidaaleen biroo hojjetaan argachuu qabu bu'aa madaallii raawwii hojii isaa bu'uureffachuu akka qabu kan teechisan yoo ta'ellee,¹¹⁶ dhaabbilee

¹¹⁰ Aluulaa Dinqisaa, Ogeessa Seeraa Warshaa Sukkaaraa Matahaaraa, Afgaaffii gaafa 19/5/2007, Eebbisaa Lamuu, Dura taa'aa Waldaa Hojjetaa Itiyootelookomii Damee Lixaa, afgaaffii gaafa 27/4/2007 gaggeeffame.

¹¹¹ Yaabbirawu Ayaalqee, I/A/Dura-taa'aa Waldaa hojjetaa Warshaa Gogaa Mojoo, afgaaffii 14/5/2007.

¹¹² Kabbadaa Furgaasaa, Dura taa'aa waldaa hojjetootaa Warshaa bishaan albuudaa Amboo, afgaaffii gaafa 20-4-2007 gaggeeffame

¹¹³ Maabrat Irranaa fi namoota lama, Dura taa'ota Waldaa hojjatoota warshaa Biiraa Baddallee waliin gaafa 13/04/2007 Afaworq W/gabreel, bulchiinsa human namaa Warshaa Biiraa baddallee waliin Afgaaffii gaafa 16/04/2007 taasifame

¹¹⁴ Aluulaa Dinqisaa, akkuma lakk 110ffaa olii.

¹¹⁵ Maabrat Irranaa, Afaworq W/gabreel, akkuma lakk 113ffaa olii.

¹¹⁶ Malaakuu Takkaa, akkuma lakk 100ffaa olii.

hojjechiisaa tokko tokko keessatti hojjettoota hoogganaa dhiyootiin filaman muraasaaf addatti boonasiin dabalataa halli itti kanfalamuuf ni jira.¹¹⁷

Dhaabbileen waliigaltee gamtaa hin qabne boonasii fi faayidaalee biroo bulchuuf sirna gargaaru hin qabani. Dhaabbileen tokko tokko immoo waliigaltee gamtaa isaanii keessatti sirna boonasii fi fayidaaleen biroo ittiin raawwataman diriirsanii hin qabani.¹¹⁸ Dhaabbilee kanneen keessatti hojjetaan yookin gareen bonasii argachuu qabu kan adda bahu marii manaajimenttiin dhaabbata hojjechiisaa taasisuuni dha.¹¹⁹ Boonasii ilaalchisee garaagarummaan fayidaa hojjettoota jidduutti mul'atu madaallii raawwii itti-fufiinsaa fi bifa saayinsawaa /formal/ ta'een gaggeeffame kan bu'uureffatu waan hin taaneef hojjetaa biratti yeroon komii uumu ni mul'ata.¹²⁰

Walqixxummaan hojjettoota dhimmi irratti mirkanaa'uu qabu inni kan biraa **guddina sadarkaa fi mindaa kan ilaallatu dha.** Dhaabbileen hojjechiisaa tokko tokko waliigalteewwan gamtaa isaanii keessatti sirna guddinaa ifa ta'e diriirsanii qabu.¹²¹ Dhaabbilee waliigaltee gamtaa bifa kanaa qaban keessatti koreen guddina sadarkaa ni hundeeffama. Koreen guddinaa kunis hojii isaa kan irratti hundaa'ee hojjetu daambii baasanii dhaabbileen qaban ni jiru. Dhaabbileen kunniin ulaagaawwan koreen guddinaa irratti hundaa'ee hojjetaa wal dorgomsiiisu kanneen akka: sadarkaa barnootaa, muuxannoo hojii, bu'aa madaallii raawwii hojii fa'a adda baasuunis ni teechisu.¹²² Waliigalteewwan gamtaa kunneen haala daballiin mindaa itti taasifamu ilaalchisees sirna diriirsaniiru. Daballi mindaa waggaa waggaadhaan hojjetaadhaaf taasifamus yeroo hedduu hanga bu'aa dhaabbatni hojjachiisaa argate irratti hundaa'ee akkaataa iskeelii mindaa hojjetaatiin kan raawwatamu dha.¹²³

Ta'us rakkoon bu'uuraa dhaabbilee kanneen keessatti mul'atu sirni madaallii raawwii hojii jiru, walqixxummaa hojjettootaa mirkaneessuuf galtee haala ta'uu danda'uun gaggeeffamaa kan hin jirre ta'uu isaati.¹²⁴ Kana irraa kan ka'es, dantaa fi fayidaa hojjettootaa haala haqa-qabeessa ta'een mirkaneessuun rakkisaa akka ta'u taasiseera. Dhaabbilee hojjechiisaa tokko tokko keessattimmoo madaalliin raawwii hojii kan gaggeeffamu hojjettoota maraaf osoo hin taane hojjettoota muraasa sadarkaa suupparviiziyinii irra jiran qofaafi dha. Sababni isaas bu'aa

¹¹⁷ Biqilaa Maangashaa, I/G Bu/Mi/Hu/Namaa Warshaa Bishaan Albuudaa Amboo, afgaaffiigaafa 20-4-2007 gaggeeffame

¹¹⁸ Abarraa Birruu, Hospitaalaa Geeneraalaa Adaamaatti Bulchiinsa humna namaa waliin guyyaa 09/06/2007 taasifame, Indaashaw Dassaaleny, Gageessaa Oomishaa (Production Manager), Dhaabbata Oomisha Abaaboo Hoolataa Roozis, afgaaffii gaafa 21/04/2007, Amanaa Waakjiraa, Gorsaa Seeraa Dhaabbata BMET waliin guyyaa 10/06/2007, Ayyaanaa Abbabaa, Ogeessa Seeraa Dhaabbata Rovestone Plc waliin guyyaa 05/05/2007 taasifame.

¹¹⁹ Indaashaw Dassaaleny, Gageessaa Oomishaa (Production Manager), Dhaabbata Oomisha Abaaboo Hoolataa Roozis, afgaaffii gaafa 21/04/2007 gaggeeffame

¹²⁰ Kabbadaa Furgaasaa, akkuma lakk 112ffaa olii.

¹²¹ Afaworq W/gabreel, akkuma lakk 97ffaa olii, Maabrat Irranaa fi namoota lama Dura taa'ota Waldaa hojjatoota warshaa Biiraa Baddallee waliin gaafa 13/04/2007

¹²² Walta'iinsa gamtaa Warshaa Sukkaara Matahaaraa, kwt 59-60

¹²³ Walta'iinsa gamtaa Warshaa Sukkaara Matahaaraa, kwt 31

¹²⁴ Addunyaa Tasammaa, Raawwataa hojii hubannoo fi leenjii Wa/Dh/H/H/Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 28/4/2007.

Taammiraat Tasfaayee, Dura taa'aa Waldaa Hojjettootaa, dhaabbata oomisha abaaboo Hoolataa Roozis, afgaaffii gaafa 21/4/2007 gaggeeffame

madaallii raawwii hojii gargaaramuun guddinni sadarkaa fi fayidaalee kan taasifamu hojjetoota sadarkaa kanarra jiraniif qofa dha.¹²⁵

Dhaabbileen hojjechiisaa tokko tokko garuu guddina sadarkaa hojjetootaa ilaaluu fi murteessuuf sirna ifa ta'e diriirsanii hin qabani.¹²⁶Kun immoo bulchiinsi dhaabbata hojjechiisaa akka fedhii isaaniitti hojjetaa guddisuuf carraa akka argatan taasisa. Kunis hojjetaan gahuumsa, sadarkaa barnootaa fi muuxannoo caalaa qabu guddina sadarkaa osoo hin argatiin akka hafu waan taasisuuf haqa-qabeessummaa hojimaatichaa gaaffii keessa kan galchu dha.¹²⁷Hojjetoota 89 bargaaffii akka guutan taasifaman gaaffii 'hojii walfakkaataa ta'eef kaffaltiin wal fakkaatu hojjetaaf ni kaffalamaa?' jechuun dhiyaateef hojjetootni 33 (%37) eeyyee yoo jedhan hojjetootni 51 (%64) lakki jechuun deebisaniiru. Hojjetootni hafan yaada kennuu irraa ofqusataniiru. Daataan kun dhaabbilee hojjechiisaa hedduu (harka caalaa) keessatti hojjetoota hojii walfakkaataa hojjetaniif kanfaltiin qixa ta'e akka raawwatamaa hin jirre kan agarsiisu dha. Kunis, haqa-qabeessummaa guddina sadarkaa fi mindaa irratti hanqinni bal'aa ta'e akka jiru kan agarsiisu dha.

Dhaabbilee waliigaltee gamtaa hin qabne keessatti sirni guddina sadarkaa ifatti diriire waan hin jirreef hojimaatni jirus adda adda. Koreen hojii kanaaf dhaabbate waan hin jirreef, dhaabbilee tokko tokko beeksisa keessaa baasuudhaan dorgomsiisee guddina sadarkaa kan hayyamu manaajimentii dhaabbatichaati.¹²⁸ Hojimaatni isaa sirnaawaa ta'uu dhabuu fi hojichi qaama bilisa ta'ee hojii kanaaf hundaa'uun raawwatamuu dhabuun isaa yeroo hedduu komii yeroo kaasu ni mul'ata. Dhaabbilee hojjechiisaa kaan keessatti immoo guddina sadarkaa hojjetootaa murteessuu keessatti gahee olaanaa kan taphatu walitti dhufeenya dhuunfaa hojjetaan hoogganaa isaa waliin qabu dha amantaa jedhu qabu. Kanaaf gaggeessitoota dhaabbata hojjechiisaa waliin hojjetaa hariiroo gaarii qabu qofatu guddina sadarkaa hojjetamu irraa fayyadama ilaalchi jedhu bal'inaan hojjetoota biratti kan mul'atu dha.¹²⁹Rakkoon inni biraa dhaabbilee hojjechiisaa tokko tokko biratti mul'atu hojjetoota guddina sadarkaa bahu irratti dorgumani darban gita hojii irratti dorgoman sana kennuun erga ramadanii booda kanfaltii bakka sanaaf hayyamame osoo hin kanfaliin tursiisuu dha.¹³⁰

¹²⁵Indaashaw Dassaaleny, Gaggeessaa Oomishaa (Production Manager), Dhaabbata Oomisha Abaaboo Hoolataa Roozis, afgaaffii gaafa 21/04/2007 gaggeeffame

¹²⁶Ayyaanaa Abbabaa , Ogeessa Seeraa Dhaabbata Rovestone Plc waliin guyyaa 05/05/2007 taasifame.

Kabbadaa Furgaasaa, Dura taa'aa waldaa hojjetootaa Warshaa bishaan albuudaa Amboo, afgaaffii gaafa 20-4-2007 gaggeeffame Obbo Amanaa Waakjiraa, Gorsaa Seeraa Dhaabbata BMET waliin guyyaa 10/06/2007 taasifame.

¹²⁷Itti aanaa dura taa'aa fi barreessaa waldaa hojjetaa (maqaa isaanii ibsuu hin barbaadne) Kompleksii Zayita Nyaataa Addis-Mojoo, Afgaaffii gaafa 14/5/2007 gaggeeffame.

¹²⁸Indaashaw Dassaaleny, Gaggeessaa Oomishaa (Production Manager), Dhaabbata Oomisha Abaaboo Hoolataa Roozis, afgaaffii gaafa 21/04/2007 gaggeeffame

Taadlaa Nigaatuu Bulchiinsa Humna Namaa Warshaa Qorqoorroo Adaamaa waliin gaafa 13/05/2007,

¹²⁹ Shifarraa Abarraa, Waltaasisaa Ejansii Dhimma Hojjataa Fi Hawwasummaa Magaalaa Sabbataa waliin gaafa 15/05/2007,

Gosaa Warquu To'ataa Haala Hojii Ejansii Dhimma Hojjataa fi Hojjachiisaa Magaalaa Asallaa waliin gaafa 04/05/2007

¹³⁰Yaabbirawu Ayaalqee, I/A/Dura-taa'aa Waldaa hojjetaa Warshaa Gogaa Mojoo, afgaaffii 14/5/2007.

Dhimmi inni biraa hojjetoota jidduutti hojjechiisaan loogii uumuu danda'u hojjetaa bakka tokkoo dame biraatti jijjiiruu dha. Labsii HH jijjiirraa hojjetaa ilaalchisee waan kallattiin ibsu hin qabu. Garuu labsii HH kwt 28(1)(c) jalatti dhaabbatichi bakka hojii yeroo jijjiirratu hojjetaan bakka hojii haaraa deemee hojjechuuf fedhii yoo hin qabaanne waliigalteen hojii akeekkachiisa kennuun akka addaan citu ibsameera. Dhimmi kun raawwii kan qabaatu dhaabbatni sun bakka hojii isaa yeroo jijjiiru qofa malee, jijjiirraa damee dhaabbatichaa kan bakka biroo jirutti taasifamu irratti raawwii kan qabu hin fakkaatu. Dhimma kanaaf furmaata kennuuf seerotaa fi tumaalee labsichaa rogummaa qaban sakatta'uun barbaachisaadha. Labsii HH kwt 4(3) jalatti waliigalteen qaxarii bakka hojii ibsuu akka qabu tumameera. Kanaafuu bakki hojii jalqabarratti waliigaltee qaxariin akka murtaa'u ni hubatama. Dhimmoonni gareewwan yeroo qaxarii irratti waliigalan akkuma jiraniin hanga dhumaatti kan itti fufan miti. Jijjiiramni gama hojjetaa fi hojjechiisaan taasifamun waan oolu miti. Yeroo kanatti hariiroon gareewwanii akkamiin qajeelfama gaaffii jedhuuf? Labsichi kwt 15 jalatti furmaata kaa'eera. Haallan hojii labsii kanaan hin teechifamne waliigaltee gamtaa, danbii hojii fi waltahiinsa gareewwan barreeffamaan taasisaniin jijjiiramuu akka danda'u ibsameera. Dhimmi mata duree kana jalatti ilaallamaa jiru, jijjiirraa hojjetaa, kwt 15 jalatti hammatameera. Kanaafuu haalli jijjiirraa waliigaltee gamtaa ykn danbii hojii keessatti yoo ibsame haaluma waliigaltee gamtaa ykn danbii hojii keessatti ibsameen raawwatama. Danbiin hojii bu'uuraan hojjechiisaan waan qophaa'uuf dhimmoonni danbii hojiin akka murtaa'aniif dhiifaman haala dantaa hojjechiisaa qofa jiddu galeessa godhateen qofa qophaa'u sodaan jedhu ni jira.

Gama biraatiin hojjechiisaan dhaabbaticharratti aangoo hoggansaa akka qabu ni hubatama. Aangoon hoggansaa hojjetaa jijjiiruu akka hammatuus labsii lakk.494/98 kwt 2(1)(c) irraa ni hubatama. Ta'us, aangoo kana qabaachuu qofti hojjechiisaan akka fedhe hojjetaa akka jijjiiruuf daandii kan saaqu ta'uu hin qabu. Dhimmi kun kaayyoo waliigalaa seera hojjechiisaa fi hojjetaa waliin yeroo ilaalamus gareewwan lamaan mirgaa fi dirqama ifatti beekameen buluu waan qabaniif aangoo hoggansaa qabaachuu qofti hojjechiisaaf akka fedheen jijjiirraa akka taasisu hin hayyamuuf. Waliigalteewwan gamtaa ykn danbiwwan hojii iftoomina gahaa kan hin qabneefi hojjechiisaan aangoo bal'aa akka qabaatu karaa kan saaqani dha.¹³¹

Haala qabatamaa jiru yeroo ilaallu, hojjetaan gaaffii mirgaa waan gaafate qofaaf bakka deemee hojjachuu hin dandeenyetti ergamu ni jira. Hojjetaanis sababa maatii fi rakkoolee biroo irraa kan ka'e bakka itti jijjirametti deemee hojjachuu waan dandeenyeef yommuu hojii addaan kutu ni jira.¹³² Gama biraatiin, hojjetaan seeraan ala hojjiirraa gaggeeffame gama hojiitti akka deebi'u yommuu murtaa'u hojjechiisaan bakka hojii duraaniitti deebisuu dhiisuun bakka biraa jireenyaaf filatamaa hin taanetti jijjiireera.¹³³

¹³¹ Kabbadaa Furgaasaa, akkuma lakk 112 olii.

¹³² Birquu Hambisaa fi Masaay Abaataa Ejansii dhunfaa Edominyaa dame Biiraa Baddaleetti hojjatoota eegumsaa waliin gaafa 17/04/2007.

¹³³ Asras W/Sanbet, I/A/Dura taa'aa waldaa hojjetaa warshaa sukkaara matahaaraa, afgaaffii gaafa 20/05/2007 gaggeeffame.

Hojjettootni raawwii gaarii qaban warshaa tokko irraa gara warshaa damee isaa ta'ee fi naannoo fagoo irra jiruutti (Fakkeenyaaf Warshaa Sukkaara Fincaa'aa irraa Tandaahootti) yeroon jijjiiraman ni jira. Hojjechiisaan raawwii fi muuxannoo gaarii waan qabaniif warshaa haaraa haa guddisan sababa jedhuun ta'uu ibsa. Hojjettootnis raawwii gaarii yoo qabaanne jajjabeeffamuu qabna malee bakka gammoojjiitti ergamuu hin qabnu falmii jedhu waan kaasaniif boordiin dhimmoota akkanaa murteessuuf yeroon iti rakkatu ni jira.¹³⁴ Dhimmoota kanarratti furmaata kennuuf aangoo waliigalteen gamtaa hojjechiisaaf kennu ilaaluun barbaachisaa dha. Waliigalteen gamtaa kan hojjettoonni fi hojjechiisaa waliin mallatteessan keessatti sirni jijjiirraa diriire hojjechiisaan haala kanaan akka jijjiiru kan hin hayyamne yoo ta'e jijjiirraan taasifamuu fudhatama hin qabu.

Akka waliigalaatti, ibsa haala qabatamaa armaan olitti teechifame irraa kan hubatamu, dhaabbileen hojjechiisaa tokko tokko dhimmoota akka carraa barnootaa, guddina sadarkaa fi fayidaawwan hojjettootni isaanii argatan murteessuuf kan isaan dandeessisu sirna ifa ta'e diriirsanii hin qabani. Dhaabbileen hojjechiisaa naannoo keenyaa gama kanaan fageenya deeman jidduus garaagarummaa bal'aan akka jiru ni hubatama. Dhaabbata hojjechiisaa tokko tokko keessatti guddina sadarkaa, carraa barnootaa fi leenjii fi fayidaalee hojjettootni argatan murteessuuf waliigaltee gamtaa fi qajeelfamoota adda addaa baasuun koreewwan dhimmoota kana ilaalan hundeessuuf yaaliin taasifame kan jiru yoo ta'u, dhaabbilee kaan keessatti immoo dhimmootni kunneen fedhii gaggeessitootaa qofaadhaan murtaa'aa haalli jiran ni hubatama. Dhaabbileen hojjechiisaa fayidaalee fi dantaawwan hojjettootaa kanneen yeroo murteessan bu'aa madaallii raawwii hojii jiddugaleessa godhachuuf yaalan kan jiran yoo ta'ellee, madaalliin raawwii hojjettootaa saayinsawaa fi sirnaawwaa waan hin taaneef loogii (subjectivity) gaggeessaa dhiyootiin taasifamuu danda'u kan xiqqeessu yookin hambisuu danda'u miti.

3.2.3. Garaagarummaa faayidaa hojjettoota dhaabbii, hojjettoota yeroo murtaa'eef qaxaramanii fi hojjettoota yeroo yaaliif qaxaraman jidduutti uumamu

Dhaddachi Ijibaataa federaalaa hojjetaan turtii yeroo waliigaltee irratti osoo hin hundaa'iin mirgaa fi eegumsa seeraan taa'eef argachuu akka qabu labsii HH Heera mootummaa waliin ilaaluudhaan murtii dirqisiisaa kenneera.¹³⁵ Faayidaa fi qabiinsa hojjettoota dhaabbataa fi hojjettoota yeroof qaxaraman irratti haalli dhaabbilee hojjechiistotaa keessa jiru wal fakkataa miti. Dhaabbileen hojjechiistotaa hedduun hojjettoota dhaabbii (kan yeroo hin murtoofneef qaxaraman) fi hojjettoota yeroo murtaa'aaf qaxaraman gidduu garaagarummaan faayidaa, mirgaa ykn haala hojii akka jiraatu ni godhu. Dhaabbilee hojjechiisaa kanneen keessatti hojjettootni

¹³⁴ Alamaayyoo Gaaddisaa, Pirezdaantii MMO Go/Wa/Bahaa, afaa'fii gaafa 28/4/2007 gaggeeffame.

¹³⁵ Dhaabbata konistiraakshinii Yoottek vs Gabree Balaayinaa (n-5) murtii Manni murtii dhaddachi ijibaata federaalaa jiidii 15, lakk.g 87338 irratti kenne.

dhaabbii hin taane akka hojjetaa dhaabbii kanfaltii boonasii, guddina mindaa fi sadarkaa kkf hin argatani.¹³⁶ Dhaabbileen dubartoota yeroo murtaa'aaf qaxaramaniif hayyama da'uumsaa hin kennine ni jiru.¹³⁷

Hojjetoota dhaabbii fi kanneen yeroo (seasonal) jidduu hayyama wal'aansaa argachuu irrattis garummaan ni uumama. Hojjetoota dhaabbiitiif hayyamni wal'aansaa guyyoota walitti fufaniif haalli itti hayyamamu kan jiru yoo ta'u, hojjetootni dhaabbataa hin ta'iin bakka hedduutti mirga kana hin qabatani.¹³⁸ Dhaabbilee tokko tokko keessatti immoo hojjetaa dhaabbii hin taaneef kanfaltiiwwan akka bonasii kan kanfalaman ta'us hanga isaa hanga hojjetoota dhaabbiif kanfalamu miti.¹³⁹ Dhaabbilee hojjechiisaa tokko tokko keessatti immoo hojjetaa dhaabbiif boonasii fi wal'aansi yaalaa yeroo kanfalamu hojjetootni dhaabbii kanfaltii kana waan hin argatneef jedhamee qarshiin muraasni mindaa isaanii irratti dabalamee ji'aan ni kenamaaf.¹⁴⁰

Dhaabbilee hojjechiistotaa daataan irraa funaaname hedduu keessatti hojjetootni yeroo murtaa'eef qaxaraman miseensa waldaa hojjetootaa ta'uu hin danda'ani.¹⁴¹ Waliigaltee gamtaa dhaabbata hojjechiisaa tokko tokkoo keessatti immoo hojjetootni dhaabbataa hin ta'iin meeshaalee nageenyummaa hojii mirkaneessuuf kennamaniin alatti akka hojjetaa dhaabbii fayidaan argatan akka hin jirre kaa'ameera.¹⁴² Hojjetootni yeroo murtaa'aaf qaxaraman soorama yeroo dheeraaf mindaa isaanii irraa kutaa turanillee, hojjechiisaan waliigaltee isaanii yommuu addaan kutu kanfaltiin kun hin kennamuuf.¹⁴³

Dhimma tokko keessatti yeroof qacaramtan sababa jedhuun kanfaltii boonasii hojjetoota dhaabbiif kennuun nu dhoowwate jechuun hojjetootni dhaabbata hojjechiisaa himataniiru.

¹³⁶ Birituu Dastaa walitti qabduu fi Obbo Yaareed Charuu barreessaa Waldaa Hojjatoota Tajaajila Ibsaa Itoophiyaa distiriiktii Kibba Dhiyaa waliin gaafa 23/04/2007, Obbo Taadlaa Nigaatuu Bulchiinsa Humna Namaa Warshaa Qorqoorroo Adaamaa waliin gaafa 13/05/2007¹³⁶ Obbo Dastaa Kabbadaa, Bulchiinsa Humna Namaa Warshaa Biqila Asallaa waliin Gaafa 06/05/2007, Biqilaa Maangashaa, I/G Bu/Mi/Hu/Namaa Warshaa Bishaan Albuudaa Amboo, afgaaffii gaafa 20-4-2007 gaggeeffame, Indaashaw Dassaaleny, Gageessaa Oomishaa (Production Manager), Dhaabbata Oomisha Abaaboo Hoolataa Roozis, afgaaffii gaafa 21/04/2007 gaggeeffame, Dassaaleny Moosisaa, Dursaa (B/B) Kutaa Seeraa Itiyootelkoomii damee lixaa (Naqamtee), afgaaffii gaafa 27/4/2007

Anteeneh Zerihuun, hojii gaggeessaa Dhaabbata Xiqur Abbaay Damee Adaamaa waliin guyyaa 12/05/2007 taasifame.

¹³⁷Indaashaw Dassaaleny, Gageessaa Oomishaa (Production Manager), Dhaabbata Oomisha Abaaboo Hoolataa Roozis, afgaaffii gaafa 21/04/2007 gaggeeffame

¹³⁸Eliyaas Amaaraa, Ittigaafatamaa kutaa hariiroo hojjetaa Warshaa Sukkaaraa Matahaaraa, 20/05/2007.

Taammiraat Tasfaayee, Dura taa'aa Waldaa Hojjetootaa, dhaabbata oomisha abaaboo Hoolataa Roozis, afgaaffii gaafa 21/4/2007 gaggeeffame

¹³⁹Eebbisaa Lamuu, Dura taa'aa Waldaa Hojjetaa Itiyootelkoomii Damee Lixaa, afgaaffii gaafa 27/4/2007 gaggeeffame.

¹⁴⁰Abarraa Miidhaksaa, Hoji-gageessaa Humna Ibsaa Damee Naqamtee, afgaaffii gaafa 27/4/2007.

¹⁴¹Maabrat Irranaa fi namoota lama Dura taa'ota Waldaa hojjatoota warshaa Biiraa Baddallee waliin gaafa 13/04/2007

Adde Birituu Dastaa walitti qabduu fi Obbo Yaareed Charuu barreessaa Waldaa Hojjatoota Tajaajila Ibsaa Itoophiyaa distiriiktii Kibba Dhiyaa waliin gaafa 23/04/2007

Mokonnin Daksiisaa walitti qabaa Waldaa Hojjatoota Warshaa Saamunaa Masfin Taaddasaa waliin gaafa 01/05/2007

Malakkuu Takkaa Barreessaa Waldaa Hojjatootaa Warshaa Biqila Asallaa waliin gaafa 05/05/2007 Obbo Ayyalaa Damisee waltaasisaa, Ejansii dhimma hojjataa fi hawwasummaa Godina Jimmaa waliin gaafa 13/04/2007, Obbo Tashoomaa Ganamoo, Waltaasisaa fi Adde Gannata Dagaagaa A/adeemsaa Ejansii Dhimma Hojjataa fi Hawwasummaa Godina Arsii waliin gaafa 04/05/2007

¹⁴²Kabbadaa Furgaasaa, akkuma lakk 112ffaa olii.

¹⁴³Itti aanaa dura taa'aa fi barreessaa waldaa hojjetaa (maqaa isaanii ibsuu hin barbaadne) Kompleksii Zayita Nyaataa Addis-Mojoo, Afgaaffii gaafa 14/5/2007 gaggeeffame.

MMA sadarkaa duraatiin himaticha ilaales, waliigalteen hojii isaanii kontiraata haa jedhu malee hojiin isaanii amala itti fufu kan qabu dha yaada jedhuun hojjetootni kun bonasii hojjetoota dhaabbiif kanfalame akka argatan murteesseera. MMO dhimmicha oliyyannoon ilaales murtiin MMA sirriidha jechuun galmee cufe. Dhimma walfakkaataa fi murtii walfakkaataan galmee biraa keessattis kennameera.¹⁴⁴

Gama biraatiin immoo dhaabbileen hojjechiistotaa garaagarummaa turtii yeroo hojii irratti osoo hin hundaa'iin faayidaa fi haala hojii walfakkataa uuman ni jiru. Dhaabilee kanneen keessatti boonasii fi faayidaawwan adda addaa hojjetoota dhaabbataa fi hojjetoota kontiraataa jidduutti garaagarummaan osoo hin godhamiin hojjetoota maraaf ni taasifama.¹⁴⁵ Walta'iinsa gamtaa tokko tokko keessattis hojjetaa dhaabbataa fi hojjetaa yeroof qaxarame jiddutti garaagarummaan mirgaa fi faayidaa akka hin uumamne eegumsi teechifameera. Hojjetaan kan wayitii ("siizinaali") walii galteen hojii inni ittin qacarame hojii irra oolee yeroo jiru keessatti yoo dhukkubsate yeroo waliigalteen hojichaa hojii irra oolee itti turu qofaadhaaf hayyama waldhaansaa ni argata.¹⁴⁶ Akkuma hojjetoota yeroo muraasaaf qaaxaramanii faayidaa fi haalli hojii hojjetoota yeroo yaaliif qaxaramaniis hojjechiistota adda addaa biratti bifa adda addaatiin ilaalamu. Hojjechiistonni hojjetaan yeroo yaaliif qaxarame hanga yeroo yaalii xumurutti mirga boonasii argachuu fi miseensa waldaa hojjetootaa ta'uu hin qabu jedhan ni jiru.¹⁴⁷ Hojjechiistonni kanneen biroo immoo hojjetaan yeroo yaaalii mirga hojjetaan dhaabbii argatu hunda ni argata jedhu.¹⁴⁸

Akka waliigalaatti, haala qabatamaa jiru kana irraa hubachuun kan danda'amu garaagarummaan faayidaa hojjetoota dhaabbataa fi yeroo murtaa'aaf qacaraman gidduutti uumamaa akka jiruu dha. Keessumattuu hojjetootni dhaabbilee kanneen keessatti hojii dhaabbii irratti waliigaltee yeroo murtaa'aa yeroo yeroon haaromuun hojjetan irra caalaa miidhamaa ta'u. Akkuma afgaaffii irraa hubatamu hojjetootni kunneen miseensa waldaa hojjetaa ta'uu hin danda'an. Kun immoo mirga haadhoo mirgoota hojjetootaa ta'e mirga gurmaa'uu fi bu'aa mirgicha irraa argamuun akka hin fayyadamne taasisa.

3.3. Waliigaltee hojii

3.3.1. Waliigaltee Hojii keessattii humna dhiibbaa uumuu hojjetaa

Humni namaa yeroo ammaa biyya keenya keessa jiru bal'aa fi baay'inaan ogummaadhaan kan hin deeggaramne (unskilled) dha. Sirni diinagdee biyyi keenya yeroo ammaa gaggeessitu gabaa bilisaa ta'uun walqabatee humni hojii ogummaa hin qabne baay'inaa fi salphaatti argamuun

¹⁴⁴ Korporeeshinii Humnalbsaa Itoophiyaa Vs Takkaaliny Hayilee faa N19, MMO Go/Sh/Lixaa, Lakk G 36232

Korporeeshinii Humnalbsaa Itoophiyaa Vs Mahaammad Alii faa N11, MMO Go/Sh/Lixaa, Lakk G 00666

¹⁴⁵ Yaabbirawu Ayaalqee, I/A/Dura-taa'aa Waldaa hojjetaa Warshaa Gogaa Mojoo, afgaaffii 14/5/2007.

Shiferaw Balda, Daayrektra Oppireeshinii Kompleksii Zayita Nyaataa Addis-Mojoo, Afgaaffii gaafa 13/5/2007 gaggeeffame.

Obbo Maabrat Irranaa fi namoota lama Dura taa'ota Waldaa hojjatoota warshaa Biiraa Baddallee waliin gaafa 13/04/2007

Obbo Afaworq W/gabreel, bulchiinsa human namaa Warshaa Biiraa baddallee waliin Afgaaffii gaafa 16/04/2007 taasifame

¹⁴⁶ Walta'iinsa gamtaa Warshaa Sukkaara Matahaaraa, kwt 40/2/a/

¹⁴⁷ Shawaangizaaw Taddasaa Bulchiinsa Humna Namaa Warshaa Saamunaa Masfin Taaddasaa waliin gaafa 27/04/2007, Obbo Dastaa Kabbadaa, Bulchiinsa Humna Namaa Warshaa Biqila Asallaa waliin Gaafa 06/05/2007,

¹⁴⁸ Maabrat Irranaa fa'a, akkuma lakk 141 olii, Obbo Afaworq W/gabreel, akkuma lakk 97ffaa olii.

immoo hojjechiisaan haalota hojii fi faayidaa hojjetaa irratti ofumaa akka murteessu carraa guddaa ni uuma.

Mindaa xiqqaa

Mindaa fi yeroon hojii haalota hojii keessaa dhimmoota jireenya hojjataa irratti dhibbaa qabatamaa fi kallattii qabaniidha.¹⁴⁹ Mindaa xiqqaaf hiikan sanadoota ILO'N kenname jiraachuu baatus koreen ogeessota ILO waa'ee mindaa xiqqaa irratti qo'annoo waliigalaa (general survey) taasisa mindaa xiqqaan kanfaltii xiqqaa hojjataaf sababa hojii ykn tajaajila yeroo murtaa'e keessatti kenneef yeroo ykn bu'aa argamsiise irratti hundaa'uun waliigaltee dhuunfaa ykn gamtaatin osoo hin hirdhifamin, haala diinagdee fi hawwasummaa biyyattii irratti hundaa'uun fedhii bu'uraa hojjataa fi maatii isaaf akka gahutti seeraan kan murtaa'u qabu ta'ee hubatamuu danda'a jechuun ibseera.¹⁵⁰

Sochiin mindaa xiqqaa hojjatootaa murteessuu ykn seeraan eegumsa akka argatu gochuu sadarkaa ILOtti kan jalqabe walga'ii jalqabaa dhaabbatichi bara 1919 gaaggeeffame irraa eegaleetidha. Dhaabbatichi yaada ka'uumsaa mootummaan biyya Paaraguwaay dhiyyeessee irraa ka'uun qo'annoo erga taasisaan booda mindaa xiqqaa hojjatootaa murteessun barbaachisaa akka ta'e itti amanamee dhimma kana irratti konveenshiniin jalqabaa lakk. 26 fi yaada furmaataa lakk.30 bara 1928 raggaasifamaniiru.¹⁵¹ ILO'n adeemsa keessas rakkoowwan mindaa xiqqaa murteessuu irraatti seektaroota fi gosoota hojii addaa addaa keessatti mul'ataniif konveenshinootaa fi yaadota furmaataa adda addaa laachaa tureera.¹⁵² Fakeenyaaf mindaan hojjatoota seektara qonnaa keessa hojjataniif kanfalamu kan seektara indastriitii gadi ta'uu irraa kan ka'e konveenshiniin mindaa xiqqaa hojjatoota seektara qonnaa lakk.99 fi yaadni furmaataa lakk.89 bara 1951 ragga'uu danda'eera. Jijjiramaa dhufuu yaadrimee mindaa xiqqaa fi mindaa xiqqaa seeraan murteessun haala walfakkataa ta'een akka raawwatamuuf yaadamee ILO'n bara 1970 konveenshiniin lakk.131 fi yaada furmaata lakk.135 raggaasiseera. Konveenshinichis waliigaltee idil-addunyaa yeroo ammaa waa'ee mindaa xiqqaa ilaalchisee hojiirra jiruu dha.

ILOtin alattis sanadoonni idil-addunyaa hedduun mirga hojjatootni mindaa gahaa (decent) argachuuf beekamtii kennaniiru. Fakkeenyaaf Sanadni mirgoota dhala namaa (UDHR) namni hojjatu kamiyyuu mindaa kanfaltii jireenya namummaa isaa fi maatii isaaf ooluu danda'u mirga argachuu akka qabu ni teechisa.¹⁵³ Sanadni waliigaltee idil-addunyaa mirgoota diinagdee, hawwasummaa fi Aadaa irratti taasifame (ICESCR) immoo hojjataan haala hojii mijataa keessattuu mindaa madaalawaa argachuu akka qabu ni kaa'a.¹⁵⁴ Haaluma walfakkaatuun

¹⁴⁹ General Survey of the reports concerning the Protection of Wages Convention (No. 95) and the Protection of Wages Recommendation (No. 85), 1949, International Labor Conference 91st session 2003, Geneva

¹⁵⁰ General Survey of the reports on the Minimum Wage Fixing Convention, akkuma olii, 19

¹⁵¹ General Survey of the reports on the Minimum Wage Fixing Convention, akkuma olii, 2

¹⁵² Fakeenyaaf, The Wages, Hours of Work and Manning (Sea) Convention, 1946 (No. 76), HomeWork Recommendation, 1996 (No. 184)

¹⁵³ UDHR kew.23

¹⁵⁴ ICESCR kew.7

chaartariin mirgoota namoomaa fi ummataa Afrikaa *chaartarii Beenjuul* jedhamuun beekamu haala waliigalaa ta'een namni kamiyyuu mirga haala mijataa ta'e keessatti hojjachuu fi hojii walfakkaataaf kanfaltii walqixaa argachuu akka qabu ibsa.¹⁵⁵ Komishiniin mirgoota Namummaa fi Ummataa Afrikaa chartarii kanaan hundaa'e akkaataa mirgootni diinagdee, hawwasummaa fi aadaa chaartarichaan beekkamtii argatan hojii irraa ooluu danda'anirratti qajeelfama baase keeyyata 15 jalattii mootummaaleen miseensa ta'an lammiilee isaanii hojjataa ta'aniif haala hojii mijataa uumuu, keessumtuu mindaa madaalawaa jireenya ilma namaaf gahuu danda'u akka argatan mirkaneessuu akka qaban akeekeera.

Akkataa mindaan xiqqaan itti murtaa'u ykn eegumsa seeraa itti argatu ilaalchisee biyyoonni miseensa ta'aan maloota adda addaa haala qabatamaa biyya isaanii waliin wal simatu fayyadamuu akka danda'an konveenshiniin lakk.131 kaa'a. Yaadni furmaata lakk.135 mindaa xiqqaa murteessuuf maloota (machineries) adda addaatti fayyadamuun akka danda'amu ni agarsiisa. Kunis mindaa xiqqaa seeraan murteessuu (ka'uu), qaamni angoo qabu akka murteessu gochuu (*decisionsof wage boards or councils, industrial or labour courts or tribunals*) ykn mindaa xiqqaan waliigaltee gamtaatiin murtaa'e humna seeraa akka qabaatu gochuun ta'uu danda'a.¹⁵⁶ Biyyoonni miseensa ta'an barbaachisummaa isaa ibsuun hojjatoota eegumsa mindaa xiqqaa argachuun hin barbaachisu jedhanii amanan hambisuu ykn dhiisuu akka danda'an konveenshinichi kwt. 1(3) jalatti ibseera. Mindaa xiqqaa murteessuu keessatti qaamolee gahee qaban waldaa hojjatootaa fi hojjachiistotaa mari'achiisuun barbaachisaa dha.

Itoophiaan sanadoota ILO waa'ee mindaa xiqqaa hojjatootaa murteessuuf tumaman hin mallateessine. Biyyi keenya miseensa gamtaa Afrikaa waan taateef Chaartarii Beenjuul kabajuuf dirqama ni horatti. Seerrii hojjataa fi hojjachiisaa Itiyoophiyaa mindaa xiqqaa hojjatoota dhaabbilee dhuunfaa keessa hojjatanii hin murteessine. Mindaan hojjatoota kanneenii yeroo ammaa kana waaliigalteedhuma hojjaataa fi hojjachiisan taasisaniin kan murtaa'udha.

Hojjetootni dhaabbalee gara garaa keessaa hojjetan bargaa'ffii '*waliigaltee hojii keessatti hojjetaan fayidaa yookin haalawwan hojii murteessuu keessatti ni dhagahamaa?*' jedhamee gaafatame hojjetootni 43 (%48.3) lakki kan jedhan yoo ta'u, hojjetootni eeyyen jedhan 38 (%42.7) dha. Hojjetootni 8 gaaffii kanarratti yaada kennan hin qabani. Daataan kun dhaabbilee hojjechiisaa gara caalaa keessatti hojjetootni humni hojjetaan haalota fi faayidaa isaa eegsisuu irratti dhiibbaa uumuuf qabu gadi aanaa akka ta'e kan agarsiisu dha.

Daataan afgaaffii irraa argames, hojjechiistonni olaantummaa humna murteessuu qabaniin faayidaa isaanii qofa kan eegsifataa jiran akka ta'ee fi carraan dhagahamuu hojjetaa laafaa ta'uu kan agarsiisu dha.¹⁵⁷ Hojjetootni hanga hojjechiisaa filannoo waan hin qabneef fayidaa fi

¹⁵⁵ Chaartarii Mirga Namoomaa fi Ummataa Afrikaa kew.15

¹⁵⁶ Minimum Wage Fixing Recommendation, 1970 (No. 135), Paragraph 6

¹⁵⁷ Alamaayyoo Hirphasaa fi Namoota Lama A/seeraa Mana Murtii Godina Shawaa Kibba Lixaa waliin gaafa 01/05/2007, Obbo Tashoomaa Alamuu fi namoota sadi A/seeraa Mana Murtii Olaanaa Godina Arsii waliin gaafa 06/05/2007, Af-gaaffii obbo Taganee Taayyee, abbaa Seeraa Mana Murtii Aanaa Ada'aa waliin guyyaa 22/04/2007 taasifame. Af-gaaffii Obbo Kaffaaloo

haalota hojii hojjechiisaan olkaa'e fudhachuuf ni dirqamu. Hojjechiisan garuu humni namaa baay'ee fi salphaatti kan argamu waan ta'eef, hojjetaa waliin dubbatee haalota hojii fi faayidaa hojjetaaf fooyya'aa ta'e uumuuf fedhii hin qabu. Keessumattuu hojjetoota hojii humnaa hojjetan irratti rakkoon kun ni hammaata.¹⁵⁸ Dhaabbileen hojjechiisaa hedduun mindaa hojjetaa qofaa isaanii murteessu.¹⁵⁹

Haqa-qabeessummaa mindaa hojjatootaaf kanfalamuu fi miidhaa seerri mindaa xiqqaa dirqisiisu (minimum wage legislation) dhabamuu qabu irratti ilaalcha fi yaada hirmaattota qoranichaa daataan agarsiisu funaanameera. Hirmaatonni Afagaaffiin taasifameef mindaan yeroo ammaa hojjatootaaf kanfalamaa jiru haqaqabeessa akka hin taane ibsu. Qaala'iinsa jireenyaa yeroo ammaa mul'atu faana yoo ilaalame mindaan hojjaaaf yeroo ammaa kanfalamu gadi aanaa fi hojjataa fi maatii isaa kan jiraachisuu miti. Hojjataan ofii fi maatii isaa jiraachisuuf rakkatu immoo hojii hojjachiisaa illee sirnaan hin hojjatu waan ta'eef omishtummaan ni hir'ata. Kun immoo hojjachiisaas ta'e biyyattii ni miidha waan ta'eef sirni hojjataan mindaa hojii isaa waliin walgitu ittiin argatu diriirsuun gaari dha.¹⁶⁰ Dhaabbileen hojjachiistotaa tokko tokko mindaan isaan hojjataaf kanfalan hanga ykn baay'ina hojii hojjatichi hojjate (piece rate) irratti hundaa'aniti. Fakkeenyaaf dhaabbata hojii fe'uu fi buusuu hojjatu tokko keessatti hojjataan saanduqa biraa tokko yoo fe'e ykn buuse saantima 0.4tu kanfalamaaf. Hojjatootni dhaabaticha yommuu hojii hin hojjanne (dhukubsatanii, guyyaa boqonnaa fi ayaanaa) mindaan akka hin kanfalamneef himama.¹⁶¹ Dhaabbatichi mindaa haala kanaan murteessuun namoonni baay'ee hojjatan kanfaltii garii waan argataniif hojjatootni hojii akka hojjataniif ni kakaasa ilaalcha jedhu qaba. Haa ta'u malee mindaa hojjataa haala kanaan (piece rate) murteessuun hojjataan mindaa gaarii argachuuf jecha humna isaa ol akka hojjatu waan godhuuf fayyaa fi nageenya hojjataa irratti dhiibbaa hamaa akka qabu ogeessonni Ejansii dhimma hojjataa fi hawwasummaa ni kaasu.¹⁶² Tattaffiin Waldaaleen hojjatootaa mindaan hojii waliin walgitu miseensotaaf isaaniif akka kanfalamuuf taasisan bu'a qabeessa akka hin taane ni ibsu. Waldaaleen tokko tokko

Gaaddisaa Abbaa Seeraa Mana Murtii Aanaa Ada'aa waliin guyyaa 21/04/2007 taasifame. Af-gaaffii Obbo Heenook Maammuyyee, Pireezidantii Mana Murtii Aanaa Ada'aa waliin guyyaa 20/06/2007 taasifame.

¹⁵⁸ Taadlaa Nigaatuu Bulchiinsa Humna Namaa Warshaa Qorqoorroo Adaamaa waliin gaafa 13/05/2007, Obbo Afaworq W/gabreel, bulchiinsa human namaa Warshaa Biiraa baddallee waliin Afgaaffii gaafa 16/04/2007 taasifame, obbo Shawaangizaaw Taddasaa Bulchiinsa Humna Namaa Warshaa Saamunaa Masfin Taaddasaa waliin gaafa 27/04/2007, Obbo Abarraa Kabbadaa Bulchiinsa humna namaa Warshaa Huccuu Ayikaa Addis waliin gaafa 20/05/2007, Obbo Dastaa Kabbadaa, Bulchiinsa Humna Namaa Warshaa Biqila Asallaa waliin Gaafa 06/05/2007,

¹⁵⁹ Shibbiruu Caalchisaa, A/S MMA Adaamaa, waliin guyyaa af-ggaaffii gaafa 12/04/2007 gaaggeeffame.

Taammiraat Tasfaayee, Dura taa'aa Waldaa Hojjetootaa, dhaabbata oomisha abaaboo Hoolataa Roozis, afgaaffii gaafa 21/4/2007 gaggeeffame

Addunyaa Tasammaa, Raawwataa hojii hubannoo fi leenjii Wa/Dh/H/H/Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 28/4/2007.

Itti aanaa dura taa'aa fi barreessaa waldaa hojjetaa (maqaa isaanii ibsuu hin barbaadne) Kompleksii Zayita Nyaataa Addis-Mojoo, Afgaaffii gaafa 14/5/2007 gaggeeffame.

¹⁶⁰ Afaworq W/gabreel, akkuma lakk 97ffaa olii.

¹⁶¹ Masfiin Baddiluu Suparvaayzarii Ejansii Dhuunfaa Edominyaa damee warshaa Biiraa Baddallee waliin Afgaaffii gaafa 17/04/2005 gaggeeffame

¹⁶² Kabbadaa, Waltaasisaa Hojjetaa fi Hojjechiisaa, Ejansii Dh/H/H Naannoo Oromiyaa, afgaaffii gaafa 11/06/2007 gaggeeffame.

Dabaloo Dhugaasaa, gaggeessaa garee to'annaa haala hojii, Ejansii Dh/H/H Naannoo Oromiyaa, afgaaffii gaafa 11/06/2007 gaggeeffame.

haqaqabeessummaa mindaa hojjatootaaf kanfalamu irratti falmii mana murtiitti dhiyeessanis Manni murtii kufaa akka jalaa taasise himu.¹⁶³ Falmii bifa kanaa Mana murtii osoo hin taanee Boordii murteessa dhimma hojjtaa fi hojjaachiisatti dhiyaachuu kan qabu ta'us, mufiin hojjetootni haqa-qabeessummaa mindaa irratti qaban cimaa ta'uu kan hubachiisu dha. Waldaan biroo immoo dhimma mindaa hojjataa irratti mariin (bargain) hojjachiisaa waliin godhan baay'ee kan lafarra harkifatu fi mirga hojjataa kan miidhu ta'uu ibsu.¹⁶⁴

Dhaabbileen tokko tokko mindaa haqaqabeessa ta'e hojjatoota isaaniif kanfaluuf fedhii fi humna qabaatanis dhiibbaan hojjachiistota biroo fi mootummaa waan jiruuf raawwachuu akka hin dandeenye ibsu.¹⁶⁵

Mindaa xiqqaa seeraan murteessuu dhabuun hojjatootni kanfaltii hojii isaanii waliin walgitu akka hin arganne taasisaa jiraachuun ni hubatama. Kun immoo dirqama biyyi keenya mirga hojjatootaa kabajuu fi kabachiisuuf qabdu bahuu dhabuu irrayyuu guddina biyyaa irratti illee dhiibbaa ni qabata. Akka waliigalaatti, ibsa haala qabatamaa naannoo keenya keessaa jiru kanarraa hubachuun kan danda'amu yeroo ammaa hojjetootni keesumattuu kanneen ogummaa hin qabne, haalota hojii fi faayidaa isaanii irratti dandeettiin dhiibbaa uumuu isaanii gadi aanaa ykn kan hin jirre ta'uu isaati.

3.3.2. Bifoota waliigalteen ittiin taasifamu: waliigaltee barreeffamaa, waliigaltee afaanii fi ibsa barreeffamaa hojjetaaf kennamu

Labsiin HH hiikaa waliigaltee hojii kaa'uu baatus waliigalteen hojii kan uumamu namni tokko mindaa argachaa to'annoo hojjechiisaa jalatti yeroo hin murtoofneef, yeroo murtaa'eef ykn hojii murtaa'e hojjechiisaaf hojjachuudhaaf kallattiin ykn alkallattiin yoo waliigale dha jechuun kaa'era.¹⁶⁶ Waliigalteen hojii haala addaan seeraan yoo ibsame malee bifa (form) addaatiin godhamuun dirqama akka hin taane labsichi ni ibsa.¹⁶⁷ Labsichi waliigalteewwan hojii hojjetaa fi hojjechiisaa gidduutti raawwataman kan barreeffamaa fi barreeffamaan ala taasifaman jechuun qoodera.¹⁶⁸ Waliigalteen hojii barreeffamaan ala raawwatamu afaaniin ykn gochaan (conduct) ta'uu mala. Waliigalteen hojii godhamu gosa qacarrii, iddoo hojii, mindaa fi haala kanfaltii akkasumas turtii yeroo waliigaltichaa haala ifa ta'een teechisuu qaba. Hojjetaa fi hojjechiisaan waliigalteen hojii barreeffamaan kan hin raawwanne yoo ta'e hojjechiisaan haalota kanneen barreeffamatti jijjiruun hojjetaaf guyyoota 15 keessatti kennuu akka qabu seerri dirqama irra kaa'eera. Kunis hojjataan hariiroo hojii keessatti mirgaa fi dirqama isaa siritti akka hubatu gargaaruuf akkasumas falmiin yoo ka'e dhimma falmiif sababa ta'e salphaatti hubachiisuun akka danda'amu tilmaama keessa galchuun fala seeraan kaa'ame jechuun ni danda'ama.

¹⁶³ Kabbadaa Furgaasaa, akkuma lakk 112ffaa olii.

¹⁶⁴ Obbo Maabrat Irranaa fi namoota lama Dura taa'ota Waldaa hojjatoota warshaa Biiraa Baddallee waliin gaafa 13/04/2007

¹⁶⁵ Obbo Abarraa Kabbadaa Bulchiinsa humna namaa Warshaa Huccuu Ayikaa Addis waliin gaafa 20/05/2007

¹⁶⁶ Labsii HH, akkuma lakk 12ffaa olii, kwt 4.

¹⁶⁷ Labsii HH, akkuma olii, kwt 5.

¹⁶⁸ Labsii HH, akkuma olii, kwt 6 fi 7.

Qabatama dhaabbilee hojjechiisaa naannoo keenya keessa jiranii hubachuuf hojjettootni 89 bargaaffii guutan irraa daataa argame ilaaluun haa jalqabnu.

	Eeyye n	Lakki	Hin beeku	Yaada hin kennine
Waliigaltee barreeffamaa hin qabdan yoo ta'e, hojjechiisaan keessan ibsa barreeffamaa isinii kenneeraa?	29 (%51)	27 (%47)	1	32
Yeroo qacaramtan, mirgaa fi dirqama hojii keessanii irratti ifatti waliigaltanii jirtuu?	65 (%73)	22 (%25)	1	1
Waliigalteen hojii keessan mirgaa fi dantaa qabdan naaf kabajchiisuuf gahaa dha jettanii amantuu?	36 (%42)	48 (%56)	1	4
Waliigalteen hojii keessan yookin ibsi barreeffamaan isinii kenname gahee hojii, bakka hojii, mindaa, yeroo kanfaltii fi haala shallaggii mindaa, dheerina waliigaltee keessanii ni ibsaa?	55 (%65)	28 (33)	2	4

Daataan kun akka agarsiisutti hojjettoota waliigaltee barreeffamaa hin qabne keessaa gartokkeetti kan dhiyaatan (47%) ibsi haala hojii barreeffamaan hin kennamuuf. Kanamalees, hojjettoota 4 keessaa 1 (%25) yeroo qacaramu mirgaa fi dirqama hojii isaanii irratti hojjechiisaa waliin ifatti waliigalleerra jedhee hin amanan. Dabalataanis hojjettootni kanneen keessaa garri caalu (%56) waliigalteen hojii isaanii mirgaa fi dantaa qaban nuuf kabajchiisuuf gahaa dha jedhanii hin amanani. Akkaataa hanqinootni kunneen ittiin ibsamaniif rakkooleen dhimmoota kanneeniin walqabataniin jiran odeeffannoo afgaaffii irraa argame keessatti akka itti aanutti dhiyaateera.

Bifa (form) waliigalteen hojii itti raawwatamaa jiru ilaalchisee afgaaffii hirmaattota qorannichaa waliin godhame keessatti dhaabbileen hojjettoota hedduu qaban baay'een isaanii waliigaltee hojii hojjettoota isaanii waliin barreeffamaan akka taasisan ibsameera.¹⁶⁹ Waliigaltee hojii barreeffamaan raawachuun dhimma baramaa dhufe ta'uu isaa ogeessonni seraas ni ibsu.¹⁷⁰ Gama biraatiin, dhaabbileen hojjettoota isaanii waliin afaanin ykn haala biraatiin waliigaltee hojii

¹⁶⁹Gannat Dagaagaa A/adeemsa Ejansii Dhimma Hojjataa fi Hawwasummaa Godina Arsii waliin gaafa 04/05/2007, Obbo Shifarraa Abarraa, Waltaasisaa Ejansii Dhimma Hojjataa Fi Hawwasummaa Magaalaa Sabbataa waliin gaafa 15/05/2007, Obbo Tufaa Haawaan , Itti Gaafatamaa waajjira Hojjetaa Fi hawaasummaa Aanaa Adaamii tulluu , waliin guyyaa 13/04/2007 taasifame. Baarrakaa Ragguu, Pireezidantii Mana Murtii Aanaa Adaamii Tulluu waliin guyyaa 14/04/2007 taasifame. Af-gaaffii Obbo Heenook Maammuyyee, Pireezidantii Mana Murtii Aanaa Ada'aa waliin guyyaa 20/06/2007 taasifame.

¹⁷⁰Tashoomaa Alamu fi namoota sadi A/seeraa Mana Murtii Olaanaa Godina Arsii waliin gaafa 06/05/2007, Shibbiruu Caalchisaa, A/S MMA Adaamaa, waliin guyyaa af-ggaaffii gaafa 12/04/2007 gaaggeeffame. Aluulaa, Ogeessa Seeraa Warshaa Sukkaaraa Matahaaraa, Afgaaffii gaafa 19/5/2007 gaggeeffame. Lammii Dirribaa, Abbaa Seeraa MMO Go/Sh/Lixaa, Afgaaffii gaafa 24/4/2007 gaggeeffame. Darajjee, Abbaa Seeraa MMO Go/Sh/Lixaa, Afgaaffii gaafa 24/4/2007 gaggeeffame.

uumanis akkasuma baay'inaan jiru. Fakkeenyaaf dhaabbileen hojjechiistotaa lammiilee biyya alaa, hojii ijaarsaa irratti bobba'an, tokko tokko hojjetoota waliin ifatti osoo walii hin galiin mindaa kanafalaafii haalli itti hojjechiisan ni mul'ata.¹⁷¹ Ejensiwwan dhuunfaa hojjetoota qaxaranii hojjechiisan biratti waliigaltee hojii ifaan gochuu dhabuun akka jiru ni ka'a. Fakkeenyaaf ejensiin dhuunfaa hojii dhaabbata biroo fudhachuudhaan hojjetu tokko hojjetoota haaraa yommuu qacaru waliigaltee hojii akka hin raawwanne hojjetootni ejensichaa ni ibsu.¹⁷² Dhaabbileen hojjechiisaa hojjetoota muraasa qaban irra caalmaan waliigaltee barreffamaa hojjetaa waliin raawwataa akka hin jirre hirmaattotni qorannichaa afgaaffiin waliin taasifame ni ibsu.¹⁷³

Bifti waliigalteen hojii ittiin taasifamu amala yookin turtii hojii hojjetaan tokko qacameef irrattis hundaa'uun garaagarummaa akka qabu ni hubatama. Hojjetootni yeroo gabaabaaf ykn hojii murtaa'e hojjachuuf qacaraman, hojjetoota kaan caalaa, yeroo baay'ee waliigaltee barreffamaa hin qabaatan.¹⁷⁴ Dhaabbilee hojjechiistotaa tokko tokko keessatti waliigalteen barreffamaa hojjetaa waliin kan galamu erga hojjetaa dhaabbii ta'ee booda yookin yeroo yaalii erga xumuree booda dha.¹⁷⁵ Dhaabbileen tokko tokko immoo bakka waliigaltee barreffamaa hojjetoota qaxaraniif xalayaa qacarri kennu.¹⁷⁶

Dhaabbileen waliigaltee barreffamaa hojjetaa waliin taasisan tokko tokko hojjetoota isaaniitiif garagalcha waliigaltee hin kennani.¹⁷⁷ Kun immoo dirqama seerri hojjechiisa irratti gate ta'uu isaa hubannoo dhabuu ykn hojjetaan gara fuulduratti mirga isaa akka hin fayyadamne dhorkuuf itti yaadamee kan godhamu ta'uu danda'a. Kana malees, waliigalteewwan barreffamaan taasifaman yeroo hedduu hojjechiisaan qofaa isaa kan wixineessu waan ta'eef dirqama hojjetaa malee mirga hojjetaa yookin dirqama hojjechiisaa agarsiisuu irratti kan xiyyeeffatan miti.¹⁷⁸

¹⁷¹Tasfaayee tarreessaa fi Tasfaayee lammaa, Abbootii seeraa MMA Fantaallee, afgaaffii gaafa 19/05/2007 taasifame.

¹⁷²Birquu Hambisaa fi Masaay Abaataa ejansii dhunfaa Edominiyaaz dame Biiraa Baddaleetti hojjatoota eegumsaa waliin gaafa 17/04/2007

¹⁷³Taammiraat Tasfaayee, Dura taa'aa Waldaa Hojjetootaa, dhaabbata oomisha abaaboo Hoolataa Roozis, afgaaffii gaafa 21/4/2007 gaggeeffame.

¹⁷⁴Indaashaw Dassaaleny, Gageessaa Oomishaa (Production Manager), Dhaabbata Oomisha Abaaboo Hoolataa Roozis, afgaaffii gaafa 21/04/2007 gaggeeffame. Af-gaaffii obbo Mootummaa Maqaasaa ,Abuukaattoo dhuunfaa ,waliin Guyyaa 09/04/2007 taasifame. Af-gaaffii obbo Ayyaanaa Abbabaa , Gorsaa Seeraa Dhaabbata Rovestone PLC waliin guyyaa 05/05/2007 taasifame. Af-gaaffii Obbo Anteeneh Zeerihuun ,hojii Gageessaa Dhaabbata Xiqur Abbaay Damee adaamaa walin guyyaa 12/05/2007 taasifame.

¹⁷⁵Indaashaw Dassaaleny, Gageessaa Oomishaa (Production Manager), Dhaabbata Oomisha Abaaboo Hoolataa Roozis, afgaaffii gaafa 21/04/2007 gaggeeffame.

¹⁷⁶Shibbiruu Caalchisaa, A/S MMA Adaamaa, waliin guyyaa af-ggaaffii gaafa 12/04/2007 gaggeeffame.

Aluulaa, Ogeessa Seeraa Warshaa Sukkaaraa Matahaaraa, Afgaaffii gaafa 19/5/2007 gaggeeffame.

Lammii Dirribaa, Abbaa Seeraa MMO Go/Sh/Lixaa, Afgaaffii gaafa 24/4/2007 gaggeeffame.

Darajjee, Abbaa Seeraa MMO Go/Sh/Lixaa, Afgaaffii gaafa 24/4/2007 gaggeeffame.

¹⁷⁷Yoonas Taaddasaa Bulchiinsa Humna Namaa Tajaajila Ibsa Itoophiyaa waliin gaafa 24/04/2007, Shawaangizaaw Taddasaa Bulchiinsa Humna Namaa Warshaa Saamunaa Masfin Taaddasaa waliin gaafa 27/04/2007, Dastaa Kabbadaa, Bulchiinsa Humna Namaa Warshaa Biqila Asallaa waliin Gaafa 06/05/2007, Taadlaa Nigaatuu Bulchiinsa Humna Namaa Warshaa Qorqooroo Adaamaa waliin gaafa 13/05/2007, Abraahaam Tashaalaa bulchiinsa human namaa Yuuniyeenii Hojii Gamtaa Bachoo Walisoo waliin gaafa 19/05/2007

Af-gaaffii Obbo Heenook Maammuyyee,Pireezidantii Mana Murtii Aanaa Ada'aa waliin guyyaa 20/06/2007 taasifame, Obbo Takkaa Daggafaa hojjataa warshaa Biiraa Baddallee waliin gaafa 13/04/2007

¹⁷⁸Kumalaa Abarraa, Abbaa Seeraa MMA Amboo, afgaaffii gaafa 24/4/2007 gaggeeffame.

Hojjechiistonni waliigaltee hubatamuu hin dandeenye ykn afaan hojjetaan hin beekneen barreessanii hojjetaaf laatanis ni mul'atu.¹⁷⁹

Akkuma daataa bargaaaffii olitti teechifame irratti agarsifame, hojjechiistotni hojjetaa isaanii waliin waliigaltee afaanii raawwatan akkaataa seerri teechisuun ibsa barreeffamaa hojjetaaf kennaa akka hin jirre afgaaaffii taasifame irraas ni hubatama.¹⁸⁰ Hojjechiistonni waliigaltee afaaniin raawwatan yommuu barreeffamatti jijjiran wantoota ykn haalota hojii afaanin hojjetaa waliin irratti waliigalan jijjirani barreessanis ni jiru.¹⁸¹

Gahee hojii (job description) tarreessuun hojjetaaf kennuun dhaabbilee hedduu keessattii hin baramne.¹⁸² Dhaabbilee muraasni ibsa gahee hojii hojjetaaf kan kennan yoo ta'u¹⁸³ kanneen tokko tokko immoo barbaachisummaa isaa itti amanuun qopheeffachuu irratti argamu.¹⁸⁴ Waliigaltee hojii keessatti mirgii fi dirqamni hojjetaa ifa ta'ee yoo hin ibsamne ykn gaheen hojii hojjetichaa tarreefamee waan hin kennamneef hojjetaan hojii gahee isaa ta'e sirnaan akka hin hojjanne ykn immoo kan gahee isaa hin taane akka diduu hin dandeenye taasisa. Fakkeenyaaf dhaabbata tokko keessatti hojjetootni hojii waardiyummaatiif qaxaraman kosii akka gatan ajajamanii yommuu didan hojjechiisaan waliigaltee hojii isaanii haalli itti addaan kute ni jira.¹⁸⁵ Waliigalteen hojii ifa hin taanee fi gaheen hojii tarreeffamee hojjetaaf kennamuu dhabuun falmiiwwan hojii mana murtiitti dhiyaatan hedduudhaaf sababa ta'aa jiru.¹⁸⁶ Dhimma qabatamaa tokko keessatti qulqulleessituun dhaabbata hojii qeeraa foon qaluun biyya alaatti ergu keessatti dhaabbataan kan qacaramtee hojjetu yoo ta'u, qulqulleessituun kun hojii qulqulleessitummaatiin qacaramtus uffata hojii hojjetootni jijjiiratan akka raabsitu ajajamtee waan ajaja hoogganaa dhiyoo fudhachuu waan diddeef waliigalteen hojii ishii addaan citeera. Manni murtiis gochaan hojjetuun kun raawwate akkaataa labsii HH kwt 27 tiin waliigaltee addaan kutuuf gahaa dha jechuun murteesseera.¹⁸⁷ Manni murtichaa murtii isaa keessatti ajaja fudhachuu diduun waliigalteen hojii akka addaan citu sababa gahaa dha jechuun alatti hojjetuun kun hojiin ishiin didde hojii dirqama ishii ta'e dha moo miti? Kan jedhuufi hojjetaan tokko hojii dirqama isaa hin

Amsaaluu Olaanii, Pirezdaantii MMO Go/Sh/Lixaa, Afgaaaffii gaafa 24/4/07 gaggeeffame. Lammii Dirribaa, Abbaa Seeraa MMO Go/Sh/Lixaa, Afgaaaffii gaafa 24/4/2007 gaggeeffame.

Darajjee, Abbaa Seeraa MMO Go/Sh/Lixaa, Afgaaaffii gaafa 24/4/2007 gaggeeffame.

¹⁷⁹Gulummaa, Abbaa Seeraa Mana Murtii Olaanaa Go/Wa/Bahaa, Afgaaaffii gaafa 28/4/2007 gaggeeffame

¹⁸⁰Gosaa Warquu To'ataa Haala Hojii Ejansii Dhimma Hojjataa fi Hojjachiisaa Magaalaa Asallaa waliin gaafa 04/05/2007, Obbo Inaaw Daaljuu To'ataa Haala Hojii Ejansii Dhimma Hojjataa fi hawwasummaa Magaalaa Adaamaa waliin gaafa 08/05/2007, Adde Baatirii Bafiqaaduu, A/adeemsa Qunnamtii fi Nageenya Industirii Ejansii Dhimma Hojjataa fi hawwasummaa Magaalaa Wiliisoo Waliin Gaafa 18/05/2007, Obbo Gosaa Warquu To'ataa Haala Hojii Ejansii Dhimma Hojjataa fi Hojjachiisaa Magaalaa Asallaa waliin gaafa 04/05/2007 Marsuu Abdiisaa

¹⁸¹Tashoomaa Alamuu fi namoota sadi A/seeraa Mana Murtii Olaanaa Godina Arsii waliin gaafa 06/05/2007

¹⁸²Kumalaa Abarraa, akkuma lakk 56ffaa olii..

Aluulaa, akkuma lakk 110ffaa olii.

Birhaanuu Bantii, I/G/Wa/Dh/H/H/Ma/Naqamtee, afgaaaffii gaafa 28/4/2007

Yohaannis Indaalewu, Ogeessa Qorannoo fi leenjii, Wa/Dh/H/H/Ma/Naqamtee, afgaaaffii gaafa 28/4/2007

¹⁸³Afaworq W/gabreel, bulchiinsa human namaa Warshaa Biiraa baddallee waliin Afgaaaffii gaafa 16/04/2007 taasifame, Aluulaa

¹⁸⁴Shiferaw Balda, Daayrektra Oppireeshinii Kompleksii Zayita Nyaataa Addis-Mojoo, Afgaaaffii gaafa 13/5/2007 gaggeeffame.

¹⁸⁵Ayaal Gurmuu A/seeraa Mana Murtii Godina Addaa Naannawa Finfinnee waliin Afgaaaffii gaafa 14/05/2007

¹⁸⁶Tuulii baayisaa A/seeraa Mana Murtii waliigala oromiyaa waliin afgaaaffii, Obbo Tasfaayee Murteessaa fi namoota lama A/seeraa Mana Murtii Aanaa Baddallee waliin gaafa 14/04/2007, Fu'aad Alamaayyoo, to'ataa haala hojii, Wa/Dh/Hojii fi Hawaasummaa Mag/Mojoo, Afgaaaffii gaafa 14/5/07 taasifame.

¹⁸⁷Amaani Aliyyee Vs Industirii Nyaataa Halala, MMA Lume, Lakk G 44954.

taane irratti ajaja fudhachuu yoo dide waliigalteen isaa addaan cituun sirriidhaa? Kan jedhu ilaaluuf hin yaalle.

Dhimmi kan biraa bakka kanatti ilaalamuun irra jiraatu qabiyyee waliigaltee hojiiti. Waliigalteen hojii bareeffamaan yeroo taasifamus bu'uura seeraatiin qabiyyee hammachuu qabu hunda hammatee fi ifa ta'ee qopha'aa akka hin jirre hirmaattotni qorannichaa ni ibsu. Waliigalteewwan taasifaman hedduun haala shallaggii mindaa, iddoo hojii, turtii yeroo hojii, dirqama bitaa fi mirgaa ifatti ibsanii hin teechisani.¹⁸⁸ Hanga mindaa ilaalchisee waliigaltee barreeffamaan taasifamuu fi hanga mindaa qabatamaan hojjetaaf kanfalamu jidduu garaagarummaan yeroo jiraatus ni mul'ata. Mindaan hojjetaaf kanfalamu qarshii 1500 ta'ee osoo jiru waliigaltee barreeffamaa irratti immoo mindaan qarshii 800 jechuun waliigalu. Garaagarummaan qarshichaa boonasii ykn bifa biraan hojjetaaf kan kanfalamu ta'a. Hojjechiistonni waliigaltee akkasii kan raawatan tarii waldhabbiin gidduu isaanitti yoo uumame, kanfaltiin adda addaa mindaa gadi bu'aa ta'een akka shallagamuuf itti yaaduun kan raawwatamu dha.¹⁸⁹

Waliigaltee hojii hedduu keessatti mirga hojjetaa haala miidhuun yookin mirga hojjetaadhaaf labsii HH ykn waliigaltee gamtaa keessatti teechifame irraa gadi haala ta'een walta'iinsi yeroo uumamu ni mul'ata. Fakkeenyaaf waliigalteen hojii balleessaa hojjetaatiin kan addaan citu yoo ta'e hojjetaan mirga kanfaltii sooramaa ykn providantii hin argatu jechuun waliigaluu,¹⁹⁰ hariiroon hojjetaa fi hojjechiisaa jidduu jiru waliigaltee shaakallii /apprencship/ fakkeessuun qacaruu,¹⁹¹ hojjetichi qaxaramaa osoo hin taanee hojii dhuunfaa kan hojjetu fakkeessuun waliigaluu (keessattuu hojii konkolaachisummaa irratti)¹⁹² fi kkf rakkoowwan mul'atani dha.

3.3.3. Turtii yeroo waliigaltee

Waliigalteen hojii yeroo hin murtoofneef, yeroo murtaa'eef ykn hojiin murtaa'e tokko hanga dhumutti kan turu ta'uu danda'a. Akka qajeeltootti, waliigalteen hojii hundinuu kan yeroo hin murtoofneef raawwatame ta'ee lakkaa'ama.¹⁹³ Haalotni hojjechiisaan hojjetaa yeroo ykn hojii murtaa'eef hojjetaa itti qacaruu danda'u labsicha kwt 10 jalatti ibsamaniiru. Haalonni kunneenis hojjetaa duraan ture yeroof bakka buusuuf, baay'ina hojii uumame hir'isuuf, hojii balaa tasaa dhufu ittisuuf, hojii darbee darbee dhufu, hojii waqtii murtaa'e keessa dhufuu fi yommuu caasaan dhaabbataa qoratamu hojii hojjetaman akka ta'e tarreeffameera. Haalota kanaan ala

¹⁸⁸Dhugumaa Naadoo fi Namoota Lama, A/seeraa Mana Murtii Godina Addaa Naannoo Finfinnee waliin gaafa 14/05/2007, Obbo Gizaaw Baqqalaa fi Namoo Toogaa A/seeraa Mana Murtii Aanaa xiyyoo waliin gaafa 07/05/2007, Obbo Ayyalaa Damisee waltaasisaa, Ejansii dhimma hojjataa fi hawwasummaa Godina Jimmaa waliin gaafa 13/04/2007, Obbo Gosaa Warquu To'ataa Haala Hojii Ejansii Dhimma Hojjataa fi Hojjachiisaa Magaalaa Asallaa waliin gaafa 04/05/2007, Obbo Inaaw Daaljuu To'ataa Haala Hojii Ejansii Dhimma Hojjataa fi hawwasummaa Magaalaa Adaamaa waliin gaafa 08/05/2007, Adde Baatirii Bafiqaaduu, A/adeemsa Qunnamtii fi Nageenya Industirii Ejansii Dhimma Hojjataa fi hawwasummaa Magaalaa Willisoo Waliin Gaafa 18/05/2007, Obbo Gosaa Warquu To'ataa Haala Hojii Ejansii Dhimma Hojjataa fi Hojjachiisaa Magaalaa Asallaa waliin gaafa 04/05/2007

¹⁸⁹Yooseef, Pirezdaantii MMA Adaamaa, Afgaaffii gaafa 10/4/2007 gaggeeffame. Yeshiixilaa H/Mikaa'el, Abarraa Wiiltuu, A/S MMA Guutoo Giddaa, afgaaffii gaafa 28/4/2007 gaggeeffame. Baalchaa Cuqqaalaa, Pirezdaantii MMA Lumee, Afgaaffii gaafa 14/5/2007 gaggeeffame.

¹⁹⁰Masfin Nugusee fi namoota Sadi, A/seeraa Mana Murtii O'aanaa Godina Jimmaa waliin gaafa 24/04/2007

¹⁹¹Shibbiruu Caalchisaa, A/S MMA Adaamaa, waliin guyyaa afgaaffii gaafa 12/04/2007 gaggeeffame.,

¹⁹²Taganee Taayyee, Abbaa Seeraa Mana Murtii Aanaa Ada'aa waliin afgaaffii guyyaa 22/04/2007 taasifame.

¹⁹³Labsii HH, akkuma lakk 12ffaa olii, kwt 9.

hojjechiisaan hojjetaa yeroo murtaa'eef qacaruu hin danda'u. Haa ta'u malee hojjachiisaan tokko dhimmoota kanneen irratti yeroo meeqaaf irra deddeebiin hojjataa qaxaruu akka danda'u labsichi hin murteessine. Ulaagaalee kanneeniin walqabatee rakkoo ta'uu kan danda'u fakkeenyaaf, hojiin tokko waqtii murtaa'e qofa hojjetama jedhamee labsicha kwt 10 jalatti kufuudhaaf yeroo hammamiif turuu qaba yookin kan addaan citu yeroo gabaabaaf qofa ta'e akkamitti ilaalama kan jedhu dha. Fakkeenyaaf, barsiisotni mana barnootaa yookin koollejji dhuunfaa keessa barsiisan yeroo baruumsi jiru baatii 10 (yeroo hedduu Fulbaanaa hanga Waxabajjii) ni hojjetu. Baatii Adoolessaa fi Hagayya hojiin idilee isaanii waan cufamuuf, dhaabbileen kunneen hojjetoota isaanii keessattuu barsiisota dhaabbataan qacaruu dirqama qabuu? Moo hojichi akka hojii waqtii ta'e hojjetamuutti fudhatama kan jedhu yeroon falmisiisaa ta'u ni jira. Ta'us labsii HH kwt 10 (f) jalatti gosa hojii galuu danda'u dha falmiin jedhu dhama-qabeessa dha. sababani isaa labsichi dheerina yeroo hojichi addaan cituu qabu kan hin teechisne waan ta'eef, yeroo gabaabaafillee hojichi hin jiru yoo ta'e hojjechiisaan hojjetaa sana waqtii hojii itti-aanuuf itti-fufsiisuuf dirqamni irra kaa'e hin jiru.

Turtii yeroo waliigaltee irratti falmiin kan ka'u yoo ta'ee fi hojjechiisaan hojjetaan kan qaxarame yeroo murtaa'eef yookiin hojii murtaa'e hojjachuuf kan jedhu yoo ta'e dhimma kana hubachiisuu qaba.¹⁹⁴ Turtii yeroo waliigaltee hojii ilaalchisee hojirra oolmaan qajeeltoo seerichaa dhaabbilee hojjechiistotaa biratti maal akka fakkatu hubachuudhaaf daataa bifa gara garaatiin funaaname akka itti aanutti ni ilaalla.

Hojjetoota dhaabbilee garagaraa keessaa hojjetan 89 ta'aniif gaaffiin '*Hojii amala itti-fufaa ta'e qabuuf waliigalteen hojii yeroo murtaa'etti akka daanga'u yeroon ta'u ni jiraa?*' jedhu bargaaffiidhaan dhiyaateefi hojjetootni 22 (%25) eeyyen jechuun yeroo deebisan hojjetootni 49 (%55) lakki jedhaniiru. Kanneen hafan immoo odeeffannoo hin qabani. Daataan kunis dhaabbilee hojjechiisaa keessatti amalli hojii itti fufaa yoo ta'ellee, hojjetaa yeroo murtaa'eef jedhanii qacaruun kan jiru ta'uu dha.

Akkuma daataa bargaaffii, daataan afgaaffii irraa argames dhaabbileen hojjechiisaa hedduun hojii dhaabbataa irratti hojjetoota waliigaltee yeroo murtaa'ee fi irra deddeebiin haaromuun hojjetaa qaxaraa akka jiran ni agarsiisa. Fakkeenyaaf warshaa tokko keessatti hojjetootni qulqullinaa fi bareedina mooraa irra hojjetan waliigaltee yeroo muraasaa irra deddeebiin haaromuun kan qaxaraman ta'uu afgaaffii taasifame irraa ni hubatama. Hoji-gaggeessitootni dhaabbata hojjechiisaa tokko tokkos hojjetoota hojii qulqullinaa fi bareedina mooraa irra hojjetan dhaabbatni isaanii qaama sadaffaatti dabarsuuf yaaduun hangasitti waliigaltee yeroo gabaabaatiin akka qacaru ni ibsu.¹⁹⁵ Ejensiwwan hojjetaa fi hojjechiisaa walquunnamsiisanis amalli hojichaa kan itti fufsiisa qabu yoo ta'ellee, waliigalteen hojii dhaabbata hojjechiisaa waliin qaban kontiraata waggaa 1 yookin 2 waan ta'uuf, hojiin sun yeroo dhumutti hojjetaan sun hojiin hojjetu waan hin jirreef hojjetaa kamiyyuu kan ran yeroo murtaa'eef qofa akka ta'e

¹⁹⁴Koorporeeshinii humna Ibsaa vs Taajuu Abbaagaroo faa(n-21), Murtii Manni Murtii Waliigala Itoophiyaa, Dhaddachi Ijibaataa G. lakk. 44218 irratti gaafa 13/09/2002 kenne.

¹⁹⁵Afaworq W/gabreel, akkuma lakk 97ffaa olii.

ibsu.¹⁹⁶ Akkuma olitti ibsame labsii 632/2001 jalatti hojjettoota Ejensiidhaan qaxaramanii qaama sadaffaaf (dhaabbilee fayyadamtootaaf) hojjetaniif wabii hojii eegsisuu ilaalchisee dirqamni Ejensii fi qaama sadaffaa maal akka ta'e adda baasuun kaa'uu baatus bu'ura waliigalteen hojii hojjetaa fi Ejensiin raawwataniin mirgi hojjetaa kan hin kabajamne yoo ta'e Ejensii fi qaamni sadaffaan itti gaafatamummaa waliinii akka fudhatan ibsameera.¹⁹⁷ Itti gaafatamummaa kana wantoota hordofsiisan keessaa tokko wabii hojii hojjetaa eegsisuu dhabuu dha. Ejensiin hojii itti fufiinsa qabu irratti hojjetaa waliigaltee yeroo hin murtoofneef qacaru qaba. Waliigalteen qaama sadaffaa waliin qaban yoo dhume yookaan kan adda citu yoo ta'e carraan hojjettootaa maal ta'uu akka danda'u irratti qaama ilaalu waliin dursanii waliigaluun barbaachisaa dha. Rakkoo gama kanaan dhufu furuuf haala lamaan dursanii waliigaluun ni danda'ama. Filannoon jalqabaa waliigaltee hojii hojjetaa fi Ejensiin taasisu irratti ifatti ibsuun akkataa hojjetootni kunneen iddoo biraatti jijjiramani hojii walfakkataa Ejensichaan hojjetamu irratti bobba'anii hojjatan irratti hojjetaa waliin waliigaluu dha. Filannoon inni lammataa immoo waliigaltee Ejensii fi qaamni sadaffaa taasisan keessatti, waliigalteen isaan qaban kan addaan citu yoo ta'e qaamni sadaffaan kun haala hojjettoota kanneen deebisee itti qacaru irratti waliigaltee raawwachuutu irraa eegama. Hariiroon hojii erga addaan citee bu'ura kanaan fala hin arganne taanaan hojjeticha seeraan ala waliigalteen hojii isaa kan addaan cite ta'uun beenyaa fi kanfaltiiwwan dhimmi kun hordofsiisu dhaabbileen lameen hojjetaaf akka kanfalan gaafachuu danda'a.

Dhaabbileen hojjechiisaa tokko tokko immoo hojii walfakkataa irratti hojjettoota hanga tokko dhaabbii kaan immoo waliigaltee yeroo murtaa'aatiin qacaruun hojjechiisu. Dhaabbanni hojii eegumsaa dhaabbata biraa irraa fudhatee hojjetu tokko hojjettoota 96 qaxaree hojjechiisu keessaa hojjettoota 10 yeroo muraasaaf qaxaree hojjechiisaa jira. Hojjetootni hundinuu hojuma walfakkataa eegumsa irra kan hojjetanii dha.¹⁹⁸ Haaluma walfakkaatuun dhaabbanni biroo immoo hojii walfakkataa fi itti fufiinsa qabu irratti hojjettoota 293 waliigaltee yeroo hin murtoofneen, hojjettoota 129 immoo waliigaltee yeroo murtaa'eef qacaruun kan hojjechiisan ta'uu odeeffannoo bulchiinsa dhaabbatichaan kenname irraa ni hubatama.¹⁹⁹

Hojii itti fufiisa qabu irratti waliigaltee yeroo yeroon haaromuun hojjettoota qacaruun dhaabbilee hajjechiisaa kan mootummaa ta'an keessattis ni mul'ata. Fakkeenyaaf dhaabbanni mootummaa hojjettoota baay'inni isaanii 911 ta'e qaxaree hojjechiisu tokko hojjettoota kanneen keessaa hojjettoota 151 waliigaltee yeroo murtaa'ee fi ji'a sadi sadiin haaromuun yeroo dheeraaf hojjechiisaa jira. Hojjettooni kanneenis hojii eegumsa, qulqullina, kunuunsaa fi miidhagina mooraa fi konkolachisummaadhaan kan hojjetanii dha.²⁰⁰

¹⁹⁶Masfiin Baddiluu Suparvaayzarii Ejansii Dhuunfaa Edominyaa damee warshaa Biiraa Baddallee waliin Afgaaffii gaafa 17/04/2005 gaggeeffame

¹⁹⁷Labsii 632/2001, akkuma lakk 48ffaa olii, kwt 22.

¹⁹⁸Birquu Hambisaa fi Masaay Abaataa ejansii dhunfaa Edominyaa dame Biiraa Baddaleetti hojjatoota eegumsaa waliin gaafa 17/04/2007

¹⁹⁹Shawaangizaaw Taddasaa Bulchiinsa Humna Namaa Warshaa Saamunaa Masfin Taaddasaa waliin gaafa 27/04/2007

²⁰⁰Yoonas Taaddasaa Bulchiinsa Humna Namaa Tajaajila Ibsa Itoophiyaa waliin gaafa 24/04/2007,

Qaamni hojjechiisu turtii yeroo hojii ilaachisee qajeeltoo seeraan taa'e akka hordofan yaada gorsitoota seeraan isaaniif kennamu akka hin fudhanne gorsitootni seeraa dhaabbilee hojjachisaa kanneen keessa hojjetan ni himu. Gorsitootni seeraa kunneenis yommuu falmiin uumamu dhimmi falmii sirrii ta'uu baatuus dantaa dhaabbaticha eegsisuuf waan qaxaramaniif haala dhaabbaticha fayyaduun akka falman yaada qaban ibsu. Fakkeenyaaf hojjetuun tokko waggaa kudhaniif waliigaltee ji'a sadii sadiin haaromuun hojii qulqulleessumaatiin tajaajilaa turtee dhuma irrattis waliigalteen ishee waan hin haaromneef hojii irraa gaafa gaggeefamtu seeran ala hojii irraa waan na gaggeessaniif jechuun himata isheen dhiyyeefatte, dhugaa isaa osoo beekani hojjetuu kontiraataati jechuun akka falman ibsaniiru ²⁰¹

Dhaabbileen tokko tokko omishni isaanii gabaa irratti barbaadamummaan qabu yommuu dabaluu hojjetaa dabalataa waliigaltee yeroo murtaa'aatiin qaxarani akka hojjechiisan himu. Waliigalteen kunis ji'a sadiif akka turuu fi ji'a sadaffaa irratti hojjetichi kan gaggeefamu ta'uu ibsu.²⁰² Ogeessotni waajjira DhHH to'annoo gaggeessanii fi falmiiwwan yeroo adda addaa isaan biratti dhiyaatu irraa hojjechiistonni hedduun faallaa labsii HH hojii itti fufiinsa qabu irratti hojjetaa yeroo muraasaaf ykn immoo waliigaltee yeroo yeroon haaromuun qacaruun rakkoo bal'inaan mul'atu ta'uu ibsu.²⁰³

Gaggeessitootni waldaa hojjetaas hojii itti fufiinsa qabu irratti hojjetaa waliigaltee yeroo murtaa'aatiin qacaruun bal'inaan akka jiru ni hubachiisu.²⁰⁴ Keessattuu qulqulleessitootni fi ergamtootni guyyoota kudha afur, kudha afuriin akka jijjiiraman bakki itti ta'u ni jira. Hojjetaan tokko dhaabbataa erga ta'e booda fayidaa dabalataa gaafachuu mala, yookin hojiirraa yoo gaggeeffame kanfaltiiwwan garagaraa hojjetaa dhaabbiitiin gaafataman akka hin gaafanne akkasumas hojjetaan tokko dhaabbataa erga ta'e booda hojii irratti dhibaa'ummaa agarsiisa ilaalchi jedhu rakkoo kanaaf madda akka ta'etti ka'a.²⁰⁵ Rakkoon kun hojjetoota akka waardiyyaa, qulqulleessitoota, konkolaachisaa, ogeessa fayyaa fi ogeessa seeraa irratti hedduminaan kan mul'atu dha.²⁰⁶

Turtii waliigaltee hojii irratti dhimmoonni wal nama falmisiisan tokko tokko akka isaan mudatan ogeessonni waajjira DhHH ni ibsu. Fakkeenyaaf dhaabbanni sanyii filatamaa Omishu tokko hojjetoota hojii qonnaatiif waliigaltee yeroo murtaa'aatiin yommuu qacaru, hojjetootni kanneen

²⁰¹ Amaaraa G/Igzaabeer gorsaa Seeraa Tajaajila Ibsaa Itoophiyaa Distiriiktii Kibba Dhihaa waliin gaafa 23/04/2007

²⁰² Taadlaa Nigaatuu Bulchiinsa Humna Namaa Warshaa Qorqoorroo Adaamaa waliin gaafa 13/05/2007,

²⁰³ Ayyalaa Damisee waltaasisaa, Ejansii dhimma hojjataa fi hawwasummaa Godina Jimmaa waliin gaafa 13/04/2007, Obbo Gosaa Warquu To'ataa Haala Hojii Ejansii Dhimma Hojjataa fi Hojjachiisaa Magaalaa Asallaa waliin gaafa 04/05/2007, Obbo Inaaw Daaljuu To'ataa Haala Hojii Ejansii Dhimma Hojjataa fi hawwasummaa Magaalaa Adaamaa waliin gaafa 08/05/2007, Adde Baatirii Bafiqaaduu, A/adeemsa Qunnamtii fi Nageenya Industirii Ejansii Dhimma Hojjataa fi hawwasummaa Magaalaa Wilisoo Waliin Gaafa 18/05/2007, Fu'aad Alamaayyoo, to'ataa haala hojii, Wa/Dh/Hojii fi Hawaasummaa Mag/Mojoo, Afgaaffii gaafa 14/5/07 taasifame.

²⁰⁴ Dassaaleny Moosisaa, Dursaa (B/B) Kutaa Seeraa Itiyooteleekoomii damee lixaa (Naqamtee), afgaaffii gaafa 27/4/2007

Kabbadaa Furgasaa, Dura taa'aa waldaa hojjetootaa Warshaa bishaan albuudaa Amboo, afgaaffii gaafa 20-4-2007 gaggeeffame

²⁰⁵ Fu'aad Alamaayyoo, to'ataa haala hojii, Wa/Dh/Hojii fi Hawaasummaa Mag/Mojoo, Afgaaffii gaafa 14/5/07 taasifame.

²⁰⁶ Bantii Badhaasaa, Dura taa'aa Waldaa Hojjetaa Humna Ibsaa Damee Naqamtee, Afgaaffii gaafa 27/4/2007 gaggeeffame. Maabrat Irranaa fi namoota lama Dura taa'ota Waldaa hojjatoota warshaa Biiraa Baddallee waliin gaafa 13/04/2007, Itti aanaa dura taa'aa fi barreessaa waldaa hojjetaa (maqaa isaani ibsu hin barbaadne) Kompleksii Zayita Nyaataa Addis-Mojoo, Afgaaffii gaafa 14/5/2007 gaggeeffame.

hojii qonnaa ji'oota haga sagalii tura erga hojjetaa turan booda hojichi waan addaan cituuf waliigalteen isaaniis addaan cita. Yeroo itti aanu hojjettootuma kanneentu deebi'ee qacarama. Hojjettootni kunnoones dhaabbatichi yeroo hin murtoofneef nu qacaru qaba jechuun waajjira DhHH'tti iyyataniiru. Dhaabbatichi immoo hojiin qonnaa hojjettootni kun hojjetan waqtii eegee kan dhufu waan ta'eef yeroo murtaa'eef qaxarra jechuun falmu. Waajjirichis hojjechiisaa fi hojjettoota kanneen yeroo wal taasisan dhimmichi falmisiisaa ta'us, amalli hojichaa yommuu ilaalamu hojii waqtii waqtiin dhufu waan ta'eef, dhaabbatichi hojjettoota kanneen yeroo hin murtoofneef qacaruuf akka hin dirqamne hubachiisuun akka waltaasisan ibsaniiru.²⁰⁷

Hojii itti fufiinsa qabu irratti hojjetaa waliigaltee yeroo yeroon haaromuun hojjechiisuun baay'inaan akka mul'atu Abbootiin seeraa dhaddacha falmii hojii irra hojjetan ni ibsu.²⁰⁸ Haala kanaan waliigaltee qacarrii dhaabbii osoo hin qabaatiin ji'a lama yookin sadiin waliigalteen isaanii haaromfamaa hojjettootni waggootii hedduu hojjiirra turan ni jiru.²⁰⁹ Fakkeenyaaf, dhaabbileen baruumsaa tokko tokko hojiin barsisummaa ji'a lamaaf kan addaan citu waan ta'eef, barsiisota waliigaltee ji'a kudhan kudhaniin haaromuun qacaru.²¹⁰

Akkaataa dhimmootni turtii yeroo waliin walqabatani ka'an itti keessummeeffaman irrattis garaagarumman abbootii seeraa gidduutti mul'ataa akka jiru yaadota ka'an irraa ni hubatama. Abbootiin seeraa tokko tokko waliigaltee hojii irratti turtiin waliigaltichaa akkaataa qajeeltoo seera jiruutiin faallaa ta'een hojii amala itti fufaa qabuuf waliigaltee yeroon daanga'e yoo mallatteeffame fudhatama dhabsiisuudhaan akka hojjetaa dhaabbataatti fudhachuun ni jira.²¹¹ Abbootiin seeraa tokko tokko immoo amalli hojichaa itti kan fufu ta'ullee hojjetaan waliigaltee barreeffamaa yeroon daanga'e mallatteessee qacameera yoo ta'e waliigaltichaan dirqamuun irra jiraata yaada jedhu qabu.²¹²

Qajeeltoo turtii waliigaltee hojii murteessuf seeraan kaa'ame hordofuun falmiilee dhiyaataniif fala kennuu irratti hubannoon abbootii seeraa bira jiru gad aanaa akka ta'ee fi murtiiwwan kennaman illee wal fakkeenya kan hin qabne ta'uu ni ka'a. Manneen murtii waliigaltee hojii qofa ilaaluun turtii yeroo hariiroo hojii murteessan bal'inaan akka jiran ibsama.²¹³

²⁰⁷Tashoomaa Ganamoo, Waltaasisaa fi Adde Gannata Dagaagaa A/adeemsa Ejansii Dhimma Hojjataa fi Hawwasummaa Godina Arsii waliin gaafa 04/05/2007

²⁰⁸Tasfaayee Murteessaa fi namoota lama A/seeraa Mana Murtii Aanaa Baddallee waliin gaafa 14/04/2007, Obbo Tashoomaa Alamuu fi namoota sadi A/seeraa Mana Murtii Olaanaa Godina Arsii waliin gaafa 06/05/2007, Obbo Alamaayyoo Hirphasaa fi Namoota Lama A/seeraa Mana Murtii Godina Shawaa Kibba Lixaa waliin gaafa 01/05/2007

²⁰⁹Eebbisaa Lamuu, Dura taa'aa Waldaa Hojjetaa Itiyooteloomii Damee Lixaa, afgaaffii gaafa 27/4/2007 gaggeeffame.

Bantii Badhaasaa, Dura taa'aa Waldaa Hojjetaa Humna Ibsaa Damee Naqamtee, Afgaaffii gaafa 27/4/2007 gaggeeffame.

Itti aanaa dura taa'aa fi barreessaa waldaa hojjetaa (maqaa isaanii ibsuu hin barbaadne) Kompleksii Zayita Nyaataa Addis-Mojoo, Afgaaffii gaafa 14/5/2007 gaggeeffame.

²¹⁰Gizaaw Baqqalaa fi Namoo Toogaa A/seeraa Mana Murtii Aanaa xiyyoo waliin gaafa 07/05/2007

²¹¹Raggaasaa Bayyanaa, Abbaa Seeraa, MMA Walmaraa, afgaaffii gaafa 23/4/2007 gaggeeffame. Obbo Tasfaayee Murteessaa fi namoota lama A/seeraa Mana Murtii Aanaa Baddallee waliin gaafa 14/04/2007 Obbo Gizaaw Baqqalaa fi Namoo Toogaa A/seeraa Mana Murtii Aanaa xiyyoo waliin gaafa 07/05/2007 Obbo Girmaa Abbabaa fi Namoota lama, A/seeraa Mana Murtii Aanaa Sabbataa Hawwaas waliin gaafa 16/05/2007

²¹²Tashoomaa Wayyeessaa, Abbaa seeraa MMA Amboo, afgaaffii gaafa 24/4/2007 gaggeeffame.

²¹³Af-gaaffii Obbo Asfawuu kaliilee ,abuukaattoo Dhuunfaa waliin guyyaa 21/04/2007 taasifame. Af-gaaffii Obbo Maqaasaa Taajjabaa,abuukaattoo dhuunfaa waliin guyyaa 21/04/2007 taasifame

Turtii yeroo qacarrii ilaalchisee dhaabbileen hojjechiisaa qajeeltoo seeraa eeguun hojjetaa qaxaranis ni jiru. Fakkeenyaaf dhaabbatni tokko hojjetoota 268 qabu keessaa hojjetootni 2 kan yeroo muraasaaf qaxaraman hojjetootni 3 kan hojii guyyaa hojjetani dha. Hojjetootni lamaan hojjetoota boqonnaa da'uumsaaf bahan bakka buusuuf yeroo murtaa'eef kan qaxaramani dha.²¹⁴

Akka waliigalaatti, haala faallaa seeraa ta'een dhaabbilee hedduu keessatti hojjetootni hojii amala itti fufaa qabu irratti waliigaltee yeroo murtaa'aatiin yookin waliigaltee yeroo yeroon haaromuun qacaramaa jiru. Kunis dhaabbileen tokko tokko humni dhiibbaa uumuu hojjetaa laafaa ta'uu hubachuun fayidaa inni yeroo hojii gadilakkisu argatu dhabsiisuuf kan raawwatan yoo ta'u, hanqinni hubannoo hojjetaa fi qaamolee mirga hojjetaa kabachiisuuf itti-gaafatamummaa qaban biru jirus rakkoon kun bal'inaan akka mul'atu sababa ta'eera.

3.3.4. Qacarrii yeroo yaalii

Dhaabbileen hojjechiisaa bu'uura labsichaatiin hojjetaa yeroo yaalii guyyaa 45'tiin ran akkuma jiran²¹⁵, dhaabbileen tokko tokko immoo yeroo qacarrii yaalii hanga seerri teechiseen olitti yeroo dheeressan darbee darbee ni mul'ata.²¹⁶ Waliigalteewwan tokko tokko qacarrii yeroo yaalii hanga ji'a sadiitti dheeressuu, galii yeroo dabalataa /overtime/ fi mindaa yeroo yaalii fi kanfaltii hojjetaa guyyaaf raawwatamu irraa taaksiin akka muramus ni tumu.²¹⁷ Rakkoon akka kanaa takka takka naamusa dhuunfaa gaggeessitoota dhaabbilee hojjechiisaa irraa kan maddu yeroo ta'u ni mul'ata. Fakkeenyaaf gaggeessaan bulchiinsa humna namaa warshaa tokkoo haala adda ta'een qacarrii yeroo yaalii isaa hojjetaa xumure tokko yeroo lammaffaadhaaf xalayaa qacarrii yaalii kenneefi waan tureef, hojjetaan sunis gaggeessaa waliigalaa warshichaatti iyyateera. Hooggansi olaanaa warshichaas gaggeessaa bulchiinsa humna namaa kana badii naamusaa raawwateera jechuun bakka isaa irraa kaasee, hojjetaa yeroo lammaffaaf qacarriin yeroo yaalii kennameef dhaabbataa taasiseera.²¹⁸ Waliigalteen yeroo yaalii baay'inaan barreefamaan taasifamaa akka hin jirree fi hojjechiisaan yeroo yaaliitti hojjetaa akka barbaade arii'uu akka danda'uutti hubachuunis ni mul'ata.²¹⁹ Turtiin yeroo yaalii guyyoonni 45 seeraan ta'e dhimmoota hedduu irratti gahaa yoo ta'u dhimmoota ogummaa teekinikaa barbaadan irratti garuu gahaa akka hin taane yaadni ni ka'a.²²⁰

²¹⁴Dastaa Kabbadaa, Bulchiinsa Humna Namaa Warshaa Biqila Asallaa waliin Gaafa 06/05/2007,

²¹⁵Maabrat Irranaa fi namoota lama Dura taa;ota Waldaa hojjatoota warshaa Biiraa Baddallee waliin gaafa 13/04/2007, Obbo Dastaa Kabbadaa, Bulchiinsa Humna Namaa Warshaa Biqila Asallaa waliin Gaafa 06/05/2007

²¹⁶Mitikkuu Sobboqaa, Abbaa Seeraa MMA Amboo (B/B Pirezdaantii), afgaaffii gaafa 24/4/2007 gaggeeffame.

Gaarradoo Taaffasaa, Abbaa Seeraa MMA Walmaraa, afgaaffii gaafa 23/4/2007 gaggeeffame.

Yooseef, Pirezdaantii MMA Adaamaa, Afgaaffii gaafa 10/4/2007 gaggeeffame.

Sibbiruu Caalchisaa

Saamu'el ,Abuukaattoo dhuunfaa,waliin Af-gaaffii guyyaa 09/04/2007 taasifame.

²¹⁷Marsuu Abdiisaa, to'ataa haala hojii Waajjjira dhimma hojjetaa fi hawaasummaa Bu/Ma/Hoolataa, afgaaffii gaafa 21/4/2007 gaggeeffame.

²¹⁸Biqilaa Maangashaa, akkuma lakk 117ffaa olii.

²¹⁹Dhugumaa Naadoo fi Namoota Lama, A/seeraa Mana Murtii Godina Addaa Naannoo Finfinnee waliin gaafa 14/05/2007

²²⁰Afaworq W/gabreel, akkuma lakk 97ffaa olii.

Hojjettooota yeroo yaaliitiin qacaruudhaan hojjetaa hir'isuu /reduction of workers/ bifa fakkaatuun gaggeessuun ni jira. Fakkeenyaaf dhaabbatni tokko guyyaan 45 osoo hin darbiin hojjettota 120 yeroo tokkotti gaggeesseera. Dhimma kan irratti seerri jirus ifa miti ogeessotni jedhan jiru.²²¹ Waliigalteewwan gamtaa dhaabbilee tokko tokko keessatti, hojjetaan yaalii irra jiru mirgaa fi dirqama hojjetaan dhaabbataan qabu ni qabaata. Kana malees, sababa dhaabbatichi hojjetaan kun hojii isaa akka jalqabu hin taasisiniin yeroon yaalii gubate yeroo yaaliidhaaf daangeffame keessatti akka lakkaa'amus ni kaa'u.²²²

Hojjetaan konkolaachisaa ta'e tokko yeroo yaaliitiif qacaramee osoo hojjetaa jiruu hojjechiisaa isaa waliin '*baasii konkolaataan kee na baasise naa kanfali*' sababa jedhuun walitti bu'aniiru. Hojjetaan kunis kanfaltii jedhu kana akka kanfalchiisuuf hojjechiisaa isaa mana murtiitti himateera. Himannaa isaa keessattis hojjechiisaan yoo waliigaltee kiyya kan addaan kutu ta'e mindaa fi kanfaltii gara garaa akka naa kanfalu jechuun gaafateera. Manni murtiis mindaan hojjetichaa akka kanfalamu murteessuudhaan yeroon yaalii osoo hin xumuramiin kanfaltiin biraa gaafatame kufaa dha jechuun galmee cufeera. Ergasii hojjechiisaan xalayaa waliigaltee hojii addaan kutuu ibsu hojjetaaf guyyaa qacarrii irraa guyyaa 43ffaa irratti kan barreeffame kenneera. Hojjetaanis xalayaan kun duubatti deebi'ee barreeffameeti malee ani guyyaan qacarama irraa hanga guyyaa 48ffaatti xalayaan kun na hin geenye; ani hanga guyyaa 48ffaatti hojiirran ture waan ta'eef hojjechiisaan seeraan ala waliigaltee kiyya addaan kute jechuun himannaa isaa lammaffaa dhiyyeeffate. Himatamaanis mormii sadarkaa duraa waan kaaseef, manni murtiis dhimma murtii argatedha akkasumas dhaabbatni hojjechiisaa hojjetaa kanaaf guyyaa 43ffaa irratti qacarrii yaalii isaa addaan kutuu ragaan barreeffamaa ni ibsa jechuun cufeera.²²³ Dhimma kana irraa kan hubatamu, manni murtichaa waliigalteen yaalii yeroo seerri teechise keessatti cituu isaa ragaa barreeffamaa malee ragaa namaatiin mirkaneessuu hin yaalle. Ragaan barreeffamaa qacarrii yeroo yaalii addaan kutuuf kennamu hojjechiisaadhaan waan ta'eef, akkuma hojjetaan kun falmii isaa keessatti kaase dogongorsiisaa ta'uu waan danda'uuf ragaa namaa bitaa fi mirgaatiin dabalataan qulqulleessuun barbaachisaa dha.

3.4. Dirqamoota Hojjechiisaa Muraasa: Kabaja namummaa hojjetaa eeguu, hojii fi meeshaa hojii dhiyeessuu, mindaa kanfaluu fi sartiifikeetii muuxannoo hojii kennuu

Dirqamoota labsiin HH hojjechiistota irra kaa'e keessaa tokko kabaja namummaa hojjetaa eeguu dha. Hojjechiisaan dirqama kana hin bahatiin yoo hafe hojjetaan waliigaltee hojii beeksisa malee addaan kutuuf labsichi ni hayyamaaf. Kana malees, labsichi hojjetaan yeroo yaalii isaa xumure sababa kabajni namummaa isaa hin kabajanneef waliigaltee isaa addaan yoo kute kanfaltiin hojiirraa gaggeessaa raawwatamuufi akka qabu ni kaa'a.²²⁴ Haa ta'u malee, hojjetaan sun kabajni namoomaa isaa tuqamullee, waliigaltee hojii addaan hin kutne beenyaa akka argatu, yookin

²²¹Marsuu Abdiisaa, akkuma lakk 98ffaa olii.

²²²Waliigaltee gamtaa warshaa sukkaara Matahaaraa, *kwt 9*

²²³Getaachoo Dhaabaa Vs Waldaa Aksiyoona Geejjiba Nooh, MMA Adaamaa, Lakk G 79035

²²⁴Labsii HH, akkuma lakk 12ffaa olii, 32/1/a/, 39/1/d/.

hojjechiisaan gochaa akka kanaa isarratti raawwachu akka dhaabu hojii osoo hin gadhiisiin mirga isaa haala ittiin kabajchiifachuu danda’u argachuu danda’u labsichi furmaata teechisne.

Dirqamni hojjechiisaa inni biraa hojjetaadhaaf hojii kennuu dha. Hojiin hojjechiisaan hojjetaadhaaf kennuuf dirqamu kunis hojii waliigaltee hojii isaanii keessa jiru ta’uu qaba. Hojjechiisaan hojjetaaf hojii kennuu qofa osoo hin taane hojicha raawwachuuf kan dandeessisan meeshaalee barbaachisoo fi meeshaalee dheedhii galtee ta’anis dhiyeessuuf dirqama qaba.²²⁵ Kana malees, tumaa labsichaa kwt 13/1/ irraa akka hubatamutti, hojjechiisaan waliigaltee hojii fi qajeelfamoota biroo jiran bu’uureffachuun akkaataa hojichi hojjetaadhaan itti raawwatamuu qabu ajaja kennuu danda’a. Hoojetaanis hojii kennamuuf ofii isaa (in person) raawwachuudhaaf, akaataa hojii isaa itti raawwatu ajaja /qajeelfama/ hojjechiisaa irraa kennamuuf fudhachuudhaaf, meeshaalee hojii ittiin raawwatu ofeeggannoon qabachuudhaaf dirqama qaba.²²⁶

Labsii HH kwt 12/2// jalatti akka teechifame hojii hojjetan hojjetuuf mindaa fi kanfaltiiwwan biroo akkaataa waliigaltee gamtaatiin yookin labsii HH keessatti teechifameen kanfaluunis dirqamoota hojjechiisaa keessaa isa tokko dha. Waliigalteen addaa yoo jiraateen alatti, mindaa fi kanfaltiiwwan biroo hojjetaaf kan raawwataman maallaqaan, guyyaa hojiirra bakka hojiitti ta’a. Kanamalees, waliigaltee gamtaa, qajeelfama hojii, waliigaltee hojii keessatti yoo haammatameen alatti yookin barreeffamaan hojjetaan yoo irratti waliigale yookin mana murtiitiin yoo ajajame malee mindaa hojjetaa muruun, idaadhaan qabuun yookin idaa isarra jiruun waldandeessisuun (setoff) hin danda’amu.²²⁷ Hojjechiisaan irra deddeebiin dirqama isaa kana bahuu yoo dadhabe hojjetaan waliigaltee hojii beeksisa malee addaan kutuu danda’a.²²⁸ Dirqamni labsichaan kwt 12/7/ jalatti hojjechiisaarra teechifame inni biraa waraqaa ragaa muuxannoo hojii hojjetaaf kennuu dha. Hojjetaan yeroo hojii gadi lakkisu yookin yeroo barbaade kamiyyuu waraqaa muuxannoo hojii: bara tajaajilaa, gosa hojii fi kanfaltii argachaa ture agarsiisu kanfaltii malee argachuuf mirga qaba.

Itti aansuun hanqinoolee fi sochiiwwan mirgoota hojjetaa kanneen kabajuu fi kabachiisuun walqabatani dhaabbilee naannoo keenyaa keessatti mul’atan daataa mala gara garaatiin argame irraa ilaalla.

Gaaffii ‘hojjechiistotni kabaja namummaa keessan haala eeguun isin keessummeessuu?’ jedhamee bargaaffiidhaan hojjetootni akka guutan taasifamee, hojjetootni 47 (%53) eeyyee jedhaniiru. Hojjetootni 35 (%39) immoo lakki jedhaniiru. Kanneen hafan immoo yaada kennuu irraa ofqusataniiru. Daataan kun kan agarsiisu kabajni namummaa hojjetoota hedduu hojjechiistota isaaniitiin kan sarbamu akka ta’e dha. Daataan afgaaffii irraa argames kanuma deeggaruudhaan dhaabbilee hojjechiisaa tokko tokko keessatti kabaja namummaa hojjetaa

²²⁵Labsii HH, akkuma lakk 12ffaa olii, kwt 12(1).

²²⁶Labsii HH, akkuma lakk 12ffaa olii, kwt 13(1),(2) fi (3).

²²⁷Labsii HH, akkuma lakk 12ffaa olii, kwt 55-59

²²⁸Labsii HH, akkuma lakk 12ffaa olii, 32/1/c/.

eeguudhaan walqabatee hanqinaaleen akka mul'atan teechiseera. Rakkoolee mul'atan keessaa hojjetaa ifachuu fi arrabsuun kanneen caqasamani dha.²²⁹ Hojjetaa gad qabani ija tuffiin ilaaluunis ni jira.²³⁰ Kabajama mirga hojjetaa mirkaneessuu keessatti maamilootni dhaabbata hojjechiisaa gahee cimaa taphatanis ni jiru. Fakkeenyaaf, warshaan huccuu tokko oomisha isaa kan dhiyeessu dhaabbata biyya alaatti argamu tokkoofi dha. Maamilli warshichaa kun haala warshichi mirga hojjetootaa itti kabaju yeroo yeroodhaan sakatta'iinsa (social audit) ni taasisa. Haalli warshichi hojjetaa ittiin qabatu gaarii yoo hin taane maamilummaa isaa kan addaan kutu waan ta'eef, mirgi namoomaa hojjetaa akka kabajamu gahee olaanaa kan taphatu dha.²³¹ Dhaabbileen hojjechiisaa tokko tokko garuu waliigalteewwan gamtaa waldaa hojjetootaa isaanii waliin mallatteessan keessattillee hojjechiisaan mirga namoomaa hojjetootaa kabajuu akka qabu haammachiisaniiru.²³²

Mindaa kanfaluudhaan walqabatees dhaabbilee hojjechiisaa bira hanqinaaleen ni jiru. Hojjetoota 89 bargaaffii guutan keessaa gaaffii 'haalli mindaa isinii kanfalaamu irratti rakkoon isin quunnamee beekaa?' jedhuuf hojjetootni 27 (%30) eeyyee yoo jedhan 55 (%62) immoo lakki jedhaniiru. Kanneen hafan gaafficha hin deebisne. Hojjetoota bargaafficha guutan kanneen keessaa 24 (%27) kan ta'an rakkoon 'mindaa hojjetaa ajaja mana murtii ykn qaama aangoo qabu malee dhorkuu ykn kutuu' jiraachuu kan amanani dha. Kunis hojjetootni muraasa hin jedhamne haala kanfaltii mindaa irratti hanqinni hojjechiisaa bira akka jiru kan amanan ta'uu kan agarsiisu dha. Haala walfakkaataadhaan daataan afgaaffii irraa argames akka agarsiisutti, dhaabbileen hojjechiisaa mindaa hojjetaa yeroodhaan sirnaan kanfalan kan jiran yoo ta'ellee,²³³ dhaabbilee tokko tokko keessatti garuu harcaatiin gara garaa yeroo uumamu ni mul'ata. Fakkeenyaaf, dhaabbileen mindaa hojjetaa baatii 10'iif osoo hin kanfaliin turanirree ni quunnamu.²³⁴ Dhaabbileen hojjechiisaa tokko tokko hojjetoota isaaniif mindaa isaanii osoo hin kanfaliin turuun hojjetootni 120 ol ta'an hojii dhiisuun mooraa mana murtii keessatti walitti qabamuun komii isaanii yeroo mana murtiif dhiyeeffachuuf walitti qabaman ni mul'ata. Isaan keessaa maallaqa waan dhabaniif guyyaa lamaa fi sadiif nyaata akka hin nyaatne hojjetootni ibsanii fi hojjetaan mooraa mana murtii keessatti xanneen dhahee gaggabullee quunnameera.²³⁵ Dhaabbilee hojjechiisaa tokko tokko keessatti immoo hojjetootni kutaa bittaa keessa hojjetan maallaqa ykn meeshaa bitame gali hanga godhanitti mindaan isaanii qabamee yeroon turu ni jira.²³⁶

²²⁹Taammiraat Tasfaayee, Dura taa'aa Waldaa Hojjetootaa, dhaabbata oomisha abaaboo Hoolataa Roozis, afgaaffii gaafa 21/4/2007 gaggeeffame.

²³⁰Nabiyyuu Balaay, Abuukaattoo dhuunfaa waliin afgaaffii guyyaa 08/04/2007 taasifame. Habii Huseen, Abbaa Seeraa Mana Murtii aanaa Adaamii Tulluu waliin afgaaffii guyyaa 15/04/2007 taasifame.

²³¹Abarraa Kabbadaa Bulchiinsa humna namaa Warshaa Huccuu Ayikaa Addis waliin gaafa 20/05/2007,

²³²Walta'iinsa gamtaa Warshaa Sukkaara Matahaaraa, kwt 12.

²³³Maabrat Irranaa fi namoota lama Dura taa'ota Waldaa hojjatoota warshaa Biiraa Baddallee waliin gaafa 13/04/2007

Afaworq W/gabreel, akkuma lakk 97ffaa olii.

²³⁴Gulummaa Guutuu fi Atoomsaa Birruu Vs Saalem Jiddu-galeessa leenjii fi of-gargaarsa dubartootaa, MMA Amboo, Lakk G 38214.

²³⁵Raggaasaa Bayyanaa, akkuma lakk 211ffaa olii.

²³⁶Dastaa Kabbadaa, Bulchiinsa Humna Namaa Warshaa Biqila Asallaa waliin Gaafa 06/05/2007,

Dhaabbileen hojjechiisaa waliigalteewwan gamtaa waldaa hojjetaa waliin mallatteessan keessatti yeroo mindaan itti kanfalamuu fi haala mindaan itti citu yokin qabamu ibsan ni jiru. Waliigalteewwan gamtaa kunis hojjechiisaan mindaa hojjetaa kutuu kan danda'u hojjetaan yeroo mindaan kanfalamu darbaadhaan mallaqni kaffalameef yoo jiraate, hojjetaan maallaqa hojiidhaaf ba'e osoo hin debisiin yoo hafe, qabeenya hir'isuun isaa ragaadhaan yoo mirkanaa'e qofa akka ta'e ni teechisu. Akka waliigalteewwan gamtaa kanaatti dhaabbatni hojjechiisaa mindaa ji'aa hojjetaa irraa hir'isuu kan danda'u harka sadi keessaa tokko kan hin caalle ta'uu akka qabu ni teechisu.²³⁷

Meeshaa hojjetaan ittiin hojjetuu fi nageenyummaa isaa bakka hojiitti ittiin eegu dhiyeessuun walqabatee gaaffii hojjetootni 89 barreeffamaan akka guutan ta'ee hojjetootni 51(%57) rakkoon gama kanaan hin jiru yoo jedhan hojjetootni 33 (%37) hanqinni meeshaalee kanneen dhiyeessuu ni jira jedhaniiru. Kanneen hafan yaada kennuurraa ofqusataniiru. Kunis kan agarsiisu yoo xiqqaate hojjetaa 3 keessaa 1 meeshaaleen kunneen osoo hin guutamiifin akka hojjetu taasifamaa akka jiru dha. Daataan afgaaffiis dhaabbileen hojjechiisaa dirqama meeshaa hojjetaan ittiin hojjetu dhiyeessuuf qabu bahatan kan jiran ta'ullee,²³⁸ dhaabbileen hedduun miidhaa hojiirratti hojjetaa irra gahu hambisuuf meeshaalee nageenyaa fi fayyummaa iddoo hojiitiif oolan hojjetaaf dhiyeessuu irratti harcaatiin bal'inaan jiraachuu kan agarsiisu dha.²³⁹ Sartifikeetii muuxannoo hojiitiin walqabatees, ragaa hojjetaa kennuun dirqama hojjechiisaa akka ta'e waliigalteewwan gamtaa agarsiisan ni jiru.²⁴⁰ Qabatamni jiru dhaabbilee hojjechiisaa tokko tokko keessatti hojjetaan yeroo barbaade ragaa isaa fudhachuu kan danda'u yoo ta'u,²⁴¹ dhaabbilee kaan keessatti garuu muuxannoon hojii hojjetaaf kan kennamu yeroo hojii gadi-dhiisuudhaaf barbaaduu isaa ibse qofaa dha.²⁴² Dhimmi inni biraa illaallamuu qabu, gaaffiin hojjetaan waraqaa ragaa muuxannoo hojii argachuuf dhiyeessu yeroo hammamii keessatti daanga'a kan jedhu dha. Dhimma qabatamaa tokko keessatti hojjetaan tokko muuxannoo hojii kiyaa fi kanfaltii gara garaa naaf haa raawwatu jedhee hojjechiisaa isaa kan himate yoo ta'u, hojjechiisaanis hojjetaan kun gaggeeffamee himannichi baatii 11 booda waan dhiyaateef darbiinsa yerootiin kufaa ta'uu qaba jechuun mormii sadarkaa duraa kaaseera. Manni murtiis gaaffii hojjetaa mormii sadarkaa duraatiin kufaa taasiseera.²⁴³ Manni murtichaa gaaffii hojjetaan kun kanfaltiiwwan gara garaa dhiyeeffate waliin gaaffii waraqaa ragaa muuxannoo hojii isaa ilaalchisee dhiyeesse baatii 6 keessatti kan daanga'u dha jechuun murteessuun isaa sirrii miti. Gaaffiin hojjetaa kun bu'uura labsii HH kwt 162/1/' tiin yeroo hojjetaan kun gaggeeffame irraa eegalee hanga waggaa tokkootti dhiyaachuu kan danda'u akka ta'e kan hubatamu dha.

²³⁷Waliigaltee gamtaa Warshaa Sukkaara Matahaaraa, kwt 14/11/

²³⁸Maabrat Irranaa fi namoota lama Dura taa;ota Waldaa hojjatoota warshaa Biiraa Baddallee waliin gaafa 13/04/2007

²³⁹Fu'aad Alamaayyoo, to'ataa haala hojii, Wa/Dh/Hojii fi Hawaasummaa Mag/Mojoo, Afgaaffii gaafa 14/5/07 taasifame. Maammush Taaddee, Barreessaa Waldaa Hojjetootaa, Warshaa Gogaa Mojoo, afgaaffii gaafa 14/5/2007 gaggeeffame. Yaabbirawu Ayaalqee, I/A/Dura-taa'aa Waldaa hojjetaa Warshaa Gogaa Mojoo, afgaaffii 14/5/2007.

²⁴⁰Walta'iinsa gamtaa Warshaa Sukkaara Matahaaraa, kwt 12

²⁴¹Maabrat Irranaa fi namoota lama Dura taa;ota Waldaa hojjatoota warshaa Biiraa Baddallee waliin gaafa 13/04/2007

²⁴²Maammush Taaddee, Barreessaa Waldaa Hojjetootaa, Warshaa Gogaa Mojoo, afgaaffii gaafa 14/5/2007 gaggeeffame.

²⁴³Yohanis G/Tsedik Vs Baankii Intarnaashinaalii Birhan, himannaa gaafa 15/2/2007 MMA Adaamaatti dhiyaate.

3.5. Sirnabadiin naamusaa itti qulqullaa'uu fi adabbiin itti kennamu

Dhaabbileen hojjechiisaa muraasni koree naamusaa miseensotni isaa bakka bu'oota hojjettootaa fi hojjechiisaa keessaa walitti dhufan hundeessanii qabu.²⁴⁴ Dhimmi badii naamusaas kan qulqullaa'u akkaataa waliigaltee gamtaa keessatti haammatameen ta'ee,²⁴⁵ haalli adeemsa isaas; hojjetaan badii naamusaatiin yoo shakkame hoogganaan dhiyoo himata isaa ragaa waliin qindeessuun bulchiinsa humnaa namaatiif dhiyeessa. Bulchiinsi humna namaa immoo koree naamusaatti dabarsuun dhimmichi akka qulqullaa'u taasisa. Korichis dhimma isaa erga qulqulleesseen booda murtii sagalee caalmaan ni dabarsa. Murtichis itti gaafatamaadhaan mirkanaa'ee hojii irra akka oolu ta'a.²⁴⁶ Haa ta'u malee, akkaataan badiin naamusaa koreewwan naamusaa tokko tokko keessatti itti qulqullaa'uu fi haalli tarkaanfiin itti fudhatamu bu'uura sirna diriirsanii qabaniitiin yeroo hin taane ni mul'ata. Fakkeenyaaf, dhaabbata hojjechiisaa sirna kana diriirsee qabu keessatti hojjettootni adeemsa armaan olitti teechiefameen koree naamusaaf dhiyaatee osoo hin ilaalamiin akka hojji irraa gaggeefaman ta'eera.²⁴⁷

Dhaabbileen hojjechiisaa tokko tokko koree badii naamusaa qulqulleessuun tarkaanfii fudhatu hundeessanii hin qabani.²⁴⁸ Dhaabbilee hojjechiisaa koree kana hin qabne tokko tokko keessatti dhimmoota sasalphaa ta'an irratti badii naamusaa qulqulleessuun tarkaanfii kan fudhatu itti-gaafatamaa kutaa hojii /department/ tokkoo yookin suupparvaayzara dha. Dhimmichi badii cimaa yoo ta'e garuu jalqaba ilaalee tarkaanfii naamusaa kanneen akka hojiirraa dhaabuu fi mindaan adabuu kan fudhatu bulchiinsa humna namaati.²⁴⁹

Dhaabbilee tokko tokko keessatti immoo dhimmoota mindaan adabsiisan ilaalchisee qaamni dhimmicha qulqulleessee tarkaanfii fudhatu hoogganaa dhiyooti. Fakkeenyaaf hojjettoota guyyaa irratti tarkaanfii kan fudhatu foormaani ta'uu danda'a. Tarkaanfiin qaama kanaan fudhatamus to'ataa (Supparvaayzaraaf) dhiyaatee mirkanaa'uu qaba. Dhimmoota badii cimaa ta'an kan qulqulleessuu fi murteessu Manaajimmentii dhaabbatichaati.²⁵⁰ Dhaabbilee kaan keessatti

²⁴⁴ Anteeneh Zeerihuun, hojii gaggeessaa dhaabbata Xiqur abbay dame Adaamaa waliin afgaaffii guyyaa 12/05/2007 taasifame.

²⁴⁵ Maabrat Irranaa fi namoota lama Dura taa'ota Waldaa hojjatoota warshaa Biiraa Baddallee waliin gaafa 13/04/2007

²⁴⁶ Birituu Dastaa walitti qabduu fi Obbo Yaareed Charuu barreessaa Waldaa Hojjatoota Tajaajila Ibsaa Itoophiyaa distiriiktii Kibba Dhiyaa waliin gaafa 23/04/2007

²⁴⁷ Yoonaas Kabbadaa walitti qabaa Waldaa Hojjatoota Warshaa Huccuu Ayikaa Addis waliin gaafa 16/05/2007

²⁴⁸ Marsuu Abdiisaa, to'ataa haala hojii Waajjira dhimma hojjetaa fi hawaasummaa Bu/Ma/Hoolataa, afgaaffii gaafa 21/4/2007 gaggeeffame.

Shifarraa Abarraa, Waltaasisaa Ejansii Dhimma Hojjataa Fi Hawwasummaa Magaalaa Sabbataa waliin gaafa 15/05/2007 taasifame. Simee Tafarraa, Ogeessa Seeraa Warshaa Simmintoo Absiniyaa, waliin guyyaa 10/06/2007 taasifame.

Af-gaaffii Obbo Saamu'el,abuukaattoo dhuunfaa waliin guyyaa 09/04/2007 taasifame. Taadlaa Nigaatuu Bulchiinsa Humna Namaa Warshaa Qorqoorroo Adaamaa waliin gaafa 13/05/2007,

²⁴⁹ Biqilaa Maangashaa, akkuma lakk 117ffaa olii.

Kabbadaa Furgaasaa, Dura taa'aa waldaa hojjettootaa Warshaa bishaan albuudaa Amboo, afgaaffii gaafa 20-4-2007 gaggeeffame

²⁵⁰ Eliyaas Amaaraa, Ittigaafatamaa kutaa hariiroo hojjetaa Warshaa Sukkaaraa Matahaaraa, 20/05/2007.

Asras W/Sanbet, I/A/Dura taa'aa waldaa hojjetaa warshaa sukkaara matahaaraa, afgaaffii gaafa 20/05/2007 gaggeeffame.

Indaashaw Dassaaleny, Gaggeessaa Oomishaa (Production Manager), Dhaabbata Oomisha Abaaboo Hoolataa Roozis, afgaaffii gaafa 21/04/2007 gaggeeffame

Taammiraat Tasfaayee, Dura taa'aa Waldaa Hojjettootaa, dhaabbata oomisha abaaboo Hoolataa Roozis, afgaaffii gaafa 21/4/2007 gaggeeffame

immoo badii naamusaa hojjetaa qulqulleessee tarkaanfii bifa kamiyyuu kan fudhatu gaggeessaa waliigalaa qofa yeroon ta'u ni jira.²⁵¹

Sirna tarkaanfiin naamusaa ittiin fudhatamuun walqabatee rakkoon jiru inni tokko sirna dhagaha komiiti. Dhaabbilee hojjechiisaa koree naamusaa qaban keessatti hojjetaan murtii korichaa irratti komii qabu kan oliyyatu gaggeessaa /manager/ dhaabbatichaaf yoo ta'u,²⁵² dhaabbilee gaggeessaan dhiyoo fi bulchiinsi humna namaa tarkaanfii akka fudhatan aangessan keessatti hojjetaan komii yoo qabaate manaajimentii dhaabbatichaaf dhiyeeffata.²⁵³ Tarkaanfiiwwan hoogganaa dhiyootiin yeroo fudhataman hojjetaan komii qabu gara hoogganaa dhiyoo sadarkaa itti aanutti jirutti akkasumas hanga gaggeessaa waliigalaa dhaabbatichaa (general manager) fi waajjira muummichaatti deemuun haala hojjetaan itti iyyatu dhaabbileen taasisanis ni jiru.²⁵⁴ Yeroo tokko tokkos tarkaanfii manaajarri damee tokkoo fudhatu irratti hojjetaan mufii qabu komii isaa kan dhiyeeffatu koree naamusaa sadarkaa rijiniitti hundaa'u irratti yeroon ta'u ni jira. Fakkeenyaaf hojjetaan humna ibsaa damee Naqamtee irratti manaajara isaatiin tarkaanfiin naamusaa irratti fudhatame koree naamusaa rijinii lixaa Magaalaa Jimmaa jirutti komii isaa dhiyeeffata jechuu dha.²⁵⁵ Kana wajjin walqabatee rakkoon jiru inni biraa, waliigaltee gamtaa dhaabbile tokko tokko keessatti hojjetaan komii qabu yeroo komiin sun itti uumame irraa jalqabee guyyaa muraasa keessatti komii dhiyeeffachuu akka qabu haammatamuun isaa hojjetaan mirga kana akka itti hin fayyadamne gufuu ta'uu danda'a.²⁵⁶

Dhaabbata hojjechiisaa tokko tokko keessatti immoo koreen naamusaa kan hundaa'u badii naamusaa sadarkaa duraatiin simatee murteessuuf osoo hin taane, tarkaanfii naamusaa hoogantoota sadarka gara garaatiin fudhatamu irratti komii dhiyaatu dhaggeeffachuudhaafi. Koreen kunis hojjechiisaa fi waldaa hojjetaa irraa namoota bakka buufaman kan qabu dha.²⁵⁷ Dhaabbilee tokko tokko keessattimmoo tarkaanfiin naamusaa hojjetaarratti yeroo fudhatamu hojjetaan sun komii yoo qabaate komii isaa kallattiin waldaa hojjetaaf dhiyeeffata. Waldaan

²⁵¹Yaabbirawu Ayaalqee, I/A/Dura-taa'aa Waldaa hojjetaa Warshaa Gogaa Mojoo, afgaaffii 14/5/2007.

Obbo Birquu Hambisaa fi Masaay Abaataa ejansii dhunfaa Edominyaa dame Biiraa Baddaleetti hojjatoota eegumsaa waliin gaafa 17/04/2007

Obbo balaay daamxee fi Adde Faantuu warshaa Qorqoorroo Adaamaatti hojjatoota eegumsaa waliin afgaaffii gaafa 13/05/2007 taasifame.

²⁵²Dassaaleny Moosisaa, Dursaa (B/B) Kutaa Seeraa Itiyootelkoomii damee lixaa (Naqamtee), afgaaffii gaafa 27/4/2007

²⁵³Biqilaa Maangashaa, akkuma lakk 117ffaa olii.

Kabbadaa Furgaasaa, Dura taa'aa waldaa hojjetootaa Warshaa bishaan albuudaa Amboo, afgaaffii gaafa 20-4-2007 gaggeeffame

²⁵⁴Eliyaas Amaaraa, Ittigaafatamaa kutaa hariiroo hojjetaa Warshaa Sukkaaraa Matahaaraa, 20/05/2007.

Asras W/Sanbet, I/A/Dura taa'aa waldaa hojjetaa warshaa sukkaara matahaaraa, afgaaffii gaafa 20/05/2007 gaggeeffame.

Shiferaw Balda, Daayrektra Oppireeshinii Kompleksii Zayita Nyaataa Addis-Mojoo, Afgaaffii gaafa 13/5/2007 gaggeeffame.

²⁵⁵Bantii Badhaasaa, Dura taa'aa Waldaa Hojjetaa Humna Ibsaa Damee Naqamtee, Afgaaffii gaafa 27/4/2007 gaggeeffame.

²⁵⁶Walta'iinsa gamtaa Warshaa Sukkaara Matahaaraa, kwt 92

Maabrat Irranaa fi namoota lama Dura taa'ota Waldaa hojjatoota warshaa Biiraa Baddallee waliin gaafa 13/04/2007, Obbo Afaworq W/gabreel, bulchiinsa human namaa Warshaa Biiraa baddallee waliin Afgaaffii gaafa 16/04/2007 taasifame

²⁵⁷Aluulaa, Ogeessa Seeraa Warshaa Sukkaaraa Matahaaraa, Afgaaffii gaafa 19/5/2007 gaggeeffame.

Malakkuu Takkaa Barreessaa Waldaa Hojjatootaa Warshaa Biqila Asallaa waliin gaafa 05/05/2007,

Dastaa Kabbadaa, Bulchiinsa Humna Namaa Warshaa Biqila Asallaa waliin Gaafa 06/05/2007,

hojjetaa manaajimentii waliin dubbatee yoo furmaata argachuu dadhabe gara waajjira DHH deemuun furmaata haalli itti argatu ni jira.²⁵⁸

Tarkaanfii naamusaatiin walqabatee qabxiin ilaalamuu qabu inni kan biraa gosaa fi haqa-qabeessummaa adabbii naamusaa fudhatamuuti.²⁵⁹ Dhaabbileen hojjechiisaa tokko tokko badii naamusaa hojjetaan raawwatuuf tarkaanfii walhin gitne fudhatu. Fakkeenyaaf hojjetaa guyyaa 2 hafe mindaa isaa %10 kutuun dhaabbileen adaban ni mul'atu. Ta'us, hojjetichi dhimmicha gara mana murtiitti waan fudhateef, manni murtii adabbichi sirrii akka hin taanee eeruun irraa kaaseera.²⁶⁰ Waliigaltee gamtaa isaanii keessatti gosa tarkaanfii yookin adabbii naamusaa tokkoon tokkoon badii hojjetaatiif fudhatamu dhaabbileen adda baasanii kaa'uuf yaalanis ni jiru.²⁶¹ Tarkaanfii dhaabbilee hojjechiisaa adda addaatiin fudhatamu jidduus garaagarummaan jiru bal'aa dha. Fakkeenyaaf, sababa gahaa hin taaneen yeroo dabarsanii hojii seenuu ilaalchisee walta'iinsi gamtaa tokko tokko guyyaa tokko nama barfateef akeekkachiisa yookin of-eeggannoo afaanii yoo teechisan²⁶², kanneen biroo immoo ofeeggannoo barreeffamaa teechisu.²⁶³ Hayyama malee hojii keessaa hafuu ilaalchisees dhaabbilee tokko tokko keessatti hojjetaa guyyaa tokko hafeef adabni mindaa teechifamu mindaa walakkaa guyyaa yoo ta'u²⁶⁴, kaan keessatti immoo mindaan guyyaa sadii akka citu waliigalteen gamtaa isaanii ni teechisa.²⁶⁵

Waliigalteen gamtaa dhaabbilee hojjechiisaa tokko tokkoo yeroo ilaalamu gochaawwan tokko tokkoof adabbiin yookin tarkaanfiin teechisu kan seera hojjetaa fi hojjechiisaatiin teechifamanirra mirga hojjetaa kan dhiphisan jiraachuu ni hubatama. Fakkeenyaaf, waliigalteen gamtaa dhaabbata tokkoo balleessaawwan akeekkachiisa malee hojiirraa gaggeessisan jechuun kanneen adda baase keessaa: qabeenya dhaabbatichaa akkaataa ta'uun irra jiruu alatti itti fayyadamuu yookin miidhaa irra qaqqabsiisuu, bakka hojii irratti gochaa lubbuu fi qabeenya balaa irra buusu, gochaa gowwoomsaa sanadaa fi malaammaltummaa raawwachuu, yeroo ji'a ja'a caaluuf murtiin hidhaa isaa irratti murteeffamee hojii keessaa yoo hafe yookin sababa gahaa malee waggaa tokko keessatti guyyoota hojii 30f yookin ji'a tokko keessatti guyyoota hojii kudhaniif yookin walitti aansuudhaan guyyoota hojii shaniif yookin akeekkachiisni barreeffamaa kennameefi yeroo afurii ol bakka hojii keessaa baduu kanneen jedhan adda duraan ni caqasamu.²⁶⁶ Fakeenyaaf tumaa waliigaltee gamtaa kana keessaa 'qabeenya dhaabbatichaa

²⁵⁸Indaashaw Dassaaleny, Gaggeessaa Oomishaa (Production Manager), Dhaabbata Oomisha Abaaboo Hoolataa Roozis, afaaffii gaafa 21/04/2007 gaggeeffame

²⁵⁹Masfiin Baddiluu Suparvaayzarii Ejansii Dhuunfaa Edominiyaaz damee warshaa Biiraa Baddallee waliin Afaaffii gaafa 17/04/2005 gaggeeffame

²⁶⁰Yohanis G/Tsedik Vs Baankii Intarnaashinaalii Birhan, himannaa gaafa 15/2/2007 MMA Adaamaatti dhiyaate.

²⁶¹Maabrat Irranaa fi namoota lama Dura taa'ota Waldaa hojjatoota warshaa Biiraa Baddallee waliin gaafa 13/04/2007.

²⁶²Walta'iinsa gamtaa Warshaa Sukkaara Matahaaraa, kwt 95

Maabrat Irranaa fi namoota lama Dura taa'ota Waldaa hojjatoota warshaa Biiraa Baddallee waliin gaafa 13/04/2007

²⁶³Kabbadaa Furgaasaa, Dura taa'aa waldaa hojjetootaa Warshaa bishaan albuudaa Amboo, afaaffii gaafa 20-4-2007 gaggeeffame

²⁶⁴Walta'iinsa gamtaa Warshaa Sukkaara Matahaaraa, kwt 95

²⁶⁵Kabbadaa Furgaasaa, Dura taa'aa waldaa hojjetootaa Warshaa bishaan albuudaa Amboo, afaaffii gaafa 20-4-2007 gaggeeffame

²⁶⁶Walta'iinsa gamtaa Warshaa Sukkaara Matahaaraa, kwt 95

akkaataa ta'uun irra jiruu alatti itti fayyadamuu' gaalee jedhu qofa yoo ilaalle iftoomina kan hin qabnee fi hojjechiisaan hojjetaa tokko gaggeessuu yoo barbaade salphaatti sababa godhachuu kan isa dandeessisu dha. Dhaabbilee hojjechiisaa waliigaltee gamtaa hin qabne keessatti rakkoon haqa-qabeessummaa adabbiin walqabatee jiru kan hammaatu yoo ta'u, isaanis akka itti fakkaateen hojjetaa yeroo adaban ni mul'ata.²⁶⁷

Ibsa haala qabatamaa armaan olitti ilaallerraa kan hubatamu, tarkaanfii badiii naamusaatiin walqabatee dhaabbilee gara garaa keessa haala badiin itti qulqulla'u, qaama tarkaanfii fudhatu, gosa tarkaanfii fudhatamuu fi qaama komii dhagahu ilaalchisee hojjimaatni walfakkaataan hin jiru. Dhaabbilee hedduu keessatti dhimmoota kanneen ilaalchisee sirni ifa ta'e diriiree hin jiru. Dhaabbilee hojjechiisaa hedduu keessatti badiin naamusaa yeroo raawwatamu qaama bilisa ta'een dhimmichi akka qulqullaa'uu fi tarkaanfiin akka fudhatamu taasifamaa hin jiru. Dhaabbilee tokko tokko keessatti dhimma badii naamusaa qulqulleessuun murtii kan kennu gaggeessitoota sadarkaa gara garaa irra jiran yoo ta'u, dhaabbilee muraasa keessatti koree badii naamusaatiin ilaalama. Badii walfakkaataadhaaf tarkaanfii dhaabbileen gara garaa fudhatan jidduus adda addummaa bal'aan kan jiru yoo ta'u, tarkaanfiiwwan dhaabbilee tokko tokkoon fudhataman olka'oo fi badii hojjetaatiin kan walgitan miti. Tarkaanfii naamusaa fudhatamu irratti komii dhiyaatu qaamni ilaalus dhaabbata tokko tokko irraa isa kan biraatti adda yoo ta'e dhaabbilee hedduu dameewwan qaban keessatti qaamni komii dhagahu kun rakkoo dhaqqabummaa qaba. Qaamolee gara garaa dhimma badii naamusa ilaalan hedduu keessatti waldaan hojjetootaa haala b'a-qabeessa ta'een hirmaataa waan hin jirreef murtiiwwan qaamolee kanneeniin kennamu yeroo hedduu mirga hojjechiisaa osoo hin taane dantaa hojjechiisaa qofa kan ilaalcha keessa galchan fakkaatu. Akka waliigalaatti, sirna badiin naamusaa hojjetaa ittiin ilaalamu jiruun walqabatee mirgi hojjetaa rakkoo bal'aaf bakka itti saaxilamaa jiru ta'uu fi rakkoon kun irra caala kan hammaatu immoo dhaabbilee hojjechiisaa waldaan hojjetaa keessatti hin hunoofne, dhaabbilee waliigaltee gamtaa hin qabne yookin dhaabbilee sirna badii naamusa bitu ifatti tumatanii hin qabne keessatti dha.

3.6. Hojjetaa Yeroof Hojiirraa Daangessuu

Hojjetaa yeroof hojiirraa daangessuuf hiikkoon seera keenyaan yoo hin kennamneef illee labsii HH kwt17 eegalee tumaalee jiran irraa maalummaa hojjetaa yeroof daangessuu hubachuun ni danda'ama. Hojjetaa hojiirraa daangessuun bu'aa seeraa mirgaa fi dirqama gareewwan lamaanii yeroof hafa taasisu hordofsiisa.²⁶⁸ Haaluma kanaan yeroo kanatti hojjetaan dirqama hojjechuu fi hojjechiisaan dirqama miindaa fi kaffaltiiwwan biroo kaffaluu hin qabu. Garuu haala addaan labsii ykn waliigaltee gamtaa keessatti yoo tumaman waliigalteen hojii yeroo daanga'ee jirutti hojjechiisaan kaffaltiiwwan gara garaa akka kaffaluu labsii HH kwt 17(2)(b) jalatti ibsameera.

a. Sababoota Waliigaltee Hojii Yeroof Daangessan

²⁶⁷Marsuu Abdiisaa, akkuma lakk 98ffaa olii.

²⁶⁸Labsii HH, akkuma lakk 12ffaa olii, kwt.17(2).

Sababoonni waliigaltee hojii yeroof daangessan labsii HH kwt18 fi 27(4) jalatti tarreeffamanii jiru. Sababootni kunis waltahiinsa gareewwanii, dantaa hawaasaa, sababoota humnaa olii fi badii naamusaa qulqulleessuu akka ta'an tarreeffama seerichaa irraa ni hubatama.

Waltahiinsa gareewwanii bu'uura godhachuun hojjetaa yeroof hojjiirraa daangessuun kwt 18(1) jalatti ibsameera. Hojjetaan kaffaltii malee yeroo murtaa'ef eeyyamni akka kennamuuf gaafatee, hojjechiisaan kanuma yoo hayyame hanga yeroo waliigalameetti waliigalteen hojii daanga'ee tura. Sababoota dantaa hawaasaa kabachiisuun wal qabataniin waliigalteen hojii yeroof daangahee turuu akka danda'u kwt 18(2) fi(4) jalatti tumameera. Hojjetaan hawaasa tajaajiluuf mana maree uummataa keessatti ykn waajjira bulchiinsaa keessatti filatamuu ni danda'a. Akkasumas dursa gamtaa hojjetootaa ta'uun yeroo guutuu hojjechuuf filatamuu ni danda'a. Yeroo kanatti hojjetaan sababa tajaajila hawaasaa kanaaf jedhee hojii isaa ni dhaba yoo ta'e jalqabumarraa eegalee dorgommii isaa keessatti hin hirmaatu.

Gama biraan, wayita hojjetaan tajaajila hawaasaaf kennutti hojjechiisaan mindaa isaa gaafachuu hin danda'u. Kanaafuu, dhimmoota kana lamaan haala wal simeen yeroo akkanaa hojjetaa yeroof hojjiirra daangessuun fala sirrii taa'a. Dhimma kanaan wal qabatee kwt 18(2) jalatti gaaleen tajaajila hawaasaa jedhu yaadrimee bal'aa dha. Haala kanaan tajaajila hawaasaa jedhamee bifa waliigalaan yoo kaa'ame hojjetaan mirga waan qabuuf filannoo gara garaa irratti dorgomuun waliigalteen hojii akka daanga'u taasisuu ni danda'a. Kun immoo humna namaa kana bakka buusuuf baasii dabalataaf hojjechiisaa waan saaxiluuf hojjechiisaa baasiif saaxila jechuun gaaleen tajaajila hawaasaa jedhu guutummaan bahuu ykn tarreeffamaan taa'uu qaba jechuun (Ministeera DhHHtiin fudhatama argachuu baatus) federeeshiniin hojjechiistotaa tumaa kana yeroon mormu ni mul'ata.²⁶⁹

Hojjetaan guyyaa 30 hin caalleef to'annoo jala oolee fi to'annoo jala oolusaa guyyaa 10 keessatti yoo beeksise ykn hojjechiisaan dhimma kana kan beeku qabu yoo ta'e waliigalteen hojii yeroof daangeffamee turuu ni danda'a (kwt 18/3/). Hojjetaan guyyaa 30 ol murtii balleessumaa kennameen yoo adabame hojjechiisaan waliigaltee hojii akeekkachiisa malee addaan kutuu akka danda'u kwt 27(1)(j) jalatti ibsameera. Haa ta'u malee kwt 27(1)(j) jalatti kan ibsame murtii balleesummaa akka ulaagaatti kaa'era. Kanaafuu murtiin balleessummaa utuu hin kennamiin hojjetaan yoo guyyoota 30 ol hidhamee ture hojjechiisaan tarkaanfii maalii fudhachuu akka qabu seerichi ifaan hin keenye.

Sababni humnaa olii hojii dhaabbatichaa guyyaa 10 oliif akka addaan citu yoo taasisse waliigalteen hojii yeroof ni daanga'a (kwt 18/5/). Akkasumas hanqinni maallaqaa badii hojjechiisaan ala ta'e mudatee dhaabbaticha guyyoota walitti aanan 10 ol kan cufsiisu yoo ta'e hojjetaan yeroof hojjiirra daangeffamuu ni danada'a (kwt 18/6/). Haala kanaan hojjechiisaan waliigaltee hojii yoo daangessu Ministeera hojjetaa fi hawaasummaa guyyaa 3 keessatti beeksisuu qaba (kwt 19). Hojjiirra daangessun kun garuu guyyaa 90 caaluu hin qabu (kwt 21/1/).

²⁶⁹ Yaadota wixinee seera hojjetaa fi hojjechiisaa lakk.377/96 fooyyessuuf qophaa'erratti kenname.

Badii hojjetaa qulqulleessuuf hanga guyyaa 30'tti hojiirra daangessuun akka danda'amu waliigaltee gamtaa keessatti haammachiisuun ni danda'ama kwt 27(4). Dhaabbileen waliigaltee gamtaa hin qabne yookin dhaabbileen qabiyyee kana waliigaltee gamtaa isaanii keessatti hin haammachiisne balleessaa hojjetaa qulqulleessuuf hojjetaa hojiirraa daangessuu hin danda'ani jechuu dha. Kun immoo hojjechiisaan tokko kophaa isaa tarkaanfii hojjetaa hojiirraa dhaabuu fudhachuu akka dhabee fi waliigaltee waldaa hojjetootaa waliin mallateesse qofa carraa kana akka qabaatu kan taasisu dha.²⁷⁰

Hojjetaan haallan kwt 18 jalatti tarreeffamaniin hojiirraa yoo daangeffaman yeroo daangeffamee turetti mirga mindaa fi kaffaltii biroo akka hin qabne kwt 17(2) jalatti ibsameera. Bu'uura labsii HH kwt 27(4)'tiin badii naamusaa qulqulleessuuf hojjetaan hojiirraa yoo dhorkamee fi gochaan sun yeroo qulqullaa'u hojjetaan sun badii akka hin qabne yoo hubatame hojjetaan sun miindaa fi kaffaltii biroo ni argata moo hin argatu kan jedhu ifa miti. Dhimmichi qulqullaa'ee hojjetaan akka badii hin qabne yoo hubatame, badii malee hojiirraa daangeffame miindaa isaa haa dhabu jechuun qajeeltoo kaffaltii miindaa waliin illee fudhatama hin qabaatu.²⁷¹ Haala qabatamaa naannoo keenya keessaa jiru yeroo ilaallu, hojjetaan hojiirraa daangeffame badii qabaachuunsaa yeroo itti mirkanaa'u adabbii irratti kennama malee yeroo hojiirraa daangeffamee tureef mindaan isaa hin kanfalamuuf.²⁷²

Dhimmi xiyyeeffannoo barbaadu kan biraa kwt18 jalatti sababootni waliigalteen hojii yeroof akka daanga'an taasisan duguugamanii kan tarreeffamani dha moo miti? ijoo jedhu dha. Kanuma waliin walqabatee sababoota waliigalteen hojii yeroof akka daanga'an taasisan waliigaltee gamtaa keessatti kan seerri teechise malee dabalataan haammachiisuun ni danda'amaa? Kan jedhu ilaaluun barbaachisaa dha.

Akkuma beekamu haallan hojii dantaa hojjetaa caalaatti mirkaneessan waliigaltee gamtaa ykn danbii hojii ykn waliigaltee qaxarii keessatti yoo ibsaman raawwatamummaa ni qabaatu. Tumaa labsii HH kwt 27(1)(k) irraa akka hubatamu balleessaawwan waliigaltee hojii addaan kutan kan seerri teechise malee waliigaltee gamtaa keessatti haammachiisuun ni danda'ama. Egaa Seerichi tarkaanfii isa cimaa ta'e waliigaltee hojii addaan kutuuf waliigaltee gamtaaf beekkamtii yoo kenne tarkaanfii isa gad aanaa ta'e waliigaltee hojii yeroof daangessuu ni dhorka jedhanii fudhachuun sababawaa hin ta'u.

Haala qabatamaa jiru yeroo ilaallu hojjetaan badii naamusaa yoo raawwate hanga dhimmichi qulqullaa'utti hojjetaa hojiirraa dhaabuun ni baay'ata. Hojjechiisaan tokko tokko hojjetaa hojiirraa dhaabuu akka adabbiitti yeroo ilaalan ni mul'ata. Kunis yeroo hedduu sababa hoogganaa dhiyoo waliin walitti bu'eef kan raawwatamu dha.²⁷³ Dhaabbattootni tokko tokkos sababa oomishni isaanii gabaa irratti barbaadamummaan isaa gadi bu'eef jidduu jidduun

²⁷⁰ Mehari Redai, Employment And Labor Law, Teaching Material, 2009 page 39-40.

²⁷¹ Qajeeltoon miindaa hojjetaan miindaa kan argatu hojii hojjetee qofa akka ta'e ibsa. Garuu sababa hojjetaan wal hin qabanneen hojiin yoo hin hojjetamne hojjetaan miindaa ni argata (labsii lakk.377/96 kwt.54 ilaalaa).

²⁷² Aluulaa Dinqisaa, akkuma lakk 110ffaa olii.

Shibbiruu Caalchisaa, A/S MMA Adaamaa, waliin guyyaa af-ggaaffii gaafa 12/04/2007 gaaggeeffame.

²⁷³ Asras W/Sanbet, akkuma lakk 113ffaa olii; Aluulaa Dinqisaa, akkuma olii.

Tasfaayee tarreessaa fi Tasfaayee lammaa, Abbootii seeraa MMA Fantaallee, afgaaffii gaafa 19/05/2007 taasifame.

oomisha ni dhaabu. Yeroo akkasii hojjettoota dhaabbataaf mindaa isaanii kan kanfalan yoo ta'u, hojjettoota yeroo daanga'eef qaxaramaniif garuu yeroo kana keessatti kanfaltiin raawwatan hin jiru.²⁷⁴ Sababni kun jiraachuun isaa yoo mirkanaa'ee fi adeemsa seeraa barbaachisaa keessa darbee osoo fudhatamee sababni kun hojjetaa hojjiirra daangessuuf kwt 18(5) gahaa jedhamee kan fudhatamuu danda'u ta'ullee, loogiin hojjettoota jidduutti taasifamu garuu seera-qabeessa hin fakkaatu. Dhaabbilee hojjechiisaa tokko tokko keessatti meeshaan dheedhii waan dhabamuuf hanga baatii afuritti hojjiin idileen yeroo addaan citatu ni jira. Yeroo akkasii hojjetaan mindaa isaa ni argata.²⁷⁵ Meeshaan dheedhii yoo hin jiraanne warshaaleen hojii isaanii itti fufuun hojjechuu hin danda'ani. Kanaafuu kun sababa humna olii dhaabbaticha yeroof cufsiisuudha jedhamee kan kwt 18(5) jalatti ibsameen ni hammatama. Haa ta'u malee, kwt 18(5) jalatti waliigalten hojii yeroof daanga'ee kan turu guyyaa 90 hin caalle qofaadhaafi. Sana booda waliigalteen hojii bu'uura kwt 28(2)' tiin addaan cita. Kanaafuu hojjechiisaan kun haala lamaan dantaa hojjetaa caalaatti fayyaduu isaa argisiisa. Kunis waliigaltee hojii addaan kutuu utuu danda'u waliigaltee hojii daangessuu fi yeroo waliigalteen hojii daanga'ee jirutti miindaa hojjettootaaf kaffaluu isaati.

3.7. Waliigaltee Hojii Addaan Kutuu

3.7.1. Sababoota waliigaltee hojii addaan kutan

Haala waliigalteen hojii addaan cituu itti danda'u tumuudhaaf sadarkaa idil-addunyaatti konveenshiniin ILO C158²⁷⁶ bahee jira. Koonveenshiniin kana biyyi keenya raggaasiftee waan jirtuuf bu'uura Heera Mootummaa kwt 9'tiin raawwatamummaa ni qaba. Koonveenshiniin kun yaaddama sababoota jijjiirama teekinolojii fi diinagdeen wal qabatee hariiroo hojjiin adda kutuuratti rakkoon bal'aan mul'achaa waan jiruuf sadarkaa addunyaatti istaandardiin tokko diriiruu qaba jedhu bu'uureffatee bahe. Kanaafuu sadarkaa addunyaatti haalli itti waliigalteen hojii hojjechiisaan addaan citu wal fakkeenya akka qabaatuuf koonveenshiniin kun kallattii kan argisiisu dha. Konveenshiniin kun waliigaltee hojii hojjechiisaan addaan citan qofarratti akka xiyyeeffatu kwt 3 jalatti tumameera. Waliigalteen hojii sababoota dandeettii, naamusaa, hojmaata dhaabbatichaa, tajaajila kennamuu fi hundeeffama dhaabbatichaan wal qabatan qofa bu'uura godhachuun adda cituu akka qabu kwt 4 jalatti ibsameera. Kanaafuu yaaddamni sababa gahaa malee hojjetaa gaggeessuu jedhu fudhatamummaa akka hin qabne hubatama.

Bu'uura labsii HH keenyaatiinis sababootni waliigalteen hojii itti addaan cituu danda'uuf teechifamaniiru. Sababoota seericha keessatti teechifaman alattis balleessawwan waliigaltee gamtaa keessatti hojjetaa hojjiirra gaggeessuu jedhamanii ibsaman raawwatamummaa akka qaban kwt 27 jalatti ibsameera. Kanaafuu hojjechiisaan gamtaa hojjetaa waliin dubbachuun naamusa badaa jedhamee kan itti amanan kanneen labsichaan hin hammatamne waliigaltee gamtaa keessatti ibsuun dantaa dhaabbatichaa caalaatti akka mirkaneessuuf seeraan beekantiin

²⁷⁴ Shawaangizaaw Taddasaa Bulchiinsa Humna Namaa Warshaa Saamunaa Masfin Taaddasaa waliin gaafa 27/04/2007

²⁷⁵ Malakkuu Takkaa Barreessaa Waldaa Hojjatootaa Warshaa Biqila Asallaa waliin gaafa 05/05/2007

²⁷⁶ ILO Termination of Employment convention, 1982

kennameeraaf. Garuu waliigaltee gamtaa keessatti ibsamee hojjetaa hojiirra kan gaggessuu gochoota balleessaa bu’uura godhatan qofadha.²⁷⁷

Qabatama jirutti yeroo deebinu sababa gahaa malee waliigaltee hojii adaan kutuun bal’inaan mul’ata. Rakkoon kun hoteelotaa fi dhaabbilee xixiqqaa hojjetoota muraasa qofa qaban keessatti bal’inaan kan mul’atu dha. Hubannoo fi tokkummaadhaan humni dhiibbaa uumuu hojjetoota kanneenii laafaa waan ta’eef hojjetootni dhaabbilee kanneenii hojiirraa beeksisa malee yoo gaggeeffamanillee yeroo hedduu mirga isaanii kabachifachuu hin dandaa’ani.²⁷⁸ Dhaabbattoota hedduu keessatti hojjetaa akeekkachiisa malee ykn akeekkachiisaan hojiirraa gaggeessuuf sababa gahaa jedhamuun kan seericha keessatti ibsaman hin ilaallaman.²⁷⁹

Rakkoon waliigaltee hojii seeraan ala addaan kutuu investeroota biyya alaa dhufan birattis akkasuma bal’inaan ni mul’ata jechuun kan ibsanis ni jiru.²⁸⁰ Labsii HH kwt 23 jalatti waliigalteen hojii seeraan, waltahiinsa gareewwanii, kaka’uumsa hojjechiisaa, kaka’uumsa hojjetaa fi sababoota waliigaltee gamtaa keessatti ibsamaniin addaan cituu akka danda’an tumameera. Dhaabbattootni gara garaa walitti makamuun tokko ta’uun ykn adda adda bahuu ykn abbaan qabeenyaa gara qaama birootti darbuun waliigaltee hojii addaan kutuuf sababa gahaa miti jedhamee kwt 23(2) jalatti tumamee jira.

Akkasumas kwt 26(2) jalatti sababoonni waliigaltee hojii addaan kutuuf sababa ta’uu hin dandeenye tarreeffamanii jiru. Sababoota kana yoo ilaallu mirgoota namoomaa eeggumsaa fi beekamtii Heeraa Mootummaa qaban kan akka mirga gurmaa’uu, walqixummaa fi haqa argachuu kan cabsu waan ta’eef gocha seera-qabeessa hin taane isa bu’uuraa jedhamee bu’aan isaa kaa’ameera.²⁸¹ Konveenshinii ILO C158 kwt 5 fi 6 jalatti sababootni waliigaltee hojii addaan kutuuf bu’uura ta’uu hin qabne ibsamaniin jiru. Sababoonni kun kan labsii HH kwt 26(2) jala jiruun wal fakkaatu. Kanaafuu sadarkaa biyya keenyaattis ta’e sadarkaa idil-addunyaatti haala wal fakkaatuun sababoonni waliigaltee hojii addaan kutuu hin dandeenye tarreeffamanii jiru. Sababoota kana bu’uura godhachuun waliigalteen hojii yoo addaan cite waliigalteen hojii kara seera qabeessa hin taaneen addaan cite jedhamee fudhatama. Kutaa itti aanutti sababoota waliigaltee hojii addaan kutan tokko tokko ilaalla.

a. Haala waliigalteen hojii seeraan addaan citu.

²⁷⁷ Hiikkoo Seeraa dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii waliigalaa Federaalaan galmee lakk.64734 ta’e irratti iyyataa Piroojektii ijaarsa manneenii Kaantirii Kilab Debalober Yerer viwu fi waamamaa Mahamamd Sayiid (fa’a N-6) jidduu tureerratti kenne.

²⁷⁸ Abarraa Wiiltuu, A/S MMA Guutoo Giddaa, afgaaffii gaafa 28/4/2007 gaggeeffame.

Yitbaarek Kaasayee, A/S MMA Guutoo Giddaa, afgaaffii gaafa 28/4/2007 gaggeeffame.

Tasfaayee Mitikkuu, A/S MMA Guutoo Giddaa, afgaaffii gaafa 28/4/2007 gaggeeffame.

²⁷⁹ Barraakaa Ragguu, Pireezidantii Mana Murtii Aanaa Adaamii Tulluu waliin guyyaa 14/04/2007 taasifame.

²⁸⁰ Nabiyyuu Balaay, Abuukaattoo dhuunfaa waliin guyyaa 08/04/2007 taasifame. Af-gaaffii Obbo Habiib Huseen ,Abbaa Seeraa Mana Murtii aanaa Adaamii Tulluu waliin guyyaa 15/04/2007 taasifame.

Saamu’el,abuukaattoo dhuunfaa waliin guyyaa 09/04/2007 gaggeeffame.

²⁸¹ Hojjechiisaan sababoota kwt.26(2) jala jiran bu’uura godhachuun waliigaltee hojii yoo addaan kute, fedha hojjetaa jiddu galeesa godhachuun hojjetaan gara hojiitti akka deebi’uu ni taasifama(kwt.43/1/) akkasumas itti gaafatamummaa yakkaa ni hordofsiisa(kwt.184/2//d/)

Waliigalteen hojii erga hundeeffamee booda walitti dhufeenya beekamtii seeraa qabu waan ta'eef haalli itti addaan cituus akkaatuma seeraan tarreeffamen qofa ta'uu qaba. Waliigalteen hojii seeraan addaan citu jechuun sababoonni seeraan tarreeffaman yeroo mudatan waliigalteen hojii fedhii gareewwanii tilmaama keessa utuu hin galchiin ija seeraan kan addaan citu jechuu dha. Yeroo waliigalteen hojii ija seeraan addaan cite jedhamu yoom yoom akka ta'e labsii HH kwt 24 jalatti tarreeffamanii jiru. Isaanis: hojjetaan yoo du'u, umurii soorama bahuu yookin waggaa 60²⁸² yeroo gahu, sababa kasaaruutiin yookin sababa biraatiin hojjechiisaan hojii yoo dhaabe, hojjetaan sababa miidhaan qaamaa irra gaheen dandeettii hojii yoo dhabee fi turtiin yeroo yookin hojiin murtaa'aa waliigaltee keessatti teechifame yoo xumurame dha.

Sababoota kanneen keessaa yeroo hedduu hojjetaa fi hojjechiisaa jidduutti falmiin akka ka'u kan taasisu waliigalteen hojii turtii yeroo daanga'eef taasifame yoo xumurame ykn hojiin murtaa'aa waliigalteen irratti taasifamee yeroo xumuramu dha. Qabxii kana ilaalchisee rakkoon qabatamaan yeroo hedduu mul'atu hojii amala itti fufaa qabu irratti akkaataa faallaa seeraa ta'een waliigalteen hojii yeroo daanga'eef yoo taasifamee fi yeroon turtii isaanii yoo xumuramu waliigalteen hojii seeraan addaan ni cita moo hin citu? kan jedhu dha. Dhimma tokko keessatti hojjetuun gita hojii qulqulleessituu irra waliigaltee yeroo yeroon haaromuun waggaa tokkoo fi baatii sagal tajaajiltee jirti. Hojjetuun kun utuu hojii irraa hin geggeeffamiin baatii lamaa fi guyyaa shan dura baatii lamaaf qaxaramuu ishee kan mul'isu waliigaltee hojii raawwattee jirti. Dhumarratti, hojjechiisaan baatii lamaa fi guyyaa shan hojjechiisee waliigaltee hojii addaan kutee jira. Manni murtichaas murtii kenneen hojiin hojjetamaa ture hojii dhaabbataa dha. Bu'uura waliigaltee hojii bitaa fi mirga gidduutti raawwatameen hojjetuun kun baatii lamaaf qaxaramtee turte. Haala kanaan waliigaltichi guyyaa cituu qaburra guyyaa 5 darbee kan cite dha. Kanaafuu hojjetuun kun hojjetuu dhaabbii taateetti waan ta'eef, utuu akeekkachiisa hin kenniin waliigaltee hojii addaan kutuun isaa seeraan ala jechuun kaffaltii adda adda guyyaa waliigaltee fooyyessite irraa eegalun shallagamu akka kennamuuf murteesseera.

Dhimma qabatamaa kana irraa kan hubatamu manni murtii amala hojii gita hojjetuun irratti qaxaramtee qajeeltoo seerri kaa'ee waliin xiinxaluu dhabuusaati. Gitni hojjetuun irratti qaxaramte qulqulleessummaa waan ta'eef hojii itti fufiinsaan hojjetamuu dha. Hojiin itti fufiinsaan waan hojjetamuuf yeroo hunda gitni hojichaa dhaabbata jedhamuu yoo baate illee waliigalteen qaxarii haallan kwt 10 jalatti tarreeffameen kan hammatamu ta'uu hojjechiisaan mirkaneessuu qaba. Hojjechiisaan waliigalteen hojichaa kwt 10 jalatti kan kufu ta'uu yoo hin mirkaneessine waliigalteen hojii yeroo hin daangoofneef akka raawwatameetti fudhatamuu qaba. Gita hojii dhaabbataa irratti gareewwan turtii waliigaltee hojii fooyyessuun bu'aa seeraa (jijjiirama) fidu homaatu hin qabu. Kanaafuu waliigalteen hojii kun seeraan ala addaan cite jechuu dha. Kaffaltiiwwan garaa garaa fi beenyaan herregamuu kan qabu guyyaa jalqaba qaxaramtee eegalee turtii yeroo jiru bu'uura godhachuun ta'uu qaba.

²⁸²Labsii lakk.715/2003, kwt 17(1).

b. Waltahiinsa Gareewwaniin waliigaltee hojii addaan citu.

Waliigalteen hojii akkuma waliigalteen hundeeffame waltahiinsa gareewwaniin addaan cituu ni danda'a. Haala kanaan waliigaltee hojii addaan kutuun kan dandaa'amu waliigaltichi yoo barreeffamaan raawwatame ta'eedha.²⁸³ Darbees hanga ifatti waliigaltee sana addaan kutuun barreeffaman hin ibsamnetti hojjechiisaan kaffaltii adda addaa kan akka kaffaltii hojii irraa gegeeffamaa kaffaluun bu'aa waliigaltee addaan kutuu hin qabaatu.

Dhimma qabatamaa tokko keessatti hojjetaan hojjechiisaa isaa duraanii himatamaa 1ffaa fi hojjechiisaa isaa ammaa kan ta'e himatamaa 2ffaa bakka tokkotti himateera. Himatamaa 1ffaan dhaabbata hojjechiisaa tajaajila hoteelaa kennu (Hoteela Maayaa) dhaabbata biraa tajaajila walfakkaataa kennu himatamaa 2ffaaf (Boston Partners) hoteela isaa kireesseera. Yeroo kiraa kennus hojjettoota isaatiif waliigalteen ana waliin qabdan addaan citee himatamaa 2ffaa waliin itti fufa kan jedhu xalayaa kenneefi ture. Himatamaa 2ffaanis hojjettoota himatamaa 1ffaa turaniif waraqaa ragaa barnootaa isaanii dhiyeessanii yeroo yaaliitiin akka qacaraman beeksisa baase. Himataan kunis haala sanaan yeroo yaaliitiin himatamaa 2ffaa dhaan yeroo yaaliitiif hojii dura hojjechaa ture irratti qacaramaera. Yeroo yaalii osoo hin xumuriinis gaggeeffameera. Innis himatamtootni walta'uun daba yaadani hojjetaa dhaabbataa erga taanee booda seeraan ala yaaliin akka qacaramnu taasisuun nu ari'uun isaanii seeraan ala waliigaltee addaan kutuu dha jechuun fayidaa gara garaa gaafachuun himateera. Manni murtii dhimmicha ilaale waliigalteen himataan himatamaa 1ffaa waliin qabu fedhii isaaniitiin (akkaataa LHH kwt 25/2/ tiin) adda cite, kan himatamaa 2ffaa waliin qabu immoo yeroo yaalii keessatti addaan cite jechuun himatamtoota bilisaan gaggeesseera.²⁸⁴ Murtii kana waliin walqabatee rakkoolee jiran keessaa tokko waliigalteen himataan himatamaa 1ffaa waliin qabu fedhii isaaniitiin akkaataa LHH kwt 25/2/ tiin adda cite jechuudhaaf bitaa fi mirgi waliigaltee barreeffamaatiin yoo walta'ani dha. Dhimma kana irratti garuu kan hubatamu himatamaan 1ffaan himataa kanaaf xalayaa 'waliigalteen ana wajjin qabdan citeera kan jedhu malee' waliigaltee barreeffamaa himataa fi himatamaan waliigaltee kutuuf irratti walta'ani dha jedhamee kan fudhatamuu danda'u miti. Gama biraatiin, dhaabbatni hojjechiisaa tokko abbaan qabeenyummaa isaa gara qaama biraatti yeroo darbu waliigaltee hojjettoota dhaabbatichaa irratti dhiibbaa akka hin qabaanne labsiin HH kwt 16 jalatti teechiseera. Dhaabbatni tokko dhaabbata biraatiif yoo kiraadhaan darbe hoo bu'aa walfakkaataa hordofsiisuu hin qabuu? gaaffiin jedhu deebi'uu qaba. Labsiin HH 'abbaan qabeenyummaa isaa nama biraatti yoo darbe' jechuun isaa qaamni kiraadhaan dhaabbata tokko qabate waliigaltee hojjettoota dhaabbata duraanii itti-fufsiisuuf dirqama ifa ta'e hin kaa'u waan ta'eef irra deebi'amee kan ilaalamuu qabu fakkaata.

c. Waliigaltee Hojii Kaka'uumsa Hojjechiisaan Addaan Citu

Waliigaltee hojii kaka'uumsa hojjechiisaan addaan citu bakka sadiitti qooduun ilaaluun ni danda'ama. Isaanis geggeessaa akeekkachiisa malee raawwatamu (summary dismissal),

²⁸³Labsii HH, akkuma lakk 12ffaa olii, kwt.25.

²⁸⁴Tasfaayee Hayilee Vs Hoteela Maayaa (him 1ffaa) fi Boston Partners (him 2ffaa), MMA Adaamaa, Lakk G 82610.

geggeessaa akeekkachiisa kennun raawwatamu (ordinary dismissal) fi Hojjetoota baay'ee yeroo tokkotti hojii irraa geggeessuu (lay off) jedhamee beekama.

i. Akeekkachiisa Malee Hojjetaa gaggeessuu

Sababoonni waliigaltee hojii akeekkachiisa malee addaan kutan labsii hojjetaa fi hojjechiisa kwt 27(1) jalatti tarreeffamanii jiru. Sababoonii kun bu'uuraan amala yookiin naamusa hojjetaa waliin walqabatu. Haaluma wal fakkaatuun koonveenshinii ILO C158 kwt 11 jalatti hojjetaan rakkoo naamusaa argisiise akeekkachiisa malee hojiirra akka gaggeeffamu ibseera. Itti aansuun kanneen kwt 27(1) jalatti tarreeffaman keessaa isaan yeroo baay'ee falmiif ka'uumsa ta'an qofa irratti xiyyeeffachuun tokko tokkoon ilaalla.

1) Irra Deddeebiin Hojiirraa Barfachu

Hojjetaan akeekkachiisa kennamu cinaatti dhiisuun irra deddeebiin sababa gahaa malee yoo barfate waliigalteen hojii akeekkachiisa malee addaan ni cita (kwt 27/1/a/). Barfachuun waliigaltee hojii addaan kutuuf ulaagaaleen lama guutamuu qabu: isaanis sababa gaha malee barfachu fi irra deddeebiin akeekkachiisa kenname cinaatti dhiisuun ta'uu qaba. Ulaagaaleen lamaan kun seeraan haala iftoomina qabuun waan hin tumamneef falmii hin malle hojjetaa fi hojjechiisaa gidduutti akka ka'u karaa saaq. Sababni gahaan maalfaa ta'uu akka qabu akkasumas irra deddeebiin barfachuun kun guyyaa meeqa akka ta'e murteessuuf qajeeltoo hordofuu qabnu illee seerri keenya waan ibse hin qabu.

Akka fakkeenyaatti ilaaluuf, waliigaltee gamtaa dhaabbilee hojjechiisaa tokko tokko keessatti guyyaa lama nama barfate adaba mindaa walakkaa guyyaa, yeroo afur yoo barfate adaba mindaa guyyaa tokkoo fi guyyaa shan yoo barfate akeekkachiisa yookin of-eeggannoo barreeffamaa isa dhuma kennamaaf jedhamee ibsameera.²⁸⁵ Waliigaltee gamtaa kana irraa kan hubatamu hojjetaan yeroo 5 yoo barfate akeekkachiisa dhumaatu barreeffamaan kenname waan jedhuuf hojjetaa yeroo jaha barfate irratti tarkaanfiin naamusaa hojiirraa gaggeessuu fudhatamuu danda'a jechuu dha. Hojjetaan haala kanaan sababa barfateen hojiirra kan gaggeeffamu walitti aansuun yeroo jaha barfachuun moo waluma galatti yeroo jaha barfachu dha? kan jedhu haala ifa ta'een teechifamuu dhabuun falmiif kan karaa saaqu dha.

2) Hojiirraa Hafuu

Sababni biroon waliigaltee hojii akeekkachiisa malee addaan kutuu danda'u hojjetaan hojii irraa guyyaa 5'f walitti aansuun yookiin guyyaa hojii 10 baatii tokko keessatti yookiin guyyaa hojii 30 waggaa tokko keessatti sababa gahaa malee yoo hafee dha (kwt 27/1/ b/). Sababni gahaan kun garuu hojjetaa fi hojjechiisaa biratti haala tokkoon hubatamuu dhiisuu waan danda'uuf falmisiisaa ta'a. 'Sababa gahaa' kana murteessuuf illee sababoonni tilmaama keessa galuu qaban maalfaa akka ta'an labsichi hin keenye. Sababni hojjetaan hafeef sun yoo madaalamu yaada nama dhama-qabeessa ta'een dhugumaan hojii irratti akka hin argamne kan taasise ta'uun yoo hubatame sababa gahaa dha jechuun ni danda'ama.

²⁸⁵ Waltahiinsa gamtaa Warshaa Shukkaara Matahaaraa

Rakkoon tumaa kana waliin walqabatee mul'atu hojjechiisaan hojjetaa gaggeessuu barbaadu waardiyyaan akka ol hin seenne yookin galmee to'annaa haftee irratti akka hin mallatteessine taasisa. Sana boodas guyyaa hojii shan walitti aansuun hafe jechuun hojiirra gaggeessa jira.²⁸⁶ Hoji-gaggeessaan tokko tokkos bakka ragaan hin jirretti hojjetaa waajjiratti waamee hojiirra gaggeeffamteetta jedhee itti hima. Garuu akka waan hojjetaan ofiin hojii hafeetti attendaansii irratti hafaa taasisa.²⁸⁷ Hojjechiistotni tokko tokkos hojjetaadhaan guyyaa shaniif hojiirraa si dhoorkineerra yookin hojiin waan hin jirreef hayyama sii kennineerra hin dhufiin jechuun afaaniin erga gaggeessan booda hojjetaan yeroo deebi'u 'attendaansii' isaa haftee gochuun guyyaa 5 waan hafteef gaggeeffamteetta xalayaa jedhu kennuufiin ni jira.²⁸⁸ Gochawwan kunneen ta'e jedhamanii hojjetaa seeraan ala ari'uu fi booda hojjetaan yoo himatu itti gaafatamummaa jalaa bahuuf gochaawwan seeraan ala raawwatamani dha. Hojjechiistotni hubannoo hin qabne tokko tokkos hojjetaan guyyaa tokko qofa waan hafeef hojiirra geggeessaa jiru.²⁸⁹ Kun immoo gaggeessaa seeraa alaa ta'uun ifa dha.

Dhimmi biraan hojiirraa hafuun wal qabatee falmisiisaa ta'aa jiru hojjetaan gara biraatti yoo jijjiiramudha. Hojjetaan bakka biraatti yoo jijjiiramu fi hojjetaan jijjiirraa kan mufatu yoo ta'e gara qaama olaanuu deemuun haalli itti komii isaa dhiyeeffatu jiraachuu mala. Yeroo kanatti hojjetaan bakka hojiirraa hafe jedhamee hojiirraa gaggeeffamuu qaba moo miti? Kan jedhu ilaallamuu qaba. Dhimma kanaan walqabatee dhaddachi ijibbaataa MMWF galmee lakk.38189²⁹⁰ ta'e irratti murtii kennee waan jiruuf ilaaluun gaariidha. Dhimma kana keessattis waamamaan hojii irraa kan hafe jijjiirraa godhame irratti komii isaa dhiyeeffataa utuu jiruu ta'uu manneen murtii gadiitti mirkanaa'era. Haa ta'uu malee, jijjiirraan gita hojii raawwatamuu fi hojjetaan gita hojii komachuun hojii irraa hafuuf sababa gahaa miti. Jijjiirraan gita hojii hojjetaan akka hojii irratti hin argamneef gufuu ta'u hin jiru. Hojjetaan jijjiirraa irratti yoo komii qabaate hojii hojjechaa sirna diriiree jiruun mirga isaa kabachiisuu qaba malee hojii irraa hafuu hin qabaatu'' jedheera.

Murtii olitti kenname irraa kan hubatamu hojjetaan komii isaa dhiyeessaa bakka jijjiirametti argamee hojjechuu akka qabudha. Haala qabatamaa naannoo keenyaa yeroo ilaallus, hojjetaan jijjiirraa bakka hojii kennameef irratti komii isaa dhiyeeffachuudhaaf guyyoota hojiirra hafe bakka jijjiirraaf deemetti haftee akka taasifamu gochuudhaan sababa kanaan hojiirraa gaggeessuun ni jira.²⁹¹ Garuu hojjetaan komii isaa akka waajjira muummee ykn mana murtii deemee komatuuf gaafatee hojjechiisaan yoo dide dhimmichi kallattii biraan ilaallamuu qaba. Haala kanaan hojjetaan waan deemee iyyateef hojiirraa hafte jechuun gaggeessuun sababa gaaffii

²⁸⁶Baarrakaa Ragguu, Pireezidantii Mana Murtii Aanaa Adaamii Tulluu waliin guyyaa 14/04/2007 taasifame. Af-gaaffii Obbo Kaffaaloo Gaaddisaa , Abbaa seeraa Mana Murtii aanaa Ada'aa waliin guyyaa 21/04/2007 taasifame. Af gaaffii obbo Henook Maammuyyee, Pireezidantii Mana Murtii Aanaa Ada'aa waliin guyyaa 20/06/2007 taasifame.

²⁸⁷ Raggaasaa Bayyanaa, akkuma lakk 211ffaa olii.

²⁸⁸ Raggaasaa Bayyanaa, akkuma olii.

²⁸⁹ Mootummaa Afawarq, abuukaattoo dhuunfaa waliin guyyaa 09/04/2007 taasifame.

²⁹⁰Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Feederaalaan galmee lakk.38189 ta'ee irratti falmii iyyataa Dhaabbata itti gaafatamummaan isaa murtaa'ee Rooppik Internaashinaal fi waamamaa Yidersaal Ayimiroo jidduu ture

²⁹¹Abarraa Wiiltuu, A/S MMA Guutoo Giddaa, afgaaffii gaafa 28/4/2007 gaggeeffame.

Yitbaarek Kaasayee, A/S MMA Guutoo Giddaa, afgaaffii gaafa 28/4/2007 gaggeeffame.

Tasfaayee Mitikkuu, A/S MMA Guutoo Giddaa, afgaaffii gaafa 28/4/2007 gaggeeffame.

mirгаа dhiyeesseef hojjetaa hojiirraa gaggeessuu ta'ee argama. Kun immoo haala kamiinu waliigaltee hojii adda kutuuf sababa gahaa ta'uu hin danda'u jedhamee labsii HH kwt 26(2)(c) fi Konvenshinii C158 kwt 5(c) jalatti ibsameen cabsuun seeraan ala hojjetaa gaggeessuu jechuu dha. Darbees mirгаа haqa argachuu hojjetaa Heera mootummaa kwt 37 jalatti beekamtii argatees gaaffii keessa waan galchuuf gaggeessaan haala kanaan taasifamu fudhatama hin qabaatu. Haaluma kanaan waltahiinsi gamtaa tokko tokkos akkaataa kamiiniyyuu hojjetaan mirгаа isaa akka hin kabachiifatne gufachiisuu, yookaan mirгаа isaa waan kabachiifateef hojjetaa irratti tarkaanfii fudhachuun dhorkaa ta'uu haammataniiru.²⁹²

3) Qabeenya hojjechiisaatti garmalee fayyadamuu

Dhimmi biroo akeekkachiisa malee hojjetaan akka geggeeffamu taasisu ofii ykn namni biroon seeraan ala akka badhaadhuuf qabeenya ykn qarshii hojjechiisaatti seeraan ala fayyadamuu dha (kwt 27/1//d). Hojjetaan qabeenya hojjechiisaa sababa hojiif harka isaa galan hundumaa amanamummaan faayidaa jedhameef qofa oolchuu qaba. Haala qabatamaa dhaabbilee hojjechiisaa naannoo keenya keessa jiranii yeroo ilaallu hojjetootni tokko tokko qabeenya hojjechiisaa dhoksanii ni fudhatu.²⁹³ Hojjetootni sababa kanaan himatamanii yakkaan adabamanis hedduu dha.²⁹⁴ Hojjetoota akkasii bu'uura tumaa kanaan hojiirraa gaggeessuun sirrii ta'us hojjechiistonni tokko tokko tumaa kana hojjetaa hin feene hojiirraa geggeessuuf yeroon itti fayyadaman ni mul'ata. Meeshaa ykn qabeenya socho'aa qabeenyummaan isaa kan hojjechiisaa ta'e bakka biroo fuudhuun bakka hojii hojjetaa ol kaa'u. Booda qabeenyi kun ni bade haa barbaadamu jedhamee yoo sakattaa'amu hojjetaa kana biratti waan argamuuf sababa godhachuun hojiirra geggeessuun ni jira.²⁹⁵

4) Bakka Hojiitti Jeequmsa Kaasuu

Bakka Hojiitti hojjetaan yoo jeequmsa kaase hojjechiisan akeekkachiisa malee hojiirraa gaggeessuu ni dandaa'a²⁹⁶. Gochi lola ykn jeequmsa kaasuu waliigaltee hojii kan addaan kutu cimina isaa irratti hundaa'ee waan ta'eef walitti bu'insa laafaa ta'anii dhiifaman darbamuu danda'anii fi sasalphaa ta'an irratti raawwii hin qabaatu. Hojjettonni yeroo dheeraaf waliin waan hojjetaanif walitti bu'iinsi waan hafu miti. Kanaafuu walitti bu'insa hunda tumaa kana jala fiduun hojjetaa hojiirraa gaggeessuun wabii hojii balaa irra buusa. Dhimma dhaaddacha ijibbaataa MMWO'tiin galmee lakk.148643²⁹⁷ ta'e irratti murtii argate tokko irratti hojjechiisan miindaan hojjetaa akka hin kanfalamane waan dhorkeef hojjetaan kun itti gaafatamaa isaatiin "haadha keessan irratti quunnamtii saalaa raawwadhaa" jedhee arrabsuun guyyaa biroo immoo itti gaafatamaa kana irratti lola kaasuun namni kan wal irraa qabe ta'uun waan mirkanaa'eef

²⁹² Walta'iinsa gamtaa Warshaa Sukkaara Matahaaraa, kwt 13

²⁹³ I/Komaandera Morkaa Lammii, Abbaa Adeemsa Qorannaa Yakkaa Magaalaa Baatuu waliin Af-gaaffii guyyaa 15/04/2007 taasifame.

²⁹⁴ I/Komaandera Morkaa Lammii, akkuma olii.

²⁹⁵ Nabiyyuu Balaay, Abuukaattoo dhuunfaa waliin guyyaa 08/04/2007 taasifame.

²⁹⁶ Labsii lakk.377/96 kwt.27(1)(f) .

²⁹⁷ Dhaddacha Ijibbaataa Mana murtii waliigala Oromiyaan galmee lakk.148643 ta'ee irratti iyyataa Warshaa bu'aalee Rifeensaa Umar itti gaafatamummaan isaa murtaa'ee fi D/kennaa Ayyaanaw Sinqee jidduu turee murtii argate dha.

bu'uura labsii HH kwt 27(1,f)'tiin of eeggannoo malee waliigalteen hojii akka citu gochuun seera qabeessa jechuun murtii jalaa diiguun murteessaniiru. Dhimma kanarraa jechoonni ulfaatoo fi miira keessa nama galchan tumaa kana jalatti haammatamuu akka danda'an ni hubatama²⁹⁸.

Jeequmsi kan ka'e bakka hojii keessatti ta'uu qaba. Jeequmsi bakka hojiin alatti yoo ka'e hojii hojjetamu waliin walqunnamtii waan hin qabneef tumaa kana jalatti hin hammatamu. Garuu bakka hojii jechuun mooraa hojjechiisaa keessa qofa jedhamee hiikkamuu hin qabu.²⁹⁹ Jeequmsi ykn lola kaasuu konkolaataa tajaajila geejjibaaf hojjetootaaf qophaa'e (sarvisii) keessatti yoo raawwatame akka bakka hojiitti raawwatametti fudhatamuu qaba.³⁰⁰ Hojjettoonni hojii dirreef utuu bahanii jeequmsi ykn lolli yoo ka'e bakka hojii jedhamee fudhatamuun tumaa kana jalatti ilaallamuu qaba.³⁰¹

5) Qabeenya hojjechiisaarraan miidhaa gahuu

Hojjetaan qabeenya hojjechiisaa irratti itti yaadee ykn dagannoo cimaadhaan miidhaa yoo dhaqqabsiise hojjechiisaa bu'uura kwt 27(1)(h)'tiin akeekkachiisa kennuu osoo hin barbaachisiin geggeessuu ni danda'a. Kun dirqamoota hojjetaa keessaa tokko kan ta'e, qabeenya hojjechiisaa of eeggannoon itti fayyadamuu qaba jedhamee kwt 13(3) jalatti tumame waliin kallattiin kan walqabatu dha. Qabeenya hojjechiisaa jechuun qabeenya faayidaa diinagdee argamsiisuu fi abbummaan qabamuu danda'u akka ta'e ni hubatama. Hojjetaan maqaa gaarii dhaabbatichaa yoo balleesse tumaa kana jalatti dhimmichi ni hammatama. Tumaan kun maallaqa hojjechiisaa ni hammataa? kan jedhu ogeessota seeraa jidduutti falmiisaa ture. Haa ta'u malee Dhaddachi ijibbaataa MMWF galmee lakk.17189 ta'e irratti murtii kenneen maallaqni qabeenya waan ta'eef maallaqa hojjechiisaarraan miidhaa gahuun tumaa kana jalatti ni hammatama jedheera.

Hojiirra oolmaa tumaa kanaan wal qabatee hubannoon sirriin hojjechiistota tokko tokko biratti hin mul'atu. Tumaan kun akkuma olitti ibsame hojjetaan qabeenya hojjechiisaaf kunuunsa gahaa gochuu akka qabu fi hanqina gama kanaan hojjetaan mul'atu irratti trakaanfiin hanga hojiirra gaggeessuutti akka fudhatamu taasisuufi dha. Kana jechuun garuu qabeenyi hojjechiisaa waan manca'eef qofa hojjetaan itti gaafatamaa ta'a jechuu miti. Manca'iinsi ykn qisaasamni qabeenya hojjechiisaarra sababa hanqina hojjetaan kan gahe ta'uun mirkanaa'uu qaba. Qabeenya dhaabbata hojjechiisaarra miidhaan yoo gahe namoota naannoo sana hojiirra turan balleessaan isaanii osoo hin mirkanaa'iin waliigaltee hojii isaanii addaan kutuun ni jira.³⁰²

²⁹⁸ Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii waliigala Federaalaa galmee lakk.49958 ta'e falmii iyyataa Dh/1/g/isa murtaa'e Giyoon Tiraavel fi Tuursii fi waamamaa Daani'el Asfawuu jiddutti murteesseen : himni “ anatu yookiin situ jiraata” jedhu ulaagaa jeequmsa kaasuu kan kwt.27(1)(f) guuta jedheera.

²⁹⁹ Hiikkoo seeraa Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii waliigala Federaalaan galmee lakk.23205 ta'e irrattifalmii iyyataa Dhaabbata misooma Aannanii fi waamamaa Tamasgeen Biyooneny jidduu ture irratti kenname. Ka'umsi dhimmichaa waamamaan mooraa dhaabbata hojjechiisaa ala meetira 2 hanga 3 kan ta'u irratti hoogganaa kutaa suphaa kan ta'ee miilaan dhiite. Dhaddachi kunis gochi waamamaan raawwatee bu'ura kwt.27(1)(f) tin lola ykn jeequmsa kaasuu ta'uu fi gochi kun mooraa keessaa ala bahe raawwachuu qofti gochichi bakka hojiitti hin raawwatamne hin jechisiisu jechuun hiikkoo manneen murtii jalaa dogoggora jechuun murteessera.

³⁰⁰ Balaachawu Makuriyaa, Qabxiwwan bu'uura Seera hojjechiisaa fi hojjetaa, Finfinnee, bara 2004, fuula.130 ilaala(Afaan Amaariffaan Kan barreeffame).

³⁰¹ Balaachawu Makuriyaa, Akkuma olii.

³⁰² Tasfaayee Tarreessaa, Abbaa Sseeraa MMA Fantaallee, afgaaffii gaafa 19/05/2007 taasifame.

Sababootni waliigaltee hojii addaan kutuuf dandeessisan yeroo uumaman adeemsotni hojjechiisaan hordofuu qabu Labsii HH fi Konveenshinii ILO C158 keessatti tumamee jira. Koonvenshinii C158 kwt7 jalatti hojjechiisaan tarkaanfii hojirraa gaggeessuu yeroo fudhatu hojjetaaf carraa dursee dhimmicharratti yaada isaa ibsachuu kennuu akka qabu tumameera. Kanaafuu hojjetaa utuu hojiirraa hin gaggeessiin dura hojjetaaf carraa yaada isaa ibsachuun kennamuufi qaba. Labsiin HH adeemsota hordofamuu qaban teechisee jira. Inni jalqabaa xalayaa guyyaa fi sababa itti waliigalteen addaan cite ibsu hojjetaaf kennuu dha.³⁰³ Xalayaan kun muuxannoo hojii irraa adda ta'us hojjetaan tarkaanfii fudhatame kan mormu yoo ta'e qaama falmii hojii dhagahu biratti akka ragaatti kan gargaaru ta'a. Haala qabatamaa naannoo keenya keessatti mul'atu yeroo ilaallu, waliigaltee hojii addaan kutuun wal qabatee bakka rakkoon raawwii bal'inaan mul'atuu fi mirgi hojjetaa gar malee sarbamaa jiru keessaa tokko hojjetaaf waraqaa hojiirraa ittiin gaggeeffame kennuu dhabuu dha. Hojjechiistotni hojjetaa waraqaa barreeffamaa utuu hin kenniin afaan qofaan har'aa eegalee hojiirraa gaggeeffamteetta jedhan hedduu dha.³⁰⁴ Takka takkas hojjetaan waardiyyaadhaan mooraa hojiitii akka bahu yookin akka hin seenne yeroon taasifamu ni jira.³⁰⁵

Hojjechiistotni tokko tokko beeksisa addaan citiinsaa waliigaltee hojjetaa harkaan osoo hin gahiin yookin osoo hin maxxansiin faayila ofii keessatti qofa hidhachuun hojjetaa yeroon ari'an ni jira.³⁰⁶ Beeksifni kennamu takka takka guyyaan isaa duubatti deebi'ee kan barreeffame dha falmiin jedhu mana murtii keessatti ni ka'a. Kana malees, beeksisa sana osoo hin maxxansiin ofbira tursiisanii kennuun ni jira. Kana malees, hojjetaan bakka hojii seenus atteendaansii akka hin mallatteessine sa'aatii qabduudhaan /'time keeper'/ dhoorkuun ni jira.³⁰⁷ Waliigalteen hojii haalawwan kanaan seerraan ala yeroo addaan citu hojjetootni gochaa isaanirratti raawwatame kana mirkaneeffachuun mirga isaanii kabachiifachuuf yeroo hedduu ni rakkatu.

Dhimmi biraan ilaallamuu qabu hojjechiisaan balleessaan jiraachuu erga beekke eegalee yeroo hammamii keessatti tarkaanfii fudhachuu akka qabu dha. Hojjechiisaan balleessaan raawwatamuu erga beekke eegalee guyyaa hojii 30 keessatti tarkaanfii fudhachuu akka qabu labsii HH kwt 27(3) jalatti tumamee jira. Hojjechiisaan yeroo kana keessatti tarkaanfii fudhachuu yoo baate sana booda mirga waan dhabuuf hojjetaa gaggeessuu hin danda'u. Guyyaan 30 erga badii naamusa raawwatamuu odeeffannoo argatanii moo erga koreen naamusaa dhimmicha qulqulleessee eegalee lakkaawama kan jedhu falmisiisaa ture. Haa ta'u malee dhimma kanarratti Dh/I/MMWF galmee lakk.53358³⁰⁸ irratti murtii kenneen guyyaa 30 lakkaa'amu kan eegalu erga badiin raawwatamuu beekani eegaleeti. Badiin raawwatamuu hojjechiisaan beekeera kan

³⁰³Labsii HH, akkuma lakk 12ffaa olii, kwt.27(2).

³⁰⁴Baarrakaa Ragguu, Pireezidantii Mana Murtii Aanaa Adaamii Tulluu waliin guyyaa 14/04/2007 taasifame. Af-gaaffii Obbo Kaffaaloo Gaaddisaa, Abbaa seeraa Mana Murtii aanaa Ada'aa waliin guyyaa 21/04/2007 taasifame. Af gaaffii obbo Henook Maammuyyee, Pireezidantii Mana Murtii Aanaa Ada'aa waliin guyyaa 20/06/2007 taasifame.

³⁰⁵Kaffaaloo Gaaddisaa, akkuma olii.

³⁰⁶Raggaasaa Bayyanaa, akkuma lakk 211ffaa olii,

³⁰⁷Gaarradoo Taaffasaa, Abbaa Seeraa MMA Walmaraa, afgaaffii gaafa 23/4/2007 gaggeeffame

³⁰⁸Dhimma Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii waliigala Federaalaan galmee lakk.53358 ta'e irratti iyyataa Dhaabbata Tajaajila Poostaa Itiyoophiyaa fi waamamaa Xilahuun Kumaa Jidduu turee murtii argateedha.

jedhamu badiin raawwatamuu adda baasuuf waantotni qulqullaa'uu qaban yoo jiraatan erga qulqullaa'anii booda dha jechuun murteesseera.

Haalli qabatamaa naano keenya jiru akka agarsiisutti dhaabbileen hojjechiisaan hedduun hojjeta badii naamusaa raawwate irratti tarkaanfii kan fudhatan yeroo seerichi teechise keessatti yoo ta'u³⁰⁹, dhaabbileen muraasni badii hojjetaa kan yeroo dheeraa walitti kuusuun tarkaanfii fudhatanis ni jiru.³¹⁰

ii. Akeekkachiisa Kennuun Hojjetaa Gaggeessuu

Akka qajeeltootti hojjetaan hojiirra kan gaggeeffamu akeekkachiisa kennuun ta'uu akka qabu ILO c158 kwt 11 ibsameera.

A worker whose employment is to be terminated shall be entitled to a reasonable period of notice or compensation in lieu thereof, unless he is guilty of serious misconduct, that is, misconduct of such a nature that it would be unreasonable to require the employer to continue his employment during the notice period.

Haaluma walfakkaatuun labsii HH kwt 28 jalattis sababootni hojjechiisaan hojjetaa isaa akeekkachiisan hojiirra akka gaggeessu dandeessisan teechifamaniiru. Sababootni kunis: hojjetaan rakkoo fayyaa isa mudateen ykn miidhaa qaamaa irra gaheen guutummaan hojii hojjechuu yoo dadhabe, dhaabbatni hojjechiisa teessoo hojii yoo jijjiiratu hojjetaan bakka sana deemuuf yoo fedhii dhabe, gitni hojii hojjetaan irratti hojjetu sababa gahaan yoo cufame, dhiheessi meeshaawwan dheedhii irratti hojjechiisaa hanqinni mudate³¹¹, bu'a qabeessummaa dabaluu adeemsi ykn teekinolojii haaraan diriiree humni namaa akka hir'atu yoo taasise, fa'i.

Sababoota kanneen keessaa hojiirra oolchurratti qabatamaan rakkooleen kan irratti mul'atan keessaa inni tokko sababa adeemsa haaraa diriirsuun hojjetaan yeroo hojiirra hir'atu dha. Dhimma Dh/I/MMW Oromiyaatiin galme lakk.134454³¹² ta'e irratti murtii argate keessatti hojjetaan hojii eegumsaa irra hojjetaa ture hojjechiisaan gita hojii kana sababa dhaabbata Atilaas Sekiyuuritii jedhamutti dabarseef ('outsourced' godheef) gaggeeffameera. Dhaddachi Ijibbaataa murtii kenneen hojjetaan gita hojii eegumsaa qaama biraaf yoo dabarsee iyyuu gitni hojjetaan irra hojjetu kwt 28(1) fi (2)'n kan haguugamu miti jechuun gaggeessaan taasifame seeraan ala jechuun murtii jalaa diiguun murteesseera.

Dhimma kanarratti falmiiwwan gara garaa ka'uu kan danda'an yoo ta'u, gama tokkoon hojjechiisaan gita hojii eegumsaa qaama alaa dabarsee kennuun hojimaata haaraa diriirsuu jedhamee kan fudhatamuu danda'uu fi itti gaafatamummaa eegumsaan walqabatee dhufu nama dhuunfaa irraa gara dhaabbataatti waan jijjiiruuf faayidaa ni qabaata. Kun immoo hojjechiisaan

³⁰⁹ Kabbadaa Furgaasaa, Dura taa'aa waldaa hojjetootaa Warshaa bishaan albuudaa Amboo, afgaaffii gaafa 20-4-2007 gaggeeffame.

Aluulaa, Ogeessa Seeraa Warshaa Sukkaaraa Matahaaraa, Afgaaffii gaafa 19/5/2007 gaggeeffame.

³¹⁰ Addunyaa Tasammaa, Raawwataa hojii hubannoo fi leenjii Wa/Dh/H/H/Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 28/4/2007.

³¹¹ Murtii Dh/I/MMWF galme lakk.41385 ta'e irratti iyyataa Dhaabbata Itti gaafatamummaan isaa murtaa'ee Gigaa Konistraakshinii fi waamamaa Tarrafee Zargawuu (fa n-6) keessatti kennamee ilaali.

³¹² Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii waliigala Oromiyaatiin galme lakk.134454 ta'ee irratti iyyataa Taayyee Dabalee fi waamamaa Meerifiik Iraan Gaazii Dhaabbata itti gaafatamummaan isaa murtaa'ee jidduu turee murtii argateedha.

akeekkachiisa kennuun hojjetoota aachirra jiran akka gaggeessu isa dandeessisa kan jechisiisu dha. Akka yaada isa kanaatti murtiin olitti kenname dhama qabeessa miti. Gama biraatiin yaadni ka'u, hojii eegumsaa dabarsanii dhaabbata tokkoof kennuun adeemsa hojii haaraa diriirsuudha yookin bu'a-qabeessummaa hojii dabala jechuudhaaf ragaadhaan mirkaneessuun barbaachisaadha kan jedhu dha.

Sababni inni biraa beeksisa kennuun hojjetaa gaggeessuuf dandeessisu gahuumsa dhabuu dha. Hojjetaan gita irratti ramadamerratti gahumsi isaa yoo hir'ate ykn gahuumsa isaa akka fooyyeffatuuf leenjiin akka kennamuufiif haalli mijatee leenjii fudhachuu dhiisuun gahumsa barbaadamu yoo dhabe ykn leenjiin booda dandeettii dabalataa barbaadamu yoo horachuu dadhabe hojjechiisaan akeekkachiisa kennuun hojjetaa hojiira gaggeessuu ni danda'a. Rakkoon bakka kanatti mul'atu inni guddaan garuu hojjetaan tokko gahumsa barbaachisu ni qaba moo hin qabu isa jedhu adda baasuu dha. Ija saayinsiitiin yeroo ilaallu hojjetaan kamiyyuu madaallii raawwii hojii isaa kara sirnaawaa ta'een osoo hin safariin gahuumsa qaba yookin hin qabu jechuun hin danda'amu.

Kanaaf rakkoo gama kanaan jiru hubachuuf sirna madaallii raawwii hojjetaa dhaabbilee hojjechiisaa keessatti haala kamiin gaggeeffamaa akka jiran ilaaluun murteessaa dha. Dhaabbilee tokko tokko keessatti madaalliin raawwii hojii hojjetaa hin gaggeeffamu; sirni isaas diriiree hin jiru.³¹³ Fakkeenyaaf dhaabbilee abaaboo aanaa tokko keessa jiran 21 keessaa sirna madaallii raawwii hojjetaa diriirsuun kan hojiirra oolchu dhaabbata tokko qofa dha.³¹⁴ Dhaabbilee hojjechiisaa hedduun garuu madaallii raawwii hojjetaa ni gaggeessu. Dhaabbileen hojjechiisaa tokko tokko madaallii raawwii kan gaggeessan baatii jaha jahaan yoo ta'u³¹⁵, kaan keessatti waggaatti al-tokko,³¹⁶ akkasumas dhaabbilee hojjechiisaa muraasa keessatti waggaatti yeroo sadi³¹⁷ halli itti gaggeeffamu ni jira. Dhaabbilee hojjechiisaa tokko tokko keessatti sirni madaalliin raawwii hojii itti gaggeeffamu ifatti diriiree kan jiru yoo ta'u,³¹⁸ dhaabbilee hedduu keessatti garuu madaalliin raawwii hojjetaa bifa saayinsawaa /formal/ ta'ee fi haala itti-fufiinsa qabuun hin gaggeeffamu.³¹⁹ Dhaabbilee hojjechiisaa hedduu keessatti madaallii kan gaggeessu yookin qabxii madaallii kan kennu hoogganaa dhiyooti. Kun immoo bu'aan madaallichaa ciminaa fi laafina hojjetaa osoo hin taane amantaa hooggansi dhiyoo hojjetaa sana irratti qabu qofa agarsiisa komii jedhuuf sababa yeroo ta'u ni mul'ata.³²⁰ Dhaabbilee tokko tokko keessatti

³¹³Bantii Badhaasaa, Dura taa'aa Waldaa Hojjetaa Humna Ibsaa Damee Naqamtee, Afgaaffii gaafa 27/4/2007 gaggeeffame.

Marsuu Abdiisaa, akkuma lakk 98ffaa olii.

³¹⁴Marsuu Abdiisaa, akkuma olii.

³¹⁵Biqilaa Maangashaa, akkuma lakk 117ffaa olii,

Aluulaa Dinqisaa, akkuma lakk 110ffaa olii.

³¹⁶ Afawoq W/gabreel, akkuma lakk 97ffaa olii,

³¹⁷ Malaakuu Takkaa Barreessaa Waldaa Hojjatootaa Warshaa Biqila Asallaa waliin gaafa 05/05/2007

³¹⁸ Afawoq W/gabreel, akkuma lakk 97ffaa olii,

³¹⁹Addunyaa Tasammaa, Raawwataa hojii hubannoo fi leenjii Wa/Dh/H/H/Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 28/4/2007.

Biqilaa Maangashaa, I/G Bu/Mi/Hu/Namaa Warshaa Bishaan Albuudaa Amboo, afgaaffii gaafa 20-4-2007 gaggeeffame

Birhaanuu Bantii, I/G/Wa/Dh/H/H/Ma/Naqamtee, afgaaffii gaafa 28/4/2007

Yohaannis Indaalewu, Ogeessa Qorannoo fi leenjii, Wa/Dh/H/H/Ma/Naqamtee, afgaaffii gaafa 28/4/2007

³²⁰Eliyaas Amaaraa, Ittigaafatamaa kutaa hariiroo hojjetaa Warshaa Sukkaaraa Matahaaraa, 20/05/2007.

Taammiraat Tasfaayee, Dura taa'aa Waldaa Hojjetootaa, dhaabbata oomisha abaaboo Hoolataa Roozis, afgaaffii gaafa 21/4/2007 gaggeeffame

bu'aa madaallii irratti hojjetaan yoo komate haalli itti qulqullaa'u kan jiru yoo ta'u, dhaabbilee kaan keessatti garuu carraan kun hin jiru.³²¹

Haala qabatamaa sirna madallii dhaabbilee hojjechiisaa hedduu keessa jiru saayinsawaa fi sirnaawaa akka hin taane daataan olitti dhiyaate waan agarsiisuuf, tarkaanfiin dhaabbileen hojjechiisaa ragaa bu'aa madaallii haala kanaan gaggeeffame irratti hundaa'uun fudhatan yookin osoo sirni madaallii hin jiraatiin hojjetaan tokko gahuumsa hin qabu jechuun tarkaanfiin fudhatamu dhugummaa kan hin qabne yookin loogiidhaaf karaa kan saaqu dha.

iii. Hojjetoota Baay'ee Akeekkachiisa Kennuun Hojiirraa Gaggeessuu (Hojjetaa Hir'isuu)

Hojjechiisaan sababa jijjiirama caaseffama dhaabbatichaa ykn hojimaata dhaabbatichaan wal qabataniin hojjetoota baay'ee hojiirra gageessuu akka danda'u kwt 28(2) jalatti tumamee jira. Hojjetoota hir'isuuf qabxiileen ilaalcha keessaa galuu qabanis: sababoota waliigaltee hojii hojjetoota baay'ee yeroo tokkotti addaan kutan, lakkoofsa hojjetoota hir'ifamanii, turtii yeroo hir'ifamanii, tartiiba hojjetoota hir'isuu hordofamuu qaban fa'i.³²² Sababoonni hojjechiisaan gareen hojjetoota akka hir'isu dandeessisan kwt 28(2) jalatti tarreeffamanii jiru. Dabalataan gitni hojii dacha'uun hojjetoota baay'ee hojiirraa akka gaggeeffaman kan taasisu yoo ta'e hojjetoota hir'isuun akka danda'amu kwt 28(3) jalatti tumameera. Haa ta'u malee, kwt 29(3) jalatti hojjetootni hojiirraa kan hir'ifaman sababoota kwt 28(1) jalatti tarreeffaman bu'uura godhachuudhaani jechuun tumameera. Keewwatni 28(1) bu'uurarraa haallan waliigalteen hojjetaa tokkoo itti addaan citu tuma malee waa'ee hojiirra hir'isuu hin tumu waan ta'eef rakkoo bocama seeraa ta'uu hubachiisa.

Dhimma kana ilaalchisee falmii boordii murteessaa dhimma hojjetaaf hojjechiisaa damee lixaatti³²³ ilaalamee murtii argatee hojjettoonni hojjechiisaan utuu adeemsa hir'isuu seerri teechisu hin hordofiin seeraan ala nu geggeesse jechuun himataniiru. Hojjechiisaan gama isaan jijjiirama teeknoolojii haaraa hojii irra oolchuuf bu'uura kwt 28(2)(c) tiin hojii irraa geggeessuu ibsa. Sirni hir'isuu hordofamuu qabu akkuma kwt 29(3) jalatti tarreeffamee jiru hojjetoota akkaataa kwt 28(1)' tiin hir'ifamanii dha malee kanneen akkaataa kwt 28(2)'tiin hir'ifaman hin hammatu jedheera. Boordii kunis kan kwt 29(3) jalatti akkaataa kwt 28(1)'tiin hir'ifaman jechuun kan ibsame dogoggora malee hojiirra hir'isuun sababoota 28(2) jala jiran ilaallata jechuun hojiirraa hir'isuun kun seera ala jechuun murteessera.

Lakkoofsa hojjetoota hir'ifamanii ilaalchisee Kwt 29(1) akka tumutti hojjettoonni hir'ifaman 10% ykn dhaabbata hojjetoota 20 hanga 50 qabu keessatti hojjetootni 5 yoo hir'ifaman jechuun

³²¹ Afaworq W/gabreel, akkuma lakk 97ffaa olii.

³²² Labsii HH, akkuma lakk 12ffaa olii, kwt.28(2) fi 29.

³²³ *Boordii dhaabbataa dhimma hojjetaa fi hojjechiisa dame oromiyaa lixaatti galmee adda adda sadii, lakk.GBM19-106/386, lakk.GBM20-81/397 fi lakk.GBM18-61/387 himattoota Tasfaayee kabadaa fa(n-60) fi himatamaa Itiyoo Telekoomi jidduu ture guyyaa 10/02/2004 murtii argatee dha.*

tumee jira. Yeroon turtii hir'isullee kwt 29(1) jalatti tarreeffamee argama, guyyoota walitti aanan 10 gadi ta'uu akka hin qabne ibsee jira.

Qabatamaan warshaaleen tokko tokko sababa jijjiirama haala hojiin hojjetoota baay'ee hojii irraa hir'isaa jiru. Keessattuu dhaabbileen hojjechiisaa mootummaa irraa gara dhuunfaatti yeroo dabarfaman hojjetoota hedduu hir'isu. Kunis sababa hojiin dhaabbatichaa kan akka eegumsaa, fe'uu fi buusuu fa'a 'outsourced' ykn dabarfamanii gara qaama sadaffaatti kennamaniifi hojiin hedduun mashiniin akka hojjetamu ta'aa waan jiruufi dha.³²⁴ Hojjechiisaan yeroo hojjetaa hir'isu gamtaa hojjetootaa fi bakka bu'oota hojjetootaa waliin mari'achuu akka qabuu fi hojjetoota ga'uumsa fooyya'aa qabanii fi bu'a qabeessa ta'an akka hafan taasisuu qabaata. Yoo hojjetootni ga'uumsaa fi bu'a qabeessummaa walqixa kan qaban ta'e tartiibni hojjechiisaan hordofuun hojjeetoota hir'isuu qabu seeraan adda bahe tarreeffamee jira. Tartiibni kunis kwt 29(3) jalatti tarreeffamee jira. Hojjettonni dursa hir'ifamuu qaban tartiiban yoo ka'aman; hojjetoota tajaajila hojii gabaabaa kennan, hojjetoota nama muraasaa gargaaran ykn hirkattoota muraasa qaban, hojjetoota biroo kan (a) fi (b) jalatti hin hammatamne, hojii dhaabbaticha utuu hojjetanii kanneen miidhaan hojiirraa irra gahe, bakka bu'oota hojjetoota, dubartoota ulfa dha.

Haa ta'uu malee adeemsi hojjetoota hir'isuu kun dhaabattoota hojii ijaarsaa irratti bobba'an (kwt 30(2) jalatti kan tarreeffaman) kan hin hammatne ta'uu kwt 30 jalatti ibsame jira. Sababni dhaabattoota hojii ijaarsaa irratti bobba'an adeemsa kana hordofuu hin qaban jedhames hojiin ijaarsaa hojjetoota ogummaa garaa garaa qaban yeroo adda addaatti akka qaxaru kan taasisuu yoo ta'u hojii hojjetaan sun itti qaxaramuu akka dhumeen hojjechiisaan hojjetoota hir'isuu akka danda'uu taasisuufi dha.

Qabatama jirutti yeroo deebinu, hojjechiistotni tokko tokko hojjetaa yoo hir'isan waldaa hojjetootaa waliin hin mari'atan. Kanamalees, hojjetootni yommuu hir'ifaman beeksisni dursee hin kennamu. Fakkeenyaaf, dhaabbata tokko keessatti hojjetootni 58 hojii irra osoo jiranii har'aa kaastanii hir'ifamtaniirtu ergaan jedhu haalli itti darbeef ni jira.³²⁵ Hojjechiistonni tokko tokko waldaa hojjetootaa waliin kan dubbannu bu'aa hir'isuu murteessuuf malee hojjetoota bu'a qabeessa ta'an filuuf ta'uu hin qabu jedhu.³²⁶ Labsii HH kwt 29(3) jalatti seerichi ifaan hojjechiisaan hojjetoota bu'a qabeessa ta'an yoo sadarkeessu gamtaa hojjetootaa waliin dubbachuu akka qabu tumamee waan jiruuf yaadnii fi gochaan hojjechiistotaa kun deeggarsa seeraa hin qabu.

Hojjetootni hir'ifamanis hir'ifamuu akka hin qabaanne falmuu fi falmii isaanii ragaadhaan deeggaranii dhiyyeeffachuuf waan rakkataniif yeroon callisanii dhiisan ni jira. Kunis kan ta'e faayilli hojjetaa kaanii hojjechiisaa harka qofa waan jiruuf, hojjetaan inni kum isaan dura yookin booda hir'ifamuu akka qabu beekuu hin danda'ani.³²⁷

³²⁴ Maabrat Irranaa fi namoota lama Dura taa;ota Waldaa hojjatoota warshaa Biiraa Baddallee waliin gaafa 13/04/2007

³²⁵ Takkaa Daggafaa hojjataa warshaa Biiraa Baddallee (operator of machine) waliin gaafa 13/04/2007

³²⁶ Afaworq W/gabreel, akkuma lakk 97ffaa olii.

³²⁷ Addunyaa Tasammaa, Raawwataa hojii hubannoo fi leenjii Wa/Dh/H/H/Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 28/4/2007.

3.7.2. Sirna akeekkachiisni ittiin kennamuu qabuu fi bu'aa isaa

Akeekkachiisni waliigalteen addaan cituu ibsu bu'uura labsii HH kwt 34'tiin hojjechiisaan hojjetaaf yeroo kennu sababaa fi yoom waliigaltichi akka addaan citu barreeffamaan ibsuu qaba. Akeekkachiisni kunis qaamaan hojjetaaf kennamuu akka qabuu fi hojjetaan kan hin argamne yoo ta'e immoo gabatee beeksiisaa dhaabbaticha irratti guyyoota 10 walitti aananiif maxxanfamee turuu akka qabu kwt 34(2) jalatti tumamee jira. Turtiin yeroo akeekkachiisaa, umurii tajaajila hojjetaa irratti kan hunda'uu yoo ta'u baatii tokko hanga baatii sadiitti turuu ni danda'a (kwt35).

Garoo akeekkachiisni kennamu adeemsaa fi akkaataa seerri teechisuun kennamuu dhabuu yookin qabiyyee barbaachisaa qabaachuu dhabuun ni mul'ata. Hojjechiistotni tokko tokkos akeekkachiisa kennuudhaan hanga guyyaan akeekkachiisni itti kenname dhumutti osoo hin eegiin hojjetaa gaggeessuun mindaa hojjetichaa yeroo sanaa kan kanfalan ni jiru.³²⁸

Akeekkachiisni kennamu kun bu'aa seeraa maal hordofsiisa? Kallattiin waliigaltee hojii addaan kutuu ni danda'a moo sana booda hojjechiisaan xalayaa waliigalteen hojii addaan cituu ibsu kennuu qaba? kan jedhu ilaalamuu qaba. Kaayyoon akeekkachiisa waliigaltee hojii gara fuulduraatti kan addaan citu ta'uu ibsuun hojjetaan hojii biroo akka barbaaddatu gochuu dha.

Dhimma MMO Go/W/Bahaa galmee lakk. 23715³²⁹ ta'e irratti murtii argate keessatti hojjechiisaan waliigaltee hojjetaa waliin qabu addaan kutuuf guyyaa addaan citiinsaa caqasuun xalayaa akeekkachiisaa hojjetaa qaqqabsiiseera. Hojjetaan kun erga boqonnaa bahe boodas hojjechiisaan waliigaltee hojii akka haaromsitu jechuun hojjetaa kanaaf gabatee beeksisaa irratti waamicha taasisee jira. Hojjetaan seeraan ala geggeeffameera jechuun himata dhiheeffateera. Hojjechiisaan nuti hojii irraa hin geggeessine isatu ofumaan hojii dhiisee jechuun falme. Manni murtii jalaas xalayaan hojjetaa qaqqabe waliigalteen addaan cita jedha malee waliigalteen hojii addaan cituu hin mul'isu jechuun hojjechiisaan waliigaltee hojii addaan hin kutne jedheera. Manni murtii ol'aanaa immoo akeekkachiisa kenname irratti guyyaan waliigalteen hojii itti addaan citu ifatti taa'ee jira waan ta'eef waliigalteen hojii addaan citeera jedheera. Waamichi waliigaltee haressuuf taasifames osoo ol'iyyataan boqonnaa waggaa irra jiruu waan ta'eef akkaataa kwt 80(1) jalatti tumametti hanga hin raawwatamnetti fudhatama hin qabu jedheera. Waliigaltee hojii addaan kutuuf akeekkachiisa kennuun alatti xalayyaa biroo hojjetaaf kennuun akka barbaachisu seeraan hin teechifamne waan ta'eef guyyaan akeekkachiisarratti ibsame yoo gahu waliigalteen addaan cita jedhanii fudhachuun ni danda'ama.

Adeemsaalee Waliigaltee hojii addaan kutuuf hordofamuu qaban kana hordofuu dhabuun bu'aa seeraa dhufu haa ilaallu. Labsiin HH adeemsaalee kana hordofuu dhiisuun bu'aa maalii akka hordofsiisu bakka hundatti hin tumne. Waliigaltee akeekkachiisa kennuun addaan kutuun wal qabatee akeekkachiisa kennuu hafuun kaffaltii yeroo akeekkachiisaa akka kaffalchiisu kwt 44

³²⁸ Shibbiruu Caalchisaa, akkuma lakk 97ffaa olii..

³²⁹ Mana Murtii Ol'aanaa G/W/Bahaan galmee lakk.23715 ta'ee irratti Ol'iyyataa Asaaluu Obsaafi D/kennaa Kolleejjii Fayyaa Kiyaamed Damee Naqamtee jidduu ture murtii argatee dha.

jalatti tumameera. Yeroo kanatti akeekkachiisa kennuu dhabuu qofti waliigaltee seeraan ala kan addaan hin kutne ta'uu dha.

Akeekkachiisa malee hojjetaa hojiirra gaggeessuun wal qabatee hojjechiisaan badiiwwan kwt 27(1) jalatti tarreeffaman raawwatamuu erga beekke guyyaa 30 keessatti tarkaanfii fudhachuu dhabuun isaa mirga tarkaanfii fudhachuu kan dhabsiisu ta'uun olitti ibsameera. Kanaafuu hojjetaan badii raawwachuu erga beekke eegalee hojjechiisaan guyyaa 30 booda hojiirraa yoo gaggeesse waliigalteen hojii seeraan ala addaan cite jedhamee fudhatama. Kanaafuu bu'aan waliigaltee hojii seeraan ala addaan cituu bakka kanatti raawwii ni qabaata. Kun immoo hojjetaan balleessa yeroo tokko raawwatuuf jiruu isaa guutuu yooman gaggeeffama sodaa jedhu irraa bilisa ta'ee akka hojii hojjetu waan taasisuuf wabii hojii ni mirkaneessa.

Gama biraatiin dhimmi falmisiisaa ta'aa jiru hojjetaa akeekkachiisa malee gaggeeffameef hojjechiisaan xalayaa sababaa fi guyyaa waliigalteen hojii addaan citu ibsu kennuu dhabuun bu'aa inni hordofsiisuu dha. Hojjetaa tokko hojiirraa gaggeessuuf sababni gahaan yeroo jiraatu hojjechiisaan sababaa fi guyyaa waliigalteen hojii isaa adda citu kan agarsiisu xalayaan kennamuufi qaba. Hojjechiisaan waraqaa kana sababa hin kennineef qofa hojiirraa gaggeessaan taasifame seeraan ala ni jechisiisaa? Kan jedhus qabxii ilaallamuu qabu dha. Hojjechiisaan hedduun xalayaa kana hojjetaaf osoo hin keenniin afaaniin, bilbilaan, waardiyyaadhaan hojiirraa gaggeessaa akka jiran olitti ilaalleerra. Kunis mirga hojjetaarraan miidhaa ni qaqqabsiisa; hojjetaan maaliif akka hojiirraa geggeeffame akka hin beekne taasisa, hojiirraa gaggeeffamuu isaatiif ragaa gahaa dhiyeeffachuu akka dadhabu taasisa³³⁰. Kanaafuu haala kanaan hojjetaa gaggeessuun bu'aa homaatu hin qabu jechuun hojjechiisaa seera cabsu jajjabeessuu ta'a. Kanaafuu waraqaa akeekkachiisaa malee hojjetaa gaggeessuun seeraan ala jedhamee fudhatamuu qaba.

3.7.3. Gaaffii mirgaa hojjetaan waliigalteen isaa addaan cite gaafatuu fi qaama dirqama mirkaneessuu qabu

Waliigalteen hojii yeroo addaan citu hojjetaan seerummaa isaaf malu hunda duguugee gaafachuu qaba. Gaaffii seerummaa hojjetaan hin gaafanne irratti Manni murtii murtii kennuu akka hin dandeenye SDFHH kwt 182 jalatti ibsameera. Haala qabatamaa jiru yeroo ilaallu hojjetootni waliigalteen hojii seeraan ala yommuu addaan citu seerummaa gaafachuu qaban hunda ibsanii gaafachaa hin jiran³³¹. Seerummaa ifa hin taane fi akka waliigalaatti dhiyaatu, fakkeenyaaf 'beenyya fi kanfaltii naaf malu naaf haa kanfalu' jechuun himannaan yeroo dhiyaatu ni mul'ata. Yeroo tokko tokko immoo mirgoota seeraan gaafachuu danda'an dhiisuun kanneen bu'uura seeraa hin qabne kan akka beenyya haamilee fa'a gaafachuu fi hojiitti na haa deebisu jechuun beenyya akka filannootti osoo hin gaafatiin hafuu kan jedhan rakkoowwan yeroo hedduu

³³⁰ Dhimma dhaddacha ijibbaataa MMWF galmee lakk.43610³³⁰ ta'e irratti murtii argate ilaali.

³³¹ Masfin Nugusee fi namoota Sadi, A/seeraa Mana Murtii O'aanaa Godina Jimmaa waliin gaafa 24/04/2007

Tashoomaa tulluu fi namoota lama, marii A/seeraa Mana Murtii Aanaa Jimmaa waliin gaafa21/04/2007 taasifame; Tasfaayee Murteessaa fi namoota lama A/seeraa Mana Murtii Aanaa Baddallee waliin gaafa 14/04/2007.

mul'atani dha.³³² Rakkoon kun hojjetaarra miidhaan dachaa ta'e akka gahu taasisa. Innis, jalqabarratti waliigalteen hojii isaa seeraan ala addaan citeera. Lammaffaarratti bu'aan isaa qixa sirriin akka hin murtoofneef seerummaa gaafachuu qabu kara sirrii ta'een gaafachuu dhabuu dha.

Dhimmi biraan bu'aa waliigaltee hojii addaan kutuun wal qabatee ilaallamuu qabu adeemsa seeraa hordofamuu qabu dha. Labsiin HH tumaalee ademsa falmii of keessatti qabatee jira.³³³ Isaan kun tumaa addaa waan ta'aniif raawwii qabu. Isaan kanaa alatti garuu SDFHH kwt 3 jalatti akka tumametti tumaaleen SDFHH dhimma hariiroo hawaasaa kamirrattiyyuu raawwii akka qaban tumamee jira. Dhimmichi falmii hojii waliinii yoo ta'e boordiin adeemsa mataa ofii baasuu akka danda'u labsii HH kwt148 jalatti tumamee jira. Koonveenshiniin ILO c158 keessatti dhimmi dirqama hubachiisu tumameera. Waliigalteen hojii yeroo addaan citu seera-qabeessummaa isaa hubachiisuun dirqama hojjechiisaa ta'uu ibseera. Naannoo kanatti qajeeltoon seeraa hojjiirra ooluu qabu qajeeltoo "reverse burden of proof" ta'uu akka qabu hayyootni ni ibsu.³³⁴ Garuu hariiroon hojii jiraachuun gama hojjechiisaan yoo waakkatame ykn hariiroon hojjichaa uwwisa labsii lakk.377/96 ala ta'uun falmisiisaa yoo ta'e dhimma kana hubachiisuun dirqama hojjetaa ta'a. Gama biraatiin, falmii loogii hojii hubachiisuu keessattis loogiin alkallattii haala ifa hin taanee fi walxaxaa ta'een kan rawwatamuu fi ragaan hedduun harka hojjachiisaa kan jiru waan ta'eef namni miidhame ykn himatu ragaa dhiyyeessee hubachiisuun mirga isaa kabachiifachuuf ni rakkata.³³⁵ Rakkoo kana hir'isuuf biyyoonni hedduun seera isaanii keessatti namni loogiin irratti raawwatamuuf himatu dhimmoota ka'uumsa ta'an (*prima facie case of discrimination*) hubachiisnaan himatamaan dhimmi jedhame loogii akka hin uumne ykn uumuu akka hin dandeenye hubachiisuu akka qabu dirqama seeraa irra kaa'u.³³⁶

Qabatamaan biyya keenyatti qajeeltoo kana fudhatanii hojjiirra oolchuurratti rakkoon ni jira. Dhimma M/M/W/O Dhadd.Ij.galmee lakk.155142³³⁷ ta'e irratti murtii argate keessatti himattuun gita qindeessaa fi to'ataa geejjibaa keessa osoon hojjedhuu gitni hojii koo osoo hin haqamiinii fi dhaabbatichi hojii irra jiruu fi sababni gahaan gita hojii kiyya haqsiisu utuu hin jiraatiin xalayaa of eeggannoo baatii lamaa naaf kennuun seeraan ala waliigalteen hojii koo addaan citeera jechuun himatteetti. Himatamaan gama isaatiin hojjichi kan hojjetamu guyyaatti sa'a lama hin caalu, hojii sa'aatii idileen hojjetamu miti waan ta'eef gitni hojii kun akka haqamu dhaabbatichi waan murteesseef addaan citiinsi waliigaltee kun seera qabeessa jedheera. Manni murtii aanaa

³³² Tashoomaa Tulluu fi namoota lama, marii A/seeraa Mana Murtii Aanaa Jimmaa waliin gaafa21/04/2007 taasifame,

³³³ Procedural rules govern the process of litigation; regulate the conduct of relations between the litigants and the court with respect to the proceedings. Haala kanan keewwatanonni waa'ee kaffaltii abbaa seerummaa ,darbiinsa yeroo fi aangoo qaamolee falmii hojii dhagahanii murteessan tumaalee adeemsa jedhamanii fudhatamuu ni danda'u.

³³⁴ Mehari Redai, akkuma lakk 270ffaa olii, 46.

³³⁵ Alan Gladstone, labor Relations in Changing Enviroment, Walter de Gruyter, 1992,P.372

³³⁶ <http://www.ilo.org/legacy/english/dialogue/ifpdial/llg/noframes/ch7.htm#4> (There has been a shift of this nature in the burden of the proof in a large number of countries with such different legal systems as Finland, France, Germany, Guatemala, Guyana, Italy, Netherlands, Norway, Sweden, United Kingdom and Zimbabwe.) gaafa 10/09/2007 ilaalame

³³⁷ Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Oromiyaa galmee lakk.155142 ta'ee irratti iyyataa Itiyooophiyaa Katiing dhaabbata dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa kan murtaa'e waldaa dhuunfaa fi waamamaa Taaddasaa Alamuu jidduu turee murtii argateedha.

murtii kenneen hojiin kenniinsa tajaajila geejjibaa hanga hin dhaabbannetti gitni hojii haqameera jechuu qofti fudhatama hin qabu jechuun hojiirraa gaggeessuun isaa seeran ala jechuun murteessera. Dhaddachi Ijibbaataa immoo hojjechiisaan gitni hojichaa kan dacha'ee ta'uu waan ibseef hojjetaan sababni gahaan gita kana cufsiisu hin jiru jedhullee kana immoo waan hin mirkaneessineef addaan citiinsi waliigaltee seera qabeessa jechuun murteesseera.

Dhimma kanarraa kan hubatamu gitni hojii sababa gahaa malee dacha'e jedhee hojjetaan yoo falmii kaasu dhimma kana hubachiisuun dirqama hojjetaa ta'uu isaati. Kun immoo qajeeltoo '*Reverse burden of proof*' hojiirra oolchuu dhabuu mana murtichaa mul'isa. Waliigalteen hojii yoo addaan citu seera qabeessummaa isaa mirkaneessuun dirqama hojjechiisaati. Gita hojii dachaasuun wal qabatee hojjechiisaan kara seera qabeessaan gaggeesseera kan jedhamu yoo gitni hojii sababa gahaan dacha'ee fi gitni biroo hojjetaan kun itti jijjiiramu hin jiru ta'e dha. Ulaagaaleen kun lamaan guuttamuu hubachiisuun qajeeltoo olitti ibsameen dirqama hojjechisaati. Garuu dhaddachi ijibbaataa dirqama kana gara hojjetaatti ceesisuun isaa sirrii hin fakkaatu.

Dhimma qabatamaa biraa MMA Adaamaatti ilaalame tokko keessatti hojjettoon sababa malee waliigalteen hojii koo addaan citeera yoo jettu, hojjechiisaan sababa hojiirraa hafuu fi barfatani seenuu ishiitiif akka waliigaltee ishee addaan kute ibse. Manni murtii hojjechiisaan galme to'annaa hojjettoota (attendaansii) akka fidu yeroo ajaju hojjechiisaan gubateera hin jiru jedheera. Manni murtichaas hojjechiisaan ragaa namaa dhiyeeffatee akkaataa himannaa isaatiin akka mirkaneeffatu osoo hin godhiin ragaa himattuu dhagaheera. Manni murtichaas, akka ragaan bitaa mirgaa agarsiisetti himattuun (hojjechiistuun) kun hojiirraa yeroon hojiirraa hafte fi barfatee guyyaa tokko qofa waan ta'eef waliigalteen hojii seeraan ala adda cite jechuun kanfaltiiwwan gara garaa himattuun gaafatte murteesseeraaf.³³⁸ Kun kan agarsiisu manneen murtii keenya ragaa bitaa fi mirgaa callisanii dhagahuun alatti eenyu falmii isa kam mirkaneessuuf dirqama qaba? kan jedhu ilaaluun itti adeemaa akka hin jirre dha.

Rakkoon inni biraa gama kanaan mul'atu manneen murtii ragaa hojjechiisaan barreeffamaan dhiyeessu hojjetaan ragaa namaatiin akka sobsiisu carraa kennuu dhabuu dha. Dhimma qabatamaa tokko keessatti hoji gaggeessituun warshaa tokkoo hojjettoota 3 guyyaa 3 hojiirraa waan hafaniif biirootti waamuun kana booda isin hin barbaadnu hin dhufina jechuun hojiirraa gaggeessuu hojjettootni falmii isaanii keessatti ibsaniiru. Hojjettootni kunis sana booda gara hojii hin deemne. Hojjechiisaanis hojjettootni kun guyyaa 5 ol waan hafaniif beeksisa waamichaas baasuun hojiirraa kan gaggeesse ta'uu falmeera. MM's ragaa beeksisa bahe hojjechiisaan fide ilaaluun hojjettootni afaaniin hojiirraa gaggeeffamne jedhanis hojjechiisaan beeksisa taasisee sana booda xalayaadhaan waliigaltee addaan kutuu waan hubanneef waliigalteen seeraan ala cite hin jiru jechuun himannaa kufaa godheera.³³⁹ Yaada kanarraa kan hubatamu manni murtii kun murtii kana kennuuf ragaa barreeffamaa hojjechiisaan dhiyeesse (beeksisa maxxanfame jedhamee fi xalayaa waliigalteen hojii ittiin adda cite) qofa giddu-galeessa godhateeti dha. Manni murticha

³³⁸ Balaaynesh Getu Vs Kaampaaniin Salasar Koopaawundis, MMA Adaamaa, Lakk G 83498

³³⁹ Alam Alamuu fa N3 Vs Warshaa Quwaartizii Moojoo, MMA Lume, lakk g 49065

hojjettoota kanaaf afaaniin gaggeeffamuu isaanii ragaa qabaniin akka mirkaneessan carraan hin kennamneef. Kunis fudhatamummaa ragaa barreeffamaatiif loogii jiru irraa kan madde fakkaata. Ragaan barreeffamaa kun hojjechiisaan guyyaa isaa duubatti deebisee yeroo barbaade kan qopheessuu danda’u akka ta’e hubatamuu kan qabu dha.

Manneen murtii haala kanaan ragaalee barreeffamaa hojjechiisaan dhiyeessu qoruuf yaalanis ni jiru. Dhimmi qabatamaa tokko keessatti, hojjetaan himannaa isaa keessatti hojjechiisaan barsiisummaa koollejjii dhuunfaatiin na qacaree seeraan ala waliigaltee hojii koo addaan kute jedheera. Hojjechiisaanis hojjetaan sun guyyaa 5’f hojii irraa waan badeef beeksisa baasuun barbaadne dhabnaan gaggeessine jechuun beeksisa bahe jedhame fideera. Manni murtiis hojjetaan kun hojiirraa hin badne beeksisnis narratti hin baane jedhee waan falmeef ragaa namaa dhagaheera. Ragaan namaa dhiyaatanis himataan (hojjetaan) kun hojiirraa kan hin badnee fi guyyaa beeksisni waamichaa irratti bahe jedhamee boodallee waajjira dhaabbata hojjechiisaa galee hojjetaa kan ture ta’uu dhugaa bahaniiru. Manni murtichaa murtii yeroo kennus ragaan namaa ragaa barreeffamaa beeksisni bahee ture jedhamee dhiyaate dhugaa ta’uu shakkii keessa waan galcheef jechuun waliigalteen seeraan ala addaan cite jechuun murteesseera.³⁴⁰

3.7.4. Bu’aawwan waliigaltee hojii addaan kutuu

Labsiin HH yeroo waliigalteen hojii addaan citu mirgootaa fi fayidaawwan hojjetaan argachuu qabu teechiseera. Waliigalteen seeraan ala kan addaan cite yoo ta’e, hojjetaan kaffaltiiwwan akka boqonnaa waggaa, kaffaltii hojii irraa geggeessaa (severance pay), kaffaltii beenyaa, kuufama mindaa, itti-gaafatamummaa yakkaa, dirqama hojiitti deebisuu fi kkf teechiseera. Waliigalteen kara seera qabeessa ta’een yoo addaan cites hojjetaan kanfaltiiwwan akka hojiirraa gaggeessaa haalli itti argatu ni jira.

Bu’aawwan addaan citiinsa waliigaltee irraa maddan kanneen keessaa isaan yeroo baay’ee hojii irratti falmisiisoo ta’an irratti xiyyeeffachuun akka itti aanutti ilaalla.

i. Kaffaltii hojii irraa geggeessaa (Severance Pay)

Kaffaltiin hojii irra geggeessaa hojjetaan tajaajila kenneef yeroo waliigalteen hojii addaan citu kaffaltii raawwatamu dha.³⁴¹ Kanfaltiin bifa kanaa waliigalteen kara seeraan alaa fi kara seera qabeessa ta’een yeroo adda citullee haalli itti kanfalamuu danda’u ni jira. Labsii HH kwt 39 jalatti hojjetaan yeroo yaalii xumure kamiyyuu yeroo waliigalteen hojii sababoota keewwaticha jalatti tarreeffamaniin addaan citutti kaffaltii hojii irraa gaggeessaa ni argata jechuun tumee jira. Labsiin lakk.494/98 keewwata 2(2) jalatti sababoota kaffaltiin hojii irra gaggeessaa itti kaffalamu sadi tarreessee jira. Walumaa galatti seera keenya keessatti sababoanni kaffaltiin hojii irraa gaggeeffamuu itti raawwatamu sagal (9) tarreeffamanii jiru. Isaanis:hojjechiisaan sababa kasaareef ykn sababa biraatiif dhaabbatichi itti-fufiinsa haala qabaatuun cufamuu,sababa seeraan alaatiin kaka’umsa hojjechiisaatiin hojjetaan hojii irraa yoo gaggeeffame,hojjetaan bu’uura labsii

³⁴⁰ Magarsaa Goobanaa Vs Yuunivarsiitii Koollejjii Kiyamed, MMA Guutoo Giddaa, Lakk G 26989

³⁴¹ Yaada qorannoo labsii hojjetaa fi hojjechiisa akka fooyya’uuf gama gamtaa hojjettootaan dhihaate fuula .6

HH' tiin ibsameen hojii irraa yoo hir'ifamu, gochi yakkaa waan irratti raawwatameef hojjetaan waliigaltee hojii yoo kute, hojjechiisaan nageenya ykn fayyaa hojjetaa irra balaan akka qaqqabuu danda'u osoo beekuu balaan kun akka hin qaqqabneef tarkaanfii fudhachuu dhiisuu irraa kan ka'e hojjetaan waliigaltee hojii addaan yoo kute, sababa miidhaa hojiirratti gaheen hojjechuu dhabuun isaa ragaa mana yaalaan yoo mirkanaa'e, mirga kaffaltii (provident fund) kan hin qabne ykn soorama kan hin qabne umuriin soorama gahee yoo gaggeeffame, sababa dhukkuba HIV/AIDS tiin gaaffii ofiitiin hojjetaan hojii yoo gadi lakkise ykn hojjetaa yoo xiqqaate waggaa 5 hojjechiisaaf hojjetee dhukkubaan ykn du'aan waliigalteen cite garuu sababa leenjii isaaf kennameetiif dirqama hojiirra turuu hin qabne ta'ee fedhii isaatiin hojii gadi dhiise yoo ta'edha. Dhaddachi Ijibbaataa MMWF galmee lakk 26077³⁴² irratti labsii HH kwt 39 jalatti haallan teechifamaniin alatti haallan biroo kaffaltiin hojii irraa gaggeessaa itti kaffalamu waliigaltee hojii yookin waliigaltee gamtaa keessatti haammachiisuun akka danda'amu kaa'eera.

Itti aansuun sababoota kaffaltiin hojii irra geggeessaa itti kaffalamu keessaa kanneen yeroo hedduu falmiiwwan irratti ka'an muraasa dhimmoota qabatamoon deeggaruun ilaalla. Sababoota kanneen keessaa tokko waliigalteen hojii seeraan ala yoo addaan cite dha. Waliigalteen tokko seeraan ala addaan citeera kan jedhamu yoo ulaagaawwan waliigaltee hojii addaan kutuuf labsii hojjetaa fi hojjachiisaa yookiin seera biroo rogummaa qaban keessatti ibsaman hin guutne ta'e dha (kwt 42). As irratti kan seera hojjetaa fi hojjechiisaa jedhu sababoota waliigaltee hojii addaan kutuuf jedhamuun labsicha keessatti tarreefaman qofa ta'uu hin qabani. Labsicha kwt 23 waliin ilaaluun waliigaltee gamtaallee kan hammatu ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Dhimma Dhaddacha Ijibbaataa MMWO'tiin galmee lakk.135929³⁴³ ta'e irratti murtii argate keessatti barsiistuun koollejji tokko qormaata 'COC' akka fudhattuuf xalayaan beeksifamtee, haalli mijateefi deemtee waan fudhachuu diddeef hojjechiisaan waliigaltee hojii addaan kuteera. Koollejjiichi sababa isaa yeroo ibsu qajeelfama mootummaan baaseen barsiisotni dhaabbilee mootummaas ta'e dhuunfaa keessatti barsiisan madaallii gahuumsa ogummaa yoo hin milkooofne barsiisuun kan itti fufuu hin dandeenye ta'uu ibseera. Dhaddachi kunis falmichi dhugaa ta'uu erga mirkaneeffate booda waliigalteen hojjetuu kan addaan cite qajeelfama mootummaa kabajuu sababa diddeeni malee kaka'uumsa hojjechiisaan waan hin taaneef of eeggannoo kennuun hojii irraa gaggeessuun isaa seera qabeessa dha jedheera. Waliigalteen hojii qajeelfama mootummaa irratti hundaa'ee hojjetuun kun waanta ishee irraa barbaadamu guutuu dhabuu isheetiin kan addaan cite waan ta'eef kaffaltiin hojii irraa geggeessaa kaffalamuufi qaba jenneerra jechuun murteessera. Ejjennoon dhaddacha kanaa immoo qajeelfama mootummaa bu'uura godhachuun waliigaltee hojii addaan kutuun seera qabeessa ta'uu isaati. Garuu sababni dhaddachi kun kaffaltii hojiirraa gaggeessaa akka kaffalamuuf murteesse amansiisaa miti. Kaffaltiin hojiirraa gaggeessaa sababa hojjetuun qajeelfama mootummaa kabajuu dhabdeef waan addaan citeef kaffaltiin hojiirraa gaggeeffamaa haa kaffalamu jedheera. Haa ta'u malee sababni kun labsii HH

³⁴² Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa galmee lakk.26077 ta'e irratti iyyataa Ayinaalem Bayilee fi waamamaa Baankii Daldala Itiyooophiyaa jidduu turee murtii argatee dha.

³⁴³ Mana Murtii waliigala Oromiyaa dhaddacha ijibbaataan galmee lakk.135929 ta'ee irratti iyyataa Koollejji Meedikaalaa Beekaa fi waamamaa Ababaayyee Taaffasaa jidduu turee murtii argatee dha.

fi 494/98 jalatti hin ibsamne. Dhaddachumti kun dhimma biroo walfakkaatu irratti murtii kenneen immoo ejjennoo biraa calaqqisiisee jira. Falmii Mana baruumsaa fi barsiisaa tokko gidduutti taasifamaa tureen, manni baruumsichaa bu'ura qajeelfama biiroon barnootaa baaseen bariisichi ulaagaa barsiisuu isa dandeessisu hin qabu jechuun hojiirraa waan ari'eef himata dhiyaateef manneen murtii gajallaa barsiisichi seeraan ala ari'ame jechuun hojiitti akka deebi'u ykn beenyaa fi kanfaltii gaggeessaa akka kanfalamuuf jechuun murteesse. Dhaddachi ijibbaataa MMWO garuu waliigalteen hojii qajeelfama biiroon barnootaa baase irrattii hundaa'uun kan addaan cite waan ta'eef, murtiin Manneen murtii gajallaa qulqullina barnootaa kan miidhuu fi waliigalteen hojii seeraan kan addaan cite waan ta'eef kanfaltiin hojjaticha/barsiisichaaf kanfalamu hin jiru jechuun murteessera.³⁴⁴

Dhimma walfakkaataa tokko irratti murtii Dh/I/MMWF kenne tokkos haa ilaallu. Dhaddachi ijibbaataa MMWF galmee lakk.18581³⁴⁵ ta'e irratti waraqaa qulqullummaa utuu hin dhiyeessiin hojjetootni qacaraman hojiirraa geggeeffamuu akka qaban qajeelfama Biiroon Fayyaa Magaalaa Finfinnee dabarse bu'uureffachuun hojjechiisaan kiyya waliigaltee kiyya addaan kuteera jechuun hojjettoon tokko hojjechiisaa ishii himatteerti. Dhaddachi Ijibbaataa dhimmicha ilaaluun sagalee caalmaan murtii kenneen haala kanaan waliigaltee hojii addaan kutuun seeraan ala jechuudhaan kaffaltiin hojiirraa gaggeeffamaa akka kaffalamuuf murteesseera. Akka waliigalaatti, dhimmoota kanneen irraa kan hubatamu ajaja mootummaan baasu bu'ura godhachuun waliigalteen hojii yoo addaan cite waliigalteen kun seeraan ala moo kara seera qabeessa ta'een addaan cite kan jedhu ifaan seeraan waan hin teechifamneef hubannoo fi hojimaatni gara garaa uumamuu danda'eera.

Sababni biraan kaffaltiin hojii irraa gaggeessaa kaffalamu hojjetaa hir'isuu dha. Hojjetootni sababa adeemsa hojii ykn ejjennoo dhaabbatummaa dhaabbatichaaf jecha hojii irraa yoo hir'ifaman kaffaltii hojii irraa gaggeessaa argachuu akka qaban tumamee jira. Haa ta'u malee qabatamaan naannoo kanatti rakkoon ni jira. Dhimma MMA Fantaalleetiin galmee lakk.13632³⁴⁶ ta'e irratti murtii argate keessatti hojjetootni waliigaltee hojii yeroon daanga'e taasifnee osoo hojjennuu hojjechiisaan seeraan ala waan hojii irraa nu hir'iseef kaffaltii hojii irraa gaggeessaa fi beenyaa akka nuu kaffalu jechuun himataniiru. Manni murtichaas murtii kenneen gaggeessaan taasifame seera qabeessa waan ta'eef kaffaltii hojiirra gaggeessaa argachuu hin qaban jechuun murteesseera. Akka ejjennoo mana murtichaati hojjetaan yoo seera qabeessaan hir'ifame kaffaltii hojiirra gaggeessaa hin argatu jechuu dha. Kunis qajeeltoowwan kaffaltiin hojiirra gaggeessaa maaliif akka kaffalamu hubachuu irratti rakkoon jiraachuu agarsiisa.

ii. Hojiitti deebisuu

³⁴⁴ Mana baruumsa sadarkaa Iffaa fi 2ffaa Geetesimaanii vs Dhugumaa Laggasaa, Murtii dhaddachi ijibaataa MMWO lakk.g 179641 irratti gaafa 01/07/2006 laate.

³⁴⁵ Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii waliigala Federaalaa Galmee lakk.18581 ta'e irratti iyyataa Dhaabbata Buufata Fayyaa Awwaliyaa fi waamamaa Qabuulaa Kadiir jidduu turee murtii argateedha.

³⁴⁶ Mana Murtii Aanaa Fantaalleetti galmee lakk.13631 ta'ee irratti himattoota Haayiluu Gishuu fi himatamaa waajjira ijaarsa piroojektii jallisii Bosat fantaallee.

Waliigalteen hojii humnaan akka raawwatamu gochuun amala addaa hariiroo hojii fi imaammata diinagdee gabaa bilisaa waliin waan wal hin simneef biyyoota baayyeetti hojjetaa gara hojiitti deebisuun haala addaan qofa akka raawwatamu godhamee jira.³⁴⁷ Biyyootni kunis yaad rimee “*mutuality of remedy doctrine*” jedhu fudhachuun hojjetaa hojii gadhiise hojiitti deebisuun akkuma hin danda’amne akkasumas hojjechiisaan hojjetaa deebisee akka qaxaru gochuun fudhatama hin qabu jedhu.³⁴⁸ Kana irraa ka’uun hojjetaan kaffaltii gahaa ta’e argatee hojii irraa akka gaggeeffamu taasifama.

Gama hojiitti deebisuun wal qabatee addaan baatee bal’aan biyyoota jidduutti ni mul’ata. Biyyoota akka Ameerikaatti hanga “un wanted service” jedhamutti gahuun hojjetaan gara hojiitti akka hin deebine murteessan³⁴⁹. Biyyoota akka Kuubaa fi Poorchugaal keessatti immoo hojjetaa gama hojiitti deebisuun dirqama jedhamee seeraan tumameera.³⁵⁰ Biyyootni baay’een garuu dhimma dhimmaan ilaallamee akka murtaa’uuf aangoo abbootii seeraaf dhiisaniiru, garuu biyyoota kanattis abbootiin seeraa dhimmoota akka guddina dhaabbatichaa, umurii tajaajila hojjetaa, tarkaanfii fudhatameen hariiroo hojjetaa fi hojjechiisaa jiddutti uumamu fa’a jiddu galeessa godhachuun murteessuu akka qaban tumu.³⁵¹ Barreessaan tokko kaayyoo fi fayidaa adeemsa isa dhumaa kana akka itti aanutti ibsu:

*The current trend in most jurisdictions is toward discretionary reinstatement as the most appropriate solution in meeting the needs of the parties to the relationship, leaving the final decision up to the description of adjudicating body. This approach is intended to allow the presiding body to combine the goals of protecting the worker from unjustified dismissal, while preserving the flexibility to maintain harmonious labour relations.*³⁵²

Seera biyya keenyaa yoo ilaallu hojjetaa gama hojiitti deebisuun haala lamaan kaa’ee jira. Inni jalqabaa haala dirqamsiisaan hojiitti deebisuun (mandatory reinstatement) fi dhimma dhimmaan qaamni falmii hojii dhagahu madaalee kan hojiitti deebisuun (discretionary reinstatement) dha. Haala dirqama ta’een hojiitti deebisuun walqabatee hojjechiisaan sababoota kwt 26(2) jalatti tarreeffamaniin waliigaltee hojii yoo addaan kute gocha faallaa seeraa isa bu’uuraa waan raawwateef fedhii hojjetaa irratti hundaa’uun yeroo hundaa gara hojiitti akka deebi’uuf murtaa’uu akka qabu kwt 43(1) jalatti ibsameera.

Sababoota olitti tarreeffamaniin alatti hojjechiisaan waliigaltee hojii seeraan ala yoo addaan kute hojjetaan gara hojiitti deebi’uu yookiin beenyaan kaffalameefi akka gaggeeffamu murteessuun aangoo qaama falmii hojii dhagahuuf kenname (discretionary reinstatement) dha. Qaamoleen falmii hojii dhagahanis hojjetaan gara hojiitti deebi’uu kan barbaadu yoo ta’e illee hariiroo hojjichaa irratti rakkoo ol’aanaa kan fidu ta’uun yoo mirkanaa’e hojjetichaaf beenyaan

³⁴⁷ Balaachawu Makuriyaa, Qabxiwwan bu’uuraa Seera hojjechiisaa fi hojjetaa, Finfinnee, bara 2004, fuula.175-179(Afaan Amaariffaan Kan barreeffame).

³⁴⁸ Balaachawu Makuriyaa, akkuma olii..

³⁴⁹ Ahimad Jamaal, Seera Hojjechiisaa Fi Hojjetaa fi Heera Mootummaa Kutaa 1^{ffaa}, 2000, fuula.27(Afaan Amaariffaan kan barreeffame).

³⁵⁰ Barreeffama Mata duree Termination of Employment Digest jedhu fuula 23 irraa kan fudhatameedha.

³⁵¹ Termination of Employment Digest, akkuma olii.

³⁵² Termination of Employment Digest, akkuma olii.

kaffalamee akka geggeeffamu murteessuu qabu (kwt43/3/). Kana irraas waanti hubatamu hojjetaan seeraa ala hojii irraa yoo geggeeffame qaamni falmii hojii dhagahu fedha hojjetaa irratti hundaa'uun hanga rakkoon ol'aanaa kan mudatu ta'uun hin mirkanofnetti hojjetaan gara hojiitti akka deebi'uuf kan murteessan ta'uu isaati. Kunis haala qabatamaa biyya keenyaa waliin yoo ilaallamu carraan hojii biroo argachuu gad aanaa waan ta'uuf rakkoo hojjetoota irratti dhufu hambisuuf furmaata ta'a.

Gaaleen rakkoo ol'aanaa jedhu murtii gama kanaan kennamuuf bu'uura waan ta'eef ilaalamuu qaba. Bakka kanatti seerri dhimmoota lama wal cinaa qabee ilaalaa jira. Isaaniis mirga wabii hojii fi nageenya induustiriiti. Seera baaftuun akkuma olitti ibsame dantaa hojjetaa qofa eeguuf seera kana hin tumne. Oomishtummaa fi bu'aa qabeessummaan hojjechiisaa illee dhimma bakka guddaan kennameefi dha. Kanaafuu mirga wabii hojii mirkaneessuun hojjetaa gara hojiitti deebisuu haala nageenya induustirii miidhuun murtaa'uu akka hin qabne seerichi bakka kanatti ibsee jira. Kanaafuu dhimma kana murteessuf amala hojichaa, itti fufiinsaan fayyadamummaa hojjetaa, mirga hojjechiisaa fi guddina diinagdee biyyattii kan mirkaneessu ta'uun ilaalamuu qaba³⁵³.

Haala qabatamaa naannoo keenyaa yeroo ilaallu waliigalteen hojii kara seera-qabeessa hin taaneen yeroo adda citu himannaa dhiyeffatan keessatti hojjetaan hedduun seeraan ala waliigalteen kiyya waan adda citeef beenyaa fi kanfaltiiwwan biroo akka naa murtaa'an jedha malee hojiitti deebi'uuf hin gaafatu.³⁵⁴ Hojjetootni seeraan ala hojiirraa gaggeeffamanii fi mana murtiitti himannaa dhiyeffatanis manni murtii hojiitti akka deebistan jechuun yoo murteessellee hojjetaan beenyaa fudhee akkan gaggeeffamu jechuun yeroo didu ni jira.³⁵⁵

Dhimma MMWO dhaddacha lixaatin galmee lakk.138220³⁵⁶ ta'e irratti murtii argate tokko keessatti hojjechiisaan adeemsa seeraa osoo hin eegin hojjetoota hojii irraa hir'isee jira. Hojjetootni kun himata yeroo irratti dhiheessan hojjechiisaan gama isaan hojmaata dhaabbatichaa jijjiiruun oomishtummaa dabaluuf waan ta'eef adeemsa hir'isuu hordofuun nurraa hin eegamu jechuun gaggeessaan godhame sirrii ta'uu falmeera. Manni murtichaa hojjechiisaan adeemsa hir'isuu hin hordofne jechuun gaggeessaan godhame seeraan ala jechuun hojjetootni gara hojiitti akka deebi'an jechuun murtii boordii cimsuun murteessera. Dhaddachi ijibbaataa MMWF immoo galmee lakk.75619 ta'e irratti murtii kenneen gaggeessaan godhame adeemsa hir'isuu waan hin hordofneef seeraan ala ta'ullee amala hojii hojjetoota kana irraa ka'uun yoo ilaallu hojjetootni kun erga hojii irraa geggeeffamanii booda walitti dhufeenyi isaanii hammaataa waan dhufeeff gara hojiitti akka deebi'an gochuun hojii hojjechiisaa irratti rakkoo ol'aanaa waan fiduuf beenyaan kaffalamee akka gaggeeffaman jedheera.

³⁵³ Mehari Reddai, akkuma lakk 12ffaa olii, 10-14.

³⁵⁴ Yeshiixilaa H/Mikaa'el, akkuma lakk 84ffaa olii.

³⁵⁵ Indaashaw Dassaaleny, Gaggeessaa Oomishaa (Production Manager), Dhaabbata Oomisha Abaaboo Hoolataa Roozis, afaaffii gaafa 21/04/2007 gaggeeffame.

³⁵⁶ Mana Murtii Waliigala Oromiyaa dhaddacha Lixaan Galmee lakk.138220 ta'ee irratti itiyoo telekoomii fi waamamaa Tasfaayee Kabbadaa fa (n-60) jidduu turee murtii argateedha.

Dhimma kana irraa kan hubatamu hojjechiisaan sababa adeemsa hojii haaraa jalqabeef hojjettoota kana hojiirraa hir'isuusaati. Garuu hojjechiisaan adeemsa hir'isuu seeraan kaa'ame waan hin hordofneef hir'isuun taasifame seeraan ala ta'uu boordii fi manneen murtii dhimmicha ilaalan irratti waliigalaniiru. Garuu addaan baateen jiru hojjettoonni kun gara hojiitti deebi'uu qaban moo miti? Kan jedhu dha. Dhaddachi ijibbaataa MMWF hiikkoo kenneen erga hojiirraa gaggeeffamanii booda walitti dhufeenyi isaanii hammaataa waan dhufeef hojiitti deebi'uu hin qaban jedheera. Sababni dhaddacha kanaan dhiyaate amansiisaa miti. Sababni isaas erga hojiirraa gaggeeffamanii walitti dhufeenyi isaanii akkamiin hammaate? Inni kun hoo ulaagaa *rakkoo olaanaa* jedhu ni guutaa? Kan jedhaman xiinxalamani guduunfaa irra gahamuu qaba ture. Akka dhimmicharraa hubatamutti erga hojiirraa geggeeffamanii hojjettoonni himata boordiitti dhiyeessan. Himannaa dhiyeessuun hojjettoota kun haala kamiiniyyuu mataa isaatiin rakkoo olaanaa ta'uu hin danda'u. Hojjetaan seeraan ala ari'ame gara hojiitti kan deebi'u erga himateen booda waan ta'eef himata dhiyeessuu qofti rakkoo olaanaa hin ta'u.

Hojjetaan erga gara hojiitti akka deebi'u murtaa'ee booda gara hojiitti deebi'uuf fedhii kan hin qabne yoo ta'e beenyaan hojjetaaf kaffalamu amala hojichaa fi kan biroo irratti hundaa'uun beenyaa guutuu ykn beenyaa dhamaatii irra gaheef madaalu qofti kan kaffalamu ta'a (kwt43/3/). Beenyaan guutuu kan kaffalamu qabu bu'uura kwt 43/4/ fi 44'tiin yoo ta'u saniin gaditti kan murtaa'u yoo ta'e amala hojichaa fi haalawwan kan biroo barbaachisaa dha jedhamee itti amanamu irratti hundaa'uun kan murtaa'u ta'a.

Qabatamni jiru akka agarsiisutti, manni murtii yookin boordii murteessaa dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa hojjetaan gama hojiitti akka deebi'u yoo murteesse hojjechiisaan 'nageenya industriitiif na yaadessa' sababa jedhu dhiyeessuudhaan didee hojjetaa sana waliin waliigaltee isaa addaan kutuun ni jira.³⁵⁷ Haa ta'u malee nageenya induustiriif hojiitti deebi'uun hojjetaa rakkoo qaba moo miti kan jedhutu ilaalamee gama hojiitti akka deebi'uuf murtaa'a. Hojjechiisaan murtii kana irraa komii yoo qabaate oliyyannoo gaafachuu ni danda'a. Kanaan alatti murtii mana murtii fudhachuu dhiisuu hindanda'u. Manneen murtiis murtii kennan daangaa aangoo isaaniif kennamee keessatti kabachiisuu irratti hanqinni akka jiru kan agarsiisu dha.

Dhimmi falmisiisaa ta'aa ture inni biroon hojjetaan gara hojiitti akka deebi'u murtaa'eef yeroo seeraan ala gaggeeffamee turetti kaffaltiiwwan akka dabalata mindaa hojjettoota biroo kaffalamee ture hojjetaa kanaaf kaffalamaa jira moo miti? kan jedhu dha. Dhaddachi Ijibbaataa galmeelakk.59320³⁵⁸ ta'e irratti murtii kenneen kaffaltiin kan akka boonasii fi mindaa dabalataa hojjettoota biroo kan kaffalame tajaajila isaan kennan irratti bu'uureffachuun waan ta'ee fi hojjetaan seeraan ala hojii irra gaggeeffamee ture garuu tajaajila kenne waan hin qabneef kan hin kaffalamneef ta'uu murteesse jira. Murtiin kun bu'uura kan godhate sababoota kaffaltiiwwan kun itti raawwatamanii dha.

³⁵⁷ Amsaaluu Olaanii, Pirezdaantii MMO Go/Sh/Lixaa, Afgaaffii gaafa 24/4/07 gaggeeffame

³⁵⁸ Mana Murtii Waliigala Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataan galmeelakk.59320 ta'ee irratti iyyataa Dhaabbata Hoteelaa Giyoon fi waamamaa Silashii Amdee jidduu turee murtii argatee dha.

3.8. Miidhaa Hojiirra

Baay'ina hojjetootaa addunyaa irratti argamu biiliyoona saditti tilmaamamu keessaa %85 kan ta'an tajaajiloota nageenyummaa fi fayyaa hojii mirkaneessuuf gargaaran hin fayyadamani. Kanarraa kan ka'e, waggaatti miidhaan hojiirraa miliyoonni 250 kan dhaqqabu yoo ta'u, dhibeen sababa hojiitiin dhufu miliyoona 160, akkasumas duuti lubbuu namaa miliyoona 2 akka dhaqqabu ni tilmaama. Balaan kunis biyyoota guddataa jiran keessatti kan guddatu dha.³⁵⁹

Rakkoo miidhaa hojiirraatiin walqabatee haala qabatamaa naannoo keenyaa ilaaluun dura tumaalee labsii HH fi murtiiwwan dhaddacha ijibbaataa MMWF'tiin kennaman muraasa sakatta'uun jalqabuun gaarii ta'a.

a. Itti-gaafatamummaa hojjechiisaa

Miidhaa hojiiratti hojjetaa irra gahu hambisuuf yookin xiqqeessuuf hojjetaa fi hojjechiisaan dirqama qabu. Labsii HH kwt 12/4/ fi 92 jalatti hojjechiisaan hojii irratti miidhaan hojjetaa irra akka hin geenye tarkaanfii barbaachisaa hunda fudhachuu akka qabu akkasumas qaama aangoo qabuun qajeelfama isaaf kennamu fudhatee hojiirra oolchuu akka qabu teechifameera. Labsichuma keewwata 13/4/ fi /5/ fi kwt 93 jalatti hojjetaanis dirqama walfakkaataa akka qabu kaa'ameera. Ta'us ofeeggannoon bifa kamiyyuu yoo fudhatame balaa yeroo dhaqqabuun hojjetaa irra miidhaan gahuun isaa kan hin hafne dha. Labsiin HH yeroo miidhaan bifa kanaan gahu hojjechiisaan hojjetaa sanaaf beenyaa miidhaa kanfaluuf itti gaafatamummaa akka qabu tumeera. Kana jechuun hojjechiisaan balleessaa qabaatus qabaachuu baatus ittigaafatama (strict liability) jechuu dha.³⁶⁰

Hojjechiisaan itti gafatamuudhaaf sababa hojiitiin fayyaa yookin qaama hojjetaarra miidhaan gahuun isaa hojjetaadhaan mirkanaa'uu qaba.³⁶¹ Ta'us hojjechiisaan sababni miidhaan sun dhaqqabeef balleessaa hojjetaan ta'e jedhee raawwatuun ta'uu yoo mirkaneesse ittigaafatamummaa jalaa baha. Fakkeenyaaf hojjetaan machaa'ee bakka hojiitti argamuudhaan akka hin hojjenne hojjechiisaadhaan ajajamee didee waan hojjeteef miidhaan yoo irra gahe, hojjechiisaan miidhaa hojicharratti isarra gahuuf itti gaafatamummaa hin qabu.³⁶² Miidhaan hojii sababa balleessaa hojjechiisaatiin hojjetaa irra kan gahe yoo ta'es hojjetaan beenyaa bu'uura Labsii HH tiin kan argate yoo ta'e dabalataan bu'uura seera itti gaafatamummaa waliigalteen alaatiin ittigaafatamummaa balleessaadhaan dhufu jalatti hojjetaa himachuu hin danda'u.³⁶³ Dhimma kana irratti Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaa Sagalee caalmaan kan murteesse yoo ta'u sagaleen addaa garuu kaffaltiiwwan lamaan waliin gaafachuu akka danda'u ibseera. Labsii lakk.377/96 kwt.96(3) yoo ilaallu, miidhaan hojiirraa badii hojjechiisaan kan gahe ta'uun yoo mirkanaa'ee hojjetaan dabalataan seera biraan mirga beenyaa argachuu akka

³⁵⁹Osman Yiha and Abera Kumie, assessment of occupational injuries in Tendaho agricultural development S.C, Ethiopian Journal of Health Development, 2010:167.

³⁶⁰Labsii HH, kwt 96(1)

³⁶¹Murtii Dh/Ij/MMWF, Lakk G 68138, jiildii 13ffaa.

³⁶²Murtii Dh/Ij/MMWF, Lakk G 67201, jiildii 13ffaa.

³⁶³Murtii Dh/Ij/MMWF, Lakk G 80343, jiildii 15ffaa.

qabu ifatti tuma. Bocamni seerichaa kaffaltiiwwan kun filannoon dhiyaachuu qaba yaada jedhus hin qaban waan ta'eef murtii sagalee xiqqaan kenname dhama qabeessa ta'a.

b. *Hiikkaa miidhaa hojiirraa*

Miidhaan hojiirraa dhaqqabe jechuudhaaf ulaagaawwan guutuu qaban keessaa tokko wayita miidhaan yookin balaan sun hojjetaarra dhaqqabutti hojjetaan hojiisaa raawwachuuf irratti kan argamu ta'uu yookin haala hojii isaatiin walquunnamtii qabu yookin hojii isaa raawwachuuf tattaaffii taasisuu irratti wayita argamu ta'uu qaba. Ulaagaan inni lammataa miidhaan hojjetaarra dhaqqabe sun akka gahu hojiin isaa sababa ta'uu (cause effect relationship) mirkanaa'uu qaba. Kana jechuun sababa hojii isaarraa hin maddineen hojjetaan bakka hojiitti du'a uumamaa (natural death) yoo du'e hojjechiisaan itti-gaafatamummaa hin qabu.³⁶⁴ Sarvisii hojjetaadhaaf dhuunfaadhaan³⁶⁵ yookin gareedhaan kenaameefii gara hojiitti yeroo seenu yookin gara manaatti yeroo bahu miidhaan irra gahu akka miidhaa hojiitti kan lakkaa'amu yoo ta'u, bakka hojii osoo hin taane gara bakka biraa osoo deemamaa jiruu yoo ta'e garuu akka miidhaa hojiitti hin lakkaa'amu.³⁶⁶ Balaan yookin miidhaan sababa geejjiba bakka hojii dhufu yookin bahaa jiruutiin hojjetaarra gahu qaama 3ffaa yookin hojjetaadhaan dhaqqabuun isaa hojjechiisaa ittigaafatamummaa irraa hin hambisu.³⁶⁷

c. *Maalummaa miidhaa qaamaa fulla'aa fi shallaggii hanga miidhaa fi beenyaa*

Labsii HH kwt 99/1/ jalatti miidhaan qaamaa miidhaa dandeettii hojii nama tokkoo dhabamsiisu yookin hir'isu akka ta'e tumameera. Dandeettiin hojii hir'ifame yookin dhabamsiifame jedhamus hojii namni sun yeroo sanatti hojjetaa jiru qofa osoo hin taane gosa hojii kamiyyuu namni sun fulduratti hojjechuu danda'u hammam hir'ateera (capacity to work) kan jedhu tilmaama keessa galeeti dha. Hojjetaan miidhaan hojii irra gahuu isaa boordii yaalaatiin erga mirkanaa'e booda itti wayyaa'ee hojii dur hojjetutti deebi'uun isaa itti-gaafatamummaa hojjechiisaa kan hambisu miti.³⁶⁸ Hojjechiisaan itti gaafatamummaa jala bahuuf hanga miidhaa gahee boordii Mana yaalaatiin irra deebi'amee akka sakattaa'amu taasisuu qaba (kwt 102/3/). Hanga kanatti akkuma Dhaddachi Ijibbaataa ibse deebi'ee hojii dur hojjetaa ture hojjechuun qofti miidhaan hojiirra hin geenye ykn miidhaarraa fayyeera gudunfaa jedhurraan nama hin gahu waan ta'eef itti gaafatamummaa hojjechiisaa hafa hin taasisu.

Hanga miidhaa dhaqqabee hanga kanfaltii miidhaa shallaguuf /murteessuuf/ adda durummaan kan tajaajilu dha. Labsii HH kwt 109/1/ jalatti beenyaan miidhaa qaamaa hojjetoota dhaabbilee misoomaa mootummaa keessa hojjetaniif kanfalamu inshuraansii hojjechiisaan galuun yoo inshuraansiin galame hin jiru ta'e immoo hojjetoota uwwisa seera soorama qabaniif labsii sooramaatiin beenyaan miidhaa akka kanfalamuuf teecheffameera. Hojjetoota uwwisa soorama

³⁶⁴Murtii Dh/Ij/MMWF, Lakk G 47807, jiidii 9ffaa.

³⁶⁵Labsii HH, akkuma lakk 12ffaa olii, kwt 97 (c) fi Murtii Dh/Ij/MMWF, Lakk G 61717, jiidii 13ffaa.

³⁶⁶Murtii Dh/Ij/MMWF, Lakk G 68138, jiidii 13ffaa.

³⁶⁷Labsii HH, akkuma lakk 12ffaa olii, kwt 97 (d) fi Murtii Dh/Ij/MMWF, Lakk G 36194, jiidii 8ffaa.

³⁶⁸Murtii Dh/Ij/MMWF, Lakk G 43370, jiidii 8ffaa.

hin qabneef beenyaan miidhaa kan raawwatamu bu'uura labsii HH kwt 109/3/tiin ta'a jechuu dha.

Hangi miidhaa kunis labsii HH kwt 109/3/ jalatti bakka lamatti qoodamuun ilaalameera. Isaanis: miidhaa qaamaa itti fufaa guutuu fi miidhaa sanaa gadii jedhamuun ibsamaniiru. Akka tumaa labsichaa kanarraa hubatamutti, miidhaan qaamaa itti fufaa guutuun yoo dhaqqabe hojjetaa sanaaf beenyaan/kanfaltiin/ miidhaa kanfalamu mindaa isaa waggaa shanii ta'a. Miidhaan qaamaa itti fufaa guutuu hin taane yoo dhaqqabe hangi beenyaa kanfalamuuf mindaa isaa waggaa shanii hanga miidhaa isaa boordii yaalaatiin ibsamuun baay'atee ta'a. Miidhaan qaamaa itti fufaa guutuun miidhaa akkamiiti kan jedhu ifatti seeraan hin teechifamne. Hiikkoo Dh/I/MMWF kenneen miidhaan tokko miidhaa qaamaa guutuu itti fufaa jedhamuudhaaf boordii mana yaalaatiin %100 miidhameera jedhamee ibsamuun dirqama akka hin taanee fi miidhaan qaamaa tokko guutuu yookin gartokkee jedhamee ilaalamuu kan qabu dandeettii hojii waliin malee hir'ina qaamaa guutummaa nafa nama sanaa waliin walbira qabamee ta'uu akka hin qabne kaa'eera. Kanaaf boordiin mana yaalaa %65 jedhee kan ibse hir'ina qaamaa guutummaa nafa hojjetaa sanaati malee, hojjetaan qubni harka mirgaa 4 fi qubni harka bitaa 3 cituun isaa hojjetaan kun hojii bifa kamiyyuu galii argamsiisu dhaabbiidhaan akka hin hojjenne ni taasisa jechuun akka miidhaa guutuu fulla'aatti beenyaa murteesseeraaf.³⁶⁹

Hojjetoota uwwisa seera sooramaa qabaniif beenyaan miidhaa qaamaa hojjetoota dhaabbilee misoomaa mootummaa inshuraansiin galameef yeroo hin jiraanne labsii sooramaatiin beenyaan miidhaa akka kanfalamuuf teechifameera. Labsiin soorama 714/2003 kwt 38/1/ fi 38 jalatti haala shallaggii isaa yeroo teechisuus mindaan hojjetichaaf baatii 1 yeroo miidhaa dura hojjetaaf kanfalamaa ture kan waggaa shanii herreegamee %47'n baay'ifamee dabalataanis dhibbeentaa hanga miidhaa isaatiin akka baay'ifamu kaa'a. Kunis hojjetaa dhaabbata dhuunfaa keessa hojjetuu fi mindaa fi hanga miidhaa walfakkaataan irra gahe waliin walbira qabamee yeroo ilaalamu daran gadi aanaa dha. Dhaabbileen inshuraansii qabanis waliigaltee inshuraansii isaanii keessatti hanga hojjetaan sun osoo hojjetaa labsii sooramaa fi inshuraansii hojjechiisaatiin hin uwwifamne ta'ee akkaataa labsii 109/3/tiin argachuu danda'uu gadi beenyaa ta'e irratti waliigaluun hojjetaan beenyaa gadi aanaa akka argatu yeroon taasifamu ni jira. Fakkeenyaaf, hojjetaan %7 miidhaan irra gahe tokko beenyaan naaf murtaa'e ni xiqqaate jechuun DH/I/MMWF tiif dhiyaatee bu'uura seeraa hin qabu sababa jedhuun jalaa kufaa ta'e tokko, beenyaan argate akkaataa inshuraansii galameefiitiin qa. 7500 yoo ta'u, osoo beenyaan murtaa'e akkaataa hojjetaa uwwisa sooramaa fi inshuraansii hin qabneetiin shallagameefi qa. 8649 argata ture.³⁷⁰ Kun immoo loogii hojjetaa gidduutti taasifamu ta'uu bira darbee sababa inni bu'uureffates tokkollee caqasuun hin danda'amu.

³⁶⁹Dereje Wuletaw Vs Waliya Leather and leather Products, Murtii Dh/Ij/MMWF, Lakk G 49273, jiildii ---ffaa.

³⁷⁰Murtii Dh/Ij/MMWF, Lakk G 65427, jiildii 11ffaa.

Ragaan boordii mana yaalaa hanga miidhaa ifatti yeroo hin ibsinee fi dhibbeentaadhaan osoo hin teechisiin yeroo hafe beenyaan haala itti shallagamuu qabu teechisuu yoo batellee, Dh/I/MMWF haqummaa /ሪትዕ/ jiddu-galeessa godhachuun dhimmoota akkanaa murteessuu seerri ni hayyama sababa jedhu ibsuun hojjetaa ijaarsarra hojjetu sababa miidhaa irra gaheen qubni harkaa isaa lama citeef beenyaa qa. 24,000 murteesseera.³⁷¹

d. Beenyaa Maxxantootaaf kaffalamu

Labsiin HH kwt 109 fi 110 jalatti maxxantoota hojjetaa sababa balaa hojiirraatiin du'eef beenyaan akka kanfalamu teechiseera. Maxxantootni beenyaa kana argatanis haadha manaa yookin abbaa manaa hojjetaa sanaa, daa'imman waggaa 18 hin guutnee fi maatii hojjetaa du'een gargaaramaa turani dha. Labsichaan ifatti teechifamuu baatus murtii Dh/I/MMWF kenne maatiin, daa'immanii fi haati manaa/abbaan warraa hojjetaa balaa hojiitiin du'ee galii yookin qabeenya gahaa yoo qabaatan beenyaa kana argachuu hin danda'ani.³⁷²

Kana malees, waliigaltee gamtaa keessatti beenyaan dhaalaa hojjetaa balaa hojiitiin du'eef ni kaffalama kan jedhu yeroo jiraatu, dhaaltota labsii HH kwt 110 jalatti hin tarreeffamneef beenyaan kun hin kanfalamu jechuun Dh/I/MMWF murtee kenneera.³⁷³ Dhimmi kun sagalee caalmaan kan murtaa'e yoo ta'u sagaleen addaa murtichaa garuu ejjennoo faallaa qabateera. Sagaleen addaa murticha dhaaltota jedhamuun kan waliigaltee gamtaa keessatti ibsaman kanneen seera dhaalaa keessatti dhaaltota jedhamanii beekkaman ta'uu qaba malee kanneen labsii lakk.377/96 kwt 110 jalatti hirkattoota jedhamanii ibsaman ta'uu hin qabu jedheera.

Labsichi kwt 110 jalatti, beenyaan waliigalaa maxxantootaaf kanfalamus hojjetichi labsii sooramaatiin hin uwwifamu yeroo ta'e, mindaa hojjetichaa waggaa tokkoo shaniin baay'isuun kan argamu yoo ta'u, haala qoodinsi beenyaa itti taasifamu ilaalchisees haadha manaa/abbaa warraadhaaf %50, tokkoon tokkoon ijoollee du'atiif %10, tokkoon tokkoon maatii du'aa isaan deeggaramaa turaniif %10 ta'a. Labsichi kwt 110 /4/ jalatti, akkaataa qoodinsa kanaatiin hanga waliigalaaqoodamuu danda'u hanga beenyaa maxxantootaaf murtaa'e ol yoo ta'e akkuma dhibbeentaa kanaatiin maxxantoota mara irraa hir'ifama. Akkaataa qoodinsa kanaatiin, hanga waliigalaa qoodamuu danda'u hanga beenyaa maxxantootaaf murtaa'e gad yoo ta'e akkuma dhibbeentaa kanaatiin maxxantoota mara irraa hir'ifamee qoodama jechuu dha. Maxxantoota seericha irra teechifaman kanneen keessaa maxxantuun 1 qofti yeroo jiraatu maaltu ta'a isa jedhu seerichi ifatti hin teechisne. Dh/I/MMWF dhimma dhiyaateef tokko keessatti maxxantuun 1 qofti yeroo jiru hanga beenyaa maxxantootaaf murtaa'e %100 maxxantuu kanaaf qofa kan raawwatamu ta'a jechuun murtii kenneera.³⁷⁴

³⁷¹Murtii Dh/Ij/MMWF, Lakk G 60464, jiildii 11ffaa.

³⁷²Murtii Dh/Ij/MMWF, Lakk G 36194, jiildii 8ffaa.

³⁷³Murtii Dh/Ij/MMWF, Lakk G 72645, jiildii 13ffaa.

³⁷⁴Murtii Dh/Ij/MMWF, Lakk G 40529, jiildii 9ffaa.

3.8.1. Itti-gaafatamummaa Hojjechiisaa Mirkaneessuu (sababamiidhaa adda baasuu)

Miidhaan fayyaa hojjetaarra gahu yeroo tokko tokko turee kan mul'atu waan ta'eef, hojjetaan tokko dhaabbata hojjechiisaa erga gadi dhiisee booda sababa hojiitiin dhukkubbiif saaxilamuu ibsuun hojjechiisaa isaa duraanii yeroon himatu ni jira. Ta'us, hojjetaan haala kanaan himannaa isaa yeroo dhiyeeffatu dhukkubbiin isa quunname sababa hojiitiin kan itti dhufe ta'uu mirkaneessuun isa rakkisa. Hojjetaan tokko tokko sababa hojiitiin dhukkubsatee hojii isaa itti fufuu waan dadhabeef waliigalteen hojiisaa haalli adda itti citu ni jira. Hojjetaan bifa kanaan sababa hojii isaatiin fayyaan isaa miidhamuu kan hubatu dhukkubbichi itti hammaatee qorannoo taasisee mana yaalaatiin yeroo itti himamu dha. Hojjetootni hedduun mirga isaanii kana hin gaafatani; yeroo gaafatanis dirqama mirkaneessuu isaanirratti gatamu hin bahatani.³⁷⁵ Kanaaf, hojjetootni miidhaa hojiirratti isaanirra gaheef kanfaltii isaaniif malu kan argatan miidhaa battalummati qaama yookin fayyaa isaanirratti mul'atuuf qofaa dha. Dhaabbilee hojiin isaanii keemikaalota miidhaa fayyaa irratti hordofsiisan waliin walitti dhufeenya qabu keessa yookin namoota bakka cararii yookin ho'a guddaa qaburra hojjetaniif yeroo qacaramanii fi yeroo hojii gadi lakkisan qorannaan taasifamuuf hin jiru. Kunis rakkoolee fayyaa turanii hojjetaarratti mul'atan adda baasuun rakkisaa akka ta'u godheera.³⁷⁶ Dhaabbileen hojjechiisaa tokko tokko (fkn: warshaa sukkaara Matahaaraa) waliigaltee gamtaa isaanii keessatti hojjetaan kamiyyuu yeroo qacaramu baasii dhaabbatichaatiin qoratamuu akka qabu ni dirqisiisa.³⁷⁷ Rakkoo armaan olii furuuf kun akka ka'uumsa gaarii tokkootti kan ilaalamuu danda'u ta'us, yeroo hojjetaan dhaabbaticha gadilakkisus keessattuu hojjetoota sababa gosa hojii hojjataniitiin dhibee adda addaatiif carraa saaxilamuu qabaniif qorannoo walfakkaataan akka taasifamu gochuun barbaachisaa dha.

Qabxiin bakka kanatti ka'uu danda'u inni kan biraa, hojjechiisaan hojjetaan isaa miidhaa irra gaherraa akka fayyu wal'aansisuun isaa miidhaan sun sababa hojiitiin kan dhaqqabe ta'uu fi dhiisuu isaa agarsiisuuf rogummaa qabaatu kan ilaallatu dha. Fakkeenya tokko ilaaluuf, hojjetaa rakkoo fayyaa diiskii /'disc'/ qabu tokko hojjechiisaan baasii wal'aansaa danda'ee waan yaalchisaa tureef qofa, hojjetaan sun beenyaa miidhaa qaamaatiif hojjechiisaa isaa yeroo himatu manneen murtii naannoo wal'aansisaa turuun dhaabbatichaa miidhaa hojiirraa ta'uu akka amanuutti fudhatama jechuun beenyaa miidhaa akka kanfalu murteessaniiru. Dhaddachi Ijibbaataa MMWF garuu tilmaama akkasii fudhachuun bu'uura seeraa hin qabu jechuun hojjechiisaa bilisaan gaggeesseera.³⁷⁸ Dhaabbilee hojjechiisaa hedduu keessatti rakkoo fayyaa hojjetaa quunnamu kamiyyuu wal'aansisuuf baasiin barbaachisu haalli itti uwwifamu akka fayidaa hojjetaa tokkootti diriiree waan jiruuf³⁷⁹ hojjechiisaan baasii bifa kanaa uwwisuun isaa miidhaa hojjetaarra gahe akka miidhaa hojiitti fudhachiisa tilmaamni jedhu dhama-qabeessa miti.

³⁷⁵Marsuu Abdiisaa, akkuma lakk 98ffaa olii.

Garradoo Taaffasaa, Abbaa Seeraa MMA Walmaraa, afgaaffii gaafa 23/4/2007 gaggeeffame.

Raggaasaa Bayyanaa, Abbaa Seeraa, MMA Walmaraa, afgaaffii gaafa 23/4/2007 gaggeeffame.

³⁷⁶Birhaanuu Bantii, I/G/Wa/Dh/H/Ma/Naqamtee, afgaaffii gaafa 28/4/2007

Yohaannis Indaalewu, Ogeessa Qorannoo fi leenjii, Wa/Dh/H/H/Ma/Naqamtee, afgaaffii gaafa 28/4/2007

³⁷⁷Waliigaltee Gamtaa Warshaa Sukkaara Matahaaraa, kwt 12.

³⁷⁸Aluulaa, Ogeessa Seeraa Warshaa Sukkaara Matahaaraa, Afgaaffii gaafa 19/5/2007 gaggeeffame.

³⁷⁹Abarraa Birruu, Bulchiinsa Humna namaa Hospitaala Jeeneraalaa Adaamaa waliin guyyaa 09/06/2007 taasifame.

Miidhaan wayita hojjetaan hojii isaa raawwachu irratti argamu dhaqqabuu yookin haala hojii isaatiin walquunnamtii qabaachuu qaba. Hojjechiistotni tokko tokko miidhaan gahe sababa dagannoo hojjetaatiin kan gahe dha yeroo jedhan mirkaneessuun isaa haalli itti rakkisu ni jira.³⁸⁰ Kana malees, miidhaan hojjetaarra kan gahe yeroo hojjetaan geejjiba uummataan hojii dirree dhaabbata hojjechiisaa raawwachuuf deema jiru yeroo ta'u haalli falmisiisaa itti ta'u ni jira.³⁸¹ Waliigalteen gamtaa dhaabbata hojjechiisaa tokko tokkoo hojjetaan dhimma hojii isaa wajjin walquunnamtii hin qabne hojjechuudhaan miidhaaleen gahan akka miidhaa hojii irratti qaqqabaniitti akka hin lakkaawamnee fi hojjechiisaanis miidhaawwan bifa kanaatiif itti gaafatmummaa akka hin qabne teechisa.³⁸² Kunis keessattuu dhaabbilee tarreeffama hojii (job description) hojjetaa isaaniitiif barreeffamaan hin kennine keessatti waliigalteen haala kanaan taasifamu mirga hojjetaa kabachiisuuf kan rakkisu dha.

Miidhaan dhaqqabu dandeettii hojii kan hir'isu fuldurattis ta'uu danda'a. Hojjechiisaan tokko tokko qaamni hojjetaa yoo miidhamellee hojjetaan sun hojiidhuma dura hojjetaa ture miidhaa boodas minduma duraanii argachaa waan hojjechaa jiruuf beenyaa miidhaa kanfaluu hin qabnu jedhanii yeroon falman ni jira.³⁸³ Qabatamni manneen murtii keenya keessatti mul'atu hojjetaan kamiyyuu yeroo beenyaan kanfalamuufitti hojii isaa dura hojjechaa ture hojjechuu danda'us, miidhaan fulla'aan irra gahe taanaan beenyaan miidhaa qaamaa ni kanfalamaaf. Sababni teechifamus hojjetaan miidhaan fulla'aan irra gahe sun hojicha gadi dhiisuu waan danda'uuf hojii biraa fuula duratti hojjetu irratti dandeettiin hojjechuu isaa waan hir'atuufi dha.³⁸⁴

Qabatamni manneen murtii keenya keessa jiru kun murtii Dhaddachi Ijibbaataa MMWF kenne waliin kan walsimu dha. Dhaddachi kunis murtii isaa keessatti 'hojjetaan miidhaan hojii irra gahuu isaa boordii yaalaatiin erga mirkanaa'e booda itti wayyaa'ee hojii dur hojjetutti deebi'uun isaa itti-gaafatamummaa hojjechiisaa kan hambisu miti' jechuun ibseera.³⁸⁵ Dhaabbileen hojjechiisaa tokko tokkos miidhaan hojjetaa tokkorra gahe kan isatti fooyya'e yoo ta'e gaaffii dhaabbatichaatiin lammata deebi'ee boordiitti dhihaatee qoratamuu akka danda'u waliigaltee gamtaa isaanii keessatti haammachiisanii jiru. Bu'aan qorannichaa adda yoo ta'e, beenyaan miidhaas haala sanaan irra deebi'amee akka shallagamu ni ibsu.³⁸⁶

3.8.2. Beenyaa Miidhaa

i. Hanga beenyaa fi haala shallaggii isaa

³⁸⁰Kaffaalloo Gaaddisaa , Abbaa Seeraa Mana MURtii aanaa Ada'aa waliin guyyaa 21/04/2007 taasifame. Henook Maammuyyee, Pireezidantii Mana Murtii Aanaa Ada'aa waliin guyyaa 20/06/2007 taasifame

³⁸¹Kaffaalloo Gaaddisaa , Abbaa Seeraa Mana MURtii aanaa Ada'aa waliin guyyaa 21/04/2007 taasifame. Af gaaffii obbo Henook Maammuyyee, Pireezidantii Mana Murtii Aanaa Ada'aa waliin guyyaa 20/06/2007 taasifame

³⁸²Walta'iinsa gamtaa Warshaa Sukkaara Matahaaraa, kwt 54

³⁸³Gaarradoo Taaffasaa, Abbaa Seeraa MMA Walmaraa, afgaaffii gaafa 23/4/2007 gaggeeffame.

Raggaasaa Bayyanaa, Abbaa Seeraa, MMA Walmaraa, afgaaffii gaafa 23/4/2007 gaggeeffame.

³⁸⁴Shibbiruu Caalchisaa, A/S MMA Adaamaa, waliin guyyaa af-ggaaffii gaafa 12/04/2007 gaaggeeffame.

Abarraa Wiiltuu, A/S MMA Guutoo Giddaa, afgaaffii gaafa 28/4/2007 gaggeeffame.

³⁸⁵Murtii Dh/Ij/MMWF, Lakk G 43370, jiildii 8ffaa.

³⁸⁶Walta'iinsa gamtaa Warshaa Sukkaara Matahaaraa, kwt 51

Hanga beenyaa miidhaa hojiirraa shallaguuf rakkoo kan ta'u tokko ragaa boordii mana yaalaa waliin hanqinoota walqabatani jirani dha. Ragaan mana yaalaa hanga miidhaa agarsiisu kun yeroo loogiidhaan kennamu ni mul'ata.³⁸⁷ Dhibbeentaa miidhaa gahees gadi buusuun ibsuun ni jira.³⁸⁸ Sadarkaa miidhaa fayyaa yookin qaama hojjetaarra gahe yookin fulduratti gahu sirnaan osoo hin sakatta'iin ragaa kennuunis boordiiwwan mana yaalaa biratti rakkoo mul'atu dha. Fakkeenyaaf, miidhaa hojjetaa dhaabbata tokkoo irra gahe boordiiin mana yaalaa 10% jechuun kan ibsee ture yoo ta'u manneen murtiis haaluma kanaan beenyaa hojjetichaaf kan murteessan ta'us, falmiin dhimmichaa sadarkaa dhaddacha ijibbaataa irra yeroo gahutti sababa miidhaa kanaatiin lubbuun hojjetaa kanaa darbeera.³⁸⁹ Kunis ragaan boordii yaalaatiin kenname kun hanga miidhaa hojjeticharra gahe haala sirrii hin taaneen kan ibse ta'uu agarsiisa.

Ragaan boordii mana yaalaatiin kennamu kun yeroodhaan dhiyaachuu irrattis rakkooleen ni mul'atu.³⁹⁰ Ragaan gama boordii mana yaalaan dhiyaatu tokko tokko dhibbeentaa miidhaa gahee osoo hin ibsiin yeroon hafu yookin ragaa kana hojjetaaf kennuu diduun ni quunnama. Kun immoo hojjetaan ragaa kana argatee himata hundeessuuf osoo socho'uu sababa darbiinsa yeroon mirgi isaa hafa ta'aa jira.³⁹¹ Boordiiin mana yaalaa dhibbeentaa /%/ miidhaa dhaqqabee akka ibsu yeroo gaafatamu, hojjechiisaa irraa xalayaan nuuf barreeffamuu qaba jechuun yeroon didan ni jira. Kanaaf hojjetaan callisee mirga isaa kana dhiisuun ni mul'ata.³⁹²

Gahee ragaan boordii mana yaalaa shallaggii beenyaa keessatti qabu ilaalchisees manneen murtii keenya keessa hojimaata adda addatu jira. Abbootiin seeraa hedduun garuu murtii hanga beenyaa yeroo kennan dhibbeentaa hanga miidhaa ragaa mana yaalaatiin ibsame bu'uureffatu.³⁹³ Gama biraatiin, abbootiin seeraa tokko tokko hanga miidhaa boordii mana yaalaatiin mana murtiif ergamu miidhaa waliigalaa qaama hojjetaa irra gahudha malee kan ogummaa hojjetaatiin walqabatu miti waan ta'eef hanga miidhaa ragaa mana yaalaa irratti ibsame shallaggii beenyaa keessatti akka jirutti fudhachuu hin qabnu jedhu. Hojjetaan tokko sababa miidhaa irra gaheetiin hojii isaa guutummaan raawwachuu yoo dadhabe ragaan mana yaalaa hanga murtaa'aa teechisu qofaadhaan beenyaa kanfalchiisuun haqa-qabeessa hin ta'u yaada jedhu qabu.³⁹⁴ Yeroo tokko tokkos ragaan boordii mana yaalaatiin kennamu kutaa qaama miidhamee adda baasuun fakkeenyaaf harki hojjetaa tokkoo dhibbeentaa hanga kanaan tajaajila isaa hir'iseera jechuun

³⁸⁷Amsaaluu Olaanii, Pirezdaantii MMO Go/Sh/Lixaa, Afgaaffii gaafa 24/4/07 gaggeeffame.

³⁸⁸Baarrakaa Ragguu, Pirezidantii Mana Murtii Aanaa Adaamii Tulluu waliin guyyaa 14/04/2007 taasifame.

³⁸⁹Nabiyyuu Balaay, Abuukaattoo dhuunfaa waliin guyyaa 08/04/2007 taasifame.

³⁹⁰Tashoomaa tulluu fi namoota lama, marii A/seeraa Mana Murtii Aanaa Jimmaa waliin gaafa 21/04/2007 taasifame. Henook Maammuyyee, Pirezidantii Mana Murtii Aanaa Ada'aa waliin guyyaa 20/06/2007 taasifame.

³⁹¹Taganee Taayyee, Abbaa Seeraa Mana Murtii Aanaa Ada'aa waliin guyyaa 22/04/2007 taasifame.

³⁹²Fu'aad Alamaayyoo, to'ataa haala hojii, Wa/Dh/Hojii fi Hawaasummaa Mag/Mojoo, Afgaaffii gaafa 14/5/07 taasifame. Umar Awwal, Hoogganaa Wa/Dh/H/H/ Aanaa Lume, afgaaffii gaafa 13/5/2007 gaggeeffame.

³⁹³Yeshiixilaa H/Mikaa'el, akkuma lakk 84ffaa olii; Yooseef, Pirezdaantii MMA Adaamaa, Afgaaffii gaafa 10/4/2007 gaggeeffame.

Kumalaa Abarraa, akkuma lakk 56ffaa olii.

Yitbaarek Kaasayee, A/S MMA Guutoo Giddaa, afgaaffii gaafa 28/4/2007 gaggeeffame.

³⁹⁴Abarraa Wiiltuu, A/S MMA Guutoo Giddaa, afgaaffii gaafa 28/4/2007 gaggeeffame.

ibsa. Manneen murtii immoo miidhaa harka irra gahe sana akka miidhaan sun guutummaa qaama hojjetaa sanaa irra gaheetti fudhachuun hanga beenyaa murteessu.³⁹⁵

Seerri keenya qabxii kanarratti iftoomina hin qabu. Ta'us Hiikkoo Dh/I/MMWF kenneen miidhaan tokko miidhaa qaamaa itti fufaa guutuu jedhamuudhaaf boordii mana yaalaatiin %100 miidhameera jedhamee ibsamuun dirqama akka hin taanee fi miidhaan qaamaa tokko guutuu yookin gartokkee jedhamee ilaalamuu kan qabu akkuma labsii HH kwt 99/1/ jalatti teechifame dandeettii hojii hojjetaa sanaa dhabamsiifame waliin qofa akka ta'uu qabu dha. Kanaaf, akka qabatama manneen murtii keenya tokko tokko keessatti mul'atu dandeettiin hojii hir'ifame yookin dhabamsiifame jedhamus hojii namni sun yeroo sanatti hojjetaa jiru qofa osoo hin taane gosa hojii kamiyyuu namni sun fulduratti hojjechuu danda'u hammam hir'ateera (capacity to work) kan jedhu waliin ilaalamuu kan qabu dha.

Hojjechiistotni hanga miidhaa ragaa mana yaalaatiin ibsamu yeroo mormanis ni mul'ata. Dhimma qabatamaa tokko keessatti, hojjetaan dhaabbata himatamaa keessatti ogummaa makaanikummaatiin qaxaramee osoo hojjetaa jiru harka isaa bitaa irra miidhaan fulla'aan %75 ta'uu ragaa boordii yaalaatiin mirkanaa'e irra gaheera. Hojjetichis beenyaa qa.40,500 gaafateera. Hojjechiisaanis, miidhaan harka irra gahu qaama namaa waliigalaa keessayyuu % 60 kan hin caalle ta'uu osoo qabu ragaan %75 jedhamuun kenname fudhatama kan hin qabnee fi miidhaan hojjeticha irra gahes hojii kan isa dhorku miti jechuun falmeera. Manni murtiis falmii bitaa mirgaa fi raga dhiyaate erga madaaleen booda miidhaan himataa irra gahe miidhaa qaamaa fulla'aa %75 ta'uu ragaan mana yaalaa kan ibse ta'ullee hangi miidhaa ibsame kun sirrii akka hin taane sababni gahaan hojjechiisaan dhiyeesse waan hin jirreef fudhatama kan qabu miti jechuudhaan akkaataa ragaan mana yaalaa ibseen beenyaa qarshii 40,500 hojjetichaaf murteessera.³⁹⁶

Ragaan boordii mana yaalaa hanga miidhaa %100 ol ta'uu yeroo ibsus ni quunnama. Yeroo kanas manneen murtii akkaataa labsii HH kwt 109/3/a/'tiin mindaa waggaa shanii teechifame beenyaa caalu yeroon murteessan ni jira. Dhimma qabatamaa tokko keessatti hojjetaan dhaabbata oomisha abaaboo keessatti *laastikii giriin haawusii* osoo diriirsaa jiruu baaxii irraa kufe %130 miidhamuu ragaan mana yaalaa mirkaneesseera. Hojjetaan kun lafeen dugdaa cabuu fi harkii fi miilli isaa akkasumas fincaan isaa kan hin ajajamneef ta'uu ragichi ni agarsiisa. Kanaaf manni murtichaa beenyaa miidhaa yeroo shallagu mindaan guyyaatti argatu qa.20 kan waggaa shanii (20x30x12x5=36000) %130'n baay'ifamee (36,000 x %130 = 46,800), akka kanfalamuuf murteesseera. Kana malees, manni murtichaa ragaan mana yaalaa wal'aansi fulduratti hojjechiisaa kanaaf barbaachisaa ta'uu waan agarsiisuuf qa.100,000 fi beenyaa hamilee qa. 100,000 hojjetaa kanaaf murteesseera. Ta'us, murtiin kun osoo hin raawwatamiin hojjetichi

³⁹⁵Teediroos Taaddasaa, Gorsaa Seeraa Warshaa Huccuu Else Addis waliin gaafa 23/05/2007

³⁹⁶Darrasaa Sisaay vs ELSE Addis Industrial Development PLC, Murtii Mana Murtii Aanaa Adaamaa, Lakk. G 70905, gaafa 11/03/2006 kan murtaa'e.

boqoteera.³⁹⁷ Murticha keessatti haala shallaggii beenyaa gaggeeffame yeroo ilaallu haqa-qabeessa fakkaatus, hojjetaa miidhaan hojjiirraa ittifufaa guutuun irra gaheef bu'uura labsii HH tiin hanga beenyaa miidhaa hayyamame inni guddaan mindaa hojjetaa waggaa shaniiti. Kana jechuun hanga miidhaa akka %100'tti fudhatama jechuu dha. Kanaaf murtichi bu'uura seeraa irraa kan maqedha. Beenyaa hamileetiin walqabatees murtiin kenname hamilee fi miira dhuunfaa irratti kan hundaa'e dha.

Bu'uura labsii HH keessatti teechifameen kanfaltiin beenyaa miidhaa qaamaa fulla'aaf hojjetaan argatu gadi aanaa ta'uu irraa kan ka'e hojjetootni tokko tokko akkaataa seera itti-gaafatamummaa waliigalteen alaatiin hojjechiisaan isaanii beenyaa akka isaaniif kanfalu himachuuf yeroo yaalan ni mul'ata.³⁹⁸ Dhimma qabatamaa tokko keessatti hojjetuun dhaabbata himatamaa keessatti guyyaatti qarshii 23 argachaa hojii qulqulleessituu hojjetaa turte, meeshaa ittisa balaaf gargaaru osoo hin fayyadamiin keemikaalaan akka qulqullessitu waan ta'eef, miidhaan qaamaa fulla'aa % 15 irra gaheera. Hojjetuun kunis miidhaan kan irra gahe sababa balleessaa hojjechiisaatiin ta'uu caqasuun jireenya ishii fulduraa keessatti (waggaa 42 yoon jiraadhe) galii silaa argadhu kanin dhabe qarshii jechuun qa. 60,278.40 akka kanfalamuuf gafatteerti. Hojjechiisaanis himatni ji'a jaha booda kan dhiyaate waan ta'eef darbiinsa yerootiin kufaa akka ta'u, tilmaamni beenyaas akka himattuun dhiyeessite bu'uura seera itti-gaafatamummaa waliigalteen alaatiin osoo hin taane bu'uura labsii 377/196 kwt 109(3)'tiin shallagamuu qaba jechuun falmeera. Manni murtichaas, mormii sadarkaa duraa darbiinsa yeroo ka'e kufaa gochuun haalli shallaggii beenyaa bu'uura labsii HH kew 98 fi 109(3)(b)'tiin dhaabbanni himatamaa beenyaa miidhaa qaamaa qarshii 6210 (23x30x12 (15/100) himattuuf akka kanfalu murteessera.³⁹⁹

3.8.3. Dirqamoota hojjechiisaa miidhaan booda jiran biroo

a. Hojjetaa Wal'aansisuu

Miidhaan hojjiirraa hojjetaarra yeroo gahu hojjechiisaan hojjetaa miidhame deeggarsa wal'aansa duraa /first aid/ irraa jalqabee hanga hojjetaan sun fayyutti wal'aansisuuf dirqama akka qabu seerri ni teechisa. Deeggarsi wal'aansa duraa dhaabbilee hojjechiisaa naannoo keenyaa keessatti sadarkaa maaliirra akka jiru hubachuuf bargaa'ffii hojjetaa 89'f dhiyaate irratti hojjetootni 61 (%68) deeggarsi wal'aansaa duraa gahaa ta'e jiraachuu yoo amanan hojjetootni 23 (%25) deeggarsi sadarkaa duraa hin jiru jedhaniiru. Kanneen hafan yaada kennuu irraa ofqusataniiru. Kunis hojjetaa miidhaan hojjiirratti irra gahuuf deeggarsi wal'aansa duraa dhaabbilee hojjechiisaa hedduu keessatti kan mijatu ta'ullee, ammallee gama kanaan harcaatiin jiru salphaa akka hin taane ni hubatama.

³⁹⁷ Laggasaa Dibaabaa Vs Meedoos Itoophiyaa dhaabbata oomisha abaaboo I/G/M, MMA Walmaraa, Lakk G 48847.

³⁹⁸ Masfin Nugusee fi namoota Sadi, A/seeraa Mana Murtii O'aanaa Godina Jimmaa waliin gaafa 24/04/2007

³⁹⁹ Maasrasha Gaashuu vs Dhaabbata konstiraakshinii Yoooteek, Mana Murtii Aanaa Magaalaa Jimmaa Lakk. G 40768 irratti gaafa 28/2/2007 murteesse.

Daataan afgaaffii irraa argames kanuma kan deegagru dha. Dhaabbilee hojjechiisaa tokko tokko keessatti hojjetaa miidhaan hojiirraa quunnameef deeggarsa sadarkaa duraa kan kennan hospitaala yookin kilinikii yookin ogeessota fayyaa ni qabu.⁴⁰⁰ Dhaabbileen hojjechiisaa tokko tokko hospitaala mataa isaanii qabaatanillee miidhaan yookin dhukkubbiin hojjetaa irra gahe humna hospitaalichaatii ol yeroo ta'e hanga biyya alaatti /Hoolaand/ erguun kan yaalchisan ni jiru.⁴⁰¹ Yoo mana yaalaa biroo geessuun barabaachises geejjiba isaaniitiin dhaabbileen hojjechiisaa geessanii fi baasii yaalaa barbaachisu uwwisan ni jiru.⁴⁰² Dhaabbileen tajaajila ambulaansii qopheessanii qabanis ni jiru.⁴⁰³ Kana males, tajaajilli waldhaansa hojjetaa miidhaan irra gaheef taasifamu kan addaan citu murtii boordii waldhaansaa irraa kennamuun qofa akka ta'uu qabu waliigalteen gamtaa tokko tokko ni teechisu.⁴⁰⁴

Gama biraatiin, dhaabbileen hojjechiisaa hedduun bakka hojii isaanii keessatti deeggarsa sadarkaa duraa kennuuf haala isaan dandeessisuun kilinika yookin ogeessa yaalaa hin qabani.⁴⁰⁵ Dhaabbilee kilinika hin qabne yookin deeggarsa duraa hin mijeessine keessatti rakkoon biraa jiru ariitiidhaan gara mana yaalaa geessuu irratti hanqina jiru dha.⁴⁰⁶ Dhaabbileen hojjechiisaa hojjetaa irra yeroo miidhaan gahe yaalchisuuf fedhii hin qabnes akkasuma ni jiru.⁴⁰⁷

Kana irraa kan hubatamu, akkaataa seera keenya keessatti dirqama irra teechifameetiin dhaabbileen hojjechiisaa hojjetaa miidhaan irra gaheef deeggarsa wal'aansaa taasisan kan jiran ta'ullee harcaatiin bal'aan gama kanaan mul'ataa jira. Kunis sababa deeggarsa gahaa yerootti argachuu dhabeef miidhaan hojjetaa irra gahu akka hammaatu kan taasisu waan ta'eef, qaamolee mootummaa to'annaa taasisuu qabaniinis dhimma xiyyeeffannoo olaanaa argachuu qabu akka ta'e ni hubatama.

b. Miidhaan dhaqqabuu isaa qaama ilaallatuuf gabaasuu

Rakkoon inni kan biraa bakka kanatti ka'uu danda'u miidhaan hojii hojjetaarra yeroo gahu qaama ilaallatuuf gabaasuu waliin kan walqabatu dha. Seerri dirqama isaanirra kan teechise ta'ullee, dhaabbileen hojjechiisaa hedduun yeroo hojjetaa isaaniirra miidhaan dhaqqabu waajjira hojjetaa fi hawaasummaatiif hin gabaasani.⁴⁰⁸ Kunis, dhaabbatni hojjechiisaa hojjetaan hojiirratti miidhaan irra gahe mana murtii osoo hin deemiin beeyaa yookin kanfaltii gadi qabaa kanfaleefii gara hojiitti haala itti deebisu uuma.⁴⁰⁹ Fakkeenyaaf hojjetaa warshaa gogaa tokko keessa hojjetu

⁴⁰⁰Indaashaw Dassaaleny, Gageessaa Oomishaa (Production Manager), Dhaabbata Oomisha Abaaboo Hoolataa Roozis, afgaaffii gaafa 21/04/2007 gaggeeffame

Biqilaa Maangashaa, I/G Bu/Mi/Hu/Namaa Warshaa Bishaan Albuudaa Amboo, afgaaffii gaafa 20-4-2007 gaggeeffame
Eliyaas Amaaraa, Ittigaafatamaa kutaa hariiroo hojjetaa Warshaa Sukkaaraa Matahaaraa, 20/05/2007.

Afaworq W/gabreel, bulchiinsa human namaa Warshaa Biiraa baddallee waliin Afgaaffii gaafa 16/04/2007 taasifame
obbo Amanaa waakjiraa ,gorsaa seeraa BMET waliin guyyaa 10/06/2007 taasifame.

⁴⁰¹ Af-gaaffii Obbo Tufaa Haawan, Itti Gaafatamaa Waajjira Hojjetaa fi hawaasummaa waliin guyyaa 13/04/2007 taasifame.

⁴⁰² Afaworq W/gabreel, bulchiinsa human namaa Warshaa Biiraa baddallee waliin Afgaaffii gaafa 16/04/2007 taasifame

⁴⁰³ Amanaa waakjiraa ,gorsaa seeraa BMET waliin guyyaa 10/06/2007 taasifame.

⁴⁰⁴Walta'iinsa gamtaa Warshaa Sukkaara Matahaaraa, kwt 49

⁴⁰⁵Bantii Badhaasaa, Dura taa'aa Waldaa Hojjetaa Humna Ibsaa Damee Naqamtee, Afgaaffii gaafa 27/4/2007 gaggeeffame.

⁴⁰⁶Maammush Taaddee, Barreessaa Waldaa Hojjetootaa, Warshaa Gogaa Mojoo, afgaaffii gaafa 14/5/2007 gaggeeffame.

⁴⁰⁷Taganee Taayyee, Abbaa Seeraa Mana Murtii Aanaa Ada'aa waliin guyyaa 22/04/2007 taasifame.

⁴⁰⁸Addunyaa Tasammaa, Raawwataa hojii hubannoo fi leenjii Wa/Dh/H/H/Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 28/4/2007.

Birhaanuu Bantii, I/G/Wa/Dh/H/H/Ma/Naqamtee, afgaaffii gaafa 28/4/2007

⁴⁰⁹Fu'aad Alamaayyoo, akkuma lakk 205ffaa olii, Afgaaffii gaafa 14/5/07 taasifame.

maashiniin quba isaa lamaa (quba gabaabaa fi quba agarsiiftuu) fi barruu harka isaa cinaadhaan kan irraa mure yoo ta'u, hojjetaa sana waliin dubbachuun qarshii 8000 kanfaleefi araramaniiru. Hojjetichi yeroo miidhaan kun irra gahutti hojjetaa guyyaa jedhamee kan hojjechaa ture yoo ta'u, kanfaltii beenyaa kana irratti kan waliigale dhaabbatni hojjechiisaa hojjetaa yeroo hin murtofnnee waan isa taasiseefi dha.⁴¹⁰ Hojjetaan tokko immoo hojjetaa kontiraataa yookin hojjetaa yeroo hin murtoofneef qacaramu kan ta'u haala yookin amala hojichaa irraa kan maddu malee fedhii dhaabbata hojjechiisaa irraa kan maddu akka hin taane ni hubatama.

c. Beenyaa yeroo wal'aansaa fi beenyaa maxxantootaa

Hojjetaa miidhaan fulla'aa hin taane irra gaheef hanga waggaa tokkootti kanfaltii seerri teechisu (periodical payment) dhaabbileen kanfalan ni jiru.⁴¹¹ Akka LHH kwt 108 jalatti teechifametti, kanfaltiin hojjetaaf miidhaa fulla'aa hin taane irra gaheef kanfalamus yeroo miidhaan gaherraa baatiiwwan sadan itti aananiif mindaa guutuu, baatii 3 itti aanuuf mindaa isaarraa %75 gadi kan hin taane, baatiiwwan hafan immoo mindaa hojjetichaarraa %50 gadi kan hin taane ta'a. Ta'us waliigalteen gamtaa tokko tokko kan seerri teechiserra fayidaa fooyya'aa ta'e teechisaniiru. Fakkeenyaaf, akka waliigaltee gamtaa warshaa sukkaara Matahaaraatti, hojjetaan sababa hojiitiin miidhaa isa irra gahe irraa kan ka'e hojjetaan yeroodhaaf hojii hojjechuu kan hin dandeenye yoo ta'e guyyaa balaan sun gahe irraa jalqabee ji'oota 12'f guutummaa mindaa isaa akka argatu kaa'eera.⁴¹²

Gama biraatiin immoo miidhaan hojiirraa yeroo hojjetaarra gahu dhaabbileen hojjechiisaa hojjetaa sana kara faallaa seeraa ta'een hojiirraa gaggeessan ni jiru. Hojjetaan gaggeeffames seeraan ala waan gaggeeffameef beenyaa seeraan ala waliigalteen addaan citee fi beenyaa miidhaa hojiirraa walitti ida'uun yeroo gaafatu, manneen murtii beenyaawwan kanneen hojjetaan walwajjiin himachuu akka hin dandeenyeetti yeroon hubatan ni mul'ata.⁴¹³ Miidhaan hojiirratti dhaqqabu waggaa tokko keessatti osoo hin fayyiin yeroo hafu, mindaan hojjetaa sanarraa waan cituuf rakkoo cimaa irratti haalli itti kufaa jiru ni mul'ata.⁴¹⁴ Hojjetaan sababa balaa yookin dhukkuba hojiirratti isarra gaheetiin lubbuun isaa yeroo darbu maxxantoota isaaf beenyaan kaffalamaa jira.⁴¹⁵ Labsii HH keessatti maxxantootni hojjetaa du'ee beenyaa argachuu danda'an

Yohaannis Indaalewu, Ogeessa Qorannoo fi leenjii, Wa/Dh/H/H/Ma/Naqamtee, afgaaffii gaafa 28/4/2007

⁴¹⁰Yaabbirawu Ayaalqee, I/A/Dura-taa'aa Waldaa hojjetaa Warshaa Gogaa Mojoo, afgaaffii 14/5/2007.

Birhaanuu Bantii, I/G/Wa/Dh/H/H/Ma/Naqamtee, afgaaffii gaafa 28/4/2007

Yohaannis Indaalewu, Ogeessa Qorannoo fi leenjii, Wa/Dh/H/H/Ma/Naqamtee, afgaaffii gaafa 28/4/2007

⁴¹¹Fu'aad Alamaayyoo, akkuma lakk 205ffaa olii, Afgaaffii gaafa 14/5/07 taasifame.

Biqilaa Maangashaa, I/G Bu/Mi/Hu/Namaa Warshaa Bishaan Albuudaa Amboo, afgaaffiigaafa 20-4-2007 gaggeeffame

⁴¹²Waliigaltee Gamtaa Warshaa Sukkaara Matahaaraa, kwt 53

⁴¹³Asfawuu Kaliilee, abuukaattoo dhuunfaa waliin guyyaa 21/04/2007 taasifame. Af-gaaffii Obbo Maqaasaa Taajjabaa ,abuukatto dhuunfaa waliin guyyaa 21/04/2007 taasifame.

⁴¹⁴Fu'aad Alamaayyoo, akkuma lakk 205ffaa olii, Afgaaffii gaafa 14/5/07 taasifame.

Umar Awwal, Hoogganaa Wa/Dh/H/H/ Aanaa Lumee, afgaaffii gaafa 13/5/2007 gaggeeffame.

⁴¹⁵Tufaa Haawan, Itti Gaafatamaa Waajjira Hojjetaa fi hawaasummaa waliin guyyaa 13/04/2007 taasifame.

Mitikkuu Sobboooqaa, Abbaa Seeraa MMA Amboo (B/B Pirezdaantii), afgaaffii gaafa 24/4/2007 gaggeeffame.

Raggaasaa Bayyanaa, Abbaa Seeraa, MMA Walmaraa, afgaaffii gaafa 23/4/2007 gaggeeffame.

Marsuu Abdiisaa, to'ataa haala hojii Waajjira dhimma hojjetaa fi hawaasummaa Bu/Ma/Hoolataa, afgaaffii gaafa 21/4/2007 gaggeeffame.

adda bahanii kan teechifaman ta'us waliigalteewwan gamtaa tokko tokko garuu dhaaltota seeraa isaatiif beenyaan akka kanfalamu ni teechisu.⁴¹⁶

⁴¹⁶Waliigaltee gamtaa Warshaa Sukkaara Matahaaraa, kwt 57

BOQONNAA AFUR
BU'A-QABEESSUMMAA QAAMOLEE HOJIIRRA OOLMAA SEERA HOJJETAA FI
HOJJECHIISAA KEESSATTI GAHEE QABANII

Boqonnaa kana keessaatti qaamolee garagaraa mirga hojjetaa kabajchiisuu keessatti gahee qaban ilaaalchisee ciminoota, hanqinaalee fi dadhabbinoota jiran daataadhaan agarsiisuudhaan xiinxaluuf kan yaalamu ta'a.

4.1. Gahee Ejensii fi Waajjiraalee dhimma hajjetaa fi hawwaasummaa

Akka naannoo keenyaatti, qaamni mootummaa adda-durummaan seerota hojjetaa fi hojjechiisaa hojiirra akka oolchu itti-gaafatamummaan kennameef Ejensii Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaati. Qaama kanaaf gaheewwan hedduun kan kennaman yoo ta'u, itti-aansuun kanneen ijoo ta'an filachuun ejensichii fi waajjiraaleen DhHH sadarkaa sadarkaan jiran dirqama isaanii kana akkamitti bahachaa akka jiran kan sakatta'amu ta'a.

i. Waldaan hojjetaa akka hundaa'uu fi waliigalteen gamtaa akka uumamu deeggaruu

Dhaabbilee hedduu keessa waldaan hojjetaa fi waliigalteen gamtaa hin jiru. Kanaafis akka sababa ijootti kan ilaalamu hojjechiistotni fedhii dhabuu fi rincicuu dha. Bakka waldaan hojjetaa hundaa'e jiru hedduu keessattis waliigalteen gamtaa hin jiru yookin osoo hin haaromiin hafa. Fakkeenyaaf, waldaan hojjetaa waliigalteen gamtaa akka mallattaa'u yeroo gaafatu, hojjechiistotni sanada waliigaltichaa qopheessuuf fedhii dhabuu fi yeroo kaka'uumsa waldaa hojjetaan qophaa'ee dhiyaatus sababa gara garaa uumuun (fakkeenyaaf afaan Ingiliffaatti hiikamee haa dhiyaatu jechuudhaan) hojjechiistotni tokko tokko ni rincicu.⁴¹⁷

Waliigalteewwan gamtaa jiranis hedduun isaanii tumaalee labsii HH keessa jiran irra deebiin kan teechisan malee, mirgoota kanneen raawwachiisuuf mirgaa fi dirqama hojjetaa fi hojjechiisaa ifatti adda baasuun haala raawwii isaa wajjin tarreessuun kan haammatan miti.⁴¹⁸ Wajjiraaleen DhHH tokko tokko waliigalteen gamtaa yeroo qophaa'us yaadota irratti kennuun gahuumsa barbaachisu qabatee akka qophaa'u deeggarsa ni kenna.⁴¹⁹

Waajjirri DhHH waldaan hojjetaa akka hundaa'u, waliigaltee gamtaa akka qabaatanii fi kan yeroon itti haaromuu qabu irra darbe akka haaromfamu dhiibbaa uuman darbee darbee kan jiran

⁴¹⁷Marsuu Abdiisaa, akkuma lakk 98ffaa olii.

Birhaanuu Bantii, I/G/Wa/Dh/H/H/Ma/Naqamtee, afgaaffii gaafa 28/4/2007

Fu'aad Alamaayyoo, akkuma lakk 205ffaa olii.

Gullilaat Nagaash, I/G/W/Ho/Dhi/Hawaasummaa Aa/Fantaallee, Afgaaffii gaafa 19/05/2007 gaggeeffame.

⁴¹⁸Umar Awwal, Hoogganaa Wa/Dh/H/H/ Aanaa Lumee, afgaaffii gaafa 13/5/2007 gaggeeffame.

Fu'aad Alamaayyoo, akkuma lakk 205ffaa olii.

⁴¹⁹Umar Awwal, Hoogganaa Wa/Dh/H/H/ Aanaa Lumee, afgaaffii gaafa 13/5/2007 gaggeeffame.

Fu'aad Alamaayyoo, to'ataa haala hojii, Wa/Dh/Hojii fi Hawaasummaa Mag/Mojoo, Afgaaffii gaafa 14/5/07 taasifame.

ta'us,⁴²⁰ bakka hedduutti garuu waajjirichi waldaa hojjettootaa, hojjettootaa fi hojjechiistota waliin dubbachuun dhiibbaa barbaachisaa uumuu irratti hanqina cimaatu jira. Akka naannichaatti, KGT waggaa 5 (2003-2007) keessatti waldaleen hojjettootaa 524 galma'uun qaama seerumma argataniiru. Kunis hojiin hojjetame salphaa akka hin taane kan agarsiisu dha. Ta'us, waldaalee kanarraa hojjetootni fayyadamoo ta'an %18 qofa dha.⁴²¹ Kana yeroo ilaallu immoo, akka naannoo Oromiyaatti hojjetaan waldaan akka gurmaa'u taasisuuf hojiin hojjetame gadiaanaa akka ta'e kan agarsiisu dha.

ii.Hojii To'annaa

Gahee hojii inni guddaan waajjira dhimma hojjetaa fii hawaasummaatiif kenname to'annaa haala hojii /inspection/ yeroo yeroodhaan hordofuu dha. Waajjirichis hojii kanaaf xiyyeeffannoo kennuudhaan irratti hojjetaa jira.⁴²² To'annoon to'attoota haala hojiitiin raawwatamu kunis dhimmoota gara garaa irratti xiyyeeffachuu danda'a. Isaanis, haalawwan hojii bu'uura (minimum labor conditions) fi fayyummaa fi nagummaa ogummaa irratti dha. To'annoowwaan kunis sadarkaa gara garaa kan ofkeessaa qaban yoo ta'u, yeroo jalqabaa haalli bu'uura hojii fi fayyummaa fi nageenya hojjetaa maal fakkaata kan jedhu sakatta'uu dha.⁴²³ Sakatta'iinsi kun erga raawwatamee boodas to'annaa haala hojii gaggeeffameen hanqinaaleen dhaabbata hojjechiisaa keessatti mul'atan akka sirreeffaman xalayaan gama waajjirichaatiin hojjechiisaa ni dhaqqabsiifama.⁴²⁴ Itti aansuunis, duub-deebii kenname irratti hundaa'uun hojjechiisaan waantota akka sirreessu jedhame sana sirreessuun isaa ni mirkanaa'a. Hojjechiisaan sababa adda addaa eeruun yaadota kennamaniif kanneen kan hin sirreessine yoo ta'e of-eeggannoon dhuma yeroo tokko ni kennamaaf. Dhuma irratti to'annoon gaggeeffamee dhimmoonni akka sirratan jedhaman kan hin sirranne taanaan ejensiin mana murtiitti ni himata.⁴²⁵

⁴²⁰Marsuu Abdiisaa, to'ataa haala hojii Waajjira dhimma hojjetaa fi hawaasummaa Bu/Ma/Hoolataa, afgaaffii gaafa 21/4/2007 gaggeeffame.

Birhaanuu Bantii, I/G/Wa/Dh/H/H/Ma/Naqamtee, afgaaffii gaafa 28/4/2007

Fu'aad Alamaayyoo, to'ataa haala hojii, Wa/Dh/Hojii fi Hawaasummaa Mag/Mojoo, Afgaaffii gaafa 14/5/07 taasifame.

Gullilaat Nagaash, I/G/W/Ho/Dhi/Hawaasummaa Aa/Fantaallee, Afgaaffii gaafa 19/05/2007 gaggeeffame.

⁴²¹Gabaasa Raawwii KGT Ejensii DhimmaHojjetaa fi Hawaasummaa Oromiyaa (2003-2007), Adeemsa Hojii Ijoo Qunnamtii fi Nageenyaa Industirii Mirkanneessuu:14 (kan hin maxxanfame)

⁴²²Dabaloo Dhugaasaa, gaggeessaa garee to'annaa haala hojii, Ejensii Dh/H/H Naannoo Oromiyaa, afgaaffii gaafa 11/06/2007 gaggeeffame.

Araarsoo Taaddasaa, to'ataa haala hojii, Ejensii Dh/H/H Naannoo Oromiyaa, afgaaffii gaafa 11/06/2007 gaggeeffame.

⁴²³Ayyalaa Damisee waltaasisaa, Ejansii dhimma hojjataa fi hawwasummaa Godina Jimmaa waliin gaafa 13/04/2007, Obbo Gosaa Warquu To'ataa Haala Hojii Ejansii Dhimma Hojjataa fi Hojjachiisaa Magaalaa Asallaa waliin gaafa 04/05/2007, Obbo Inaaw Daaljuu To'ataa Haala Hojii Ejansii Dhimma Hojjataa fi hawwasummaa Magaalaa Adaamaa waliin gaafa 08/05/2007

⁴²⁴Dabaloo Dhugaasaa, gaggeessaa garee to'annaa haala hojii, Ejensii Dh/H/H Naannoo Oromiyaa, afgaaffii gaafa 11/06/2007 gaggeeffame.

Araarsoo Taaddasaa, to'ataa haala hojii, Ejensii Dh/H/H Naannoo Oromiyaa, afgaaffii gaafa 11/06/2007 gaggeeffame.

⁴²⁵Ayyalaa Damisee waltaasisaa, Ejansii dhimma hojjataa fi hawwasummaa Godina Jimmaa waliin gaafa 13/04/2007, Obbo Gosaa Warquu To'ataa Haala Hojii Ejansii Dhimma Hojjataa fi Hojjachiisaa Magaalaa Asallaa waliin gaafa 04/05/2007, Obbo Inaaw Daaljuu To'ataa Haala Hojii Ejansii Dhimma Hojjataa fi hawwasummaa Magaalaa Adaamaa waliin gaafa 08/05/2007

Fakkeenyaaf, waajjirri DhHH aanaa bu'aa to'annaa isaa (integrated labour inspection report) keessatti kabajama mirga namoomaa hojjetaan walqabatee hanqinaaleen akka jiran, mindaan hojjetaaf yeroon akka kanfalamaa hin jirre, naannoo hojii nageenyaa fi fayyaa hojjetaaf mijataa ta'e uumuun walqabatee akkasumas meeshaalee nageenya hojjetaaf gargaaran dhiyeessuu irratti hanqinaaleen akka mul'atan, sirni hojjetaa fi hojjechiisaan mari'achuun walhabbiin hojii furuu itti danda'an kan hin jirre ta'uu ibsuun hojjechiisaan baatii murtaa'an keessatti raawwii isaa kana sirreessuun akka gabaasu xalayaadhaan haalli itti gaafatan ni mul'ata.⁴²⁶

Gama biraatiin, to'annoon waajjira DhHH'tiin taasifamu gahaa akka hin taane,⁴²⁷ itti fufiinsa akka hin qabnee⁴²⁸ fi dhaabbilee tokko tokko keessattis to'annaan gaggeeffamu tokkollee akka hin jirre,⁴²⁹ hirmaattotni qorannichaa ni eeru.

Daataa istaatiksii akka naannootti qindaa'e irraa odeeffannoon argamus kanuma kan deeggaru dha. Akka naannoo Oromiyaatti karoora GT keessatti (bara 2003-2007tti) to'annoon haala hojii fi bakka hojii jaarmiyaaalee 21,601 keessatti gaggeeffameera. Kanas jaarmiyaaalee naannoon keenyaa qabu waliin uwwisa to'annoo duraa yoo madaallee %72 (30,000 keessaa 21,601) qofa dha. Gama biraatiin, waggootan shanan karoora KGT I keessatti to'annichi kan gaggeeffame ogeessota 30-60 ta'aniin dha. B'uura istaandardii JBAH ejensichaatiin to'ataan haala hojii tokko baattitii hangaa jaarmiyaaalee 14 (waarshaa tokkoof guyyaa 2-5) qofa akka to'atu kan hayyamu yoo ta'u, daataa armaan olii irraa kan hubannu garuu ogeessi tokko ji'atti hanga waarshaa 50'ti tajajila to'annoo gaggeessuu isaati.⁴³⁰ Odeeffannoon kun kan agarsiisu, waggootii shanan darban keessatti dhaabbileen hojjechiisaa yeroo tokkollee to'annaan keessatti hin gaggeeffamne %28 ta'u. Kana malees, to'annaan gaggeeffame ogeessota muraasaan yeroo istaandardiin teechifameen gaditti kan raawwatame waan ta'eef gahuumsaa fi qulqullina barbaachisuun raawwateera jechuuf nama rakkisa.

⁴²⁶Gullilaat Nagaash, I/G/W/Ho/Dhi/Hawaasummaa Aa/Fantaallee, Afgaaffii gaafa 19/05/2007 gaggeeffame. Sanada Wa/Dhi/Ho/ Hawaasummaa Aa/Fantaalleetiin gaafa 14/02/2007 barreeffame.

⁴²⁷Taadlaa Nigaatuu Bulchiinsa Humna Namaa Warshaa Qorqoorroo Adaamaa waliin gaafa 13/05/2007, Afaworq W/gabreel, bulchiinsa human namaa Warshaa Biiraa baddallee waliin Afgaaffii gaafa 16/04/2007 taasifame Yoonas Taaddasaa Bulchiinsa Humna Namaa Tajaajila Ibsa Itoophiyaa waliin afgaaffii gaafa 24/04/2007 godhame Masfiin Baddiluu Suparvaayzarri Ejansii Dhuunfaa Edominyaaaz damee warshaa Biiraa Baddallee waliin Afgaaffii gaafa 17/04/2005 gaggeeffame

⁴²⁸Shawaangizaaw Taddasaa Bulchiinsa Humna Namaa Warshaa Saamunaa Masfin Taaddasaa waliin gaafa 27/04/2007

Dastaa Kabbadaa, Bulchiinsa Humna Namaa Warshaa Biqila Asallaa waliin Gaafa 06/05/2007,

Teediroos Taaddasaa Gorsaa Seeraa Warshaa Huccuu Elsei Addis waliin gaafa 23/05/2007

Abarraa Kabbadaa Bulchiinsa humna namaa Warshaa Huccuu Ayikaa Addis waliin gaafa 20/05/2007,

⁴²⁹Amanaa Waakjiraa, Gorsaa Seeraa Dhaabbata BMET,waliin guyyaa 10/06/2007 taasifame.Obbo Taadlaa Nigaatuu Bulchiinsa Humna Namaa Warshaa Qorqoorroo Adaamaa waliin gaafa 13/05/2007,

Obbo Afaworq W/gabreel, bulchiinsa human namaa Warshaa Biiraa baddallee waliin Afgaaffii gaafa 16/04/2007 taasifame

Obbo Yoonas Taaddasaa Bulchiinsa Humna Namaa Tajaajila Ibsa Itoophiyaa waliin afgaaffii gaafa 24/04/2007 godhame

Obbo Masfiin Baddiluu Suparvaayzarri Ejansii Dhuunfaa Edominyaaaz damee warshaa Biiraa Baddallee waliin Afgaaffii gaafa 17/04/2005 gaggeeffame

⁴³⁰Gabaasa Raawwii KGT Ejensii DhimmaHojjetaa fi Hawaasummaa Oromiyaa (2003-2007), Adeemsa Hojii Ijoo Qunnamtii fi Nageenyaa Industirii Mirkanneessuu:8-9(kan hin maxxanfame)

Waajjirri DhHH to'annoo haala hojii akka raawwatu itti-gaafatamummaan olaanaan kan irratti gatame ta'us, waajjirichi hanqina to'attoota haala hojii /labour inspection/ qaba. Akka naannoo Oromiyaatti (godinaalee fi anaalee irra kan jiran dabalatee) to'attootni haala hojii (kanneen 'professional' ta'an) jiran 60 dha. Baay'ina dhaabbilee hojjetaa fi hojjechiisaa naannoo keenya jiru (30,000 ol) waliin yeroo walbira qabamu hanqinni to'attoota haala hojii hammaataa dha.⁴³¹ Kunis, itti gaafatamummaa isaanirraa eeggamu akka bahachuu hin dandeenye taasiseera.⁴³² Kana malees, ogeessotuma kanneen keessas rakkinni hubannoo bal'aatu jira.⁴³³ Leenjiin gahaan kennamee hin beeku.⁴³⁴

Kana malees, to'attootni haala hojii to'annaa yeroo raawwatan gara industriiwwan gara garaa waan deemaniif miidhaa fayyaa isaaniirra gahuu danda'uu fi tarkaanfii isaan fudhataniin walqabatee hojjechiisaa irraa dhiibbaa isaanirra gahu akka dandamachuu danda'an haalli mijataan uumame hin jiru. Kun immoo to'attootni haala hojii muuxannoo qaban yeroodhaa yerootti hojicha akka gadidhiisan (turnover) taasisaa jira.⁴³⁵ Waajjiraaleen DhHH bajata gahaa durgoo fi geejjibaaf oolurree waan hin qabneef hojii to'annaa haala hojii raawwachuuf ni rakkatu.⁴³⁶ Kun immoo bu'a-qabeessummaa qaama kanaa irratti dhiibbaa olaanaa kan qabu dha.

Waajjira DhHH'tiif yookin to'attoota haalaa hojiitiif tarkaanfii sirreeffamaa akka fudhatan aangoo kennameef irratti hanqinaaleen ni jiru. To'ataan haala hojii tokko to'annoo erga gaggeessen booda hanqinni yoo jiraate duub-deebii kennuun alatti tarkaanfiin fudhataa jiran hin jiru. Sababni isaas aangoon ejensichaa Labsii HH, kwt 178 fi 179 jalatti kenname ifa waan hin taaneef hojii waajjirichaaf kenname galmaan gahuuf kan dandeessisu miti.⁴³⁷ Kana malees, dhaabbata sana mana murtiitti himachuun labsichaan akka tarkaanfii to'ataan hojii fudhachuu danda'u tokkootti kan teechifame yoo ta'ellee, akkaataa labsii HH'tiin adabbiin manni murtii

⁴³¹Dabaloo Dhugaasaa, gaggeessaa garee to'annaa haala hojii, Ejensii Dh/H/H Naannoo Oromiyaa, afgaaffii gaafa 11/06/2007 gaggeeffame.

Araarsoo Taaddasaa, to'ataa haala hojii, Ejensii Dh/H/H Naannoo Oromiyaa, afgaaffii gaafa 11/06/2007 gaggeeffame.

⁴³²Gosaa Warquu To'ataa Haala Hojii Ejansii Dhimma Hojjataa fi Hojjachiisaa Magaalaa Asallaa waliin afgaaffii gaafa 04/05/2007 gaggeeffame

⁴³³Wandaafiraash dammisee hoogganaa Ejansii dhimma hojjataa fi hawwasummaa Aanaa Baddallee waliin gaafa 13/04/2007

⁴³⁴Dabaloo Dhugaasaa, gaggeessaa garee to'annaa haala hojii, Ejensii Dh/H/H Naannoo Oromiyaa, afgaaffii gaafa 11/06/2007 gaggeeffame.

Araarsoo Taaddasaa, to'ataa haala hojii, Ejensii Dh/H/H Naannoo Oromiyaa, afgaaffii gaafa 11/06/2007 gaggeeffame.

⁴³⁵Dabaloo Dhugaasaa, akkuma olii.

Araarsoo Taaddasaa, to'ataa haala hojii, Ejensii Dh/H/H Naannoo Oromiyaa, afgaaffii gaafa 11/06/2007 gaggeeffame.

⁴³⁶Tirfeessaa Tsaggaayee, To'ataa haala hojii, Wa/Dhi/H/H Go/Sh/Lixaa, afgaaffii gaafa 24/4/2007.

Gulummaa Teessoo, Hoogganaa Wa/Dhi/H/H Go/Sh/Lixaa, afgaaffii gaafa 24/4/2007.

Ayyalaa Damisee waltaasisaa, Ejansii dhimma hojjataa fi hawwasummaa Godina Jimmaa waliin gaafa 13/04/2007

Gosaa Warquu To'ataa Haala Hojii Ejansii Dhimma Hojjataa fi Hojjachiisaa Magaalaa Asallaa waliin gaafa 04/05/2007

Inaaw Daaljuu To'ataa Haala Hojii Ejansii Dhimma Hojjataa fi hawwasummaa Magaalaa Adaamaa waliin gaafa 08/05/2007

Shifarraa Abarraa, Waltaasisaa Ejansii Dhimma Hojjataa Fi Hawwasummaa Magaalaa Sabbataa waliin gaafa 15/05/2007

⁴³⁷Ayyalaa Damisee waltaasisaa, Ejansii dhimma hojjataa fi hawwasummaa Godina Jimmaa waliin gaafa 13/04/2007

Gosaa Warquu To'ataa Haala Hojii Ejansii Dhimma Hojjataa fi Hojjachiisaa Magaalaa Asallaa waliin gaafa 04/05/2007

Inaaw Daaljuu To'ataa Haala Hojii Ejansii Dhimma Hojjataa fi hawwasummaa Magaalaa Adaamaa waliin gaafa 08/05/2007

Shifarraa Abarraa, Waltaasisaa Ejansii Dhimma Hojjataa Fi Hawwasummaa Magaalaa Sabbataa waliin gaafa 15/05/2007

Wandaafiraash dammisee hoogganaa Ejansii dhimma hojjataa fi hawwasummaa Aanaa Baddallee waliin gaafa 13/04/2007

fudhachuu danda'u baay'ee gadi aanaa waan ta'eef barsiisaa fi dhaabbileen hojjechiisaa gochaa dhoorkame irraa akka ofqusatan kan taasisu miti.⁴³⁸

Dhaabbilee hojjechiisaa tokko tokkoof rakkoo gama kanaan qabdan akka sirreessitan jedhamee yeroo xalayaan waajjiricha yookin to'ataa haala hojiitiin barreeffamuufillee, akkamitti nurratti barreeffama jedhanii hanga qaamolee olaanoo biratti deemuun himachuun ni jira. Qaamoleen godinaa fi naannoorra jiran kunneenis investaroota wareersitan jechuun deebisanii ogeessota aanaa qorachuun ni jira.⁴³⁹

Kanamalees, to'attootni haala hojii kunneen akkaataa seera jiruutiin bilisummaa ogummaa guutuudhaan hojii isaanii akka hin raawwatnee fi tarkaanfii barbaachisaa akka hin fudhatne abbootii taayitaatiin yeroon taasifamu ni jira. Industriiwwan tokko tokko irratti to'annaan yeroo gaggeeffamu haalli abbootii taayitaa irraallee to'ataa haala hojiitiif bilbilamu ni jira.⁴⁴⁰

iii. Nageenyummaa fi fayyumaa ogummaa mirkaneessuu

Miidhaa hojiirraa hambisuu yookin xiqqeessuuf dhaabbileen hojjechiisaa meeshaalee balaa ittisuuf barbaachisan dhiyeessuu fi itti fayyadama meeshichaa irratti hojjetaaf hubannoo uumuun kan isaanirraa eeggamu yoo ta'ellee, dhaabbileen hedduun dirqama kana bahuu irratti rakkoo qabu.⁴⁴¹ Dhaabbilee hojjechiisaa tokko tokko keessatti hojjechiisaan meeshaalee nageenyummaa hojjetaatiif barbaachisan dhiyeessuu dhabuu fi maashinoota dur turan maashinoota ammayyaatiin bakka buusuu dhabuudhaan miidhaan fayyaa fi qaama hojjetaarra akka gahuuf sababa ta'aa yeroo jiran ni mul'ata.⁴⁴² Hojjettoonni dhaabbilee hojjechiisaa keemikaala fayyadaman (fakkeenyaaf oomisha abaaboo) keessa hojjetan tokko tokkos keemikaalli ittiin hojjetan fayyaa isaaniiratti dhiibbaa geessisaa akka jiru yeroon ibsan ni mul'ata.⁴⁴³ Kana malees, hojjetootni kunneen qaamolee mootummatiif iyyannoo yeroon dhiyeessanillee ni mul'ata.⁴⁴⁴ Dhaabbatni oomisha abaaboo irratti bobba'an tokko tokko hojjetoota isaanii keemikaala abaabootti biifaniif Abbaa Taayitaa Bulchiinsaa fi To'annaa Nyaata, Qorichaa fi Eegumsa Fayyaa RDFI waliin ta'uun baatii sadi-sadiin qorannaa keemistireetii ni taasisu. Kun akka gaariitti kan ilaallamu yoo ta'ellee, bu'aan qorannoowwan kanneenii hojichi hojjetootaaf balaafamaa ta'uu kan agarsiisu dha. Fakkeenyaaf, dhaabbata tokko tokko keessatti qorannoon (Cholestrase test') kun

⁴³⁸Gosaa Warquu To'ataa Haala Hojii Ejansii Dhimma Hojjataa fi Hojjachiisaa Magaalaa Asallaa waliin afgaaffii gaafa 04/05/2007 gaggeeffame

⁴³⁹Marsuu Abdiisaa, akkuma lakk 98ffaa olii, Afgaaffii gaafa 14/5/07 taasifame.

Umar Awwal, Hoogganaa Wa/Dh/H/H/ Aanaa Lumees, afgaaffii gaafa 13/5/2007 gaggeeffame.

⁴⁴⁰Dabaloo Dhugaasaa, gaggeessaa garee to'annaa haala hojii, Ejansii Dh/H/H Naannoo Oromiyaa, afgaaffii gaafa 11/06/2007 gaggeeffame.

Araarsoo Taaddasaa, to'ataa haala hojii, Ejansii Dh/H/H Naannoo Oromiyaa, afgaaffii gaafa 11/06/2007 gaggeeffame.

⁴⁴¹Yaada Nama Hundaa waan ta'eef tarreessuun utuu hin barbaachisiin bira darbameera.

⁴⁴²Yaabbirawu Ayaalqee, I/A/Dura-taa'aa Waldaa hojjetaa Warshaa Gogaa Mojoo, afgaaffii 14/5/2007.

⁴⁴³Habiib Huseen Abbaa Seeraa Mana Murtii Aanaa Adaamii tulluu waliin guyyaa 15/04/2007 taasifame.

Gaarradoo Taaffasaa, Abbaa Seeraa MMA Walmaraa, afgaaffii gaafa 23/4/2007 gaggeeffame.

Taganee Taayyee, Abbaa Seeraa Mana Murtii Aanaa Ada'aa waliin guyyaa 22/04/2007 taasifame.

⁴⁴⁴Tufaa Haawan, Itti Gaafatamaa Waajjira Hojjetaa fi hawaasummaa waliin guyyaa 13/04/2007 taasifame.

hojjettootni taasifameef sababa keemikaalaatiin fayyaan isaanii balaaf saaxilaamaa akka jiru ni agarsiisu.⁴⁴⁵

Waajjirri DhHH nageenya bakka hojii mirkaneessuuf hojiin hojjetaa jiru inni kan biraa ‘koree hordoffii nageenyaa fi fayyummaa ogummaa’ jedhamu warshaalee keessatti hundeessuu waan ta’eef, koreen kun dhaabbilee hojjechiisaa gara garaa keessatti hundaa’aa jira.⁴⁴⁶

Akka naannoo Oromiyaatti karoora GT keessatti (bara 2003-2007tti) deeggarsa to’attoota haala hojiitiin taasifameen koreewwan nageenyummaa fi fayyummaa ogummaa dhaabbilee hojjechiisaa 1,680 keessatti hundaa’aniiru.⁴⁴⁷ Ta’us, yeroo kana keessatti akka naannoo Oromiyaatti balaa industirii ittisuu yookin hir’isuu irratti hojiin hojjetame laafaa jedhamee kan ibsamu dha.⁴⁴⁸

Gabateen armaan gadi balaawwan hojiirraa gosaa fi miidhaa dhaqqabe kan yeroo KGT (bara 2003-2007’tti jiru) agarsiisu dha

Bara KGT	Dhaabbilee Gabasan	Balaa Cimaa	Balaa Du'aa	Waligala Balaa	Qarshii qisasamee	Guyya Hojii Gubatee
2003	131	5,129	8	5,137	647,334.85	4,383
2004	245	1,606	35	1,641	4,136,914. 12	6090
2005	145	1,133	3	1,136	254,092	4002
2006	146	1,771	18	1,789	144,544.06	5386.65
2007	152	2,727	15	2,742	1,067,144.68	4734
W/G	819	12,368	79	12,445	6,097,191.31	24,595.7

Daataa kanarraa akka hubatamutti, dhaabbilee hojjechiisaa akka naannoo keenyaatti jiran (30,000 ol ta’an) keessaa ragaa balaa kan gabaasan 819 qofa dha; kunis 3% gadi dha. Kun kan agarsiisu dhaabbileen hojjechiisaa marti balaa hojiirraa dhaqqabe akka gabaasan hordoffii jiru laafaa fi dhaabbileen fedhii isaaniitiin malee dirqama isaanii ta’uu baruudhaan gabaasaa akka hin jirre dha. Daataan kun akka agarsisutti waggaa tokko keessatti avereejiin dhaabbata hojjechiisaa

⁴⁴⁵Xalayaa Abbaa Taayitaa Bulchiinsaa fi To’annaa Nyaata, Qorichaa fi Eegumsa Fayyaa RDFI irraa barreeffame, falmii Diriba Taaddasaa fi Itiyoo-agriiseeft Holeta flower project jidduutti MMA Walmaraatti Lakk G 58373 keessatti ragummaaf dhiyaatee hidhamee argamu dha.

⁴⁴⁶Yohaannis Indaalewu, Ogeessa Qorannoo fi leenjii, Wa/Dh/H/H/Ma/Naqamtee, afgaaffii gaafa 28/4/2007

⁴⁴⁶Afaworq W/gabreel, bulchiinsa human namaa Warshaa Biiraa baddallee waliin Afgaaffii gaafa 16/04/2007 taasifame Birhaanuu Bantii, I/G/Wa/Dh/H/H/Ma/Naqamtee, afgaaffii gaafa 28/4/2007

Gullilaat Nagaash, I/G/W/Ho/Dhi/Hawaasummaa Aa/Fantaallee, Afgaaffii gaafa 19/05/2007 gaggeeffame.

⁴⁴⁷Gabaasa Raawwii KGT Ejensii DhimmaHojjetaa fi Hawaasummaa Oromiyaa (2003-2007), Adeemsa Hojii Ijoo Qunnamtii fi Nageenyaa Industirii Mirkanneessuu:9(kan hin maxxanfame)

⁴⁴⁸Gabaasa Raawwii KGT Ejensii DhimmaHojjetaa fi Hawaasummaa Oromiyaa (2003-2007), Adeemsa Hojii Ijoo Qunnamtii fi Nageenyaa Industirii Mirkanneessuu:3 (kan hin maxxanfame)

tokko keessatti waggaatti hojjetaa 3 ol irra balaan hojii cimaan ni dhaqqaba. Balaan qabeenya irra gahuu fi sa'aatiin hojii qisaasamus akkasuma olka'aa ta'uu kan agarsiisu dha.

ii. Hojii Waltaasisuu

Hojiiwwan Waajjirri DhHH raawwatu keessaa tokko waldebbiiwwan hojjetaa fi hojjechiisaa jidduutti uumamaniif furmaata barbaaduu yoo ta'u, kanas mariiwwan garlamee fi garsadeen akka hundaa'an taasisuudhaan waajjirichi hojjechaa jira. Ta'us mariiwwan kanneen idileessuu fi mariiwwan garsadee irratti hirmaachuun walqabatee gama hojjechiisaatiin fedhii dhabuu fi rincicni ni jira.⁴⁴⁹ Waajjiraaleen dhimma hojjetaa fi hawwasummaa aanaaleerra jiran bakka muraasatti malee to'ataa haala hojii kan hin qabne waan ta'eef hojiin waajjirichaan hojjetamu irra caalaan hojii waltaasisuu ti.⁴⁵⁰

Bu'uura kanaanis bara 2003-2007'tti jaarmiyaalee 1063 naannoo Oromiyaa keessatti argaman keessatti sirni marii gar-lamee diriirfameera. Sirni marii gar-sadees haalumaa kanaan dhaabbilee naannicha keessa jiran 670 keessattidiriireera.⁴⁵¹ Akka naannootti yeroo kana keessatti (2003-2007'tti) falmii hojjetaa fi hojjechiisaa gidduutti uumaman gara % 20.20 (6124 vs 5943)'tti gadi buusuun danda'ameera. Yeroo kana keessatti naannicha keessatti falmiiwwan gamtaa umaman 301 Boordii Murteessaa Dhimma Hojjetaa fi Hojjechiisaatiin furmaata argataniiru.⁴⁵²

iv. Waliigaltee galmeessuu

Gaheewwan waajjira hojjetaa fi hawaasummaatiif seeraan kennaman keessaa tokko waliigaltee hojii galmeessuu yoo ta'ellee, waajjirichi yeroo ammaa waliigaltee hojjetaa fi hojjechiisaa jidduutti raawwatamu galmeessaa hin jiru. Waajjirri DhHH hojii to'annaatiif gara dhaabbilee hojjechiisaa yeroo deemus waliigalteen hojii haala kamiin raawwatamaa akka jiru xiyyeeffannaa kennuun to'annaan taasisu hin jiru.⁴⁵³ Ta'us hojjetaa fi hojjechiisaa jidduutti ka'uumsi waldebbii waliigaltee hojii yeroo ta'ee fi falmichis gara waajjirichaa haalli itti dhufu yoo jiraate waajjirichi waliigaltee hojii isaanii ilaaluun yaada irratti ni kenna.⁴⁵⁴ Akkasumas, waajjirri DhHH waliigalteen hojii yeroo taasifamu ulaagaa haala hojii isa xiqqaa irraa eeggamu (minimum

⁴⁴⁹Yohaannis Indaalewu, Ogeessa Qorannoo fi leenjii, Wa/Dh/H/H/Ma/Naqamtee, afgaaffii gaafa 28/4/2007

⁴⁴⁹ Afaworq W/gabreel, bulchiinsa human namaa Warshaa Biiraa baddallee waliin Afgaaffii gaafa 16/04/2007 taasifame Birhaanuu Bantii, I/G/Wa/Dh/H/H/Ma/Naqamtee, afgaaffii gaafa 28/4/2007

Gullilaat Nagaash, I/G/W/Go/Dhi/Hawaasummaa Aa/Fantaallee, Afgaaffii gaafa 19/05/2007 gaggeeffame.

⁴⁵⁰ Obbo wandaafiraash dammisee hoogganaa Ejansii dhimma hojjataa fi hawwasummaa Aanaa Baddallee waliin gaafa 13/04/2007

⁴⁵¹Gabaasa Raawwii KGT Ejansii DhimmaHojjetaa fi Hawwasummaa Oromiyaa (2003-2007), Adeemsa Hojii Ijoo Qunnamtii fi Nageenyaa Industirii Mirkanneessuu:14 (kan hin maxxanfame)

⁴⁵²Gabaasa Raawwii KGT Ejansii DhimmaHojjetaa fi Hawwasummaa Oromiyaa (2003-2007), Adeemsa Hojii Ijoo Qunnamtii fi Nageenyaa Industirii Mirkanneessuu:14 (kan hin maxxanfame)

⁴⁵³ Kadir Mohammad hoogganaa Ejansii dhimma hojjataa fi hawwasummaa Magaalaa Jimmaa waliin gaafa 22/04/2007

Amanaa Waakjiraa, Gorsaa Seeraa Dhaabbata BMET,waliin guyyaa 10/06/2007 taasifame.

⁴⁵⁴Addunyaa, Tasammaa, Raawwataa hojii hubannoo fi leenjii, Wa/Dh/H/H Go/Wallagga Bahaa, Afgaaffii gaafa 28/4/2007 gaggeeffame

Marsuu Abdiisaa, to'ataa haala hojii Waajjira dhimma hojjetaa fi hawaasummaa Bu/Ma/Hoolataa, afgaaffii gaafa 21/4/2007 gaggeeffame.

labour condition) akka guutu carraawwan argateen hojjetaa fi hojjechiisaa ni hubachiisa.⁴⁵⁵ Dhaabbileen hojjechiisaa waliigaltee qacarrii koppii taasisuun waajjira dhimma hojjetaa fi haawasummaatti erganis ni jiru.⁴⁵⁶

v. Hubannoo uumuu

Dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa irratti hubannoo uumuun gahee hojii waajjira hojjetaa fi hawaasummaatiif seeraan kenname dha. Itti-gaafatamummaa isaa kana bahuudhaaf waajjirri DhHH mirga hojjetaa irratti waldaalee hojjetootaa fi hojjetootaaf yeroon leenjii kennu ni jira.⁴⁵⁷ Waajjirichi mirgaa fi dirqama hojjettoonni qaban hubachiisuuf hojjechaa kan jiru ta'us fageenyi inni deeme garuu hanga irraa eeggamu miti.⁴⁵⁸ Hubannoon hojjetootaaf kennamu gadaanaa ta'uun walqabatee hojjetootni meeshaalee ittisaa kennamaniif qixatti itti fayadamuu dhabuudhaan miidhaawwan hojiirraatiif yeroon saaxilaman bal'inaan mul'ata.⁴⁵⁹

Istaatiksii sadarkaa naannootti qindaa'e yeroo ilaallu, akka naannoo Oromiyaatti KGT waggaa 5 keessatti jaarmiyaalee 18,829 keessatti hojjetoota 156,046'f dhimmoota gara garaa irratti hubannoo uumuun danda'ameera. Baay'ina jaarmiyaalee naannicha keessa jiraniin yeroo walbira qabamu dhaabbilee jiran keessaa % 62.76 (30,000 keessaa 18,829) qofatu carraa kana argate jechuu dha. Karoora waggaa 5 kana keessatti leenjiin labsii Hojjechiisaa fi Hojjetaa mata duree adda addarratti kenname jaarmiyaalee 3,719 keessatti hojjetoota argaman 87,571'f dha. Kunis dhaabbilee akka waliigalaatti naannicha keessa jiran waliin yeroo ilaalamu %12.39 (30,000 keessaa 3,719) qofti akka uwwifame kan agarsiisu dha.⁴⁶⁰ Akkuma odeeffannoon afgaaffii irraa argame agarsiisu, daataan kunis hubannoo hojjetaa cimsuudhaan walqabatee tattaaffiin taasisfame bal'aa ta'us, keessattuu labsii HH irratti hojjiin hubannoo uumuu hojjetamuu qabu ammas sadarkaa jalqabbiirra akka jiru kan mul'isu dha. Gaggeessitoota waldaa hojjetaatiif garuu yeroo hedduu sagantaa leenjii kan qopheessu Konfedereeshinii Waldaa Hojjetootaa Itoophiyaa (CETU) ti. Konfedereeshinichi gaggeessaa waldaa hojjetaa maraafiyyuu yoo xiqqaate waggaaatti yeroo tokko leenjii ni kenna. Kana malees, konfedereeshinichi gahuumsaa fi hubannoo hojjetaan mirga isaa irratti qabu cimsuuf yaaduudhaan jiddu-galeessa leenjii guddaa akka biyyatti tajaajila kennu magaalaa Bishooftuutti ijaaraa jira.⁴⁶¹

⁴⁵⁵Addunyaa Tasammaa, Raawwataa hojii hubannoo fi leenjii Wa/Dh/H/H/Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 28/4/2007.

Umar Awwal, Hoogganaa Wa/Dh/H/H/ Aanaa Lumee, afgaaffii gaafa 13/5/2007 gaggeeffame.

⁴⁵⁶ Af-gaaffii Obbo Anteeneh Zeerihuun , hojii Gagageessaa Dhaabbata xiqur abbaay Damee adaamaa waliin guyyaa 12/05/2007 taasisfame.

⁴⁵⁷Gulummaa Teessoo, Hoogganaa Wa/Dhi/H/H Go/Sh/Lixaa, afgaaffii gaafa 24/4/2007.

Tirfeessaa Tsaggaayee, To'ataa haala hojii, Wa/Dhi/H/H Go/Sh/Lixaa, afgaaffii gaafa 24/4/2007.

Umar Awwal, Hoogganaa Wa/Dh/H/H/ Aanaa Lumee, afgaaffii gaafa 13/5/2007 gaggeeffame.

Kabbadaa Furgaasaa, Dura taa'aa waldaa hojjetootaa Warshaa bishaan albuudaa Amboo, afgaaffii gaafa 20-4-2007 gaggeeffame

⁴⁵⁸Baarrakaa Ragguu, Pireezidantii Mana Murtii Aanaa Adaamii Tulluu waliin afgaaffii guyyaa 14/04/2007 taasisfame. Asfawuu Kaliilee, abuukaattoo dhuunfaa waliin afgaaffii guyyaa 21/04/2007 taasisfame. Af-gaaffii Obbo Maqaasaa Taajjabaa ,abuukaattoo dhuunfaa waliin guyyaa 21/04/2007 taasisfame.

⁴⁵⁹Asfawuu Kaliilee, abuukaattoo dhuunfaa waliin afgaaffii guyyaa 21/04/2007 taasisfame. Maqaasaa Taajjabaa ,abuukatto dhuunfaa waliin afgaaffii guyyaa 21/04/2007 taasisfame.

⁴⁶⁰Gabaasa Raawwii KGT Ejensii Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa Oromiyaa (2003-2007), Adeemsa Hojii Ijoo Qunnamtii fi Nageenyaa Industirii Mirkanneessuu:2,3 fi 7 (kan hin maxxanfame)

⁴⁶¹Asnaaqaa Damiisee, I/G/Waajjira/Pirezdaantii Konfedereeshinii waldaa hojjetootaa Itoophiyaa, afgaaffii gaafa 13/6/2007 gaggeeffame.

4.2. Gahee Qaamolee Falmii Hojii Idilee Hiikanii

Falmiiwwan hojii kara idilee fi al-idilee ta'een keessummeeffamuu danda'u. Adeemsotni idilee jedhaman kanneen manneen murtii fi boordiitti dhihaachuun furmaata argatan yoo ta'u adeemsonni al idilee jedhaman immoo kanneen wal taasisaa ministeeraan ramadamuu (kwt141) fi jaarsolee araaraa filatamaniin (kwt 143) kan ilaalamani dha. Itti aansuun falmiiwwan hojii idilee keessatti qabatamni hojiirra jiru ni ilaalama.

4.2.1. Gahee Manneen Murtii

Mirgi hojjettoota hojjechiisaa isaaniitiin yeroo dhiibamu manneen murtii seera jiru bu'uureffachuun murtee haqa-qabeessa ta'e yeroo gabaabaa keessatti kennuun mirga hojjettoota kabachiisuuf dirqama qabu. Dirqama isaanii kana bahachuun amantaa manneen murtii hojjettoota biratti horatan madaaluuf bargaa'fii dhiyaate keessatti hojjettoota 89 bargaa'fii akka guutan taasifaman keessaa hojjettootni 34 gaafficha deebisuurraa yoo ofqusatan hojjettootni 41 (%63) dhaddachi hojii manneen murtii mirgi keenya yoo dhiibame nuuf kabajchiisa amantaa jedhu akka qaban ibsaniiru. Hojjettootni 24 (%37) dhaddacha mana murtii irraa amantaa akka hin qabne ibsaniiru. Daataan afgaaffii irraa argames falmii hojii keessummeessuun wal qabatee rakkooleen manneen murtii keenya keessatti mul'atan kan jiran ta'uu agarsiisa. Rakkoowwan kanneen keessaa tokko si'oominaan kan walqabattu dha. Galmeen hojjetaa fi hojjechiisaa hedduun mana murtiitti dhiyaatanii yeroo seeraan kaa'ame (guyyaa 60) keessatti furmaata argachaa kan jiran ta'ullee,⁴⁶² dhimmootni muraasa hin jedhamne garuu yeroo kana keessatti xumuramaa hin jirani.⁴⁶³ Galmeewwan waggaa tokkoo ol mana murtii keessa turanillee akkasuma ni jiru.⁴⁶⁴ Manneen murtii dhimmoota dhiyaataniif yeroo jedhame keessatti akka hin xumurre sababootni taasisan himata qulqullina hin qabne fuudhuu, xiyyeeffannaa addaa kennuu dhabuu fi hanqina gahumsa abbootii seeraatiin kanneen walqabatani dha.⁴⁶⁵

Rakkoo inni biraa qulqullinnaan kan walqabatu dha. Abbootiin seeraa keenya seera hojjetaa fi hojjechiisaa qixa sirriin hubachuun hojiirra oolchurratti hanqina qabu.⁴⁶⁶ Keessattuu Koonvenshinoota ILO biyyi keenya raggaasifte irratti hubannoon manneen murtii keenya keessa jiru gad aanaa dha. Konvenshinoota kana hojiirra oolchurrattis rakkooleen ni jiru.⁴⁶⁷ Rakkoon biraa manneen murtii biratti mul'atu yeroo tokko tokko haala aangoo dabarsee kennuu

⁴⁶²Dirribaa Taaddasaa Vs Itiyoo Agri Seft Dh/I/G/M, MMA Walmaraa, Lakk G 58373

Hawwii Addunna Vs Itiyoo Meediwoos, MMA Walmaraa, Lakk G 58267

Gulummaa Guutuu fi Atoomsaa Birruu Vs Saalem Jiddu-galeessa leenjii fi of-gargaarsa dubartootaa, MMA Amboo, Lakk G 38214.

Yaadasaa Riqaa fi Taatuu Tolasaa Vs Hoteela Itiyoophiyaa Amboo, MMA Amboo, Lakk G 38704

⁴⁶³Fakkeenyaaf Galmeewwan 'Getaachoo Guuttataa Vs Shiiv paak Dh/I/G/M, MMA Walmaraa, Lakk G 58122

Taammanaa Tashoomaa faa Vs Itiyoo-telekoom Rijini lixaa, MMA Guutuu Giddaa, Lakk G 27539

Baaroo Margaa faa Vs Dh/Hojii ijaarsaa Darajjee Getaachoo, MMA Guutuu Giddaa, Lakk G26857

Ahimad Hisataa Vs Dh/Oomisha Gogaa Yunaayitid Vizsin, MMA Lumee, Lakk G 44857' ilaaluun ni danda'ama

⁴⁶⁴Fakkeenyaaf Galmeewwan Laggasaa Dibaabaa Vs Meedoos Itoophiyaa dhaabbata oomisha abaaboo I/G/M, MMA Walmaraa, Lakk G 48847 ilaaluun ni danda'ama

⁴⁶⁵ Kumalaa Abarraa, Abbaa Seeraa MMA Amboo, afgaaffii gaafa 24/4/2007 gaggeeffame.

⁴⁶⁶ Masfin Nugusee fi namoota Sadi, A/seeraa Mana Murtii O'aanaa Godina Jimmaa waliin gaafa 24/04/2007

⁴⁶⁷ Baarrakaa Ragguu, Pireezidantii Mana Murtii Aanaa Adaamii Tulluu waliin afgaaffii guyyaa 14/04/2007 taasifame.

fakkaatuun qaamni biraa kanfaltiiwwan gara garaa hojjetaan gaafatu akka shallagu yeroon ajajni kennamu ni jira.⁴⁶⁸ Gama dhaabbilee hojjechiisaatiinis abbootiin seeraa miira keessa galuun mirga hojjetaa qofa jiddu galeessa godhachuun yeroon murteessan ni mul'ata komiin jedhu hojimaata mana murtii irratti irra deddeebiin kan ka'u dha.⁴⁶⁹ Manneen murtii idilee sadarkaa adda addaa jidduutti qoodinsa aangoo jiru ilaalchisees rakkoon hubannoo akka jiru ni mul'ata. Manneen murtii aanaa tokko tokko dhaabbatni hojjechiisaa sadarkaa federaalaatti kan hundaa'e yookin hayyama kan argate dha sababa jedhuun aangoo qabaachuu isaanii irratti mormiin yeroo itti ka'u, kanneen mormii akka kanaa kufaa taasisuun dhiimmicha ilaalan kan jiran yoo ta'ellee⁴⁷⁰, kanneen aangoo hin qabnu jechuun deebisanis ni jiru. Akkasumas hojjetootni tokko tokko hojjechiisaa yeroo himatan hanga maallaqa gaafatanii irratti hundaa'uun mana murtii olaanaatti himata duraa yeroon dhiyeessan ni jira. Manni murtii olaanaas simatee yeroon ilaalu ni jira.⁴⁷¹

Qabxiin inni biraa kutaa kana jalatti qulqullina murtiitiin walqabatee akka rakkoo qabatamaatti ka'uu danda'u tokko hojjechiisaan hojjetaa kara seeraan alaatiin waan hojjiirraa gaggeesseef kanfaltiin adda addaa hojjetaaf yeroo murtaa'u hanga isaa caqasuu dhabuun ni mul'ata. Fakkeenyaaf, manni murtii tokko hojjechiisaan hojjetaa seeraan ala waliigaltee isaa waan addaan kuteef *'kanfaltii hojjiirra gaggeessaa bu'uura keewwata 39/b/ fi 40 tiin akkasumas kanfaltii yeroo akeekkachiisaa bu'uura keewwata 43/4 tiin hojjechiisaan hojjetaa kanaaf herreegee akka hojjiirra gaggeessu'* jechuun murteesseera.⁴⁷² Murtichi hanga maallaqa hojjetaa kanaaf malu shallagee kan teechise miti. Kunis murtiiwwan bifa kanaan kennaman raawwachiisuuf rakkoo akka ta'u hubachuuf nama hin rakkisu.

Akka waliigalaatti, manneen murtii amantaa hojjetootaas ta'e hojjechiistotaa hanga barbaadamu horachuuf bu'a-qabeessummaa isaa daran cimsuun akka irraa eeggamu hubachuun ni danda'ama.

4.2.2. Boordii murteessaa dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa

Akka Naannoo Oromiyaatti Boordii Murteessaa Dhimma Hojjetaa fi Hojjechiisaa wirtuu lama Adaamaa fi Naqamtee jiru irratti hundeeffamuun tajaajila kennaa jiru. Qabataamaanis boordii murteessaa dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa falmiiwwan hedduu waldaan hojjetaa waliigaltee

⁴⁶⁸ Obbo Kadir Mohammad hoogganaa Ejansii dhimma hojjataa fi hawwasummaa Magaalaa Jimmaa waliin gaafa 22/04/2007, Obbo Inaaw Daaljuu To'ataa Haala Hojii Ejansii Dhimma Hojjataa fi hawwasummaa Magaalaa Adaamaa waliin gaafa 08/05/2007, Adde Baatirii Bafiqaaduu, A/adeemsa Qunnamtii fi Nageenya Industirii Ejansii Dhimma Hojjataa fi hawwasummaa Magaalaa Wilisoo Waliin Gaafa 18/05/2007

⁴⁶⁹ Obbo Dhugumaa Naadoo pirezdaantii Mana Murtii Olaanaa Godina Addaa Nannawaa Finfinnee waliin afgaaffii gaafa 14/05/2007 taasifame

⁴⁷⁰ Komershaal Noominiis (iyyataa) Vs Dastaalam Kitilaa (waamamaa), Dh/I/MMWO, lakk G 174291, murtii gaafa 14/4/2006 kenname (kan hin maxxanfamiin)

⁴⁷¹ Tuulii Baay'isaa, Abbaa Seeraa MMWO, afgaaffii gaafa 13/6/2007 gaggeeffame.

⁴⁷² **Jihaad vs korporeshinii tajaajila elektrikii Itoophiyaa, MMA Jimmaa, Lakk G 21597**

gamtaa ilaalchisee dhiyeeffatuu fi dhimmoota rakkoolee naannawaa hojii waliin walqabatan keessummeessaa jira. Guddina sadarkaa fi jijjiirraa waliin walqabatee falmiiwwan uumaman dhimmoota baay'inaan gara boordiitti dhiyaatani dha.⁴⁷³

Bu'a-qabeessummaa boordii dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa ilaalchisee hojjetootni 89 bargaaffii akka guutan taasifamee hojjetootni 28 yaada kenuu irraa of qusachuun, hojjetootni 35 (%57) boordichi bu'a-qabeessadha jedhaniiru. Hojjetootni 26 (%43) immoo boordichi bu'a-qabeessa miti jedhaniiru. Dhimmoota boordichi irratti bu'a-qabeessa ta'anii fi hin taane daataan afgaaffii irraa argame agarsiiseera. Boordii dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa murteessu keessattuu jijjiirraa hojjetaa haqa-qabeessa hin taane dhabamsiisuu keessatti gahee irraa eeggamu bahuuf hanga dhaabbata hojjechiisaatti qaamaan deemanii rakkoo jiru adda baafachuun furmaata kennuuf haalli itti yaalamu ni jira.⁴⁷⁴ Haa ta'u malee akkataa hundeeffamaa fi hojimataa Boordichaa keessatti rakkooleen akka jiran ogeessotni afgaaffiin waliin taasifame ni kaasu. Qaamolee mootummaa gara garaa sadarkaa naannoorra jiran dhimma boordichi ilaalaa jiruun walqabatee yeroon xalayaa boordichaaf barreessan ni jira. Kun immoo bilisummaa murtii boordichi qabu miidhuun rakkoolee uumamaniif furmaata sirrii akka hin kennine godha⁴⁷⁵

Miseensotni boordii dhimma hojjetaa ilaalan rakkoo hubannoo qabu jechuun hirmaattotni qorannichaa ni ibsu. Sababni teechisanis miseensi boordii tokko sababa manaajara dhaabbata hojjechiisaa yookin hojjetaa dhaabbata tokkoo ta'e qofaadhaaf leenjii yookin hubannoo addaa tokko osoo hin qabaatiin kan bakka buufamu dha. Dabalataanis, naamusni miseensotni boordii qabaachuu qaban maal ta'uu akka qabu, duudhaalee kanneen yeroo cabsan tarkaanfiin akkamii fudhatamuu akka danda'u sirni teechisu hin jiru. Boordii dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa murteessu rakkoo bal'aa jiruuf furmaata haala kennuu danda'uun xiyyeeffannoo kan argate miti.⁴⁷⁶

Si'oominni boordichi dhimmoota dhiyaataniif ittiin keessummeessaa jirus akkaataa seeraan teechifameen (baatii tokko keessatti) kan raawwatamaa jiru miti. Kanaaf immoo rakkoon inni guddaan yeroo labsii hojjetaa fi hojjechiisaa keessatti teechifame amala hojii boordichaa tilmaama keessa kan galchee fi gahaa miti. Akkuma beekamu barbaachisummaan boordichaa akka qajeeltootti waltaasisuu dha. Hojjiin waltaasisuu garuu yeroo fi ifaajee hedduu kan gaafatu waan ta'eef keessattuu yeroo waldhabbiin uumame walxaxaa ta'u baatii tokkotti carraan ittiin xumuramu dhiphaadha.⁴⁷⁷

Boordii murtii dabarsu ofii isaatiif raawwachisa.⁴⁷⁸ Boordii qaama aangoo abbaa seerummaa qabu waanta'eef adeemsa hojii isaa keessatti poolisiis ta'ee qaama barbaachisaa ta'e ajajuu akka

⁴⁷³ Abarraa Miidhaksaa, Hoji-gaggeessaa Humna Ibsaa Damee Naqamtee, afgaaffii gaafa 27/4/2007

⁴⁷⁴ Asras W/Sanbet, I/A/Dura taa'aa waldaa hojjetaa warshaa sukkaara matahaaraa, afgaaffii gaafa 20/05/2007 gaggeeffame.

⁴⁷⁵ Alamaayyoo Gaaddisaa, Pirezdaantii MMO Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 28/4/2007 gaggeeffame

⁴⁷⁶ Alamaayyoo Gaaddisaa, Pirezdaantii MMO Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 28/4/2007 gaggeeffame.

⁴⁷⁷ Alamaayyoo Gaaddisaa, Pirezdaantii MMO Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 28/4/2007 gaggeeffame.

⁴⁷⁸ Af-gaaffii obbo Malaakuu Ayyalee, Itti gaafatamaa waajira boordoo dhimma hojjetaa fi hawaasummaa, waliin guyyaa 29/05/2007 taasifame.

danda'u aangeffameera. Ajaja boordichaa fudhachuu dhabuun yakka akka ta'ee fi boordichis ofumaaf adabuu danda'a. Ta'us, boordichi akka naannoo Oromiyaatti bakka 2'tti qofatti kan argamu waan ta'eef dhaqqabummaan isaa baay'ee gadi aanaa dha. Keessattuu hojjetootni iddoo hojjetanii ka'anii gara boordichaa deemuun dhimma isaaniif furmaata argachuuf itti ulfaata jechuun namoonni afagaaffiin waliin godhame ni hubachiisu.⁴⁷⁹ Boordichi rakkoo baajataas ni qaba. Kanaaf industiriiwwan rakkoon nageenyummaan ogummaa fi naannoo hojii keessatti ni mul'ata jedhamanillee qaamaan deemuun ilaaluuf rakkoon bajataa waan jiruuf falmii dhiyaatu waraqaa ilaaluun qofa waan murtaa'uuf akka barbaadamutti rakkoo jiru hiikaa akka hin jirre ibsama.⁴⁸⁰

Falmii hojii hiikuu keessatti angoon Mana Murtii idilee fi Boordii Murteessaa dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa ifatti hin teechisifamne waan ta'eef hubachuuf ni rakkisa hirmaattotni jedhanis ni jiru.⁴⁸¹ Akka falmii gamtaatti /collective despute/ fudhatamee aangoo boordii dhimmi ta'u dhimma mirga ta'ee seeraan ilaalamu osoo hin taane walta'iinsaan /mariin/ dhimma aachi siqfamuu danda'u dha. Fakkeenyaaf dhimma daballii mindaa. Dhimmi mirga hojjetaa ta'uu seeraan ifatti teechifame mana murtiitiin ilaalamuu akka qabu hirmaattotni qorannichaa tokko tokko ni teechisu. Ta'us qabatama jiru keessatti takka takka falmiin soorama bahuu hojjetaa waliin walqabatee ka'u boordiitti yeroon dhiyaatee ilaalamu ni jira. Dhimmi soorama seeraan kan taa'e waan ta'eef dhimmi boordiin irratti waltaasisuu danda'u miti.⁴⁸² Gabaabaatti, boordiin murteessaa dhimmi hojjetaa fi hojjechiisaas rakkina hubannoo fi gahuumsa miseensota isaa, rakkoo caaseffamaa, baajataa, dhaqqabummaa, aangoo ifa ta'e dhabuu fi kkf' taniin xaxamee waan jiruuf hanga barbaachisu bu'a-qabeessa ta'aa hin jiru

4.3. Gahee Ejensiiwwan Hojii fi Hojjetaa Walquunnamsiisan Bahaa Jiran

Haala qabatamaa hojimaata ejensiiwwan kanneenii hubachuuf mala gara garaatiin daataan argame akka itti aanutti kan dhiyaate dha. Rakkoon inni guddaan hojimaata ejensiiwwan kanneeniitiin walqabatee mul'atu ejensiiwwaan tokko tokko maallaqa hojjetaa akka kanfalamu abbaa qabeenyaa waliin waliigalan qixxeetti yeroon qooddatan akka jiru hirmaattotni qorannichaa kaasan ni jiru. Fakkeenyaaf, mindaa hojjetaa irratti waliigalteen ejensiiwwan kunneen hojjechiisaa fi hojjetaa waliin taasisan gara gara dha. Kunis hanga hojjechiisaadhaan waliigalan irraa gadi buusuun hojjetootaaf mindaa kanfalu jechuu dha.⁴⁸³ Ejensiin sababa hojjetootaa hojiin wal qunnamsiiseef (carraa hojii mijeeseef) qofa mindaa hojjeetootaa irraa

⁴⁷⁹Alamaayyoo Gaaddisaa, Pirezdaantii MMO Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 28/4/2007 gaggeeffame.

Maabrat Irranaa fi namoota lama Dura taa;ota Waldaa hojjatoota warshaa Biiraa Baddallee waliin gaafa 13/04/2007, Obbo Afawoq W/gabreel, bulchiinsa human namaa Warshaa Biiraa baddallee waliin gaafa 16/04/2007, Obbo Ayyalaa Damisee waltaasisaa, Ejansii dhimma hojjataa fi hawwasummaa Godina Jimmaa waliin gaafa 13/04/2007

⁴⁸⁰Abarraa Miidhaksaa, Hoji-gaggeessaa Humna Ibsaa Damee Naqamtee, afgaaffii gaafa 27/4/2007.

Alamaayyoo Gaaddisaa, Pirezdaantii MMO Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 28/4/2007 gaggeeffame.

⁴⁸¹ Amaaraa G/Igzaabeer gorsaa Seeraa Tajaajila Ibsaa Itoophiyaa Distiriiktii Kibba Dhihaa waliin gaafa 23/04/2007

⁴⁸² Tuulii baay'isaa, Abbaa Seeraa MMWO, afgaaffii gaafa 13/6/2007 gaggeeffame.

⁴⁸³Dabaloo Dhugaasaa, gaggeessaa garee to'anna haala hojii, Ejensii Dh/H/H Naannoo Oromiyaa, afgaaffii gaafa 11/06/2007 gaggeeffame.

Araarsoo Taaddasaa, to'ataa haala hojii, Ejensii Dh/H/H Naannoo Oromiyaa, afgaaffii gaafa 11/06/2007 gaggeeffame. Obbo Shifarraa Abarraa, Waltaasisaa Ejansii Dhimma Hojjataa Fi Hawwasummaa Magaalaa Sabbataa waliin gaafa 15/05/2007

haala kanaan baatii baatiin murama jechuu dha.⁴⁸⁴ Hirmaattoni qorannichaa tokko tokko gochaa ejensiiwwan kanneenii kana mirga hojjetootaa kan miidhaa jiruu fi tumaa heera mootummaa keewwata 18 waliin kan walitti bu’u dha jedhu.⁴⁸⁵ Sababni isaas hojjettoonni gatii dafqa isaanii akka hin arganne kan godhuu fi ejensootni immoo qacarrii hojjetaa irraa bu’aa isaaniif hin mallee fi olaanaa ta’e haalli itti argachaa jiran waan uumamefi dha. Rakkoo kanaafis ka’uumsa ta’uu kan danda’u hangaa fi gosa fayidaa ejensiileen argachuu qaban ilaalchisee seerri ifa ta’e jiraachuu dhabuu dha.

Rakkoon inni biraa ejensootaan walqabatee ka’u, hojjetaan ejensootaan dhaabbilee hojjechiisaa keessatti qacaramu fayidaalee fi mirgoota labsii HH’tiin hojjetaaf teechifaman irraa akka hin fayyadamne haalli itti ta’aa jiru ni mul’ata. Fakkeenyaaf, ejensiiwwan kunneen hojjetoota ran kanneen keessattuu waardiyyootni sa’aatii olaanaa seeraan teechifamee ol akka hojjetan bakki itti taasisaa ni mul’ata.⁴⁸⁶

Ejensiiwwan kunneen garuu hojjetaa kan rsiisan caalbaasii dorgomuun yeroo hedduu waggoota muraasaaf waan ta’eef, turtii yeroo waliigaltee hojii irrattis amala hojii irratti qacaramu itti-fuunsaa kan qabu ta’ullee hojjetaa waliin waliigaltee yeroon daanga’e mallatteessu. Kun immoo hojiiwwan osoo industriin ree amala itti fufaa qaban, ejensiidhaan waan qacaramaniif yeroo daanga’eef akka qacaraman ta’aa jira.⁴⁸⁷ Turtiin yeroo waliigaltee kan hordofuu qabu itti fufuu fi dhiisuu hojichaati malee turtii waliigaltee ejensii fi qaamni sadaffaan qabanii ta’uu hin qabu.⁴⁸⁸

Rakkoon biraa ejensiiwwan kunneen wal qabatee akka jiru ibsamu hojjetaa eenyu akka to’atuu fi tarkaanfiiwwan akka hojii irraa gaggeesuu fa’a eenyu fudhachuu akka danda’u addaan baasuu dha. Bakka tokko tokkotti hojjetoota qaxareef ejensiitu mindaa kanfalaaf, kan to’atus eejensiidha, hojjiirraa kan gaggeessu garuu dhaabbata hojjechiisaati.⁴⁸⁹ Dabalataanis, ejensiiwwan kunneen hojjetoota rsiisaniif meeshaalee nageenyummaa hojjetootaa mirkaneessuuf dandeessisanii fi yuunifoormii dhiyeessuu kan qaban yoo ta’ellee, hanqinaaleen gama kanaanis ni mul’atu.⁴⁹⁰ Hirmaattotni qorannichaa akka ibsanitti hojjetaa dhaabbata ejensii

⁴⁸⁴ Asnaaqaa Damisee, I/G/Waajjira/Pirezdaantii Konfedereeshinii waldaa hojjetootaa Itoophiyaa, afgaaffii gaafa 13/6/2007 gaggeeffame.

Taganee Taayyee, abbaa Seeraa Mana Murtii Aanaa Ada’aa waliin guyyaa 22/04/2007 taasifame.

⁴⁸⁵ Asnaaqaa Damisee, Itti gaafatamaa Biiroo Pirezdaantii Konfederashinii Waldaa Hojjatoota Itoophiyaa waliin gaafa 26/06/2007 godhame.

⁴⁸⁶ Fu’aad Alamaayyoo, to’ataa haala hojii, Wa/Dh/Hojii fi Hawaasummaa Mag/Mojoo, Afgaaffii gaafa 14/5/07 taasifame.

Gulummaa Teessoo, Hoogganaa Wa/Dhi/H/H Go/Sh/Lixaa, afgaaffii gaafa 24/4/2007.

Tirfeessaa Tsaggaayee, To’ataa haala hojii, Wa/Dhi/H/H Go/Sh/Lixaa, afgaaffii gaafa 24/4/2007.

⁴⁸⁷ Masfiin Baddiluu Suparvaayzarri Ejansii Dhuunfaa Edominyaa damee warshaa Biiraa Baddallee waliin Afgaaffii gaafa 17/04/2005 gaggeeffame

⁴⁸⁸ Labsii HH, akkuma lakk 12ffaa olii, kwt 4(4)

⁴⁸⁹ Simee Tafarraa, Gorsaa Seeraa warshaa Simmintoo Absiyiniyaa , waliin guyyaa 10/06/2007 taasifame.

⁴⁹⁰ Kabbadaa, Waltaasisaa Hojjetaa fi Hojjechiisaa, Ejensii Dh/H/H Naannoo Oromiyaa, afgaaffii gaafa 11/06/2007 gaggeeffame.

Dabaloo Dhugaasaa, gaggeessaa garee to’annaa haala hojii, Ejensii Dh/H/H Naannoo Oromiyaa, afgaaffii gaafa 11/06/2007 gaggeeffame.

Gulummaa Teessoo, Hoogganaa Wa/Dhi/H/H Go/Sh/Lixaa, afgaaffii gaafa 24/4/2007.

Tirfeessaa Tsaggaayee, To’ataa haala hojii, Wa/Dhi/H/H Go/Sh/Lixaa, afgaaffii gaafa 24/4/2007.

Fu’aad Alamaayyoo, to’ataa haala hojii, Wa/Dh/Hojii fi Hawaasummaa Mag/Mojoo, Afgaaffii gaafa 14/5/07 taasifame.

walquunnamsiisaatiin dhiyaate tokkorra miidhaan hojiirraa yeroo ga’u ejensicha qofa osoo hin taane dhaabbatni hojjetaa sunis waliin itti-gaafatamummaa akka fudhatu taasifamaa jira.⁴⁹¹

Kana malees, sirna kenna hayyamaa fi to’annoo ejensoota kanneenii irrattis rakkoon akka jiru namoonni kaasaan jiru. Kana dura ejensootni kanneen Naannoo Oromiyaa irraa hayyama osoo hin fudhatin hayyama bulchiinsa magaalaa Finfinnee irraa fudhataniin Naannoo keenyatti hojjetaa kan turanii fi to’annoo taasisisuuf rakkisa ture jedhu.⁴⁹² Yeroo ammaa qabatamaan ejensiwwan Naannoo keenya keessatti hojjetaniif hayyama kenna kan jiru Ejensii Dhimma Hojjetaa fi Hawwaasummaa Oromiyaa ta’us, to’annoo gochuu irratti hanqinni akka jiru qaamoleen kunneen ni amanu.⁴⁹³ Aanolee tokko tokko keessatti Ejensiwwan kunneen to’annoof yoo gaafataman hayyama Federaalatu nuuf kenna waan jedhaniif qaamoleen naannoo keenyaa to’annoo gochuu iddoon itti dhiisaan akka jirus hubatameera.⁴⁹⁴ Ejensootni kun galmee dhuunfaa hojjetootaas sirnaan hin qabatani.⁴⁹⁵

Akka waliigalaatti ejensiwwan dhuunfaa tajaajila hojii fi hojjetaa wal quunnamsiisuu kennan mirgoota seeraan hojjetaaf eegaman hedduu kabajaa hin jirani. Waliigaltee hojjetootni ejensii waliin taasisan mirkaneessuuf hordoffii fi to’annoon qaama mootummaan godhamaa jiru laafaa ta’uu irraa kan ka’e qaawwi kun akka uumamu godheera.

4.4. Waldaa Hojjetaa

Dhaabbileen hojjechiisaa tokko tokko dura taa’aa waldaa hojjetaa miseensa manaajimentii ni taasisu. Kana malees, tarkaanfiiwwanii fi murteewwan gara garaa dantaa hojjetaa waliin walqabatan fakkeenyaaf jijjiirraa fi guddinni sadarkaa yeroo hojjetamu waldaan hojjetaa bakka bu’uun akka hirmaatu ni taasifama.⁴⁹⁶

⁴⁹¹ Tuulii baay’isaa, Abbaa Seeraa MMWO, afgaaffii gaafa 13/6/2007 gaggeeffame.

⁴⁹² Kabbadaa, Waltaasisaa Hojjetaa fi Hojjechiisaa, Ejensii Dh/H/H Naannoo Oromiyaa, afgaaffii gaafa 11/06/2007 gaggeeffame. Dabaloo Dhugaasaa, gaggeessaa garee to’annaa haala hojii, Ejensii Dh/H/H Naannoo Oromiyaa, afgaaffii gaafa 11/06/2007 gaggeeffame.

Araarsoo Taaddasaa, to’ataa haala hojii, Ejensii Dh/H/H Naannoo Oromiyaa, afgaaffii gaafa 11/06/2007 gaggeeffame.

⁴⁹³ Kabbadaa, Waltaasisaa Hojjetaa fi Hojjechiisaa, Ejensii Dh/H/H Naannoo Oromiyaa, afgaaffii gaafa 11/06/2007 gaggeeffame. Dabaloo Dhugaasaa, gaggeessaa garee to’annaa haala hojii, Ejensii Dh/H/H Naannoo Oromiyaa, afgaaffii gaafa 11/06/2007 gaggeeffame.

Araarsoo Taaddasaa, to’ataa haala hojii, Ejensii Dh/H/H Naannoo Oromiyaa, afgaaffii gaafa 11/06/2007 gaggeeffame.

⁴⁹⁴ Shifarraa Abarraa, Waltaasisaa Ejansii Dhimma Hojjetaa Fi Hawwasummaa Magaalaa Sabbataa waliin gaafa 15/05/2007

⁴⁹⁵ Taganee Taayyee, abbaa Seeraa Mana Murtii Aanaa Ada’aa waliin guyyaa 22/04/2007 taasifame.

⁴⁹⁶ Taammiraat Tasfaayee, Dura taa’aa Waldaa Hojjetootaa, dhaabbata oomisha abaaboo Hoolataa Roozis, afgaaffii gaafa 21/4/2007 gaggeeffame

Eebbisaa Lamuu, Dura taa’aa Waldaa Hojjetaa Itiyootolekoomii Damee Lixaa, afgaaffii gaafa 27/4/2007 gaggeeffame.

Adde Birituu Dastaa walitti qabduu fi Obbo Yaareed Charuu barreessaa Waldaa Hojjatoota Tajaajila Ibsaa Itoophiyaa distiriiktii Kibba Dhiyaa waliin gaafa 23/04/2007, Obbo Malakkuu Takkaa Barreessaa Waldaa Hojjatootaa Warshaa Biqila Asallaa waliin gaafa 05/05/2007

Waldaaleen hojjetaa tokko tokko mirgi hojjetaa akka hin tuqamne waliigaltee fi marii adda addaa hojjechiisaa waliin raawwachuun hojjetaan fayyadamaa akka ta'u gochaa jiru.⁴⁹⁷ Waldaan hojjetaa mirgi hojjetaa tokkoo yookin mirgi waliinii hojjetootaa tuqamuu isaa yeroo itti amanu qaamolee bulchiinsaa dhaabbata hojjechiisaa hanga Gaggeessaa Waliigalaa /General Manager/'tti deemuun mariin rakkoo sana furuuf ni socho'a. Kanamalees, waldaaleen hojjetootaa tokko tokko ogeessa seeraa ruun hojjetaa mirgi isaa tuqameef dhaabuun mana murtiitti hanga falmuutti deemu.⁴⁹⁸ Waldaaleen hojjetaa falmiiwwan hojjetootaa mirga waliinii ilaallatanii fi 'sensitive' ta'an kaneen akka haala ramaddii hojjetaa irratti gara boordii dhimma hojjetaa murteessuutti fudhachuun rakkoon hojjetaa fi hojjechiisaa jidduu jiru akka furamu gochuu irratti hojiin hojjetan akka ciminaatti fudhatamuu kan danda'u dha.⁴⁹⁹

Waliigaltee gamtaa tokko tokko keessatti gaheewwan waldaa hojjetootaatiif ifatti adda bahanii kennamanis: mirga fi dirqama irratti hubannoo uumuu, karoora hojii dhaabbatichaa, koree qacarrii keessatti argamuu, guddina, jijjiirraa, hojjetaa hir'isuu fi badii namuusaa ilaaluu, marii fi walta'iinsa gochuu fa'a akka dabalatu teechifameera.⁵⁰⁰ Kanamalees, waldaan hojjetootaa dhaabbaticha waliin ta'uun walta'iinsi gamtaa eenyu irratti raawwatiinsa akka qabaatu,⁵⁰¹ daambii koreen guddinaa ittiin gaggeeffamu yeroo bahu keessatti hirmaachuuf,⁵⁰² balaan akka hin dhaqqabne hojjetaa barsiisuu fi hubachiisuuf,⁵⁰³ tumaalee waliigaltee gamtaa ifa hin taane yookin hin haammamne irratti dhaabbaticha waliin ta'uun hiikkaa kennuu yookin furmaata barbaaduu fi kkf raawwachuu akka danda'u ni aangessu.⁵⁰⁴

Gama biraatiin, dhaabbilee waldaan hojjetootaa keessatti hin hundoofne waliigalteen gamtaas waan hin jiraanneef mirgootni hojjetaa fi dirqamootni hojjechiisaa tarreeffamaan teechifamanii waan hin jirreef dantaan hojjetootaa fedhii dhaabbatichaa qofaan kan murtaa'u ta'a.⁵⁰⁵ Dhaabbilee waldaa hojjetaa qaban tokko tokko keessattis hojjechiisaan yeroo karoora baasu, badii naamusaa fi guddina sadarkaa yeroo ilaalee murteessu fi kkf irratti waldaa hojjetaa bakki itti hin hirmaachisne ni jira.⁵⁰⁶ Waldaaleen hojjetaa kunneen tarkaanfii hojjetaa irratti fudhatamuu fi guddina yookin fayidaa hojjetaaf kennamu kan baran garagalcha taasifamuuf irraayi⁵⁰⁷; waldaaleen garagalchillee kun hin taasifamneef ni jiru.⁵⁰⁸ Hoji-gaggeessitootni

⁴⁹⁷ Afaworq W/gabreel, bulchiinsa human namaa Warshaa Biiraa baddallee waliin Afgaaffii gaafa 16/04/2007 taasifame, Adde Birituu Dastaa walitti qabduu fi Obbo Yaareed Charuu barreessaa Waldaa Hojjatoota Tajaajila Ibsaa Itoophiyaa distiriiktii Kibba Dhiyaa waliin gaafa 23/04/2007

Obbo Maabrat Irranaa fi namoota lama Dura taa;ota Waldaa hojjatoota warshaa Biiraa Baddallee waliin gaafa 13/04/2007

⁴⁹⁸ Asras W/Sanbet, I/A/Dura taa'aa waldaa hojjetaa warshaa sukkaara matahaaraa, afgaaffii gaafa 20/05/2007 gaggeeffame.

Kabbadaa Furgasaa, Dura taa'aa waldaa hojjetootaa Warshaa bishaan albuudaa Amboo, afgaaffii gaafa 20-4-2007 gaggeeffame

⁴⁹⁹ Asras W/Sanbet, I/A/Dura taa'aa waldaa hojjetaa warshaa sukkaara matahaaraa, afgaaffii gaafa 20/05/2007 gaggeeffame.

⁵⁰⁰ Waltahiinsa gamtaa warshaa sukkaara Matahaaraa, *kwt 3*.

⁵⁰¹ Waltahiinsa gamtaa warshaa sukkaara Matahaaraa, *akkuma olii, kwt 4*.

⁵⁰² Waltahiinsa gamtaa warshaa sukkaara Matahaaraa, *akkuma olii, kwt 59*

⁵⁰³ Waltahiinsa gamtaa warshaa sukkaara Matahaaraa, *akkuma olii, kwt 87(2)*.

⁵⁰⁴ Waltahiinsa gamtaa warshaa sukkaara Matahaaraa, *akkuma olii, kwt 98*.

⁵⁰⁵ Taadlaa Nigaatuu Bulchiinsa Humna Namaa Warshaa Qorqoorroo Adaamaa waliin gaafa 13/05/2007,

⁵⁰⁶ Maabrat Irranaa fi namoota lama Dura taa;ota Waldaa hojjatoota warshaa Biiraa Baddallee waliin gaafa 13/04/2007

Mokonnin Daksiisaa walitti qabaa Waldaa Hojjatoota Warshaa Saamunaa Masfin Taaddasaa waliin gaafa 01/05/2007, Obbo

Maabrat Irranaa fi namoota lama Dura taa;ota Waldaa hojjatoota warshaa Biiraa Baddallee waliin gaafa 13/04/2007

⁵⁰⁷ Itti aanaa dura taa'aa fi barreessaa waldaa hojjetaa (maqaa isaanii ibsuu hin barbaadne) Kompleksii Zayita Nyaataa Addis-Mojoo, Afgaaffii gaafa 14/5/2007 gaggeeffame.

waldaalee hojjetootaa sababa mirga hojjetaaf falmaniif sababa biraa itti uumuun waliigaltee hojii isaanii addaan kutuun ni jira. Fakkeenyaaf aanaa tokko keessatti qofa yeroo dhiyoo as hooggantootni waldaa hojjetaa lama sababa dantaa hojjetaatiif falmaniif hojjechiisaan seeraan ala waliigaltee hojii isaanii addaan kuteera. Kanas mirkaneeffachuudhaan manni murtii hojjetoota kanneen hojiitti akka deebi'an murteesseera.⁵⁰⁹

Dhaabbileen hojjechiisaa tokko tokko gaggeessitootni waldaa hojjetaa waan mirga hojjetaatiif falmaniif haalli bakka hojii turanirraa itti jijjiiranillee ni jira. Fakkeenyaaf, bakka tokkotti (Dhaabbata Abaaboo Jiituu) hojjetaan gaggeessaa waldaa hojjetaa ta'e mirga hojjetootaatiif dhaabbata hojjechiisaa waliin waan mormeef damee hojjechiisaa kan biraatti (Holata irraa Qooqaatti) jijjiirameera. Ta'us Waajjirri DHH waajjira bulchiinsa magaalaa waliin ta'uun jijjiirraan seeraan alaa kun akka hin raawwatamne dhaabbata hojjechiisaa waliin dubbachuun hambisaniiru.⁵¹⁰

Gaggeessitootni waldaa hojjetaa bakka tokko tokkotti ofii isaaniitii guddina argachuuf jecha manaajimentii fakkaachuudhaan dantaa hojjetaatiif ifatti hojjechiisaa falmuu dhabuun ni mul'ata.⁵¹¹ Waldaaleen hojjetaa hedduun dhiibbaa hojjechiisaan isaanirraan geessisuu danda'u waan sodaataniif mirga hojjetaa kabachiisuuf sochii tokkollee hin taasisani.⁵¹²

Waldaaleen hojjetootaa dhimmoota tokko tokko fayidaa hojjetaatiin walqabatan (fakkeenyaaf kan akka kanfaltii boonasii) irratti akkaataa waliigaltee gamtaatiin hojjechiisaan yeroo kanfaluu didu gara qaama furmaata kennuu danda'uutti deemuudhaan haalli itti furmaata hojjetaaf argamsiisan jiraatus,⁵¹³ waldaaleen tokko tokko garuu har'a boru nuuf raawwatama jechuudhaan, mirga hojjetaa kabachiisuu irratti laafina qabu.⁵¹⁴ Dhaabbilee bu'aa argatan irraa hojjetaaf qooduuf (bonus) waliigaltee gamtaa isaaniitiin dirqaman keessatti waldaan hojjetaa bu'aa waliigalaa dhaabbatichi argatee fi hojjetaan argachuu qabu mirkaneeffachuuf ni rakkata. Kanaaf, bu'aa dhaabbatichi argachuu isaa gabaasetu fudhatama. Kunis bu'a-qabeessummaa hojii waldicha irratti dhiibbaa kan taasisu dha.⁵¹⁵

Dhaabbilee biiroon muummichaa fi dameewwan qaban keessatti waldaleen hojjetootaa dhaabbata jiddu-galeessaa (muummichaa) qofarratti akka hundaa'anii fi waliigalteen gamtaas

⁵⁰⁸Yaabbirawu Ayaalqee, I/A/Dura-taa'aa Waldaa hojjetaa Warshaa Gogaa Mojoo, afgaaffii 14/5/2007.

⁵⁰⁹Marsuu Abdiisaa, to'ataa haala hojii Waajjira dhimma hojjetaa fi hawaasummaa Bu/Ma/Hoolataa, afgaaffii gaafa 21/4/2007 gaggeeffame.

Fu'aad Alamaayyoo, to'ataa haala hojii, Wa/Dh/Hojii fi Hawaasummaa Mag/Mojoo, Afgaaffii gaafa 14/5/07 taasifame.

⁵¹⁰Marsuu Abdiisaa, to'ataa haala hojii Waajjira dhimma hojjetaa fi hawaasummaa Bu/Ma/Hoolataa, afgaaffii gaafa 21/4/2007 gaggeeffame.

⁵¹¹Ogeessa seeraa Wa/Sukkaaaraa (Maqaa isaa Ibsuu hin barbaadne).

⁵¹²Marsuu Abdiisaa, to'ataa haala hojii Waajjira dhimma hojjetaa fi hawaasummaa Bu/Ma/Hoolataa, afgaaffii gaafa 21/4/2007 gaggeeffame.

⁵¹³Taammiraat Tasfaayee, Dura taa'aa Waldaa Hojjetootaa, dhaabbata oomisha abaaboo Hoolataa Roozis, afgaaffii gaafa 21/4/2007 gaggeeffame

⁵¹⁴Aras W/senbat

Itti aanaa dura taa'aa fi barreessaa waldaa hojjetaa (maqaa isaanii ibsuu hin barbaadne) Kompleksii Zayita Nyaataa Addis-Mojoo, Afgaaffii gaafa 14/5/2007 gaggeeffame.

⁵¹⁵Yaabbirawu Ayaalqee, I/A/Dura-taa'aa Waldaa hojjetaa Warshaa Gogaa Mojoo, afgaaffii gaafa 14/5/2007 gaggeeffame.

tokko akka ta’u (centralize) godhamaa jira. Kana jechuun waldaan hojjetaa mataa isaa danda’ee marii gamtaa (collective bargaining) taasisu dhaabbilee damee keessa jiranii fi mataa isaanii bulchan keessa akka hin jiraatne taasifamaa jira. Kun immoo dhaabbata damee hedduu qabu keessa waldaa haadhoon /innaat mahbar/ tokko qofa akka jiraatu gochuudhaan waldaan cimaa ta’e damee dhaabbilee hojjechiisaa keessatti akka hin uumamne taasisaa jira dha.⁵¹⁶ Fakkeenyaaf Korporeeshiniin Sukkaaraa waldaalee hojjetootaa warshaalee sukkaaraa isa jala jiranii fi waliigaltee gamtaa fi waldaa hojjetaa mataa isaanii qabaachaa turan hambisuun akka korporeeshiniitti waliigalteen gamtaa tokkoo fi waldaan hojjetaa haadhoon tokko akka jiraatuuf hojjechaa jira⁵¹⁷. Waldaaleen hojjetaa jiddu-galeessarratti qofa yeroo kuufaman waldaaleen hojjetootaa warshaalee damee naannoo keessa jiran qaama seerummaa qabaatanii galmaahuu fi fedhii hojjetaa bakka bu’uuf humnaa fi dhagahummaa ni dhabu. Waldaaleen hojjetaa Humna Ibsaa Itoophiyaa fi Itiyoo Telekoomii dameewwan irra jiran yeroo ammaa haala kanaan kan bulan waan ta’eef mataa isaanii danda’anii qaama seerummaa kan qaban miti.⁵¹⁸ Kun immoo waldaan hojjetaa jiddu-galeessarra jiru hojjetaa dameewwanirra jiruuf dhaqqabamaa waan hin taaneef rakkoo guddaa ta’a.⁵¹⁹ Warshaan Biiraa Baddallees waldaan hojjetaa kan biiroo Finfinnee waan jiruuf waliigalteen gamtaa isaan waliin taasisne gahaa dha jechuun waldaa hojjetootaa warshicha keessatti hundaa’e waliin waliigaltee gamtaa mallatteessuu dideera.⁵²⁰ Dhimma kana tumaa labsii HH waliin yeroo ilaallu, dameen dhaabbata tokkoo hojii dhaabbata muummeen kennameef raawwachuuf adda bahee mooggaasamuun hojimaataa fi caaseffama mataa isaa kan qabu yoo ta’e akka dhaabbata tokkootti akka lakkaa’amu techifameera.⁵²¹ Kana yeroo jennu, fakkeenyaaf, warshaaleen sukkaaraa Korporeeshinii Sukkaaraa Itoophiyaa jala jiran mataa mataa isaaniitiin akka dhaabbata hojjechiisaa tokkootti akka lakkaa’amuu qabani fi dhuunfaa dhuunfaa isaaniitiins waldaa hojjetaa Ministeera Dh/H/H biratti galmaa’uun isaan waliin marii gamtaa taasisuu danda’u qabaachuu akka danda’an kan aangessu dha.

Akka waliigalaatti, haala qabatamaa jiru irraa waanti hubatamu gaheen waldaaleen hojjetaa taphataa jiran dhaabbata hojjechiisaa tokko irraa isa biraatti garaagarummaa bal’aa kan qaban ta’uu isaati. Waldaaleen hojjetaa dhaabbilee tokko tokko keessatti dantaa fi mirga hojjetaa kabachiisuu keessatti gahee olaanaa kan taphataa jiran yoo ta’u dhaabbilee biroo keessatti garuu gaheen qaban daran laafaa dha. Kana malees, dhaabbileen hojjechiisaa damee gara garaa qaban, dameewwan isaanii akkaataa LHH tiin akka dhaabbata tokkootti lakkaawwamuun waldaa hojjetaa marii gamtaa taasisu qabaachuuf dirqama qaban cabsuun waldaan hojjetaa waajjira

⁵¹⁶Birhaanuu Bantii, I/G/Wa/Dh/H/H/Ma/Naqamtee, afgaaffii gaafa 28/4/2007

Yohaannis Indaalewu, Ogeessa Qorannoo fi leenjii, Wa/Dh/H/H/Ma/Naqamtee, afgaaffii gaafa 28/4/2007

Aluulaa, Ogeessa Seeraa Warshaa Sukkaaraa Matahaaraa, Afgaaffii gaafa 19/5/2007 gaggeeffame.

⁵¹⁷Aluulaa Dinqisaa, akkuma lakk 110ffaa olii, Afgaaffii gaafa 19/5/2007 gaggeeffame.

⁵¹⁸Bantii Badhaasaa, Dura taa’aa Waldaa Hojjetaa Humna Ibsaa Damee Naqamtee, Afgaaffii gaafa 27/4/2007 gaggeeffame.

⁵¹⁹Dabaloo Dhugaasaa, gaggeessaa garee to’annaa haala hojii, Ejensii Dh/H/H Naannoo Oromiyaa, afgaaffii gaafa 11/06/2007 gaggeeffame.

Araarsoo Taaddasaa, to’ataa haala hojii, Ejensii Dh/H/H Naannoo Oromiyaa, afgaaffii gaafa 11/06/2007 gaggeeffame.

⁵²⁰Birquu Hambisaa fi Masaay Abaataa ejansii dhunfaa Edominyaa dame Biiraa Baddaleetti hojjatoota eegumsaa waliin gaafa 17/04/2007.

⁵²¹Labsii HH, akkuma lakk 12ffaa olii, kwt 2/2/.

muummichaa qofa waliin waliigaltee gamtaa mallatteessu. Sababa kanaanis waldaaleen hojjetaa armaan dura cimoo fi mirga hojjetaa hedduutiif wabii ta'anii turan beekamtii seeraa dhabaa jiru.

BOQONNAA SHAN YAADOTA GUDUUNFAA FI FURMAATAA

5.1. Yaadota Guduunfaa

Dhaabbilee hojjechiisaa naannoo keenya keessa jiran keessatti yeroo qacarriin hojjetootaa gaggeefamu mirgi lammiileen heera mootummaa RDFI keessatti ija walqixaan ilaalamuuf qaban akkasumas mirgi hojii barbaadan irratti bobba'uuf qaban akkaataa barbaadamuun kabajamaa hin jiru. Kanaafis sababni inni guddaan adeemsa qacarrii hojjetootaa dhaabbilee hojjechiisaa keessatti gaggeeffamu bituu fi mirgoota hojjetaaf eegumsa barbaachisaa taasisuuf sirni ifa ta'e diriiree jiraachuu dhabuu dha. Gama biraatiin, hojjetootni dhaabbilee hojjechiisaa naannicha keessa jiran jalatti qacaramanii hojjechaa jiran, keesumattuu kanneen ogummaan hin tajaajille, haalota hojii fi faayidaa isaanii kabachiisuu irratti dandeettiin dhiibbaa uumuu isaanii gadi aanaa jedhamee kan ibsamuu danda'u dha.

Waliigalteewwan hojii hojjetaa fi hojjechiisaa jidduutti taasifamanis dantaa fi fedhii hojjechiisaa jiddu-galeessa godhatanii hojjechiisaan kan saxaxamanidha malee akkaataa seerri barbaaduun kan qophaa'anii fi mirga hojjetaa kabachiisuu keessatti gahee barbaachisaa kan taphatan miti. Waliigalteewwan afaaniin yeroo taasifaman akkaataa seerri barbaaduun ibsi barreeffamaa hojjetaa hedduuf hin kennamu. Kanamalees, dhaabbileen hojjechiisaa hedduun hojjetaa isaaniitiif tarreeffama hojii (job description) hin kennani. Kun ta'uun isaas hojii dirqama hojjetaa ta'eefi hin taane adda baasuu irratti hojjetaa fi hojjechiisaa jidduutti walitti bu'iinsi yeroo hedduu akka uumamu kan taasisu dha.

Waliigaltee hojii hedduu keessatti mirga hojjetaa haala miidhuun yookin mirga hojjetaatiif labsii HH ykn waliigaltee gamtaa keessatti teechifame irraa gadi haala ta'een walta'iinsi yeroo uumamu ni mul'ata. Fakkeenyaaf waliigalteen hojii balleessaa hojjetaatiin kan addaan citu yoo ta'e hojjetaan mirga kanfaltii sooramaa ykn providantii hin argatu jechuun waliigaluu, hariiroon hojjetaa fi hojjechiisaa jidduu jiru waliigaltee shaakallii /apprenteship/ fakkeessuun qacaruu, hojjetichi qaxaramaa osoo hin taane hojii dhuunfaa kan hojjetu fakkeessuun waliigaluu fi kkf rakkoowwan mul'atani dha. Akka waliigalaatti, waliigalteen hojii bu'uura seeraatiin qabiyyee akkaata seeraatiin qabachuu qabu akkasumas mirgaa fi dirqama bitaa mirgaa haala hubachiisuu danda'uun taasifamaa hin jiru.

Turtii yeroo waliigaltee hojiitiin walqabatees rakkooleen ni jiru. Dhaabbilee hedduu keessatti, haala faallaa seeraa ta'een, hojjetootni hojii amala itti fufaa qabu irratti waliigaltee yeroo murtaa'aatiin yookin waliigaltee yeroo yeroon haaromuun qacaramaa jiru. Kana malees, hojjetoota yeroo murtaa'aa fi hin murtoofneef qacaraman jidduutti dhaabbilee hedduu keessatti garaagarummaan fayidaa kan jiru yoo ta'u, dhaabbileen muraasni hojjetoota isaanii kanneeniif fayidaa walfakkaataa kennanis ni jiru. Dhimmootni garaagarummaan irratti uumamus kanfaltii boonasii, guddina sadarkaa fi mindaa, kanfaltii sooramaa, hayyama waggaa, hayyama da'uumsaa, miseensa waldaa hojjetaa ta'uu fi kkf ilaalchiseeti dha. Qacarrii yeroo yaaliitiin

walqabatees, dhaabbileen hojjechiisaa tokko tokko hojjetaa yeroo yaalii guyyaa 45 ol ta'eef akkasumas yeroo 2ffaadhaaf hojjetaa yeroo yaaliitiin qaxaruu ni mul'ata.

Daangaa hojiirraa olmaa labsichaatiin walqabatees iftoomina dhabuu seera jiruu irraa kan ka'e hojimaatni walfakkaataa hin taane uumameera. Falmiilee hojii dhaabbilee amantaa irraa dhufan keessatti hojjetaa kam kamtu hojiin isaa dhimma afuuraatiin walqabata? hojii hojjetaa isa kamiitu dhimma afuuraatiin walhin qabanne kan jedhu falmisiisaa dha. Dhimmoota gaggeessitoota hojiitiin gara mana murtii dhufaniin walqabatees manneen murtii keenya hojjetichi hoji-gaggeessaa ta'uu yoo hubatan tarkaanfii fudhatanii fi hoji-gaggeessaa ta'uu hojjetichaa akkaataa seeraatiin qulqulleessuu irratti rakkooleen ni mul'atu. Iftoomina dhabuu labsii HH fi gosa ragaa falmiilee mirkaneessuuf barbaachisu irraa kan ka'es hariiroon hojii jiraachuu fi jiraachuu dhabuu hubachuuf yeroon rakkisaa itti ta'u ni jiru. Fakkeenyaaf manneen murtii tokko tokko hojjetaan galmees to'annoo mallateessaa kan hin turre ta'uu fi faayila dhuunfaa hojjechiisaa biraa waan hin qabneef qofa hariiroon hojii hin jiru jedhanii yeroon murteessan ni jira.

Qabatama dhaabbilee hojjechiisaa naannoo keenyaa hedduu isaanii yeroo ilaallu haalli hojjetootni ittiin carraa barnootaa fi leenjii, guddina sadarkaa fi mindaa, jijjiirraa, bonasii fi fayidaalee biroo itti argatan sirnaawaa fi qajeelfama ifa ta'e kan bu'uureffate miti. Jijjiirraa hojjetaahaala dantaa hojjetaa fi hojjechiisaa jiddu-galeessa godhateen kan raawwatamu osoo hin taane hojjechiistotni hedduun hojjetaa kan jijjiiran hojjetaa sana haaloo bahuuf yookin akka adabbiitti yookin akka hojii dhaabu yeroo barbaadanani dha.

Kunis hojjetootni ija qixa ta'een akka hin ilaalamne kan taasisaa jiru waan ta'eef, nageenya industirii fi oomishaa fi oomishtummaa irrattis dhiibbaa mataa isaa kan qabu dha. Sirni madaallii raawwii hojjetootaa bifa sirnaawaa fi saayinsawaa ta'een gaggeeffamaa jiraachuu dhabuu fi dantaaleen hojjetaa kunneen yeroo murtaa'an akka galteetti gargaaruu dhabuun immoo rakkoo kanaaf akka ka'uumsa bu'uuraatti fudhatamuu danda'a.

Tarkaanfii badiii naamusaatiin walqabatee dhaabbilee hojjechiisaa hedduu keessa haala badiin itti qulqulla'u, qaama tarkaanfii fudhatu, gosa tarkaanfii fudhatamuu fi qaama komii dhagahu ilaalchisee hojimaatni walfakkaataa fi bu'a-qabeessa ta'e diriiree hin jiru. Dhaabbilee hedduu keessatti dhimmoota kanneen ilaalchisee sirni ifa ta'e diriiree hin jiru. Dhaabbilee hojjechiisaa hedduu keessatti badiin naamusaa yeroo raawwatamu qaama bilisa ta'een dhimmichi akka qulqullaa'uu fi tarkaanfiin akka fudhatamu taasifamaa hin jiru. Badii walfakkaataadhaaf tarkaanfii dhaabbileen gara garaa fudhatan jidduus adda addummaa bal'aan kan jiru yoo ta'u, tarkaanfiiwwan dhaabbilee tokko tokkoon fudhataman olka'oo fi badii hojjetaatiin kan walgitan miti. Tarkaanfii naamusaa fudhatamu irratti qaamni komii dhiyaatu ilaalus dhaabbilee hedduu dameewwan qaban keessatti rakkoo dhaqqabummaa qaba. Akka waliigalaatti, sirna badiin naamusaa hojjetaa ittiin ilaalamaa jiruun walqabatee mirgi hojjetaa rakkoo bal'aaf bakka itti saaxilamaa jiru ta'uu fi rakkoon kun irra caala kan hammaatu immoo dhaabbilee hojjechiisaa

waldaan hojjetaa keessatti hin hundoofne, dhaabbilee waliigaltee gamtaa hin qabne yookin dhaabbilee sirna badii naamusaa bitu ifatti tumatanii hin qabne keessatti dha.

Miidhaa hojjiirraatiin walqabatee rakkoon jiru tokko dhukkubbiin hojjetaarra gahu sababa hojjiitiin dhufuufi dhiisuu adda baasuun kan walqabatu dha. Kanaafis sababni isaa dhaabbilee kanneen keessatti hojjetootni jalqaba yeroo qacaramanii fi yeroo hojii gadi-dhiisan qorannaan taasifamuuf waan hin jirreef hojii erga gadi-dhiisan booda dhukkubsatanii hojjechiisaa yeroon himatan ni mul'ata. Dhimmoota kanneen mirkaneessuun qaamolee walfalmanii fi manneen murtiitiif rakkoo ta'aa jira. Ragaan boordii mana yaalaatiin kennamus qabiyyee qabatee dhiyaachuu qabu, qulqullinnii fi sirrummaan isaa akkasumas yeroon kennamuu irratti hanqina qaba. Boordiiwwan mana yaalaa tokko tokko sababa gahaa malee, hojjetaaf ragaa kennuu yeroon didanis ni mul'ata. Manneen murtii keenya keessas hanga beenyaa miidhaa qaamaa shallaguu irratti hojimaatni jiru walfakkaataa miti. Abbootiin seeraa hedduun hanga miidhaa ragaa mana yaalaa irratti caqasame akkuma jirutti fudhachuun yeroo shallagan (mindaa hojjetaa waggaa shaniitiin baay'isuun), bakka muraasatti garuu dhibbeentaa hanga miidhaa ragaan mana yaalaa agarsiisu fudhachuuf osoo hin dirqamiin hanga miidhaa hojjetaarra gahe hojii ogummaa irratti qabu akka hin hojjenne isa dadhabsiiseera yoo ta'e akka miidhaa itti fufaa guutuu (%100) tti fudhachuun beenyaa shallagu. Seerri keenya qabxii kanarratti iftoomina kan hin qabne ta'us hiikkoo Dh/I/MMWF kenneen miidhaan tokko miidhaa qaamaa guutuu itti fufaa jedhamuudhaaf boordii mana yaalaatiin %100 miidhameera jedhamee ibsamuun dirqama akka hin taanee fi dandeettiin hojii hojjetaa sanaa dhabamsiifamuun gahaa akka ta'eetti teechifameera. Bu'uura kanaan, hojimaatni abbootii seeraa keenya hedduu biratti mul'atu sirrii akka hin taane teechisuun ni danda'ama.

Haalli shallaggii beenyaa miidhaa fulla'aa mindaa hojjetaatiin alatti umurii fi dhimmoota biroo ilaalcha keessa kan galchu miti. Kun ta'uu isaatiin hojjetootni umurii dargaggummaatti miidhaa hojjiiratti isaanirra gahuun hojii galii argamsiisu hojjechuu akka dadhaban ta'an, beenyaa mindaa isaanii baay'ee xiqqaa ta'e irratti hundaa'ee isaanii kanfalamuun ofjiraachisuu hin danda'ani; kunis hanga beenyaa kanfalamu haqa-qabeessummaa akka hin qabne kan agarsiisu dha. Hojjetaa miidhaan irra gaheef deeggarsa wal'aansaa taasifamu irratti dhaabbilee hojjechiisaa jidduu garaagarummaan jiru bal'aa dha. Dhaabbileen hojjechiisaa deeggarsa yaalaa sadarkaa duraa mijeessuu irraa jalqabee hospitaala mataa isaanii ijaaruun akkasumas hanga biyya alaatti hojjetaa isaanii erganii wal'aansisan kan jiran yoo ta'u, dhaabbileen kaan immoo deeggarsa sadarkaa duraa kan hin mijeessinee fi hojjetaa kanfalanii yaalchisuufillee kan rincican ni jiru. Kana malees, dhaabbileen hojjechiisaa balaan yookin miidhaan hojjetaa irra yeroo gahu qaama ilaallatuuf hin gabaasne ni jiru. Hojjetaa miidhaan fulla'aa hin taane hanga fayyutti yeroo waggaa tokko hin caalleef dhaabbileen kanfaltii yeroo yeroon kanfalamu (periodical payment) raawwatan kan jiran yoo ta'u, dhaabbileen kaan itti-gaafatamummaa kana jalaa bahuuf waliigaltee hojii isaanii seeran ala addaan yeroo kutan ni mul'ata.

Dhaabbilee hojjechiisaa naannicha keessaa jiran keessatti hojjetaa hojiirraa daangessuun bal'inaan kan mul'atu yoo ta'u, innis badii naamusaa qulqulleessuuf sababa jedhuun kan fudhatamu dha. Badii naamusaa qulqulleessuuf sababa jedhuun hojjetaan hojiirraa daanga'uu kan danda'u waliigaltee gamtaa dhaabbatiichi waldaa hojjetaa waliin mallatteesse keessatti ifatti yoo haammatame qofa akka ta'e labsiin HH kan kaa'u yoo ta'ellee, gochaan hojiirraa daangessuu kun haala seerri hin hayyamneen yeroo hedduu dhaabbilee waliigaltee gamtaa hin qabne keessattillee kan mul'atu dha. Kana malees, seera keenya keessatti yeroo teechifamee ol dhaabbilee hojjechiisaa tokko tokko keessatti hanga baatii afuritti hojjetaa daangessanii tursiisuun ni jira.

Dhaabbilee hojjechiisaa hedduu keessatti sababa gahaa malee hojjettoota, keessattuu hojjettoota mirga isaanii gaafatan, haalli itti hojiirra gaggeessaa jiran ni mul'ata. Sababni gahaan yoo jiraatellee dhaabbileen hojjechiisaa hedduun waliigaltee hojii addaan kutuuf adeemsota hordofuu qaban hordofaa hin jirani. Hojjechiisaan hedduun hojjetaa afaaniin, waardiyyaadhaan waan hojiirra gaggeessaniif waraqaa sababa waliigalteen hojii addaan cituuf ibsuu fi guyyaa waliigalteen addaan citu ibsu kennaa hin jirani.

Qaamolee garagaraa mirga hojjetaa kabachiisuuf gahee qaban ilaalchisee haala qabatamaa jiru yeroo ilaallus raawwii isaanii keessatti hanqinaalee hedduun ni mul'atu. Mirgaa fi dantaa hojjetaa mirkaneessuu keessatti qaamni mootummaa gaheen olaanaa ta'e seeraan isaaf kenname ejensii/waajjira dhimma hojjetaa fi hawaasummaati. Waajjirichi gaheewwan hedduu bahachaa kan jiru yoo ta'ellee, hojiiwwan isaaf kennaman keessaa kanneen akka waliigaltee hojii galmeessuu, waldaaleen hojjetaa akka hundaa'an deeggaruu fi waliigalteewwan gamtaa akka uumaman yookin haaroman taasisuu, to'annaa haala hojii, nageenyummaa fi fayyummaa ogummaa mirkaneessuu, labsii HH irratti hubannoo hojjetaa cimsuu kanneen jedhan raawwachuu irratti hanga barbaachisu itti hin deemne.

Kunis hanqinaalee baajataa, hanqina humna namaa fi xiyyeeffannoo mootummaan seektarichaaf kenne gadi-aanaa ta'uu irraa kan maddu dha. Dabalataanis, labsiin HH dhaabbilee hojjechiisaa seeraa fi qajeelfama to'attoota haala hojiitiin kennamuuf hin kabajne irratti tarkaanfii waajjirri kun fudhatu daran gadi aanaa bifa ta'een teechisuun isaa dantaa fi mirga hojjetaa kabachiisuu keessatti dhiibbaa olaanaa uumeera. Gama biraatiin, nageenyummaa fi fayyummaa ogummaa mirkaneessuuf haala dandeessisuun tarkaanfiiwwan to'attoota haala hojii waajjirri kun bobbaasuun fudhatamuu danda'an, labsiin HH ifatti waan hin teechisneef aangoo fi bilisummaa hojii qaamni kun qabaachuu qabu ilaalchisee hojjechiistotaa, to'attoota haala hojii akkasumas qaamolee mootummaa biroo bira burjaaja'insi ni jira.

Manneen murtii falmii hojii keessummeessuun falli isaan kennaa jiran keessattu wabii hojii mirkaneessuun walqabatee qabatamni jiru jajjabeessaa dha. Garuu si'aayina, seerota jiran qixa sirriin hojiirra oolchuu, allogummaan dhimmoota xiinxaluu fi aangoo manneen murtii falmii hojii ilaalchisee qaban hubachuu irratti ammas hanqinni ni mul'ata. Boordii murteessaa dhimma hojjetaa fi hojjechiisaas gurmaa'ina miseensota isaa, caaseffama isaa, xiyyeeffannoo

mootummaadhaan kennameefi rakkoowwan kkf' taniin xaxamee waan jiruuf hanga barbaachisu bu'a-qabeessa ta'aa hin jiru. Ejensiiwwan hojjetaa fi hojii walqunnamsiisan waliin walqabatees hanqinaaleen hedduun kan mul'atan yoo ta'u, hedduun isaaniis qaxxaamuraan duroomuu barbaaduu fi miira itti-gaafatamummaa dhabuu ejensiiwwanii fi to'annaan isaanirratti gaggeeffamus laafaa ta'uu irraa kan maddani dha. Gahee waldaaleen hojjetaa taphataa jiran dhaabbata hojjechiisaa tokko irraa isa biraatti garaagarummaa bal'aa qaba. Waldaaleen hojjetaa tokko tokko gaggeessitootni isaanii walgahii manaajimentii dhaabbatichaa, koree guddina sadarkaa, koree naamusaa fi kkf keessatti hirmaachuun dantaa hojjetaa akka bakka bu'an yeroo taasifamu, waldaaleen hojjetootaa hedduun maqaadhaaf qofa hundaa'anii jiranis (not functional) ni jiru. Kana malees, hojjetaan komii yeroo qabaate qaama ilaallatutti dhiyeessuun hojjetaa bakka bu'anii kan falmanii fi hojjetaa mana murtiitti falmuuf tajaajila abukaatoo akka argatu waldaan hojjetaa deeggarsa taasisan ni jiru. Gaggeessitootni waldaa hojjetaa mirgaa fi dantaa hojjetaa kabachiisuuf waan socho'aniif jijjiiraman, hojjiirraa gaggeeffamanii fi hir'ifamanis ni jiru. Kana malees, dhaabbileen hojjechiisaa damee gara garaa qaban, dameewwan isaanii akkaataa labsii HH' tiin akka dhaabbata tokkootti lakkaawwamuun waldaa hojjetaa marii gamtaa taasisu qabaachuuf dirqama qaban cabsuun waldaa hojjetaa waajjira muummichaa qofa waliin waliigaltee gamtaa mallatteessu. Sababa kanaan waldaaleen hojjetaa armaan dura cimoo fi mirga hojjetaa hedduutiif wabii ta'anii turan beekamtii seeraa dhabaa jiru.

5.2. Yaadota Furmaataa

Rakkoolee armaan olitti teechiefaman maksuuf tarkaanfiiwwan armaan gadii fudhaamuu akka qaban qorannoon kun akeekeera.

i. Yaadota Furmaataa Qaamolee Seera HH Raawwachiisan Ilaallatan

1. Waldaaleen hojjetaa dhaabbilee hojjechiisaa mara keessatti akka hundaa'anii fi yeroo dhimmi dantaa fi mirga hojjetaa ilaallamuu fi murtaa'u hirmaannaa akka qabaatanii fi fedhii hojjetoota bakka bu'anii kabachiisuu keessatti gahee isaanirraa eeggamu akka bahatan dandeessisuuf Waajjiraaleen DhHH sadarkaa sadarrkaan jiran gahee isaanii bahachuu qabu. Gaggeessitootni waldaa hojjetaa mirgaa fi dantaa hojjetaa kabachiisuuf waan socho'aniif tarkaanfiin akka isaanirratti hin fudhatamne qaamoleen seera HH raawwachiisuu keessatti gahe qaban marti tumsa barbaachisaa taasisuu qabu. Waldaaleen gamtaa humna amansiisummaa (dantaa isaanii kabachiisuuf dandeettiin dhiibbaa uumuu) olaanaa akka ta'uuf haalli mijaatan akka uumamuuf hojjetamuu qaba.
2. Waajjirri DhHH dhaabbilee hojjechiisaa mara keessatti waliigalteewwan gamtaa akka uumaman yookin haaroman taasisuu, to'annaa haala hojii, nageenyummaa fi fayyummaa ogummaa mirkaneessuu, labsii HH irratti hubannoo hojjetaa cimsuu, waliigalteen hojii akkaataa seerri barbaaduun kan uumamu ta'uu mirkaneessuu fi galmeessuu fa'a irratti xiyyeeffannoo olaanaa kennuun hojjechuun isarraa eeggama.

3. Gurmaa'inni miseensota boordii murteessaa dhimma hojjetaa fi hojjechiisaa, caaseffamni isaa, dhaqqabummaan isaa, aangoo boordichaa kennamee fi kkf itti-gaafatamummaa qaama kanaaf kenname bahachiisuu haala danda'uun irra deebi'amee ilaalamuu qaba. Ogeessota boordicha keessatti tajaajila laataniif hubannoo uumuun barbaachisaa dha.
4. Dhaabbileen hojjechiisaa damee gara garaa qaban keessatti dameewwan isaanii akkaataa labsii HH' tiin akka dhaabbata tokkootti lakkaawwamuun waldaa hojjetaa marii gamtaa taasisu qabaachuuf dirqama qaban mirkaneessuuf qaamoleen seericha hojiirra oolchuu keessatti gahee qaban marti itti-gaafatamummaa isaa bahuu qaba.
5. Rakkoolee ragaa boordii mana yaalaatiin kennamuun walqabatani mul'atan furuuf waajjirri fayyaa fi waajjirri DhHH walitti dhufuun yeroo yeroon marii taasisuuf waltajjii waliinii itti-fufiinsa qabu uummachuu qabu.
6. Mootummaan hanqinaalee baajata fi humna namaa waajjiraalee DhHH quunnaman fi xiyyeeffannoo seektara kanaaf barbaachisu kennuu qaba. Qaamolee biroo eegumsa hojjataaf taasisan illee haala mijataa ta'een hundeesuu qaba.
7. Dhaabbilee hojjechiisaa mara keessatti deeggarsi yaalaa sadarkaa duraa akka mijatu dhaabbileen hojjechiisaa marti balaan yookin miidhaan hojjetaa irra yeroo gahu qaama ilaallatuuf dirqama gabaasuu qaban akka bahatan gochuuf qaamni isa ilaallatu hordoffii, to'annaa fi tarkaanfii barbaachisaa fudhachuuf itti-gaafatamummaa qaban mirkaneessuun barbaachisaa dha.
8. Garaagarummaan fayidaa hojjetoota yeroo murtaa'aa fi hin murtoofneef qacaraman jidduutti uumamu akkaataa seeraan teechifameen kan raawwatamaa jiru ta'uu waajjiraaleen DhHH hubannoo uumuu, hordoffii taasisuu fi tarkaanfii fudhachuu qabu.

ii. Yaadota Furmaataa Qaamolee Seerota fi Qajeelfamoota HH Baasan Ilaallatan

1. Sirni hojjetootni ittiin dorgomsii famanii qacaraman, carraa barnootaa fi leenjii akkasumas guddina sadarkaa ittiin argatan, bakka biraatti ittiin jijjiiraman, bonasii fi kkf itti argatan sirnaawaa fi qajeelfama ifa ta'e kan bu'uureffate akka ta'u qaamoleen aangoo seeraa fi gaaydaalaaynoota baasuu qaban itti adeemuu qabu.
2. Dhukkubbii hojjetaarratti turee mul'atuun walqabatee rakkoo jiru hambisuuf dhaabbilee hojjechiisaa keessatti hojjetootni jalqaba yeroo qacaramanii fi yeroo hojii gadidhiisan keessattuu hojjatoota amala hojii isaaniirraa kan ka'e rakkoon fayyaaa isaaniirra gaha jedhamee yaadamu seeraan adda bahuun qorannaan taasifamuufi akka qabu taasifamuu qaba. Hojjechiisaan dirqama kana osoo hin bahatiin yeroo hafu dhukkubbiin hojjetaarra gahe sababa hojiitiin ta'uu tilmaamni fudhatachuun seerri dirqama mirkaneessuu hojjechiisaatti dabarsu bahuu qaba.
3. Haala shallaggii fi hanga beenyaa miidhaa qaamaatiin walqabatee seerri jiru ifaa fi haqa-qabeessa haala ta'een fooyya'uu qaba.
4. Dhaabbileen amantaa hojjetaan isaanii dhimma afuura irratti hojjetu hojjetaa kam kam fa'a akka ta'e akkasumas dhaabbileen hojjechiisaa hariiroo isaanii fi gaggeessitoota hojii

jidduu jiru bituuf kan isaan dandeessisu qajeelfama hojii (work rules) baafachuu akka qaban seerri dirqisiisu bahuu qaba. Dhimma kana irratti qajeelfamni labsiin akka bahu ibsames ba'uu qaba.

5. Labsiin HH dhaabbilee hojjechiisaa seeraa fi qajeelfama to'attoota haala hojiitiin kennamuuf hin kabajne irratti tarkaanfii bulchiinsaa fi adabbii maallaqaa teechise yeroo yeroon keessa deebi'amee haala qabatamaa yeroo giddu-galeessa godhatee haala itti fooyya'aa deemuun teechisuu qaba.
6. Nageenyummaa fi fayyummaa ogummaa mirkaneessuuf haala dandeessisuun tarkaanfiiwwan to'attoota haala hojiitiin fudhatamuu danda'an ilaalchisee labsiin HH haala ifatti hubatamuu danda'uun fooyya'uu qaba. Kana malees, bilisummaa hojii fi naannawaa hojii to'attoota haala hojiitiif fooyya'aa ta'e mirkaneessuun haala itti danda'amu irratti hojjetamuu qaba.
7. Tarkaanfii badii naamusaatiin walqabatee dhaabbilee hojjechiisaa hedduu keessatti mul'atan: haala badiin itti qulqullaa'u, qaama tarkaanfii fudhatu, gosaa fi haqa-qabeessummaa tarkaanfii fudhatamuu fi qaama komii dhagahu ilaalchisee hojimaatni walfakkaataa fi sirna ifa ta'e qabu dhaabbilee hojjechiisaa keessatti akka diriiru deeggarsi, hordoffii fi to'annan taasifamuu qaba. Sirni diriiru walfakkaataa akka ta'us qajeeltoowwanii fi gaaydlaaynoota barbaachisoo qopheessuu qaba.
8. Dhaabbileen hojjechiisaa hedduun hojjetaa isaaniitiif tarreeffama hojii (job description) qopheessuun akka kennan haala dirqisiisuun seerri keenya fooyya'uu qaba.
9. Dhimoota jijjiirraa bakka hojii fi yeroof hojjetaa hojiirraa daangessuu irratti sirni ifa ta'e akka diriiru hojjetamuu qaba. Waliigalteen hojii yeroo addaan citus hojjetaan mirga dhagahamuu akka qabaatu haala hayyamuun seerri keenya fooyya'uu qaba. Hojjetaa sababa dhiibbaan irra gaheen hojii gadhiiseef (constructive dismissal) kaffaltiin hojiirra gaggeessaa akka kaffalamuu danda'utti seerrichi fooyya'ee hammachuu qaba.
10. Seerrii akkataa Ejansiiwwan biyya keessatti hojjataa fi hojii walqunnamsiisaan itti gaafatamummaadhaan hojjatan to'atu ifa ta'ee bahuu qaba. Keessumattuu akkataa waliigalteen ejansii fi dhaabbileen hojjachiistotaa taasisan itti to'atamu, gostii fi hanga fayidaa Ejansiiwwan kunneen sababa hojii fi hojjetaa walqunnamsiisaniin argatan, itti gaafatamummaa ejansii fi dhaabbata fayyadamuu wabii hojii hojjataa eeguuf qaban seeraan ifatti tumamu qaba.
11. Konveenshinoota ILO eegumsa hojjatootaatiif barbaachisaa ta'an kan akka mindaa xiqqaa murteessuu fi eegumsa hojjatootaa manaa irratti bahan mallatteessuu fi konveenshinoota kanneenis ta'ee kanneen biroo biyyi keenya mallatteessite irraa hojjatootni qabatamaan akka fayyadaman (seerota baasuu fi qaamota barbaachisan hundeessuun) godhamuu qaba.

iii. Yaadota Furmaataa Qaamolee Seerota HH Ilaallatan Hiikaniifi Leenjii Qopheessan Ilaallatu

Turtii yeroo waliigaltee, haala shallaggii fi hanga beenyaa miidhaa qaamaa, jijjiirraa bakka hojii, yeroof hojjetaa hojjiirraa daangessuu, sababa gahaa waliigaltee hojii addaan kutan, adeemsa waliigaltee addaan kutuuf hordofamuu qabu, bu'aa waliigaltee hojii addaan kutuurratti, aangoo manneen murtii fi boordii murteessaa dhimmi hojjetaa fi hojjechiisaa irratti, Koonvenshinoota dhaabbata hojjetaa fi hojjechiisaa addunyaa (ILO) irratti abbootii seeraatiif, miseensota boordii fi gaggeessitoota waldaalee hojjetaa fi waldaalee hojjechiistotaaf akkuma barbaachisummaa isaatti leenjiin hubannoo cimsu qophaa'uu qaba.